MOOJULA LEENJII HOJIIRRAA YEROO DHEERAATIIF

QOPHAA'E

MATA DUREE: SEERA DEEMSA FALMII HARIIROO

HAWAASAA: SEERAA FI HOJIMAATA

MOOJULA KUTAA I

QOPHEESSITOONNI:

1. Fedhasaa Mangashaa
2. Abdii Asaffaa

GULAALTONNI:

1. Tasfaayee Booressaa
2. Darajjee Ayyaanaa
3. Mul'isaa Ejjetaa

ADAAMAA

ILOQHQSO

2020

ILOQHQSO

BAAFATA

Qabiyyee **Fuula**

Gabaajee fi kottoonfachiisa.....IV

SEENSA WALIIGALAA.....- 1 -

BOQONNAA TOKKO.....- 4 -

IYYANNOO (*PLEADING*).....- 4 -

1.1. Maalummaa Iyyannoo.....- 4 -

1.2. Barbaachisummaa Iyyannoo.....- 5 -

1.3. Qabiyyee Iyyannoo.....- 7 -

1.4. Iyyannoo Fooyyessuu.....- 12 -

1.5. Rakkoolee Iyyannoo Fooyyessuun Wal-Qabatan.....- 13 -

BOQONNAA LAMA.....- 31 -

AANGOO MANNEEN MURTII FEDERAALAWAA DIIMOKIRAATAWAA RIPAABILIIKA ITIYOOPHIYAA FI NAANNOO OROMIYAA.....- 31 -

2.1. Seensa.....- 31 -

2.2. Dhimmoota Mana Murtiidhaan Murtaa'uu Danda'an (Justiciable Matters).....- 32 -

2.3. Aangoo Manneen Murtii RDFI fi Naannoo Oromiyaa.....- 35 -

2.3.1. Aangoo Biyyoolessaa.....- 35 -

2.3.2. Aangoo Tooraa Manneen Murtii.....- 45 -

2.3.3. Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii.....- 50 -

2.3.3.1. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa - 51 -

2.3.3.1. Aangoo Dhaddacha Idilee Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa.....- 51 -

ILOOHOSO

2.3.3.1.1. Aangoo Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Mana Murtii Waliiga Naannoo Oromiyaa ..... - 53 -

2.3.3.2. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa - 61 -

2.3.3.3. Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa fi Manneen Murtii Aanaa Naannoo Oromiyaa ..... - 63 -

BOQONNAA SADII 68

WARAQAA WAAMICHAA 68

3.1. Maalummaa fi Kaayyoo Waraqaa Waamichaa 68

3.2. Maloota Kenniinsa Waraqaa Waamichaa 69

3.3. Mirkaneessa Gahiinsa Waraqaa Waamichaa 74

BOQONNAA AFUR 80

MAKAMIINSA FALMITOOTAA FI JIDDU LIXUMMAA GAREE SADAFFAA 80

4.1. Seensa 80

4.2. Makamiinsa Falmitootaa (Joinder of Parties) 81

4.2.1. Maalumma Makamiinsa Falmitootaa 81

4.2.2. Makamiinsa Himattootaa 82

4.2.3. Makamiinsa Himatamtootaa 83

4.2.4. Makamiinsa Sababoota Himannoo (Joinder of Cause of Action) 84

4.2.5. Qoqqoodinsa Makamiinsa Walfalmitootaa 85

4.2.5.1. Makamiinsa fedhiin (Permissive Joinder) 85

4.2.5.2. Makamiinsa Dirqii (Compulsory Joinder) 85

4.3. Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa (Intervention of Third Parties) (kwt 41) 87

4.3.1. Maalummaa Fi Kaayyoo Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa 87

4.3.2. Ulaagaawwan Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa (Standards of Intervention) 97

ILOQHOSO

4.3.2.1. Ulaagaa Bu'uuraa (Substantive Standard) 97

4.3.2.2. Ulaagaawwan Adeemsaa (Procedural Standards) 106

4.3.2.2.1. Falmiin Dhaddacha Irra Jiruu fi Murtii Eeggatu jiraachuu (Existence of Pending Action) 106

4.3.2.2.2. Iyyata Jiddu lixummaa Garee Sadaffa 107

4.1.1.1. Yeroo Falmii Jidduu Ittii Seenamu (Time to Intervene) 111

4.4. Himatamummaan Makamuu Garee 3ffaa (Joinder of Third-Party Defendant) (kwt 43) 114

4.4.1. Maalummaa Fi Kaayyoo Sirna Himatamummaan Makamiinsa Garee Sadaffaa 114

4.4.2. Ulaagaawwan Sirna Himatamummaan Falmiitti Makamiinsa Garee Sadaffaa . 115

4.4.3. Iyyata Makamiinsa Himatamaa Garee 3ffaa fi Sirna Hordofamuu Qabu 119

MADDAWWAN WABII 132

ILOOHOSO

Gabaajee fi kottoonfachiisa

Dh/Ij/M/M/W/F…Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa

Fkn……Fakkeenya

HMF……..…Heera Mootumama Federaalaa

HMFDRI……Heera Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Riipaabiliika Itoophiyaa

HMNO…….Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Kkf…….……kanaa fi kana kan fakkaatan

Kwt……..….keewwata

Lakk…….Lakkoofsa

Lakk.galmee…….Lakkoofsa galmee

Ykn……..yookaan

M/M/H……..Mana Murtii Hawaasummaa

MMOF-Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa

M/M/S/D/F…….Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa

M/M/W/F……Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa

SDFHH....……...Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

SHH……..Seera Hariiroo Hawaasaa

WALQO……...Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa

ILOOHOSO

SEENSA WALIIGALAA

Heera Mootummaa Federaalaa biyya keenyaa keewwata 37(1) jalatti namni kamiyyuu dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an irratti mana murtii idilee ykn qaamaa biroo aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefitti dhiyeeffachuun mirga haqa argachuu akka qabu tumamee jira. Haa ta'u malee, manneen murtii idileetiin wal-qabatee dhimmootuma murtiidhaan furmaata argachuu danda'an yoo ta'an iyyuu; mana murtii kamtu dhimma kana ilaaluudhaaf aangoo seeraa qaba kan jedhu gaaffii dursa deebii barbaaduudha. Kanaan wal-qabatee, akkamitti iyyannoon dhiyaachuu akka qabu, iyyannoon yoo dogoggora godhate mirgoota inni boodarra dhabsiisu, akkasumas yeroo himannaan hundeeffamu waraqaan waamichaa akkamitti himatamaa dhaqqabee mirgi deebii dhiyeessee of irraa ittisuu isaa akka eegamu taasisuu fi aangoon mana murtii tokkoo kallattii garaagaraatiin jiraachuu ykn dhabamuu adda baasuuf, seerri deemsa falmii hariiroo haawaasaa iddoo murteessaa qaba.

Akkasumas, yeroo dhimma tokko irratti falmiin eegalu falmichis ta'ee murtiin dhuma irratti kennamu kallattiin mirga garee 3^{ffaa} haalli inni itti miidhu jiraachuu danda'a ykn qaamni 3^{ffaa}n kun kallattiinis ta'e al-kallattiin dantaa qabaachuu danda'a. Yeroo kana gareen 3^{ffaa}n kun falmiitti akka makamu ykn jidduu lixuun itti dabalamu ni taasifama. Itti dabalees, falmiin geggeeffamaa jiru dhumarratti yoo himatamaatti kan murtaa'u ta'e, qaamni wabummaa seene ykn dirqama himatamaa guutummaattis haa ta'u gar-tokkeen kaffaluuf dirqama waliigaltee ykn seera irraa maddu qabu jiraachuu danda'a. Yeroo kana falmiitti makamee dirqama jiru akka hirmaatu taasifama jechuudha.

Walumaagalatti, falmii geggeeffamu tokko keessatti makamiinsi kun himattummaan makamuu, ykn himatamummaan makamuu, jiddu-lixummaa garee 3^{ffaa} fi himatamummaan makamuu garee 3^{ffaa} jennee qooduu dandeenya. Himattummaan ykn himatamummaan makamuun fedhiidhaan ykn haala seerri dirqisiisuun falmii keessa seenuu danda'u. Kaayyoon isaa falmiin kallattii biraan deddeebi'ee mana murtiitti akka hin kaane gochuu caalaatti iyyuu mirgoonni garee 3^{ffaa} sababa falmiitiin akka hin miidhamne yaadameeti. Gama biraatiin immoo eenyummaa falmitootaa irratti osoo hin xiyyeeffatin sababoota himannoof bu'uura ta'an kanneen firii dubbii wal-fakkaataa fi madda seeraa wal-fakkaataa qaban walitti makuun falmii tokkoon akka xumuramu gochuun ni danda'ama. Kaayyoon isaas dhimmoota garaagara facaasuu irra bakka tokkotti yeroo gabaabaa keessatti, baasii xiqqaan murtii wal-fakkaataa akka argatan taasisuufiidha.

LOOHOSO

Kana waan ta'eef, moojuliin kun rakkoolee qabatamaan iyyannoo qopheessuu, iyyannoo fooyyessuu, aangoo manneen murtii adda baasuun beekuu, kenniinsa waraqaa waamichaa, akkasumas qaawwaa seeraa fi hojimaataa kallattrii makamiinsaa, fi jiddu-lixummaa garee 3^{ffaa}'n wal-qabatee jiru adda baasee dhimmoota barsiisoo ta'aniin deggeramuun ibsee jira.

Qabiyyee Moojulichaa:

- Moojuliin kun akka barbaachisummaa isaattii fi hubannoof akka tolutti boqonnaa afuritti qoodamee kan qophaa'e yommuu ta'u, boqonnaan jalqabaa *waa'ee iyyannoo qopheessuu (himataa fi deebii) qopheessuu, maalummaa fi qabiyyee iyyannoon guutuu qabuu fi rakkoolee qabatamaan qaawwaa seeraa fi hojimaataa keessatti mul'atan* bifa gabaabaan kan ibsuudha.
- Boqonnaa lammaffaan immoo *waa'ee aangoo manneen Murtii Federaalaa fi Naannoo Oromiyaatti bifa bal'ina qabuun rakkoolee qixa kanatti kallattii qaawwaa seeraa fi hojimaataatiin deddeebi'anii mul'atan adda baasuun mata duree xixiqqaa kanneen akka dhimmoota murtii mana murtiin murtaa'uu danda'an, aangoo biyyoolessaa, aangoo hundee fi aangoo tooraa* gidduu galeessa godhachuun hanga danda'ametti dhimmoota qabatamoo fi barsiisoo ta'aniin deggeramee kan qophaa'eedha.
- Boqonnaa sadaffaan immoo *waa'ee kenniinsa waraqaa waamichaa, keessattuu rakkoolee kallattii iyyannoo fooyyessuu fi maloota kenniinsa waraqaa waamichaa hordofuun wal-qabatee qaawwaa seeraa fi hojimaataa jiru adda baasuun dhimmoota qabatamoon deggeramuun* kan qophaa'eedha.
- Boqonnaa afraffaan immoo *waa'ee makiimsa falmitootaa fi giddu-lixummaa garee 3^{ffaa} ilaalchisee mata duree xixiqqaa kanneen akka himattummaa fi himatamummaan makamuu, jiddu-lixummaa garee 3^{ffa}fi himatamummaan makamuu garee kan ibsu yoo ta'u, dhimmoota kana irratti rakkooleen qabatamaan mul'atan, iftoomina dhabuu fi qaawwaan seeraa jiraachuun bifa bal'ina qabuun sakatta'amee kallattii fuula duraa wajjin kan qophaa'ee jiruudha.*

Kaayyoo Moojulii kanaa:

- Kaayyoo Gooroo:
  - rakkoolee qabatamaan iyyannoo qopheessuu, iyyannoo fooyyessuu, kenniinsa waraqaa waamichaa, aangoo manneen adda baasuun beekuu, akkasumas kaayyoo makamiinsaa, jiddu-

lixummaa garee 3ffaa fi murtii mormuun wal-qabatee jiru, keessattuu rakkoo hubannaa seeraa, qaawwaa seeraa fi qaawwaa hojimaata keessa jiru sakatta'uudhaan leenjiin bu'a qabeessa ta'e akka ittiin kennamuuf kan kaayyeffateedha.

❖ Kaayyoo Goorree:-

- Rakkoolee iyyannoon qopheessuun wal-qabatee jiru, kaayyoon isaa maal akka ta'e, akkasumas iyyannoo fooyyessuun maaliif akka barbaachise, kaayyoon isaa maal akka ta'e irratti rakkoolee qabatamaan mul'atan adda baasee ibsuu,
- Aangoo manneen murtii, keessattuu Labsii Aangoo Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra deebiin murteessuud bahe Lakk.216/2011'n wal-qabatee jiru, qaawwaa seeraa fi hojimaataa adda baasuun, akkasumas rakkoolee kallattii dhimmoota naannoo fi federaalaa adda baasuun hojiirra oolchuun wal-qabatee jiru sakatta'uu,
- Qaawwaa seeraa fi hojimaataa kallattii kenniinsa waraqaa waamichaa himatamaa gahuun wal-qabatee mul'atu adda baasuun kallattii fuula duraa irratti maal ta'uu akka qabu akeekuu,
- Rakkoolee hojimaataa fi qaawwaa seeraan wal-qabatee naannoo makamiinsa garee 3ffaa, jiddu-lixummaa garee 3ffaa fi mormii murtiin wal-qabatee qabatamaan manneen murtii Naannoo Oromiyaa keessatti mul'atu adda baasuun kallattii furmaataa akeekuun leenjiin bu'a qabeessi akka ittiin kennamu taasisuudha.

Haaluma kanaan, xumura leenjii kanaatti leenjifamtoonni:-

- Qaawwaa seeraa fi hojimaataa kallattii iyyannoo qopheessuu fi waraqaa waamichaa, akkasumas aangoo manneen murtii fi makamiinsa garee 3ffaa fi giddu-lixummaa garee 3ffaatiin wal-qabatee jiru irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Falmii tokko keessatti makamiinsa garee 3ffaa maaliif akka barbaachise, kaayyoon isaa maal akka ta'e, akkasumas jiddu-lixummaa fi mormii murtiin wal-qabatee rakkoolee qabatamaa hojiirratti mul'ata adda baasuun itti hojjetu jedhamee eegama.

ILOOHOSO

BOQONNAA TOKKO

IYYANNOO (*PLEADING*)

1.1. Maalummaa Iyyannoo

Jechi Afaan Oromootiin *iyyannoo* jedhu jecha Afaan Ingiliffaa "*Pleading*"jedhu sirriitti bakka bu'uu dhiisuu mala. Haa ta'u malee, jechi kun himannaa fi deebii kan of keessatti kan hammatu ta'uun isaa hubatamuu qaba. Guuboon jechootaa Black's Law jedhamu yommuu hiiku "pleading is a formal document in which a party to a legal proceeding (esp.a civil lawsuit) sets forth or responds to allegations, claims, denials, or defenses. In federal civil procedure, the main pleadings are the plaintiff's complaint and the defendant's answer"[1] jechuun ibsee jira. Kana irraa kan hubatamu, jechi iyyannoo jedhu kun hiika bal'aa kan qabu yoo ta'e illee irra jireessa mana murtiitti kan beekamu himannaa fi deebii akka ta'e argisiisa. Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa Itoophiyaas, iyyannoof akkaataa kanatti hiikkaa yoo kennuu baate illee gosoota iyyannoo tarreessee jira. Isaanis:-himannoo, deebii, himata qaxxaamuraa (counter-claim), ol-iyyannoo, iyyata baaqqee, fi kan biroo ta'ee kan mana murtiitti falmiif karaa saaqu ykn deebii barbaadu kamiin iyyuu akka ta'e ibsee jira.[2]Itti dabalees, tarreeffamni kun banaa waan ta'eef, iyyata kanneen akka mormii qaxxaamuraa (cross-objection), raawwii qaxxaamuraa (cross-decree), himata qaxxamuraa (cross-claim) fi kkf dabalachuu danda'a[3]. Akkasumas, iyyannoon kun foormiin isaa barreeffamaan ta'uu akka qabuu fi qabiyyeen isaa baay'ee ifaa fi gabaabaa ta'uu akka qabu ibsee jira.[4]Iyyannoon dhiyaatu kamiyyuu, xiinxala seeraa (legal argument) fi ragaa xiinxalaan goolabame of keessatti qabachuu hin qabu. Dhumarrattis erga qophaa'ee, dhugummaan qabiyyeen isaa qaama iyyatuun mirkanaa'ee (verify) mallattaa'uu qaba.[5]

---

[1] Bryan A.Garner (Editor in Cheif), Black's Law, 7th ed.(ST.PAUL, MINN, 1999).
[2] Civil Procedure Code Of The Empire Of Ethiopia, Decdree No.52,(Negarit Gazeta Extraordinary Issue No. 3) Of 1965, kwt 80(1) haa ilaallu.
[3]Ethiopian Civil procedure code, kwt 340, 397 haa ilaallu. Haa ta'u malee, hanga ammaatti ol-iyyatiqaxxaamuraa, raawwii qaxxaamuraa irratti iyyata ta'ee yeroo dhiyaatu qabatamaan lafarratti hin mul'atu. Keessumaa immoo himati qaxxaamuraa(cross-claim) tasumaa hin jiru. Warreen duraa lamaan irraa kan hafe, Seerichis waa'ee iyyata qaxxaamuraa ifatti itt waan kaa'e hin qabu. Aka Black's Law Dictionary'n jedhutti:-iyyati qaxxaamuraa kun yeroo itti himattoonni falmii tokko irratti wal-himatan ykn yeroo itti himatamaan himatamaa biraa himatu kan jiru ta'uu isaati(Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.Pdf" (ST.PAUL, MINN, 1999),
[4] Miiljalee 2, kwt 80(2).
[5] Miiljalee 209, Robert Allen Sedler fuula 123-14 dabalataan dubbisi!

Gaaffiilee Marii

1. Iyyannoon dhiyaatu firii dubbii (material facts) irraa kan hafe xiinxala seeraa akka of keessatti hin qabaanne kan taasifameef maaliif jettu?
2. Iyyannoon erga qophaa'ee dhumarratti qaamni iyyataa jiru akka mirkaneessuu fi mallatteessu yeroo gaafatamu maaliif? Kaayyoon seerichaa maali? Hanga ammaatti kaayyoon seera kanaa hojiirra ooleera jettuu? Maaliif?

1.2. Barbaachisummaa Iyyannoo

Akkuma duratti ibsame, himannaan iyyannoo keessaa tokko waan ta'eef, iyyannoon falmii mana murtiitti kan jalqabsiisuudha jechuu dandeenya. Akkasumas, himannoo fi deebiin yommuu dhiyaatan, firii dubbii irratti xiyyeeffatan adda baasanii tarreessuun waan dhiyaataniif, adeemsa falmii keessatti falmitoonni waan haaraa ykn ijoo dubbii haaraa kaasuu akka hin dandeenyeef daangaa kan kaa'uudha.[6]Kun immoo abbaan seeraa falmii tokko keessatti daandii irra deemu akka beeku qofa osoo hin taane, eessa akka gahu ykn maal murteessuuf akka deemu (a means to an end) kallattii kan akeekuudha jechuudha. Haala biraatiin yeroo ibsamu, iyyannoon tokko qabiyyee isaa irratti hundaa'uun sirna hordofamuu qabu jechuun sirna ariitii, gabaabaa ykn sirna idilee ta'uu fi dhiisuu kan ittiin murteessinuudha.[7]

Gama biraatiin iyyannoon mirga dhagahamuu kan mirkaneessuudha. Abbootiin dhimmaa waan hunda afaaniin dhaddacharratti falmachuun waan itti ulfaatuuf, iyyannoo irratti tasgabbaa'anii yaada isaanii fi maal gaafachuu akka barbaadan barreeffamaan seenessanii (narratively in brief) akka dhiyeeffataniif gargaara. Kun immoo akka biyyoota *Kooman low*tti ijoo dubbii waliin hundeessanii yoo dhiyaachuu baatan illee firii dubbii fi ijoo wal-dhabdee abbaan seeraa adda baafatee qabxii falmisiisaa ta'e akka hundeessuuf gargaara. Walumaagalatti, iyyannoon murtii dhumaatiif akka dhagaa bu'uuraatti kan gargaaru yoo ta'ee, firii dubbii ijoo seeraa irraa akka adda baasnuuf, himatamaan mormii akka kaafatuuf

[6] Robert Allen Sedler, miiljalee 207.
[7] https://digitalcommons.law.yale.edu/cgi/viewcontent.cgi?article=4226&context=fss_papers, accessed at April 9, 2020, 5:28PM.

(Fkn:- lammata himatame yoo ta’e carraa mormii kaasuu(res judicata) uumuuf), fi mirga isaa biroo beekuun akka kaafatuuf beeksisuun faayidaa guddaa qaba.[8]

Haa ta’u malee, iyyannoon kun sirna seeraa biyyoonni hordofan irratti hundaa’uun xiyyeeffannoon isaa cimaa ykn laafaa ta’uu mala. Keessattuu, biyyoota kooman low keessatti sirni juurii waan jiruuf, xiyyeeffannoon iyyannoof kennamu ol’aanaadha. Biyyoota koontinentaalii keessatti garuu irra jireessa xiyyeeffannoon falmii afaanii dhaddacha irratti geggeeffamuuf kennama.[9]Kan biyya keenyaa yoo ilaalle, sirni seeraa keenya baay’inaan wal-makaa ta’uu isaatiin gama lachuutti iyyuu xiyyeeffannoon kan kennamu ta’uu isaa wanti mul’isu jira. Fakkeenaaf:-seera deemsa hariiroo hawaasaa kwt 222-240 yoo ilaalle, himannaa fi deebiin ulaagaa barbaachisoo akka guutuu qabu, yoo guutuu hafe gara falmii afaaniitti ce’uun akka hin danda’amne namatti mul’isa. Kun akkuma jirutti ta’ee, falmitoonni faallaa waan barreeffamaan dhiyeeffatanii jiran afaaniin dhaddachatti dhiyaatanii yeroo wal-amanan maal ta’uu qaba kan jedhu seerichi ifaan kaa’uu baatus jecha isaan afaaniin dubbatanii manni murtii galmeessu caalmaatti fudhatama akka qabu wanti mul’isu jira. Fakkeenyaaf:-seeruma kana kwt 241(1) jalatti kan ibsamee jiru, manni murtii bitaa fi mirgi waan barreeffamaan dhiyeeffatan irratti amanuu fi dhiisuu isaanii akka gaafatu abbaa seeraa aangessee jira. Tumaadhuma kana xiqqaa 4 jalatti immoo wal-amantaa fi haaluun jechi falmii afaanii irratti kennaman barreeffamuudhaan galmaa’ee qaama galmee falmii sana akka ta’u mul’isa. Caalmaatti immoo kwt 242 irratti ifatti kan kaa’ee jiru, akkaataa kwt 241tiin jechuun falmii barruun geggeeffameen alatti falmii afaaniin geggeeffame irratti waan bitaa fi mirgi wal-amanan irratti manni murtii murtii itti kennuu akka danda’u ibsee jira. Kan jechuun deebii barreeffamaan haalee falmii afaanii irratti kan amanu yoo ta’e, manni murtii akka inni amanetti fudhatee murtii kennuu akka danda’u hubachuun ni danda’ama.[10]Gama biraatiin guyyaan falmii afaanii kun akka sirna seeraa keenyatti, himataadhaaf carraa dhagahamuu kan uumu waan ta’eef, xiyyeeffannoo adda barbaada. Sababiin isaa himatamaan deebii isaa keessatti firii dubbii dhiyaate irraa mormii addaa (affirmative defence) kaasuu danda’a. Fakkeenaaf:-dhimmichi darbiinsa yerootiin kan daangeffamu ta’uu, ykn akka dirqama isaa hin raawwanneef, wanti humna isaan ol ta’e isa mudachuu (force majeure) fi kkf kaasuu

[8] https://digitalcommons.law.yale.edu/cgi/viewcontent.cgi?article=4226&context=fss_papers, accessed at April 9, 2020, 5:28PM .
[9] Miiljalee olii.
[10] Robert Allen Sedler, fuula 172 keewwata jalqabaa ilaaluuun ni danda'ama .

danda'a. Yeroo kana akka sirna deemsa keenyaatti deebiin deebii waan hin jirreef, mormii addaa himataa mudatee jiru carraan ittiin amanuu ykn haaluu danda'u falmii afaanii geggeeffamuun akka ta'e namatti mul'isa. Gama biraatiin guyyaa dhagaha duraa falmii afaaniitiin dhaddachi waan geggeeffamuuf, falmii afaanii geggeeffame, akkasumas himataa fi deebii bitaa fi mirgaa irratti hundaa'uun abbaan seeraa deemsa deemuu qabu kan ittiin qajeelfatuudha waan ta'eef, falmiin afaanii dhimmicha achumatti xumuruu ykn itti fufsiisuu danda'a. Kanaaf, falmiin afaanii (oral trial) xiyyeeffannoo guddaa akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Itti dabalees, dhagaha duraa keessatti falmiin afaanii yeroo geggeeffamu, waan barreeffamaan himataa fi deebii keessatti ifaa hin taane illee kan ittiin qulqulleeffannu waan ta'eef, irra jireessa ragaa barruu caalaa xiyyeeffannoo qabaachuu isaa hubachuun ni danda'ama. Waan ta'eef, iyyannoon akkuma barbaachisaa ta'e, falmiin afaaniin geggeeffamu sirna seeraa biyya keenyaa keessatti barbaachisaa ta'uu isaa hubanna.

1.3. Qabiyyee Iyyannoo[11]

Iyyannoon tokko yeroo dhiyaatu ulaagalaa seeraan kaa'aman kan bu'uuraa guutee dhiyaachuun dirqama. Iyyannoon gosti garaagaraa yoo jiraate iyyuu qabiyyeen wal-fakkaataadha. Kanneen keessaa qabiyyeen himannaa fi deebii; firii dubbii fi kaayyoo isaatu garaagara malee qabiyyeedhaan garaagarummaa guddaa hin qaban.

Himannoo ilaalchisee, iyyati himannaa tokko ulaagalee SDFHH kwt 80 fi 222-223 jalatti ibsamanii jiran guutee argamuu qaba. Keessattuu, firiiwwan dubbii bu'uuraa bifa ifaa fi gabaabaa ta'een ibsuu qaba. Fakkeenyaaf:-wal-dhabdeen waliigaltee irratti yoo ta'e, waliigalteen ragga'aan jiraachuu isaa, yeroo fi bakka waliigaltechi itti raawwatamu, dirqama himatamaa irraa barbaadamu bifa gabaabaa fi ifaa ta'een ibsamuu qaba. Ulaagaleen iyyannoo kun bakka lamatti qoodamanii kan ilaalaman yoo ta'u, ulaagaa tekniikaa fi ulaagaa seeraati. Ulaagaaleen tekniikaa kanneen akka maqaa mana murtii, guyyaa iyyati dhiyaate, maqaa fi teessoo falmitootaa, mata duree himannaa (barbaachisaa yoo ta'e:-sirna iyyannoon ittiin dhiyaate jechuun sirna gabaabaa fi ariitii ta'uu ibsuu), ibsa falmitootaa (kan himatus ta'ee kan himatamu dandeettii seeraa qabaachuu), ibsa himannoo firiiwwan bu'uuraa irratti bu'ureffamu, ibsa gaaffii seerummaa (relief to be sated), dhimma(qabeenya) falmiif bu'uura ta'e ibsuu(*identification of subject matter*) kanneen akka daangaa ibsuu, koodii ibsuu, kaartaa

[11] Civil Procedure Code, kwt 80, 222 -233

fi pilaanii ibsuu, gooree ragaa qabaachuu fi kkf yoo ta'an, ulaagaleen seeraa immoo manni murtii aangoo dhimmicha ittiin ilaalu qabaachuu fi dhiisuu, sababi himannoo jiraachuu fi dhiisuu, himatamaan himannaa hundeessuuf mirgaa fi dantaa qabaachuu (vested interest and locus standi), sababi himannoo bilchaataa ta'uu(maturity of alleged claims), fi kkf ta'uu danda'u. Ulaagalee tekniikaa sakatta'uun gahee ofiisera seeraa yommuu ta'u, ulaagaan seeraa garuu gahee mana murtii (abbaa seeraa) ta'uun beekamaadha.

Dhimma 1ffaa

Dhimma Dh /Ij/M/M/W/F Jildii 7ffaa lakk.galmee 18380 irraa fudhatameedha. Falmichi obbo Maammoo Damisee fi A/de Ayyaalew G/Igzihaaber N-2 gidduutti Mana Murtii Aanaa Hararriitti kan eegale yommuu ta'u, Iyyataan iyyannoo isaa mana murtii jalaatti yommuu dhiyeessu:-"bittaa fi gurgurtaan manaa waamamtuu 1ffaa wajjin taasifnee jirru manni murtii akka naaf mirkaneessu" jechuun iyyatee jira.

Dhimma 2ffaa

Dhimma Dh Ij/M/M/W/F Jildii 12ffaa lakk.galmee 56368 irraa fudhatameedha. Dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaa Goojjam Dhihaatti falmitoota Dr. Salamoon Nagaashii fi Yuuniversitii Baahirdaar gidduutti kan jalqabe yoo ta'u, iyyataan iyyannoo isaa yommuu dhiyeeffatu:- dhimma isaanii mana murtiin alatti jaarsummaan akka fixatan waliigalanii kan turan irratti waamamaan fedhii waan dhabeef, akka jaarsummaan fixannuuf manni murtii akka naaf dirqisiisu kan jedhu ture.

Dhimma 3ffaa

Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 6ffaa lakk.galmee 27739 irraa fudhatameedha. Dhimmichi mana murtii Aanaa Cilgaatti kan jalqabe yoo ta'u, iyyataan jalatti iyyannoon yeroo dhiyeeffatu:- waamamaan kun lafa duwwaan qabu narraa bitadhu jedhee jaarsummaadhaan qar.3,500 irraa bitee mana irratti ijaarradheen maashinii hodhaa uffataa irratti dhaabbadhee osoon jiruu hanga ammaatti maqaa kootti naaf jijjiiruu waan dideef dirqamee akka naaf jijjiiru jechuun himannaa hundeesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmoota armaan olii kun sababa himannoo qabu jettuu? Kan qabuu fi hin qabne adda baasaa? Akka seera bu'uuraatti beekamatii qaba jettuu? (SDFHH kwt 231 fi 33(2) faana ilaalaa!)
2. Dhimmoonni murtiidhaan murtaa'uu danda'an jiruu? Mana murtii irraa maaltu eegama?

Dhimma 4ffaa

Dhimma Dh /Ij/M/M/W/F Jildii 15ffaa lakk.galmee 87420 irraa fudhatame. Iyyattuun Durbee Maahileet Li'uuleqaal yoo taatu, ijoon iyyata ishee:-abbaa koo obbo Fallaqee Danbalii fi haadha koo A/de Faantuu G/Hiwoot irraa dhaladhee mana Baruumsaa Daa'immanii Balaafonteen Mawaa'ila jedhamutti maqaa abbaa kootiin barumsa kanin jalqabe yoo ta'e illee mana barumsaa idilee Lisee G/Maariyaamitti maqaa guddisaa koo kan ta'e Barsiisaa mana barumsichaa kan ta'aniin Maahilet Li'uuleqaaliin jedhamuun galmaa'ee hanga Yuuniversitiitti ittiin baradhee kanin xumure yoo ta'e illee amma maqaa abbaa irraa dhaladheen waamamuu wantan barbaadeef Maahilet Fallaqee Danbal jedhamee akka waamamuuf naaf haa murtaa'u jechuun iyyatteetti

Dhimma 5ffaa

Dhimma Dh/ Ij/M/M/W/F Jildii 15ffaa lakk.galmee 95995 irraa fudhatameedha. Iyyatichi Durbee Moominaa Sulxaan Koorwaalaatiin kan dhiyaatu yoo ta'u, ijoon iyyata ishee:-maqaa abbaa lamaan: kan irraa dhalatte Moominaa Sulxaanii fi kan guddisaa Moominaa Warquu Yibree jedhamee waamamaa waantan jiruuf, maqaa abbaa koo isa sirriitti naaf deebi'ee, Moominaa Sulxaan Koorwaalaa jedhamee akka waamamu naaf haa murtaa'u kan jedhuudha.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmoota armaan olii kana hoo akkamitti ilaaltu? Sababa himannoo qabaa?
2. Sababa himannoo qaba yoo jettan, iyyattoonni himachuuf mirga qabuu (locus standi)?

Iyyannoo deebiin wal-qabatee ulaagaleen himata qopheessuuf kaa'amanii jiran kan duratti ibsine asitti kan fayyadan ta'uun isaa hubatamuu qaba. Akkasumas, deebiin kan himatamaa

ILOOHOSO

qofaa osoo hin taane, deebii himataan himata himatarraaf kennu, deebii himannaa qaxxaamuraa (cross-claim) himattonni himataaf ykn himatamtoonni himataaf kennan illee kan dabalatu ta'uun dagatamuu hin qabu. [12]Kanaaf, ulaagaalee deebiin himata irraa qooddatu akkuma jirutti ta'ee, deebii keessatti himatamaan tokko wantoota gurguddoo sadii dhiyeessuuf mirga qaba. Isaanis:-1) firii dubbii himata keessatti ibsame irratti tokko tokkoon deebii kennuu, haaluun ykn amanuun ta'uu danda'a, 2) firii dubbiin alatti mormii addaa (affirmative defense) fi 3) himata himatarraa (counter-claim) ykn iyyata wal-dandeessisuu (set-off) dhiyeeffachuu danda'a.[13] Kan jalqabaatiin wal-qabatee, tokko tokkoon frii dubbii himannaa keessa jiraniif deebii kennuu qaba. Seerummaan gaafatame beenyaa miidhaa yoo ta'een alatti bifa waliigalaan mormii kan dhiyeessu yoo ta'e, ykn kallattiin haaluu dhiisee dheessuun kan haalu yoo ta'e (evasive denial) akka amanetti fudhatamuu danda'a.[14]

Inni lammaffaan ijoo dhimmichaa (merit of the case) wajjin hidhata yoo qabaachuu baate illee mormii gaaffii mirgaa dhorkuu ykn daangessuu danda'uudha. Fakkeenyaaf:-dhimmicha ilaaluuf manni murtii aangoo bu'uuraa kan hin qabne yoo ta'e, gaaffiin himataa darbiinsa yerootiin kan daangeffamu yoo ta'e ykn himataan himachuudhaaf dandeettii seeraa kan hin qabne (umuriin ykn seeraan) yoo ta'e, himatamaan akka mormiitti kaasee mormuu danda'a. Dhimmoonni kun SDFHH kwt 244 jalatti mormii sadarkaa duraa jennee kan waamnu yoo ta'u, mormiiwwan firii dubbii dhimmichaa (merit of the case) keessa osoo hin seenin dursamee (*at the earliest possible opportunity*) himatamaan kan dhiyaatuu fi ulaagaa seeraa keessatti sakatta'amanii deebii kan argataniidha.[15] Mormiiwwan sadarkaa kanneen akka aangoo mana murtii, dhimmichi kanaan dura murtii argachuu (res judicata SDFHH kwt 5), himachuuf dursa heyyama qabaachuu (Fkn seera daldala Itoophiyaa kwt 365 itti gaafatamtoota daarekteroota ta'an himachuuf dursa murtii Gumii Waliigalaa kan barbaadu ta'uu isaa), dhimmichi mana murtii biraatti ilaalamaa jiraachuu (pendency SDFHH kwt 8(1)), dandeettii dhabuu ykn himachuuf mirga dhabuu (SDFHH kwt 33), mirgi gaaffii dhiyeessuu darbiinsa yerootiin kan daangeffamu ta'uu (darbiinsa yeroo kan seera bu'uuraa ykn seera deemsaa ta'uu danda'a), fi dhimmichi jaarsummaan kan xumurame yoo ta'e, ykn wal-taasisuun xumurachuuf kan waliigalan yoo ta'eedha. Mormiiwwan sadarkaa duraa kun firii

[12] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 234.
[13] Robert Allen Sedler, fuula 129
[14] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 83 fi 235.
[15]Robert Allen Sedler, fuula 173-175

dubbii wajjin hidhata kan hin qabne yoo ta'an illee adeemsa falmii battalumatti addaan kutuu ykn dhaabsisuu waan danda'aniif, dhamaatii fi baasii hin malle osoo hin dhaqqabsiisiin abbaan seeraa battalumatti murtii itti kennuu qaba.

Kanaaf, himatamaan yeroo deebii isaa dhiyeeffatu, mormiiwwan kanneen keessaa tokko illee haa ta'u, kan jiru ta'uu fi kaafachuuf fedhii kan qabu taanaan, firii dubbiitti osoo hin makin addatti jalqaba barruu deebii isaa keessatti bifa gabaabaan kaafachuu qaba. Mormii sadarkaa duraa kana himatamaan yoo osoo hin kaasin hafe, murtii sirrii kennuuf yoo barbaachise malee, fedhii isaatiin akka dhiisetti ilaalama malee manni murtii ofiin kaasuu akka hin qabne seera deemsichaa irraa ni hubatama.[16]Haa ta'u malee, tumaan kun of keessaa hambifannaa (exception) ni qaba. Innis mormiiwwan kana himatamaan yoo kaasuu baates, manni murtii murtii sirrii ta'e kennuuf kan rakkatu yoo ta'e, ofiin kaasuu akka qabu tumaa seerichaa garalchinee yoo dubbisne (*by aconteririo reading*) ni hubatama. Mormiiwwan kun kanneen akkamiti kan jedhu leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Gama biraatiin immoo himannaan tokko foormaaliitii barbaachisu guutuu dhabuu isaatiin akka mormii sadarkaa duraatti dhiyaachuu akka hin qabne tumaan Afaan Amaaraa SDFHH kwt 244(4) jalatti itti dabalee jira. Foormaaliitiin kunis ulaagalee tekniikaa kanneen SDFHH kwt 222, 223, fi 92 jalatti ibsamanii jiran akka ta'an ifadha. Kanaaf, waraabbiin afaan Ingiliffaa tumaa kana kan hin qabne yoo ta'e iyyuu akkaataa waraabbii Afaan Amaaraatti himatamaan ulaagaaleen tekniikaa hin guutamne jedhee akka mormii sadarkaa duraatti dhiyeessuun hin barbaachisu jechuudha.

Gaaffiilee Marii

1. Mormiin sadarkaa duraa kanneen SDFHH kwt 244 kaa'aman qofa moo kan biraa jiru jettu? Tumaan kun tumaa dhumataadha moo banaadha jettu? Sababaan deggersaa ibsaa?
2. Akka waraabbii Afaan Amaaraatti himannaan dhiyaatee jiru foormaalitii sirrii hin hordofne jedhee himatamaan akka mormii sadarkaa duraatti kaasuu hin qabu jedhee SDFHH kwt 244(4) jalatti itti dabalee jira. Foormaalitii jechuun maal jechuudha? Kanneen SDFHH kwt 222, 223 fi 92 dha moo kan biraatu jira jettu?

[16] Civil Procedure Code, kwt 244(3)

3. Gaaffii 2ffaa irra jiruun wal-qabatee, akkaataa SDFHH kwt 222(1i)tti tilmaama himataan dhiyeessuu yoo hafe ykn tilmaama sirrii hin taane yoo dhiyeessee jiraate, akka mormii sadarkaa duraatti dhiyaachuu hin danda'uu? SDFHH kwt 250 faana ilaalaatii sababeessaa!

1.4. Iyyannoo Fooyyessuu

Akkaataa itti iyyannoon fooyyeeffamu osoo hin ilaalin fuula dura iyyaannoo fooyyessuu jechuun maali kan jedhu ilaaluun barbaachisaadha. Fooyyessuu (amendment) jechi jedhuuf guuboon jechootaa Black's Law jedhamu yeroo hiiku:-"1) A formal revision or addition proposed or made to a statute, constitution or other instrument,… 3) a change made by addition, deletion, or correction; an alteration in wording" jechuun ibsee jira.[17] Kana irraa wanti hubatamu, fooyyessuu jechi jedhu waan duraan ture irratti waan ta'e dabaluu, ykn keessaa haquu ykn sirreessuu akka ta'e namatti argisiisa. Iyyannoo fooyyessuun wal-qabatees guuboon jechoota kun hiikkaa lakkoofsa 3ffaa jalatti ibsamee jirutti qajeelchee jira.

Akkuma duratti ibsamee ture, falmitoonni mirga isaanii kallattii gaaffii fi mormii qabaniin duguuganii bifa ifaa ta'een iyyannoo isaanii keessatti ibsachuu qabu. Kana gochuu dhabuu isaaniitiin garuu mirgoota itti aananii jiran dhabsiisuu danda'a. Sababni isaa iyyannoon daangessituu mirga himachuu ykn mormii dhiyeeffachuu (preclusion stage) ta'u waan danda'uufiidha. Fakkeenyaaf:-mirga himannoo lammaffaa dhiyeeffachuu carraa dhabuu (by impact of res judicata, SDFHH kwt 5), mirga gaaffiilee harca'anii hafan boodarraa dhiyeeffachuu dhabuu (by the principle of spiliting of claims, SDFHH kwt 216) fi kkf daangessitoota mirga falmitootaa jedhamanii beekamu. Haa ta'u malee, adeemsi kun kallattiidhaan mirgoota falmitootni seerota bu'uuraatiin qaban waan miidhuuf, qajeeltoon iyyannoo fooyyessuu (amendment rules) jiraachuun barbaachisaa akka ta'e Robert Allen Sedler ibsee jira.[18]

Haa ta'u malee, seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa kun faayidaa isaa ibsuu irraa kan hafe jecha iyyannoo fooyyessuu (amendment of pleading) jedhuuf hiikkoo hin laanne. Kan biraan immoo sababa iyyannoon itti fooyya'uu qabuun wal-qabatee tumaan seerichaa jecha waliigalaa (by generic word) waan ibsee jiruuf, hiikkoof saaxilamuu caalayyuu hojimaatni

[17] Chief), "Black's_law.Pdf."
[18] Robert Allen Sedler, fuula 145

garaagaraa akka jiraatu taasisee jira. Waraabbiin Afaan Amaaraa ...**ነገሩን ደበልጥ የሚያብራራ ወይም ትክክለኛ ፍትህን ለመስጠት የሚረዳ ሆኖ በተገመተ ጊዜ ብቻ ነዉ** kan jedhu yeroo ta'u, waraabbiin Afaan Ingiliffaa immoo… *all such amendments shall be made as may be necessary for the purpose of determining the real questions in dispute* jechuun ibsee jira. Waraabbii Afaan lameen irraa iyyuu kan hubatamu, dhimmicha caalmaatti ifa kan godhu ykn murtii haqa qabeessa kennuuf ykn dhimma qabatamee jiru murteessisuu kan dandeessisu yoo ta'e, iyyannoo fooyyessuun ni danda'ama.[19]Akkasumas, iyyannoon kun kaka'umsa mana murtiin ykn iyyannoo falmitoonni dhiyeessanii manni murtii yeroo heyyamu fooyya'uu akka danda'u tumaalee SDFHH kwt 91 fi 251(1) walitti fidnee yeroo dubbisnu ni hubatama. Kaka'umsa mana murtiitiin kan jedhu kun daangaan isaa hangam kan jedhu ilaalchisee seerichi waan kaa'ee hin qabu. Haa ta'u malee, manni murtii yeroo himanni ykn deebiin akka fooyya'u ajaju of eeggannoo seericha keessatti bifa waliigalaan ibsamee fi qajeeltoo duudhaa abbaa seerummaa ilaalcha keessa galchuu qaba. Kan jalqabaatiin wal-qabatee, iyyannoon kun yoo fooyya'uu baate haqni ni daba ykn gaaffilee ijoo falmii murteessuuf ni rakkisa yoo jedheedha. Kan lammaffaa seericha irraa kallattiin argachuun hin danda'amu. Manni murtii himataan akkaataa itti himachuu qabu, akkaataa itti dabaluu qabuu fi hir'isuu qabu yeroo gorsu, akkasumas himatamaan maal irratti mormii fooyyeffachuu akka qabu yeroo ajaju, bilisummaa mana murtii fi abbaa seerummaaf of eeggannoo gochuu qaba. Kun kallattii lamaan ilaalamuu danda'a. Inni jalqabaa: gareen tokkoon fooyyeffadhu yeroo jedhamu gareen biraa miidhamuu danda'a. Inni lammaffaan: manni murtii hojii abbaa seerummaa cinatti hojii abukaattummaa akka waan hojjetaa jiruutti fakkeessa. [20]

1.5. Rakkoolee Iyyannoo Fooyyessuun Wal-Qabatan

Tumaan seerichaa iftoomina dhabuu irraa kan ka'e qabatamaan manneen murtii keessatti hojimaatni sadii akka jiru hubachuun ni danda'ama. Isaanis:-1) manni murtii himanni ykn deebiin dhiyaate ifaa miti ykn hanqina qaba, murtii kennuuf hin dandeessisu jechuun akka fooyya'u ajajuu, 2) falmitoonni erga falmii eegalanii ragaa haaraa argachuun, ykn kallattii dhimmichi itti deemu hubachuun ykn gaaffii ykn mormiin kaasuu qaban waan jalaa hafeef himannoo ykn deebii fooyyeffadheen jira jedhee yeroo dhiyeessu manni murtii callisee baasii fi kisaaraa itti muruun ykn osoo itti hin murin himannoo ykn deebii fooyya'aa fuuchuun

[19] Civil procedure, kwt 91
[20] Robert Allen Sedler, fuula 145 "…*the court should not take over the role of party's advocate".*

galmeetti qabsiisuun falmii itti fufuu, 3) himannoo ykn deebiin akka fooyya'uuf iyyanni dhiyaate sababa gahaa hin qabu jechuun iyyannoon akka hin fooyyofne dhorkuun kan jiru ta'uu isaatu hubatama. As keessatti, wanti mana murtiitti adda bahee hin hubatamin jiru tokko iyyannoon yommuu fooyya'u, sababoonni iyyannoo fooyyessan yoom ilaalamuu qabu; erga iyyannoon fooyya'ee dhiyaateeti moo iyyannoon akka fooyya'uuf sababni amansiisaan manni murtii galmee irratti caqase ykn falmitoonni caqasanii dhiyeeffatanii heyyama ittiin gaafatan bu'uureffateeti kan jedhu gaaffii hin hubatamin jiruudha. Dhimma kana irrattis tumaan seerichaa ifaa miti. Leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Dhimma 6ffaa

Dhimma murtii Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 21ffaa lakk.galmee 104621 irraa fudhatameedha. Ka'umsi dhimmichaa Mana Murtii Aanaa Kofaleetti yeroo ta'u, dhimma qooddaa qabeenyaa abbaa warraa fi haadha warraa ture. Iyyattuun A/de Azeeb Taammiruu iyyata akka fooyyeffattuuf mana murtii gaafattee heyyamameeraaf. Haaluma kanaan, tarree qabeenyaa dhiyaate keessaa manni km^2 200 irra jiru kan maqaa mucaa Radi'eet Dajaneetiin beekamu qabeenya gaa'ila keessatti horanneedha waan ta'eef, iyyata duraa keessatti waan hin haammatamneef itti dabalamee nuuf haa qoodamu jechuun iyyata fooyya'e dhiyeeffatteetti. Waamamaan obbo Dajanee Zawudeen immoo iyyati fooyya'e gahee yeroo deebii isaatiin mormu:-tarreen qabeenyaa fooyya'ee dhiyaate kun falmii duuba waan deebisuuf kufaa akka ta'u gaafateera.

Manni murtiis yeroo xiinxalu:-himattuun himannaa ishee duraa keessatti mana kana haammachiiftee himachuu osoo qabduu himannaa fooyya'e irratti qabeenya haaraa itti dabaltee dhiyeeffachuun ishee akkaataa SDFHH kwt 216(3)tti fudhatama hin qabu jechuun mormii himatamaa fudhateera. Manneen murtii Naannoo Oromiyaa sadarkaan jiran hanga dhaddacha ijibbaataatti murtii kana cimsaniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa yeroo xiinxalu:-SDFHH kwt 91(1) irraa akka hubatamutti, manni murtii osoo murtii hin kenning fuula dura falmitoonni iyyata isaanii akka fooyyeffatanii fi falmii isaanii akka jijjiiran heyyamuu danda'a. Kanas barbaachisaa fi sirriidha jedhee yoo itti amane akka heyyamuu danda'u, hafuura tumaa seerichaa irraa ni hubatama. Yeroo kana iyyannoon akka fooyya'u heyyamee erga jedheen booda yoo akkaataa ajaja isaa irraa maqee jiraate malee iyyannoo fooyya'e kuffisuun sirrii miti. Dhimma kana irratti immoo himattuun

heyyama mana murtichaan fooyyeffachuun isaa kan haalamu miti. Dhimmicha duuba deebisa jedhee kan amanu yoo ta'e immoo Manni murtichaa jalqabuma iyyuu heyyamuun irra hin turre. Sirrummaa qabxiilee himannoon ittiin fooyya'uu immoo kan qorachuu qabu ajaji fooyya'iinsaa osoo hin kannamin fuula dura ta'uu qaba malee himannoon fooyya'ee erga dhiyaatee booda miti. Qabxii ittiin himannoon fooyya'u kan manni murtii ajaje irraa maquu ishee manni murtichaa murtii irratti hin ibsine, waamamaanis mormii kaase hin qabu. Kanaaf, himannoo duraa keessatti haammachiiftee himachuu qabdi turte jechuun akkaata SDFHH kwt 216(3)tti mormii waamamaa fudhatee himannoo fooyya'e kufaa gochuun isaa sirrummaa kaayyoo, raawwii fi qabiyyee SDFHH kwt 91 kan hordofe miti jechuun murtiilee jalaa diigee jira.

Gaaffilee Marii

1. Murtiilee manneen murtii kana keessaa kamtu kaayyoo SDFHH kwt 91 wajjin deema jettanii yaaddu? Maaliif?
2. Manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyata falmitootaa irratti hundaa'ee yeroo iyyannoon akka fooyya'u taasisu dursee qabxiilee irratti fooyya'iinsi taasifamu akeeka moo erga iyyannoon dhiyaatee qoratee adda baasa? Adeemsa kana keessatti gareen bira yoo mormii dhiyeessuun akka ulaagaatti ilaalama moo manni murtii aangoodhuma isaatiin heyyamuu ykn dhorkachuu danda'a? Mormiin kun immoo yoo dhiyaate, erga garagalchi iyyannoo dhiyaatee isa dhaqqabeeti moo yeroo heyyamsiisi gaafatamutti? Dhimma armaan olii wajjin xiinxalaa!
3. Gareen tokko iyyaannoo fooyyeffachuu yoo barbaade, ykn manni murtii akka fooyya'u yoo ajaje, gareen biraa mormiiwwan akkamii kaasuu danda'a jettu?

Rakkoon biraan iyyannoo fooyyessuun wal-qabatee jiru, iyyannoo fooyyessuudhaan gaaffii seerummaa haaraa itti dabaluun ykn guutummaatti gaaffii seerummaa jijjiiruun ni danda'ama moo miti kan jedhuudha. Kanaan wal-qabatee Robert Allen Sedler haaloti itti gaaffiin seerummaa haaraa itti dabalamuu danda'u akeekee jira. Isaanis:-gaaffiin seerummaa duraan gaafatamee fi haaraa itti dabalame sababi himannoo isaanii tokko kan ta'ee fi akkaataa SDFHH kwt 217tti galmee tokkoon akka himatuuf kan heyyamuuf yoo ta'e, akka himannoo fooyyeffatu dhorkuun dhama qabeessa akka hin taaneedha. Akkasumas, dhagaha duraatti (first hearing) akkaataa SDFHH kwt 214tti yeroo abbaan seeraa falmitoota qoratuu fi qabxii wal-dhabdii adda baasee qulqulleessutti, gareen mirgi isaa iyyannoo keessaa jalaa hafee jiru

irratti fooyyeffatee akka itti dabalu gochuun ni danda'ama jedhee jira.[21]Biyya Hindiitti sababa iyyannoo fooyyessuutiin dhimma guutummaatti haaraa fi adda ta'e, akkasumas dhimma duraan dhiyaate wajjin hidhate hin qabne yoo ta'ee fi keessoo dhimmichaa murteessuuf (the real question in dispute) kan hin fayyadne yoo ta'e, hin heyyamamu.[22]

Gara biyya Itoophiyaattis deebinee yeroo ilaallu, seerichi iftoomina dhabuu irraan kan ka'e hojimaata garaagaraatu jira. Rakkoon jalqabaa "dhimma haaraa fi guutummaatti adda ta'e, akkasumas gaaffii duraan wajjin hidhata hin qabne (totally different, new and inconsistent case)" jechuun maal akka ta'e seerichis hin ibsine, abbootii seeraa birattis hubannoon jiru laafaadha. Inni lammaffaan:-gaaffii keessoo dhimmichaa murteessuuf gagaaru (the real question in dispute) gaaleen jedhu bifa waliigalaan seericha jalatti waan ibsamee jiruuf, hiikkoon ykn agarsiiftuun ittiin hiikamuu danda'u waan hin ibsamneef (paraphrasing) abbaan seeraa akka dhuunfaa dhuunfaa isaatti (by subjective connotation) hiikee hojiirra oolchaa jira. Kun immoo hojimaatni wal-fakkaataan akka hin jiraanne taasisuu caalaa mirgi garee tokkoo yeroo itti miidhamu ni mul'ata (Dhimma 10^{ffaa} (55973) ilaalaa!). Robert Allen Sedler gaaffiileen keessoo dhimmichaa murteessuuf gargaaran (the real question in dispute) kanneen dhimmichaa wajjin hidhata qabaniidha jedhee jira. Akka biyya Hindiittis, gaaffiin dhiyaate haaraa fi dhimmicharraa adda yoo ta'es, dhimmichaa wajjin hidhata kan hin qabne yoo ta'es, gara booddeetti himataan himatamaa himachuun isaa kan hin oolle yoo ta'e, gaaffii himataan himatamaa irraa qabu bifa deggeruun hiikamee heyyamamuu qaba jedha.[23]Haa ta'u malee, Seerri biyya Hindii fooyya'ee jiru immoo CPR Rule.17.4 (2) yeroo ibsu; "*The court may allow an amendment whose effect will be to add or substitute a new claim, but only if the new claim arises out of the same facts or substantially the same facts as a claim in respect of which the party applying for permission has already claimed a remedy in the proceedings.* Kana irraa kan hubatamu, gaaffiin mirgaa itti dabalamuu danda'u gaaffii mirgaa duraan gaafatame faana maddi firii dubbii isaa tokko yoo ta'e heyyamamuu akka qabuudha.

Gaaffiilee Marii

[21] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 146.
[22] Miiljalee olii, fuula 149
[23] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 150

1. Akkaataa SDFHH kwt 217tti gaaffiilee mirgaa wal-fakkaataa ta'e himatamaa irraa kan qabu bu'uureffachuun himataan bu'uura SDFHH jwt 91tiin himannaa yoo fooyyeffate, dhimma haaraa fi hidhata hin qabneedha jennee kufaa gochuu dandeenyaa? Maaliif?
2. Akkaataa SDFHH kwt 36(2)tti gaaffiilee mirgaa falmii seeraa waliinii ykn firii dubbii waliinii qabu irratti himataan himatamtoota baay'ee itti dabaluudhaan akkaataa SDFHH kwt 91tti himannaa isaa fooyyeffatee yoo dhiyeeffate hoo dhimma haaraa fi adda ta'e, akkasumas keessoo dhimmichaa murteessuuf hin fayyadu jennee kufaa gochuu dandeenyaa? Maaliif?
3. Himatamaan erga deebii kenneen booda gaaffiilee mirgaa himataa irraa qabaachuu yaadachuudhaan himata himatarraan qaba jedhee akkaataa SDFHH kwt 91tiin deebiin fooyyeffadha jedhee yoo isin gaafate hoo dhimma haaraa fi hidhata hin qabne fidde, dhimmicha murteessuuf rogummaa hin qabu jettu moo ni heyyamtuuf? Maaliif? Ejjennoo keessan ulaagaalee amansiisoodhaan deggeraa dhiyeessaa!
4. Jechi *the real question in dispute* jedhu maal jechuu barbaadeeti?Iyyannoon formaaliitii tekniikaa yoo osoo hin guutin dhiyaate, iyyannoon fooyya'uun dirqama ta'a jettuu?Dhimmicha murteessuudhaaf ulaagaaleen tekniikaa baay'ee barbaachisoo ta'an jiruu? Yoo jiraatan tarreessaa ibsaa!

Dhimma 7ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 6ffaa, Lakk.galmee 20416 irraa fudhatameedha. Iyyataan obbo Biiniyaam Gerremew iyyannoo isaa fooyya'aa keessatti waamamaan seeraan ala hojiirra waan na geggeesseef, kaffaltiin hojiirraa geggeessuu, kaffaltii akeekkachiisaa, kaffaltii boqonnaa waggaa fi beenyaan akkka kaffalamuuf gaafateera. Manni murtichaas akkasumatti murteesseef. Manni Murtii Ol'aanaan immoo manni murtii jalaa himannoo hanga kaffaltii qofa ol-kaasuuf kan fooyyesse waan ta'eef, sababa gahaa miti. Kaayyoo SDFHH kwt 91 waan hin taaneef, iyyataan kanuma duraan gaafate kaffaltii miindaa ji'a lamaa qofa argachuu qaba jechuun fooyyesseera.

Dhaddachi Ijibbaataa yeroo xiinxalu:-himannaa jalqabaa keessatti kan gaafateen alatti sababa seeraan ala hojiirraa geggeeffameef kaffaltiiwwan dabalataa biroo iyyannoo fooyya'aa keessatti sababa dhiyeesseen gaaffii seerummaa ol-kaasuun isaa ifaadha. Bu'uura SDFHH kwt 91tiin immoo iyyannoo caalmaatti ifaa taasisuuf ykn murtii haqaa kennuuf yoo

barbaachisaa ta'ee arge manni murtii dhimmicha qabatee jiru murtiin fuula dura yeroo kamiin iyyuu iyyannoon akka fooyya'u heyyamuu danda'a. Iyyataan kun immoo himata isaa jalqabaa keessatti kan gaafate kaffaltii hojiirraa geggeeffamuu kan baatii lamaa qofadha. Haa ta'u malee, hojjetaan tokko seeraan ala hojiirraa yommuu geggeeffamu, kaffaltiiwwan kanaan wal-qabatanii jiran argachuuf mirga akka qabu labsiin hojjetaa fi hojjechiisaa ni tuma. Kanaaf, iyyataan mirgoota labsii kanaan argatu hunda argachuuf mirga waan qabuuf, mirgoota kana irratti iyyannoo fooyyeffatee dhiyeeffachuun isaa murtii haqaa kennuuf kan gargaaruudha waan ta'eef, murtiin mana murtii ol'aanaa sirrii miti jedhee diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma kana irraa ka'uun SDFHH kwt 91 akkamitti hiikamuu akka qabu xiinxalaa!
2. Gaaffiin seerummaa tokko kan duraa irraa haaraadha kan jedhamu maaliin beekama? Madda mirga (waliigaltee, seeraa fi murtii mana murtii) yoo jijjiireedha moo sababa himannoo yoo dabaleedha?

Dhimma 8^{ffaa}

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 20^{ffaa}, lakk.galmee 125778 irraa fudhatameedha. Dhimma hojjetaa fi hojjechisaa obbo Masaay W/Gabri'eel faa N-4 fi dhaabbata SIWU INFIRAASTIRAAKCHER gidduutti geggeeffamaa ture yommuu ta'u, Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Magalaa Hawaasaatti dhiyaatee ture. Ka'umsi isaa meeshaa eegduu gombisaa (tanker) bo'aa konkolaataa irratti itti yaadanii miidhaa geessisan jechuun seeran ala hojiirraa nu ari'e kan jedhuun waraqaa hojiirraa ittin geggeeffaman itti qabsiisanii himataniiru. Himatamaan jalaa immoo deebii isaa akka fooyyeffatuuf mana murtii heyyamsiifatee deebii fooyya'aa ragaa hojiirraa isaan geggeessuu ibsu wajjin fooyyessee dhiyeesseera. Manni murtichaas, deebii fooyya'aa kanaan sakatta'ee seeraan ala hojiirraa geggeesse jechuun murteesseera. Hanga dhaddacha Ijibbaataa Naannoottis murtiin kun cimeera.

Dhaddachi ijibbaataa yeroo xiinxalu:-himatamaan jalaa kun yeroo deebii fooyyeffatetti, waraqaa ragaa hojiirraa ittiin geggeesse kan himannaa duraa keessatti dhiyaate irraa guyyaan isaa adda kan ta'e faana dhiyeessee jira. Akka SDFHH kwt 91(1 fi 3) irraa hubatamutti, himannaa ykn deebii dura dhiyaate caalmaatti ifoomsuuf ykn murtii haqaa sirrii ta'e kennuuf

ILOOHOSO

yoo garaagare, manni murtii heyyamuu danda'a. Haa ta'u malee, himatamaan kun xalayaa hojiirraa geggeessaa kan duraa irraa guutummaatti jijjiiree dhiyeessee jira. Kun immoo deebii duraa caalmaatti ifoomsuuf ykn murtii haqaa kennuuf kan gargaaru osoo hin taane, falmii haaraa akka dhiyeessuutti ilaalama waan ta'eef kaayyyoo seerichaa miti jechuun murtii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiiwwan armaan olii kana hoo akkamitti ilaaltu?Iyyannoo yommuu fooyya'u ragaa jijjiirrachuu ni danda'ama moo miti?Maaliif?
2. Iyyannoon tokko karaa mana murtiis ykn iyyannoo falmitootiin kan fooyya'u yoo ta'e, qabxiin irratti fooyya'u mana murtiitiin moo falmitootaan murtaa'a?Ulaagaan irraa dhaabbatu hoo?

Qabxiin falmisiisaa biroo immoo sadarkaa ol-iyyannootti Manni murtii ol-iyyata dhagahu iyyannoon akka fooyya'u gochuu danda'a moo miti kan jedhuudha. Iyyannoo ol-iyyata (memorandum of appeal) fooyyessuun wal-qabatee ulaagalee kwt 327 jala guutuu yoo hafe, akkaataa kwt 330tti akka fooyya'u gochuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, himannaa mana murtii jalaa akka fooyya'u taasisuu danda'aa kan jedhu ilaalamuu qaba. Seerri deemsaa biyya Hindii Order VI, Rule 17 jalatti *the court may at any stage of proceedings allow amendement* jedha. Seera deemsaa Itiyoophiyaa immoo kwt 91(1) jalatti *at any time before judgement* jechuun ibsee jira. Akka seera biyya Hindiitti sadarkaa falmii kamittiyyuu waan jedhuuf, manni murtii ol-iyyata dhagahu iyyannoon jalaa akka fooyya'u taasisuu ni danda'a jechuudha. Kan seera deemsa Itoophiyaa jala jiru garuu hiikkoodhaaf saaxilamaadha. Ejjennoon tokko:- jechi *before jedgement* jedhu iyyannoo mana murtii sadarkaa duraatti jiru waan ilaallatu fakkaata. Sababni isaa manni murtii calliseedhuma murtii kenna osoo hin taane *final judgement* akka kennu Robert Allen Sedller ibsee jira.[24]Haa ta'u malee, seerichi Kitaaba III boqonnaa 1[ffaa] kwt 80(1) jalatti iyyannoon maal akka ta'e yeroo tarreessu, ol-iyyannoon akka keessa jirutti ibsee jira. Tumaan kwt 91 immoo boqonnaadhuma kana jalatti kan ibsame waan ta'eef, jechi *before judgement* jedhu kun murtii sadarkaa ol-iyyannootti kennamu illee kan haammatu ta'uu namatti argisiisa. Akkasumas, akkaataa SDFHH kwt 342tti ijoo manni

[24] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 150

murtii jalaa qabatee falmisiiseen ala yoo ta'e illee manni murtii ol-iyyata dhagahu ijoo dubbii jijjiiree murtii kennuu akka danda'u ni aangessa. Dabalataan, seericha kwt 348(1) jalatti, Manni Murtii ol-iyyata dhagahu, murtii jalaa cimsuu, ykn fooyyessuu, ykn jijjiiruu ykn haquu akka danda'u aangeffamee waan jiruuf, kanuma keessa iyyannoon jalaa akka fooyya'u taasisu danda'a yaadi jedhu jira. Ejjennoo faallaa warri qaban immoo sadarkaa ol-iyyannootti iyyannoon jalaa akkaataa SDFHH kwt 91tti akka fooyya'u taasisuun qabxii haaraa jalatti hin kaane falmisiisuu waan ta'uuf, yaadi kun faallaa kwt 329(1) jedhu. Akka ejjennoo kanaatti, manni murtii ol-iyyata dhagahu qabxii jalatti falmame irraa maquu hin qabu. Falmitoonni iyyannoo fooyyeffachuuf dhiyeeffatanii yeroo jedhan ajaja manni murtii jalaa kenne irratti akkaataa kwt 320(3)tti qabxii ol-iyyannoo (as a ground of appeal) gochuun dhiyeeffachuu danda'u kan jedhuudha.

Gaaffillee Marii

1. Ejjennoo armaan olii keessaa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Maaliif?
2. Ejjennoo armaan olii keessaa Manni Murtii Ol-iyyata dhagahu iyyannoon mana murtii jalaatti akka fooyya'u yeroo ajaju ofii isaatii ilaala moo mana murtii jalaatti deebisa? SDFHH kwt 329, 348 fi 182 faana ilaalaa irra mari'adhaa!

Dhimmi biraan iyyannoo fooyyessuun wal-qabatee ifa hin taane, waa'ee iyyannoo sababa himannoo hin qabneeti. Iyyannoon tokko sababa himannoo (cause of action) hin qabu yoo ta'e, akkaataa SDFHH kwt 231(1a) fi 33(2)tti kuffisuun akka danda'mu ifaadha. Kanaan wal-qabatee, yaadonni lama kan jiraniidha. Isaanis:- SDFHH kwt 91 dhiphisamee hiikamuu qaba kan jedhanii fi bal'atee hiikamuu qaba kan jedhaniidha. Dhiphisamee hiikamuu qaba kanneen jedhan, adeemsa iyyannoo fooyyessuu keessatti Manni murtii hojii abukaattummaa akka hin hojjenneef, waan muraasa irratti haqa ni mirkaneessa yoo jedhe ykn gaaffii ka'eef deebii sirrii fi ifaa ta'e kennuuf ni gargaare yoo jedhe qofa heyyamuu qaba jedhu. Faallaa kanaa immoo tumaan seeraa kun kaayyoo isaa wajjin walitti hidhamee bal'atee hojiirra ooluu qaba. Akkuma beekamu, seera deemsaa keessatti waan falmitoonni ifaan hin kaafne yoo jiraate boodarra akka haaraatti kaafachuuf carraa waan hin qabneef, akkaataa tumaa kwt 5 fi 216tti mirgoonni bu'uuraa isaan qaban akka jalaa hafu taasisa. Seerri deemsaa immoo kan barbaachiseef, mirgoota seera bu'uuraan hojiirra oolchuuf malee laamshessuuf miti. Haa ta'uutii, adeemsi kan barbaachiseef dhimmichi haala sirnaawaa ta'een, yeroo gabaabaa fi baasii xiqqaadhaan dhimmoonni xumura akka argatan gochuuf ta'ee, abbaan dhimmaa itti

yaadee garee biraa miidhuuf jecha dhimmoota adda kukkutee ykn irra deddeebi'ee himate adabuuf ykn kan dagate dammaqsuuf yaadameeti. Kana irraa kan ka'e tumaa kwt 91 guutummaa isaa yeroo ilaallu, iyyannoo fooyyessuu keessatti aangoo guddaan mana murtiif kan kennameedha. Kana jechuun manni murtii ulaagaalee barbaachisoodha jedhee yaade giddu galeessa godhatee murtii haqaa kennuuf ykn dhimmicha caalmaatti ifoomsuun yoo barbaachise yeroo kamiin iyyuu murtii fuula duraa fooyyessuu danda'a jechuudha. Kana irraa kan hubatamu, irra caalaa mirgoota seerota bu'uuraatiif eegumsa gochuuf kan tumameedha waan ta'eef, bal'atee hiikamuu qaba jechuun falmu. Robert Allen Sedler illee ejjennoo isa lammaffaa kana qabachuudhaan, yoo gaaffii dhugaa dhimmichaa (the real question in dispute) murteessuuf hin fayyadu jedhame malee kwt 91 bal'atee hiikamuu akka qabu ibsee jira. Bal'isanii hiikuun dogoggora iyyannootiin mirgi bu'uuraa akka hin sarbame ni eega jedhee jira.[25]

Dhimma 9ffaa

Dhimma Dh /Ij/M/M/W/F Jildii 7ffaa lakk.galmee 18380 irraa fudhatameedha. Falmichi obbo Maammoo Damisee fi A/de Ayyaalew G/Igzihaaber N-2 gidduutti Mana Murtii Aanaa Hararriitti kan eegale yommuu ta'u, Iyyataan iyyannoo isaa mana murtii jalaatti yommuu dhiyeessu:-bittaa fi gurgurtaan manaa waamamtuu 1ffaa wajjin taasifnee jirru manni murtii akka naaf mirkaneessu jechuun iyyatee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Gaaffiin himataa kun sababa himannoo qaba moo hin qabu? Maaliif?
2. Gaaffii kana osoo himataan nan fooyyeffadha jedhee "akkaataa waliigaltee keenyaatti maqaa naaf jijjiiruu didde jedhee" iyyannoo isaa fooyyessuun dhiyeessee ni fudhattu moo ni kuffiftu? Maaliif?
3. Akkuma gaaffii lammaffaa irra jiruutti, osoo himataan waliigalteen kun naaf haa diigamu jechuun himannaa isaa fooyyessee dhiyeessee hoo? Ejjennoon keessan tokko moo garaagara? Maaliif?

[25] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 146-147.

Iyyannoo fooyyessuun wal-qabatee rakkoon biroon darbiinsa yerootiin kan wal-qabatuudha. Iyyannoon fooyya'uu isaatiin mirgoota bu'uuraa gareen biraa qabu kan miidhu yoo ta'e iyyannoo fooyya'uu hin qabu. Sababni isaa tumaa seerichaa irraa kan hubatamu, murtii haqaa kennuuf kan jedhu waan ibsamee jiruuf, sababa iyyannoo fooyyessuutiin gareen biraa akka miidhamu gochuun sirrii miti. Akkasumas, akkuma duratti ibsamee ture, kaayyoon seera deemsaa mirgoota seera bu'uuraatiin beekamtii qaban laamshessuuf osoo hin taane, bifa yaada fayyaalessaan hiikamanii (by positive interperetation) seerota bu'uuraa hojiirra oolchuu qabu. Haa ta'u malee, darbiinsa yerootiin wal-qabatee ejjennoo garaagaraa lamatu jira. Inni jalqabaa:-himanni yeroo fooyya'u, himannaan duraa akka hin jirretti waan lakkaa'amuuf, falmiin kan irratti geggeeffamu, dhumarrattis murtiin kan irratti kennamu, himannaa fooyya'ee dhiyaate irrattidha. Karaa biraa yeroo ibsamu, himannoon tokko yommuu fooyya'u, guyyaa haaraa wajjin firii dubbii isa duraa irratti dabalee ykn hir'isee qabatee dhufuu isaatiin himannaan duratti hundeeffamee ture akka hin jirretti ykn hin hundoofnetti ilaalama. Yeroo kana himannaan fooyya'uu isaatiin daangaan darbiinsa yeroo addaan hin citu (no interruption of period of limitation). Ka'umsi darbiinsa yeroo guyyaa himannoo fooyya'aan diyaate irraa ka'ee ilaalamuu qaba. Yoo akkas ta'uu baate, himannoo duraa keessatti ragaalee fi firii dubbii himannoo fooyya'een keessaa hafanii jiran duuba deebinee xiinxaluuf illee waan heyyamu fakkaata. Kun immoo kaayyoo seerichaa miti jechuun falmu.

Gareen lammaffaan immoo himannoo haa fooyya'u iyyuu malee daangaan darbiinsa yeroo guyyaa himannaan duraa hundeeffame irratti addaa cituu qaba. Akka ejjennoo kanaatti, dogoggora himannoo keessatti uumameen gaaffiilee falmii keessoo dhimmichaa murteessuuf barbaachisan ykn murtii haqaa kennuuf ni barbaachisa jedhee manni murtii itti amane akka fooyya'u kan ajajuudha. Kaayyoon darbiinsi yeroos abbaa mirgaa dhibaa'aa ta'e, mirga isaa bu'uuraa osoo hin gaafatin bara dheeraa turee, bocii fi qabiyyeen diinagdummaa erga jijjiiramee booda akka hin himannee fi yaa'iinsi daldalaa (smooth transaction) akka hin gufanneef yaadameeti. Iyyannoon yeroo fooyya'u garuu abbaan dhimmaa kun dogoggoratu isa mudate malee dhibaa'ummaa hin qabu. Akkaataa SHH kwt 1851(b) fi1852 (1)tti illee guyyaa himannaan hundeeffamee kaasee daangaan darbiinsa yeroo addaan citee akka haaraatti kan jalqabu ta'uu ibsee jira. Himataan himannoo fooyyeffate immoo himannoo jalqabaa guyyaa hundeessetti mana seeraatti himateera jedhama malee guyyaa fooyyeffate

miti. Kanaaf, darbiinsi yeroo kan addaan citu guyyuma himannaan duraa hundeeffameedha jechuun falmu.

Ejjennoowwan armaan olii kana irra dhaabbannee, guuboo jechootaa Black's Law Dictionary Gulaallii 8ffaa yoo ilaalle, jecha *amendment* jedhu yeroo hiiku *" A formal revision or addition proposed or made, to a statute, Constitution, pleading, Order or other instruments, specific, a change made by addition, deletion or correction, esp; an alteration in wording*[26]jechuun ibsee jira. Iyyannoo fooyyssuun wal-qabatee immoo yeroo hiiku; *"A pleading that replaces an earlier pleading and that contains matters omitted from or not known at the time of the earlier pleading"* jedhee jira.[27]Kana irraa kan hubatamu, jecha qofaan yoo ilaalle, fooyyeessuun keessa deebi'uun itti dabaluu ykn keessaa haquu ykn sirreessuu akka ta'edha. Iyyannoon wal-qabatee immoo yeroo iyyannoo jalqabatti dhiyaatu waan keessa hafe ykn yeroo sanatti waan jiraachuun isaa hin beekamne itti dabaluudhaan iyyannoo duraa bakka buusuu akka ta'e namatti argisiisa. Hiikkaan kun guutummaatti quubsaadha yoo jechuu baatne illee akka hiika kanaatti iyyannoon fooyya'uu isaatiin iyyannoo duraa kan bakka bu'u (replace) ta'uu isaa argisiisa. Kun immoo iyyannoon duraa akka hin jirretti ilaalamee iyyannoo fooyya'e irratti xiyyeeffachuu akka qabnu mul'isa. Kana irraa ka'uun, darbiinsi yeroo iyyannoo fooyya'e irraa akka eegalutti gudunfuu dandeenya. Haa ta'u malee, akka seera biyya Hindiitti (kan seerri deemsa Itoophiyaa irraa warabame), qajeeltoon walitti hidhamiinsa Dugda duubaa (Doctrine of Relation Back) jedhamu haalota muraasa irratti ni hojjeta. Akka qajeeltoo kanaatti, wantoonni iyyannoo fooyya'e keessatti dhiyaatan akka waan duraan turaniitti lakkaa'amu ("*an act done at a later time is, under certain circumstances treated as though it occurred at an earlier time"*).[28] Yaad-rimee kana qofa yoo ilaalle, guyyaa himatni fooyya'ee guyyaa himata duraa fakkaata. Ta'us garuu, qajeeltoon kun waan hunda irratti raawwatiinsa hin qabu. Akka fakkeenyaatti kan inni irratti raawwatiinsa qabu dhimma kaffaltii abbaa seerummaan kan wal-qabatu irratti kaffaltiin duraan kaffalame jalaa hin haqamu jedha.[29]

---

[26] Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.8th ed" (ST.PAUL, MINN, 2004), fuula 89
[27] Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.8th ed" (ST.PAUL, MINN, 2004), fuula 1191
[28] Sri S.M. Deka, The Doctrine Of Relation Back And Amendments,(North Eastern Judicial Officers' Training Institute (NEJOTI), 2004, Fuula 3
[29] Miiljalee olii, fi Seera Deemsa Hariiroo Hawaasaa Hindii:- *Section* 149. Dhimma Mana murtii Waliigala Hindiitti murtaa'e:- Vishwam Bhar Vs Lakminarayana , AIR 2001 S.C. 2607, (2001) 6 SCC 163 Decided By

Seera deemsa Itiyoophiyaa keessatti immoo iyyannoo fooyyessuu jechuun iyyuu maal akka ta'e hiikkoon hin kennamneef. Robert Allen Sedler akka ibsee jirutti, iyyannoon kamiyyuu hanga daangaa darbiinsa yeroo seera bu'uuraa hin geenyeettii fi fooyya'iinsichi immoo gaaffii keessoo dhimmichaa isa sirrii murteessuuf gargaarutti, fooyya'iinsa dhorkuun sirrii miti. Garuu sababa fooyya'iinsaan mirga darbiinsa yerootiin daangeffamu itti dabaluun fooyyessuun mirga garee biraa waan miidhuuf heyyamamuu hin qabu jedhee muuxannoo biyyoota biroo wajjin kaasee jira.[30] Kana irraa kan hubatamu, fooyya'iinsi iyyannoo gaaffii duraan ka'een alatti gaaffiin mirgaa itti dabalamee fooyya'ee yoo dhiyaatee fi yeroo himannaan fooyya'utti daangaa darbiinsa yeroo keessa kan galu yoo ta'e, himannaan duraan hundeeffamee ture dhimma haaraa itti dabalame irratti himataa waan fayyadu hin qabu jechuudha. Fakkeenyaaf:-akkaataa SDFHH kwt 40(2)tti garee biraa falmii keessa hin jirre; garuu dhimmicha murteessuuf kan gargaaru ykn falmiitti makamuu qabu jedhee manni murtii yoo yaade itti dabalchiisuu danda'a jedhee jira. Haa ta'u malee, yeroo himatamaan biraa itti dabalamu, himannaan illee haaluma kanaan fooyya'ee himatamaa/toota biroo akka qaqqabu gochuu akka danda'u seeruma kana kwt 40(3) jalatti ibsee jira. Kun akkuma jirutti ta'ee garuu mirgi himataan himatamaa akka haaraatti falmiitti makame irraa qabu darbiinsa yerootiin kan daanga'u yoo ta'e qajeeltoo kanaan heyyamamuu hin qabu jechuudha.[31] Kunis sababa himannoon fooyya'uutiin mirgi bu'uuraa darbiinsa yeroon daangeffamee jiru gara falmiitti akka hin deebine gochuufiidha. Haa ta'uutii, himataan yeroo himannaa dura hundeessee jiru himatamaa amma darbiinsa yerootiin fayyadamaa ta'e osoo himatee jiraatee ta'ee darbiinsi yeroo kun hojjechuu dhiisuu mala jechuudha. Qajeeltoon kun garuu gareen falmitti akka galu taasifame mormii yoo kaafate qofa akka ta'es leenjitoonni dagachuu hin qaban.

Gama biraatiin sababa maqaan himatamaa dogoggoraan himatameef, darbiinsi yeroo himannaan fooyya'e keessatti ilaalamuu akka hin qabne barreessaan kun ibsee jira. Fakkeenyaaf:-himatamaan maqaan isaa inni sirriin Jallaataa Gurmuu ta'ee osoo jiruu Jaallataa Yaaddessaa jedhee dogoggoraan himateera yoo ta'e, fooyya'iinsi Jaallataa Gurmuutiin ta'a. Ta'us, yaadni isaa Jaallataa Gurmuu himachuu waan tureef, dhugumatti

---

The Supreme Court On The 20th July 2001 Fi Siddalingamma And Another Vs Mamtha Shenoy, AIR 2001 S.C. 2896, (2001)8 SCC 561

[30] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 151-52.

[31] Miiljalee olii fuula 154

immoo mirga irraa kan qabu yoo ta'e, darbiinsi yeroo sababa fooyya'iinsaan irratti hin hojjetu jechuudha. Akkasumas, nama seeraatiinis wal-qabatee qajeeltoon kun raawwatiinsa qabaachuu qaba jedha. Fakkeenyaaf:-kan himataan himatee jiru BMX partnership ta'ee osoo jiruu dhaabbati daldalaa kun maqaa isaa gara BMX Private Limited Company tti jijjiirrateera yoo ta'e, hanga itti gaafatamummaan isaa karaa biraa hin kaanetti himannaan gara BMX Pvt.Limite Co. yoo jijjjiirames darbiinsi yeroo irratti hojjechuu hin qabu yaad-rimee jedhuudha. Haa ta'u malee, dhaabbatni kun gurguramee abbaan qabeenyummaa jijjiirameera yoo ta'e, qaama seeraa haaraa waan ta'uuf, itti gaafatamummaan dhaabbata duraa kan itti darbu yoo ta'e, darbiinsi yeroo himataa irratti raawwatiinsa akka qabaatuudha.[32] Kanaan wal-qabatee, SDFHH kwt 91 akkamitti hiiknee hojiirra oolchuu qabna kan jedhu falmisiisaa ta'us qajeeltoon Robert Allen Sedler ibse kun dhama qabessa fakkaata. Leenjitoonnis mariin kan gabbisan ta'a.

Dhimma 10ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F jildii 12ffaa, lakk.galmee 55973 irraa fudhatameedha. Dhimmichi Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaatti kan jalqabe yoo ta'u, qooddaa qabeenyaa abbaa warraa fi haadha warraa ture. Iyyattuun qabeenyota waliinii nuuf haa qoodamu jettee tarree lakkoofsa 6 kan dhiyeeffatte yoo ta'u, waamamaan qabeenyawwan kun kan dhuufnaa kooti jedhee deebii kenneerra. Boodarra, mormii sadarkaa duraa osoo hin kaafatin deebiin kenne guutuu waan hin taaneef, akkan fooyyeffadhu jedhee bu'uura gaafateen manni murtichaa heyyameeraaf. Haaluma kanaan, deebii fooyya'aa Muddee 28 bara 2001 dhiyeesseen, bara 1966 hanga 1987tti akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jiraachaa osoo jirruu bara 1987 waliin jireenyi keenya addaan citee jira. Kanaaf, gaaffiin qooddaa qabeenyaa waliinii immoo waggaa 10tti waan daanga'uuf, gaaffiin ishee daangaa yeroo keessa galeera jechuun murtii dirqisiisaa dhaddachi ijibbaataa Federaalaa kenne wabeeffatee dhiyeeffateera. Manni murtichaas mormii kana fudhatee mirgi iyyattuu waggaa 10'niin daanga'eera jechuun murteesseera. Manni murtii Ol'aanaa Federaalaas murtii kana ni cimse.

Dhaddachi Ijibbaataa yeroo xiinxalu:-himatamaan mormii sadarkaa duraa yoo qabaate deebii firii dubbii waliin dhiyeeffachuun manni murtii dursee murtii itti kennuu akka qabu SDFHH

[32] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 155.

kwt 244(1) fi 245(1) irraa ni hubatama. Dhimmi tokko darbiinsa yeroon daaanga'a yoo ta'es, jalqaba irratti (at preliminary) dhiyeessuu akka qabu seerumti kun kwt 244(2f) jalatti tumee jira. Himatamaan darbiinsa yeroo akka mormiitti hin dhiyeeffanne yoo ta'e, akka dhiisetti kan ilaalamu ta'uu immoo SDFHH kwt 244(2f), 245(1) fi SHH kwt 1856 irraa hubachuun ni danda'ama. Kaayyoon iyyannoo deebii fooyyessuu immoo dhimmicha murteessuuf kan garaagaru ta'uu akka qabu SDFHH kwt 91 jalatti ibsamee jira. Dhimma kana keessatti immoo falmiin geggeeffamee ragaan bitaa fi mirgaas dhiyaatee erga dhagahamee booda sababa mormii sadarkaa duraatiin deebiin akka fooyya'u taasisuun kaayyoo seerichaa miti, dhimmicha murteessuufis waan gargaaru hin qabu jechuun murtiilee jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma armaan olii kana kaayyoo SDFHH kwt 91tiin yeroo ilaaltan mana murtii kamtu sirriidha jettu? Maaliif?
2. Himannaan yeroo fooyya'utti daangaan darbiinsa yeroo eessatti addaan cite jettu, yeroo himannaan duraa hundaa'eedha moo yeroo himannaan fooyya'eedha? Ejjennoowwan gubbaatti kaafaman keessaa kamiin deggertu? Sababa gahaan ibsaa?
3. Gaaffii 1ffaan wal-qabatee ejjennoon keessan yeroo himannaan hundeeffameedha kan jedhu osoo ta'e, sababa iyyannoon fooyya'een mirgoota haaraa itti dabalamanii dhiyaatan yeroo himannaan hundeeffametti osoo hin taane yeroo himannaan fooyya'etti darbeera yoo ta'e maal gootu? Fooyya'iinsa ni heyyamtu moo ni dhorkattu? Seerri keenya waan jedhu qabaa? Kallattiin fuula duraa maal ta'uu qaba?

Itti dabalees, himatamaan deebii yeroo fooyyeffachuu barbaadu daangaan darbiinsa yerootiin fayyadamaa ta'uuf deebii isaa fooyyefafchuun haqummaa hin qabu. Daangaan darbiinsa yeroos ta'ee mormiiwwan sadarkaa duraa SDFHH kwt 244 jalatti ibsamanii jiran mormiiwwan osoo keessoo dhimmichaatti hin seenin kaafamuu fi ilaalamuu qabaniidha. Kanaaf, mormiiwwan kun murtii haqaa kennuuf ykn seerri dirqisiisu yoo jiraate malee himatamaan hin kaafanne taanaan, akka waan dhiiseetti lakkaa'amuu akka danda'u duratti ibsameera. Kutaa II moojula kanaa keessatti leenjitoonni bal'inaan kan ilaalan ta'a. Dhimma ammaan wal-qabatee, himatamaan yeroo himannaan duraa hundeeffame darbiinsi yeroo akka hin jirre beekee ykn qaamni 3ffaan itti gaafatamummaa qabu deebii isaa keessatti ibsamuu osoo qabuu darbiinsa yerootiin fayyadamuuf jecha deebii kan fooyyeffatu yoo ta'e, kaayyoo SDFHH kwt 91 wajjin akka hin deemne hubachuun barbaachisaadha.

Dhimma 11ffaa (*hyphotetical case)*

Gaafa 23/07/2008 Obbo Godaanaan osoo karaa bitaa isaanii qabatanii deemaa jiranii konkolaataan obbo Jaatanii Alamuu konkolaachisaa jiru itti bu'ee miilli isaa miidhame. Obbo Godaanaan miidhaa irra gaheef akkaataa SHH kwt 2082(1)tiin konkolaachisaa fi abbaa qabeenyaa obbo Diriirsaa Kabaa himatee jira. Obbo Diriirsaan deebii isaa duraa keessatti miidhaa kana kan qaqqabsiise konkolaataa koo miti jechuun falmeera. Falmiin geggeeffamee erga ragaan dhagahameen booda yaada dhiyeesseen konkolaataan koo kun miidhaa yoo geessisee jiraates yeroo balaan sun qaqqabetti konkolaatichi hatamee waan tureef, balaan kana hattuu konkolaaataa kootu qaqqabsiise jechuun akkaataa SHH kwt 2082(2)tti deebii isaa gaafa 23/07/2012 fooyyeffatee dhiyeeffateera. Obbo Godaanaan immoo mormii dhiyeessaniin deebiin kun kan fooyya'u taanaan mirgi koo guutummaatti darbiinsa yeroo keessa galuu danda'a. Himatamaan kun dhimma kana osoo beekuu deebii isaa keessatti nama itti gaafatamummaa qabu ibsee dhiyeessuun itti gaafatamummaa of-irraa buusuu danda'a ture. Amma garuu dhimma kana kan mirkaneeffatu yoo ta'e, ofii isaatii akka seeraatti bilisa of baasee nama hattuudha jechaa jiru kana immoo daangaa darbiinsa yerootiin fayyaduuf deemaa jira jechuun mormii kaaseera.

Gaaffiilee Marii

1. Deebii obbo Diriirsaan fooyyessee dhiyeesse ni fudhattu moo kufaa taasistu? Maaliif?
2. Mormii isaa kana obbo Diriirsaan osoo mirkaneeffatee, obbo Godaanaan akkamitti mirgi isaa miidhama jettanii yaaddu?

Dhimma 12ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 19ffaa, Lakk.galmee 100475 irraa fudhatameedha. Dhimmichi Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaatti kan eegale yommuu ta'u, waa'ee qooddaa qabeenyaa abbaa fi haadha warraa ture. Iyyataan gaaffii himannoo fooyyeffachuu dhiyeeffatee manni murtichaa heyyameera. Haaluma kanaan, tarree qabeenyaa dhiyaate keessaa konkolaataan lakkoofsi gabatee isaa 3-15556 ta'e yeroo gaa'ilaan jirru kan argamte osoo hin taane, bara 1998-2001tti akka abbaa warraa fi haadha warraatti walitti fufiinsaan (irregular union) jiraachaa yeroo turretti kan horatameedha jedhee jira. Manni murtichaas:-

akka abbaa warraa fi haadha warraatti yeroo waliin jiraatan argame jechuun tilmaama fudhatee qabeenyaa waliinii ta'ee akka qoodamu murteesseera.

Manni Murtii Ol'aanaa:-Manni murtii jalaa falmisiisee ragaa erga dhagahee booda akkaata SDFHH kwt 91tti adeemsii fi kaayyoon himannoo fooyyessuu waan duraan gaafatame irraa adda kan ta'e akka gaafatu hin heyyamu. Gaaffiin himannaa fooyya'e keessatti bara 1998-2001tti walitti fufiinsaan akka abbaa warraa fi haadha warraatti waliin jiraatee yeroo turretti qabeenyaan horanne nuuf haa qoodamu jechuun ragaa kana mirkaneessuu wajjin dhiyaatu, SDFHH kwt 256 hubachuu dhabuu irraa madda. Kanaaf, yeroo bu'aa diiggaa gaa'ilaatti gaaffiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti itti fufiinsaan jiraataniiru moo miti?jedhu sababa himannoo fooyyessuutiin dhiyeessuun sirrii miti jechuun murtii jalaa diigeera.

Dhaddachi Ijibbaataa:-falmiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti walitti fufanii jiraachuu ka'uu kan danda'e erga gaa'illi seera qabeessi diigamee bu'aa gaa'ilaa irratti dha. Yeroo gaaffiin hiikkaa gaa'ilaa dhiyaate gaaffiin ammaa kun hin dhiyaanne. Akkasumas, akkaataa SDFHH kwt 222(1)tti yeroo tarreen qabeenyaa dhiyeeffatu, waan gaafatu hundaa madda isaa wajjin ifaan ibsuu qaba. Iyyataan himannaa duraa keessatti dhimma ammaa maaliif akka hin kaafne ifaa miti. Amma immoo himannaa fooyya'e keessatti dhimma maddi isaa haaraa ta'e dhiyeessuun isaa akkaataa SDFHH kwt 91tti fudhatama hin qabu jechuun murtii Manni Murtii Ol'aanaa murtii kenne cimseera.

Gaaffii Marii

1. Murtii kana akkamitti ilaaltu? Kamtu bu'uura seeraa qaba jettu?
2. Himannaan yeroo fooyya'u himataan mirga biraa himatamaa irraa qabu yoo itti dabale, ykn himatamaa biraa itti dabalee yoo himataa fooyyesse ni fudhattu moo ni kuffiftu? Maaliif? Fooyya'iinsi dhiyaate aangoo mana murtii yoo ta'uu dhabee hoo maaltu godhama?

Dhumarratti, qabxiileen biroo kanneen akka jechoonni iyyannoo keessatti ibsamanii jiran barbaachisoo kan hin taane (rogummaa kan hin qabne), falmiirratti gufuu kan ta'an (jeequmsa kaasan) ykn jechoota saalfachiisoo yoo of keessatti qabaatee yoo jiraate, manni

murtii yeroo kamittuu murtii fuula dura akka fooyya'u ykn guutmmaatti akka keessaa haqamu gochuu danda'a.[33]

Dhimma 13ffaa

Dhimma Dh/Ij//M/M/W/F Jildii 12ffaa, lakk.galmee 63699 irraa fudhatameedha. Dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ta'ee Naannoo Gambeellaatti Mana Murtii Magaalaa Gambeellaatti kan eegaleedha. Himataan himannaa hundeesseen "himatamaan hojii waardiyummaatiin na qacaree osoon hojjedhuu sababa dhukkubaan hojii waantan addaan kuteef, kaffaltiiwwan adda addaa akka naaf kaffalamu" jechuun himate. Himatamaan immoo deebii yeroo kennu:- "himataan fedhii isaatiin hojii waan dhaabeef, kaffaltii hojiirraa geggeessuu kennameeraaf" jedheera. Manni murtichaas kaffaltiin hojiirraa gegeeffamuu kaffalamuufii erga qulqulleesseen booda kaffaltiiwwan biroo kan jedhame ifatti ragaan deggeramee hin gaafatmne jechuun kuffiseera.

Manni murtii Ol-aanaa Naannichaa:-himataan dhaabbaticha keessaa waggaa tokko hojjechuun isaa waan mirkanaa'ee jiruuf, kaffaltiiwwan akka *boonasii*, kaffaltii boqonnaa waggaa fi guyyaa ayyaanaa itti dabalee kaffaluufii qaba jechuun murteesseera.

Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa:-dhimmi hojjetaa fi hojjechiisaa amala dhimma hariiroo hawaasaa waan qabuuf, bu'uura seera demsa falmii hariiroo hawaasaatiin qajeelfamuu qaba. SDFHH kwt 222 himannaa barreeffamaa keessatti wantoota tarreeffamuu qaban kan ibsu yoo ta'u, akkaataa tumaa kana xiqqaa 1 (f)tti himannaan dhiyaatu sababa himannoo ibsuu danda'uu qaba. Akkasumas, seeruma kana kwt 80(1) jalatti himannoon dhiyaatu tokko gaaffiin seerummaa gaafaamu tarreeffamee bifa ifaa ta'een dhiyeechuu akka qabu ibsee jira. Dhimma kana keessatti immoo himataan jalaa kun kaffaltiiwwan tokko tokko naaf kaffalamuu qaba jechuun alatti adda baasee bu'uura seeraatiin qulqulleessee hin ibsine. Gaaffii seerummaa adda bahee hin gaafatamne irratti garee biraa dhiyeessisuun falmisiisuun iyyuu tumaalee seeraa kana cabsuu ta'a. Haa ta'u malee, akkaataa SDFHH kwt 91tti gaaffii seerummaa ifaa hin taane irratti caalmaatti ifaa taasisuu fi murtii ittiin kennuuf barbaachisaa yoo ta'e, murtii kennuun fuula dura manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin akka fooyya'u gochuu danda'a ture. Kun osoo jiruu Manni murtii ol'aanu gaaffii seerummaa hin

[33] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 91(4)

gaafatamne, kaffaltii boonasii (yeroo darbaa hojjechuu isaa osoo hin qulqulleessin), kaffaltii boqonnaa waggaa (boqonnaa waggaa itti fayyadamuu fi dhiisuu isaa osoo hin qulqulleessin) fi kaffaltii guyyaa ayyaanaa (guyyoota ayyaanaa hojjechuu fi dhiisuu isaa osoo hin qulqulleessin) murteessuun isaa sirrii miti jedhee diigee murtii mana murtii jalqabaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee armaan olii akkamitti ilaaltu?
2. Kaayyoo SDFHH kwt 91 faana yeroo ilaaltan, gaaffii seerummaa adda bahee hin gaafatmne akka fooyya'u taasisuu moo ibsee hin gaafanne jechuutu sirriidha?

ILOOHOSO

BOQONNAA LAMA

AANGOO MANNEEN MURTII FEDERAALAWAA DIIMOKIRAATAWAA RIPAABILIIKA ITIYOOPHIYAA FI NAANNOO OROMIYAA

2.1.Seensa

Akka bu'uuraatti aangoo mana murtii adda baasuu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo argatee ilaalamuu qabu, aangoo biyyoolessaa (national jurisdiction) fi aangoo hundee dubbii addaa baasuun hubannaa irratti qabaachuun dhimma bu'uuraa ta'uu isaadha.[34] Aangoo biyyooleessa yeroo jedhamu, aangoo manni murtii nama irratti qabu (personal jurisdiction) fi aangoo manni murtii qabeenyaa ykn wantoota irratti qabu (jurisdiction in rem) kan of keessatti qabatudha. Aangoo manni murtii nama (gareewwan) irratti qabu yeroo jedhamu; kallattiin himatamaa kan argisiisu ta'uun isaa beekamaadha. Aangoon manni murtii qabeenya ykn wantoota irratti qabu ammoo bakka qabeenyichi ykn wantichi itti argamu irraa ka'uun aangoo manni murtii qabu waliin kan walqabtudha. Aangoon hundee dubbii garuu sirna seeraa tokko jalatti mana murtii kamtu ilaaluuf aangoo seeraa qaba kan jedhuudha. Kanaan wal-qabatees, manni murtii aangoo hundee dubbii qabaateef dhimma tokko ofitti fuudhee ilaala jechuu miti. Waa'een itti dhiyeenya dhimmichaa, waa'een argamiinsa ragaa fi dhamaatii falmiin tokko qabu yeroo ilaalamu, waa'een aangoo tooraa manneen murtii dhimma sakatta'amuu qabuudha. Kun kallattiidhaan dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa wajjin hidhata kan qabuudha. Gama biraatiin immoo manni murtii tokko aangoo hundee dubbii fi aangoo tooraa waan qabaateef qofa waan hunda ilaalee murtii raawwatamuu danda'u kenna jechuu miti. Kun immoo sirna seeraatiin yeroo ilaalamu, dhimmoota murtii mana murtiin murtaa'uu danda'anii fi hin dandeenye adda baasuun beekuu gaafata.

Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti, dhimmoota murtii mana murtiin furmaata argatanii raawwatamuu danda'aniin wal-qabatee qabxii muraasa kaasuun kan ilaalluu ta'a. Akkasumas, aangoon manneen murtii bal'inaan kan ibsaman yeroo ta'u, aangoo manneen murtii federaalaa fi naannoo Oromiyaatti qooduun qaawwaa seeraa fi hojimaataa mul'atu kaasnee kan ilaalluu ta'a.

[34] Michaels, "Jurisdiction, Foundations," p.4.

2.2.Dhimmoota Mana Murtiidhaan Murtaa'uu Danda'an (Justiciable Matters)

Dhimmootni murtiidhaan murtaa'uu danda'an maal fa'i kan jedhuun wal-qabatee seera biyya keenyaa keessatti hiika mataa isaa hin arganne. Haa ta'u malee, dhimmootni kunnneen qabatamaan hojiirratti yommuu mul'atu ni argina. Heerri Mootummaa Federaalaa fi Oromiaa kwt 37 fi SDFHH kwt 4 jalatti namni kamiyyuu dhimmoota murtiin murtaa'uu danda'an irratti mana murtii ykn qaama aangoon abbaan seerummaa kennameef kan birootti dhiyeeffachuun mirga murtii haqaa argachuu akka qabu tumee jira. Yaad-rimeewwan kanneen irraa wanti hubatamu, manni murtii idilee aangoo kallattii lamaan dhabuu akka danda'u namatti argisiisa. Isaanis:-1) dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenye(non-justiciable matters) fi 2) dhimmootuma murtiin murtaa'uu danda'an yoo ta'an iyyuu qaama biraa seeraan aangoon abbaa seerummaa yoo kennameefii jiraateedha. Dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu danda'an ibsuu irra dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenyee fi dhimmootuma murtiin murtaa'uu danda'an ta'ee qaamaa biroo aangoon abbaa seerummaa kennameefii jiruun hojjetaman ibsuutu irra salphata. Sababni isaa akka qajeeltootti aangoon abbaa seerummaa sadarkaa Mootummaa Federaalaattis ta'ee naannootti kan mana murtii akka ta'e HMFDRE kwt 79(1) fi Heera Naannoo Oromiyaa kwt 63(1) irraa waan hubatamuuf, dhimmoota mana murtii idileetti dhiyaatantu bal'ina qabaata.

Dhimmoota murtiin murtaa'uu hin dandeenyeen wal-qabatee, biyyoonni baay'een seeraan kan tarreessanii ibsan yoo ta'u, seerri biyya keenyaa garuu hojimaataan malee seeraan wanti ifaan tarreeffame hin jiru. Akka hojimaataatti yoo ilaalle, wantoonni dhimma siyaasaa ta'an, dhimmoota bu'uuraa seeraa hin qabnee fi gara fuula duraatti ta'uun isaa hin mirkanoofnee fi kan biroo manneen murtii murteessuun raawwachiisuu hin dandeenye akka dhimmoota murtii hin arganneetti yommuu ilaalaman ni mul'ata. Haa ta'u malee, qabatamaadhaan mana murtiin alatti dhimmoota irratti akka murteessaniif qaama biraatiif aangoon kennameeraaf yoo ta'e, akka waan dhimmichi dhimma murtiin murtaa'uu hin dandeenyeetti yeroo duuchumatti fudhatan ni mul'ata. Garuu dhimmoonni murtiin murtaa'uu danda'an yoo ta'e iyyuu sababa seerri qaama biraatiif malee sababa dhimmoota murtiin murtaa'uu hin dandeenye ta'eef qofa

miti. Akka fakkeenyaatti: qaamoleen dhimmotuma murtii mana murtiin murtaa'uu danda'an irratti seeraan aangoo abbaa seerummaa fudhatanii jiran[35]:-

- Mana Murtii Bulchiinsa Hojjetoota Mootummaa Federaalaa Labsii Lakk.1064/2010
- Boordii Hojjetaa fi Hojjechiisaa bu'uura Labsii Lakk. 1156/2011'n hundeeffame
- Ejensii Labsii Dhuunfummaa bu'uura labsii Lakk. 110/95'n hundeeffame
- MM/H/ Gandaa bu'uura HMNO kwt 101 fi Labsii 128/1999'n hundeeffame
- Mana Maree Federeeshinii bu'uura HMF kew 62(1))'n hundeeffame
- Mana Murtii Shariyaa Federaalaa bu'uura Labsii Lakk. 188/99 fi kan oromiyaa Labsii Lakk.153/1994 hundeeffame
- Mana Murtii Jaarsummaa (Arbitration) (SDFHH kwt 315-319 fi SHH kwt 3325-3346)
- Mana Murtii Waraana Ripaabiliika Diimokirataawaa Federaalawaa Itoophiyaa Labsii Lakk. 809/2006 fi kkf fudhachuun ni danda'ama.

Dhimma 14ffaa [36]

Dhimma Komishinii Hiikkaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatti murtaa'e irraa fudhatameedha**.** Iyyataan Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluutti yeroo himatu:- lafa margaa qarxii 8 mootummaan naaf kenname; qaama aangoo qabuunis ragaan abbaa qabiyyummaa itti naaf kennamee gibira mootummaas itti gabbaraa jiru Waajjirri Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Adaamii Tulluu sababa gahaa malee ragaa abbaa qabiyyummaa koos haqee akkan itti hin fayyadamnes waan na taasiseef, gochi seeraan alaa narratti raawwatame maqfamee mirgi abbaa qabiyyummaa koos akka naaf kabajamu kan jedhuudha. Himatamaan deebii kenneen:- akkaataa Labsii Lakk.130/1999 fi Dambii Lakk.151/2005tti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa kennuu qofa osoo hin taane, kan seeraan ala kenname yoo jiraates haquufis aangoo waan qabuuf, dhimma mana murtiin ilaalamuu danda'u miti. Kanaaf, himataanis himachuuf, manni murtiis ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa dhiyeesseera.

[35] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002 qophaa'e.
[36] Komishinii Hiikkaa Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Murtii DHIMMA KHHMNO LAK.0001, DHIMMA GCHMNO LAK.0017, Guyyaa 27/10/2011.

Manni murtichaas:-lafa galmeessuu, qiyaasuu, hojii kaadastaraa geggeessuu, mirga itti fayyadamuu nama qabuuf waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa kennuu, ragaa seeraan ala kenname deebisanii sirreessuu fi haquun seerota armaan olitti ibsamaniin aangoo himatamaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiraniif kennameedha. Adeemsa keessatti immoo gareen hojiin seeraan alaa narratti raawwatameera jedhu yoo jriaate, caasaa biirichaa sadarkaan jiranitti dhiyeeffachuu qaba malee aangoo mana murtii miti jechuun akkaataa SDFHH kwt 244(2a)tti kufaa godheera. Manni Murtii Ol'aanaa G/SH/Bahaas, dhaddachi Ijibbaataa M/M/W/O's murtii kana cimsanii jiru.

Komishiniin Hiikkaa Heeraa immoo yommuu xiinxalu:- manni murtii dhimmichi dhiyaatetti gaaffiin deebii argachuun irra ture *Waajjirri himatamaa aangoo qabaachuu fi dhiisuu osoo hin taane, aangoo seeraan kennameefitti fayyadamuun gochi raawwate ykn murtiin murteesse akkaataa ulaagaa fi daangaa seeraan mirga abbaa qabiyyummaa haquuf isaaf kenname keessatti tahuu fi dhiisuu qorachuun murtii kennuu qaba.* Manni murtii dhimmichi karaa bulchiinsaa (through administratrive review) fala argachuu qaba jedhee akka aangoo hin qabnetti xumura irra gahuun isaa qajeeltoowwan qoodama aangoo mootummaa cinatti kan dhiise qofa osoo hin taane, qoodamicha keessatti qaama abbaa seerummaatiif hojii uumamaa (inherent power) kan ta'e hojii abbaa seerummaa dabarsee kan kenneedha. Akkasumas sirrummaa gochoota ykn murtiilee qaama seera raawwachiisaniin kennamanii madaalee sirreessuudhan gahee madaalamummaa eegsisuu mana murtii kan dagateera. Kanaanis, iyyataan ammaa akka lammii tokkootti mirga komii isaa qaama ilaallatutti, keessattuu qaama abbaa seerummaatti dhiyeeffachuun mirga haqa argachuu heeraan gonfate kan daangessee fi mirgi isaas akka sarbametti akka hafu murtii taasise ta'uu isaatiin murtichi kufaa ta'ee manni murtii dhimmicha keessa deebi'ee akka ilaalu taasisee jira

Gaaffilee Marii

1. Murtiilee manneen murtiin kennaman moo murtii Komishinichaa deggertu? Maaliif?
2. Dhimmi ammaa kun dhimma murtiidhaan murtaa'uu hin dandeenyeedha moo dhimma murtiin murtaa'u ta'us dhimma qaama aangoo abbaa seerummaa seeraan fudhateef kennametti lakkaa'ama? Maaliin ibsitu?
3. Dhimma kana keessatti dhimma murtiin murtaa'u ta'uu fi dhiisuu isaaf argisiiftuun gocha kana raawwachuuf aangoon waan seeraan himatamaaf kennameefiidha moo waan qaamni kun aangoo isaa qixa seeraan fayyadamuu dhabeefiidha?

2.3.Aangoo Manneen Murtii RDFI fi Naannoo Oromiyaa

2.3.1. Aangoo Biyyoolessaa

Aangoon biyyoolessaa dandeettii biyyi tokko dhimma tokko ilaaluuf qabdu ykn aangoo biyyi tokko dhimmicha irratti murtii raawwachiisuu dandeessu kennuu ykn aangoo ishee jala oolfachuuf qabdu kan argisiisuudha. Aangoon kun aangoo manni murtii namoota (jurisdiction in personam) irratti ykn qabeenyaa (jurisdiction in rem) irratti qabu lamaanuu kan of keessatti qabatu yoo ta'es, biyyi tokko aangoo kana gonfachuudhaaf wal-qabsiiftota garaagaraa yeroo hojiirra oolan ni mul'ata[37]. Kun immoo gosa dhimmaa ykn nama himatamee ykn gosa sirna seeraa biyyi tokko hordoftu irratti hundaa'ee garaagara ta'uu mala.

Dhimma Hariiroo Hawaasaa irratti, Itoophiyaa keessatti seerri ifaan tarreessee kaa'e hin jiru jechuun ni danda'ama. Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996 ta'ee wixineen labsii kana bara 2019tti fooyyessuuf qophaa'ee jiru illee ifaan hin keenye. Ta'us garuu wixinecha kwt 5(1a-d) fi labsii hojiirra jiru irraa kan hubatamu, dhimmooti lammiileen biyyaa alaa keessatti hirmaatan dhimma federaalaa (*federal matters*) akka ta'ee fi aangoo Manneen murrtii federaalaa akka ta'etti tumee jira. Dabalataanis, dhimmoota gaaffii Seera Dhuunfaa Idila addunyaa (private intenational law) kaasanii fi iyyatni raawwii murtiilee biyya ambaan wal-qabatan ilaalchisee dhiyaatu ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii Federaalaa akka ta'e kaa'ee jira.[38] Haa ta'uutii, dhimmoota kanneen ilaalchisee waa'ee aangoo biyyolessummaa biyyi Itoophiyaa dhimma hariiroo hawaasaa irratti qabdu kan ibsu miti. Tarii dhimmoota lammiilee biyya alaatiin wal-qabatee, biyya murtii raawwachiisuun wal-qabatee, akkasumas dhimmoota seera dhuunfaa idila addunyaa affeeraniin ilaalchisee waa'een aangoo biyyoolessummaa faana ka'uun isaa hin oolu. Yeroo kana waa'een manneen murtii Itoophiyaa akkamitti aangoo biyyoolessaa argachuu danda'u, wal-qabsiiftonni (*connecting factors*) kan jedhaman maal fa'i kan jedhu irratti labsichis ta'ee wixineen qophaa'aa jiru deebii hin kennu. Baratamaadhaan garuu manneen murtii muuxannoo addunyaa fayyadamuun yeroo itti hojjetan ni mul'ata. Fakeenyaaf:-wal-qabsiiftoota

[37] Ralf Michaels, "Jurisdiction, Foundations," January 2016, p.3

[38] Labsii Manneen Murtii Federaalaa Hundeessuuf bahe, Lakk.25 (Federal Negarit Gazeta, Addis Ababa(11th year N0.42, 1996), kwt 5(4), see also the draft art.5 (1a-d): "a) *regarding private international law; b) Application regarding the enforcement of foreign judgment or decision; c) involving matters of nationality; d)Without Prejudice to international diplomatic laws and customs as well as other international agreements to which Ethiopia is a party, case of which foreign ambassadors, consuls, representatives of international orgnazations, foreign states are held liable or foreign nationals who enjoys privileges and immunities and who resides in Ethiopia are parties".*

ilaalchisee bakka qabeenyaan itti argamu Itiyoophiyaa keessa yoo ta'e, bakka jaarmiyaan itti galmaa'ee qaama seerummaa argate seera Itoophiyaan yoo ta'e, bakki waliigaltee itti raawwatame ykn waliigalteen itti bu'uureffame daangaa Itoophiyaa keessa yoo ta'e, waliigaltoota keessaa tokko lammii Itoophiyaa yoo ta'e, Itoophiyaan daantaa diinagdummaa kan irraa qabdu yoo ta'ee fi kkf caqasuun yeroo itti fayyadaman ni mul'ata. Dhimmoota armaan gadii kana ilaalaa!

Dhimma 15ffaa

Dhimma dhaddacha Ijibbaataa Federaalaa Jildii 19ffaa Lakk.galmee 117390 irratti murtii argate irraa fudhatame. Ka'umsi dhimmichaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa ta'ee himataa Alamaayyoo Makonnin fi Dhaabbata Ittisa Hawaannisa Afriikaa Bahaa gidduutti geggeeffamaa tureen Itoophiyaan aangoo biyyoolessaa hin qabdu jechuun himatamaan mormee jira. Mormiin isaas:-himatataan dhugumatti hojjetaa dhaabbatichaa ta'uu ibsuudhaan Dhaabbati kun garuu Itoophiyaa keessatti hojii kan hojjetu yoo ta'e illee Mootummaa Itoophiyaa wajjin gaafa Waxabajjii 7 bara 1977 ALItti waliigaltee taasifneen Mana murtii Itoophiyaatti dhimma hariiroo hawaasaatiin akka hin himatamneef eegumsa addaa(immunity) qabna jechuun falmee jira.

Manni murtii jalaas:- waliigalteen kun hanga ammaatti kan hin diigamnee fi hojiirra kan jiru ta'uu Ministeerri Haajaa Alaa Riipaabiliika Federaalaawaa Diimokiraatawaa Itoophiyaa xalayaadhaan ibsuufii isaa erga mirkaneeffatee booda xiinxala taasiseen qabiyyeen waliigaltechaa Mootummaan Itoophiyaa Dhaabbata kana akka hin himanne kan dhorkuudha malee lammiileen akka dhaabbata kana hin himanne kan daangessu miti jechuun mormii isaa kufaa taasiseera. Manni murtii Ol'aanaan immoo dhimmicha ol-iyyannoon ilaalee akka Waliigaltechaatti Itoophiyaan dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabdu jechuun murtii jalaa diigeera.

Dhaddachi ijibbaataa yommuu xiinxalu:- akka labsii hojjetaa fi hojjechiisaa biyya Itoophiyaa Lakk.377/1996 kwt 3(3a) irraa hubatamutti, dhaabbati idila addunyaa hojii isaa daangaa Itoophiyaa keessatti kan hojjetu ta'ee; waliigalatee hojjetaa fi hojjechisaa lammiilee Itoophiyaan wajjin kan taasise yoo ta'es, waliigalteen idila addunyaa akka seerri Itoophiyaa irratti hin raawwatame taasiseera yoo ta'e labsichi raawwatiinsa akka hin qabaanne argisiisa. Waliigalteen amma falmii kaase immoo kwt 1 jalatti Afaan Ingiliffaan barreeffamee kan jiru,

"*the Organization shall enjoy immunity from the criminal jurisdiction of the government. It shall also enjoy immunity from its civil and administrative jurisdiction except in so far as the counsel of the organization has unvalued the imminutiy*" kan jedhu ta'uu dubbisneerra. Waliigalteen kun immoo hanga ammaatti dhaabbataa fi hojiirra kan jiru ta'uu Ministeerichi ibseera. Kanaaf, dhaabbatichi dhaabbata idila addunyaa waan ta'eef, akkaataa waliigaltee idila addunyaatti qaama dhimmichi ilaalatuutti dhiyeeffachuun kan ilaalamuudha malee Itoophiyaan aangoo hin qabdu. Biyyi tokko dhaabbattooti idila addunyaa damee isaanii ykn Waajjira Muummee daangaa isaa keessatti saaqqachuun socho'anii hojii isaanii idilee akka hojjetaniif heyyama laatteetti yoo ta'e, waliigaltee dhaabbaticha wajjin taasiftee jirtu kabajuuf dirqama akka qabdu Seerri Waliigaltee Addunyaa Veenaa (Veina Convention Law) fi akka muuxannootti seerri dhuunfaa addunyaa haaguuggii seeraa qabu kan argisiisuudha. Yeroo kana biyyattiin dhaabbatichaaf hanga ammaatti dhimma hariiroo hawaasaatiin akka hin himatneef waadaa galteefii jirtu eegu qabdi. Kanaaf, Itoophiyaan dhimma kana irratti aangoo biyyoolessaa hin qabdu jechuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa cimsee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee armaan olii seera biyya keenyaa wajjin akkamitti xiinxaltu?
2. Lammiileen Itoophiyaa dhimma murtiin furmaata argachuu qaban irratti mana murtii ykn qaama aangoo abbaa seerummaan seeraan kennameefiitti dhiyeeffachuuf mirga heeraan kennameef akka qaban beekamaadha. Himatamaan kun eessatti himannaa hundeessa jettu?

Dhimma 16ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F tiin lakk.G. **2883**[39] irratti murtii argate irraa fudhatame. Hoteelli Giloobaalii M/M/S/D/F tti nama "Mr.Nikoolaa as papachat ziis" jedhamu himateera. M/M/S/D/F "himatamaan lammii biyya alaa waan ta'eef falmii seera dhuunfaa idil-addunyaa (private international law') kan kaasuudha. Yeroo kana immoo bu'uura labsii lakk. 25/88 kew 11(2)(a)tiin dhimma kana ilaaluuf aangoo kan qabu M/M/O/Fti jechuun murteesseera. Dh/Ij/M/M/W/F:- bu'uura labsii lakk.25/88 kwt 11(2)(a)tiin dhimma ''private international law'' ilaaluuf aangoo kan qabu M/M/O/F ti. Kanaaf, manni murtii kun seerri (private

[39] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002 qophaa'e

international law) yoo ka'e, falmii sana jalatti ka'u ni ilaala. Dhimma ammaa irratti garuu seerri keenya kan biyya iyyataa ykn biyya biraatiin waan walfaallessuuf raawwii hin qabu hin jedhame,ykn iyyataan dhimmi isaa seera biyya isaatiin ykn biyya birootiin akka ilaalamuuf hin iyyanne,ykn dhimmi falmiichaaf ka'umsa ta'e murtii argachuuf sirna seeraa tokkoo ol kan affeeruu dha hin jedhamne. Akkasumas, sirni seeraa isa kamtu filatamaa ta'uu akka qaburratti falmiin ka'e waan hin jiru. Himatamaan lammii biyya alaa waan ta'eef qofa dhimmichi akka gaafii falmii seera dhuunfaa idil-addunyaa kaasutti fudhatamuun dogongora. Kanaaf, M/M/S/D/F dhimmicha ilaaluu qaba jechuun murteesseera.

Dhimma 17ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 11ffaa Lakk.galmee 60685 irratti murtii argate irraa fudhatame. Himataan (obbo Bazzaabih) himannaa isaatiin "dhaabbatni himatamaa seeraan ala hojii koo irraa na geggeessee jira" jechuun kan himate. M/M/S/D/F:- waliigalteen hojjetaa fi hojjechiisaa kun seera hojjetaa fi hojjechiisaa biyyoota Gamtaa Immireetota Arabaatiin geggeeffamee jira. Iddoon waliigaltechi itti taasifame immoo Damee Waajjira Dhaabbata Konistraakshinii Itoophiyaa keessatti argamu keessattidha. Kun immoo dhimma seera dhuunfaa idila addunyaatiin akka bitamuuf agarsiiftuudha. Waan ta'eef, dhimma kana akkaataa Labsii 25/88 keewwata 11(2)tti aangoo hundee dubbii biyyoolessaa kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaati jechuun murteessee jira. Manni murtii ol'aanaan ni cimse. Dhaddachi Ijibbaataas dhimma kana ilaalee murtiin jalaa dogoggora hin qabu jechuun cimse.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmoota armaan olii keessatti wal-qabsiiftota manneen murtii fayyadamuun xiinxalan sirriidha jettuu? Maaliif?
2. Manni murtii tokko aangoo biyyoolessaa ni qaba jechuuf wantoonni dandeessisan maal fa'i?
3. Yeroo gaaffiin aangoo biyyoolessaa ka'u dursa manni murtii maal qulqulleeffachuu qaba jettu? Dhimma federaalaa ta'uu fi dhiisuun falmisiisaadhaa? Maaliif?

Dhimma 18ffaa

Dhimma Dh/M/M/W/F Jildii 9ffaa Lakk.galmee 37339 irraa fudhatameedha. Ka'umsi dhimmichaa diiggaa gaa'ilaan booda falmii tarree qabeenyaa irratti A/de Nigist Hayilee fi

obbo Laggasee Alemuu geggeessaa turaniidha. Iyyattuun tarree qabeenyaa biyya Itoophiyaa fi Ameeriikaa jiru ilaalchisee akka qoodamuuf kan gaafatte yoo ta'u, manni murtichaa qabeenyaa biyya keessaa irratti murtii erga kenneen booda qabeenyota biyya Ameeriikaa jiran irratti garuu aangoon kan Mana Murtii Ol'aanaati jechuun geggeessee jira. Mana murtii Ol'aanaatti himatamaan yeroo falmu:- "nuti lameen keenya iyyuu lammii Itoophiyaati. Qabeenyaan kun biyya Ameeriikaa jiraachuu isaatiin qofa gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeru miti. Kanaaf, manni murtii jalaa dhimma kana ilaaluu qaba" jedhee falmeera. Manni murtichaas yeroo xiinxalu:- qabeenyichi biyya Ameeriikaatti argamu isaa qofaaf mana murtii kanatti adda baasanii ilaaluun sirrii miti jechuun iyyata dhiyaate kufaa taasiseera. Manni Murtii Waliigala Federaalaa murtii kana cimsee jira.

Dhaddachi Ijibbaataa:- dhimmi kun falmii seera dhuunfaa idila addunyaa kan kaasisu ta'uu isaa Manni Murtii Ol'aanaa mirkaneessee jira. Sababa qabeenyaan waliinii biyya keessa jiru mana murtii sadarkaa jalqabaatti ilaalameef adda adda bahee isa biratti dhiyaachuu hin qabu jedhee kan Manni murtii Ol'aanaan kun kuffisee jiru garuu mirga haqa argachuu Heera Mootummaa keewwata 37 irra teechifamee jiru kan sarbuudha. Kanaaf, manni murtii ol'aanaa dhimma kana ofitti fuudhee ilaaluu qaba jechuun gadi deebiseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmi kun dhuguma gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan kaasisuudhaa? Murtii manneen murtii jalaa fi kan Ijibbaataa keessaa kamtu sirrii isinitti fakkaata?
2. Wal-falmitoonni lachanuu lammii Itoophiyaa akka ta'an ifadha. Qabeenyaan garuu biyya Ameeriikaa kan jirudha. Dhimma kana irratti Manni Murtii Itiyoophiyaa akkamiin aangoo biyyoolessaa argate jettu? Wal-qabsiiftuun jiru maali?

Dhimma 19ffaa

Dhimma Dh/M/M/W/F'tiin Jildii 23ffaa Lakk.galmee 152590 irratti murtii argate irraa fudhatame. Ka'umsi isaa falmii qooddaa qabeenyaa ture. Falmii kanaanis himatamaan himata himatarraa yeroo dhiyeessu:- qabeenyaa maqaa himattuutiin biyya Ameeriikaatti waliin qabnu qulqullaa'ee akka nuuf qoodamu kan jedhuudha. Manni murtichaas yeroo xiinxalu:- bitaa fi mirgi mormii yoo kaasuu baatanis, dhimmi kun gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa waan affeeruuf, akkaataa Labsii 25/1988 kwt 11(a)tti aangoo mana murtii ol'aanaa Federaalaati jechuun bu'uura SDFHH kwt 9(1) fi (2), 231(1a), 245(2), 17(3) fi 30(1)tiin,

akkasumas murtii dhaddacha Ijibbaataa lakk.galmee 83169 fi 37339 wabeeffachuun galmee cufee geggeesseera. Manni Murtii Ol'aanaas murtii jalaa cimsee jira.

Dhaddachi Ijibbaataa yommuu xiinxalu:-Manni murtii jalaa aangoo hin qabu kan jechaa jiru qabeenyaa bu'uuraan Itiyoophiyaa keessatti argamu osoo hin taane, qabeenyaa Ameerikaa keessatti argamu bu'uura godhachuun akkaataa SDFHH kwt 17(3) fi murtii ijibbaataa lakk.galmee 83169tti dhimmicha adda adda baasuun ilaaluurra himata himatarraa kana ilaaluuf manni murtii aangoo qabu walumatti haa ilaalu yaada jedhu qaba. Dhugumatti immoo dhimmi seera dhuunfaa Idila addunyaa ofitti affeeru aangoo mana murtii Ol'aanaati. Haa ta'u malee, dhimmi tokko seera dhuunfaa Idila addunyaa affeereera kan jedhamu yoomi kan jedhu ilaalamuu qaba. Dhimmi tokko walitti bu'iinsa Seera dhuunfaa idila addunyaa (*conflict of laws*) kaaseera kan jedhamu; akka qajeeltoo waliigalaatti yoo seeroti biyyoota garaagaraa dhimmicha kallattii garaagaraan kan furu ta'ee fi sababa kanaan walitti bu'iinsi (*wal-faallessuun*) seerota gidduutti yoo uumamee fi dhimmicha irratti seera biyya kamiitu raawwatiinsa qabaata kan jedhu irratti wal-dhabdeen yoo jiraateedha. Dhimma kanaan wal-qabatee immoo yeroo diiggaa gaa'ilaa Itoophiyaa keessatti hin hundeeffamne jedhamee falmiin ka'e hin jiru. Kanaanis walitti bu'iinsi seeraa jiraachuu wanti argisiisu galmee keessaa hin mul'atu. Erga gaa'illi diigamees, iyyattuun qooddaa qabeenyaa waliiniitiif iyyata kan dhiyeeffatte bu'uura Seera Maatii Fooyya'e Labsii Lakk.213/1992tiin kan dhiyeeffattee jirtuudha. Waamamaanis himannaa himatarraa bu'uruma kanaan kan dhiyeeffate yoo ta'u, qabeenyaa waliinii kan Ameerikaatti argamu kana irratti seerri Ameeriikaa kan Itoophiyaa irraa addatti kan bituudha jedhee falmiin dhiyaate hin jiru. Walitti bu'iinsi seeraa kun jiraachuu isaas manni murtii jalaa waan qulqulleeffate hin qabu. Kana irraa kan hafe qabeenyichi waanuma Ameerikaa keessatti argamee fi waamamaan lammii Ameerikaa waan ta'eef qofa, dhimmichi gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeruudha jechuun gudunfuun sirrii miti. Haa ta'u malee, qabeenyota Ameerikaa keessatti argaman irratti murtii Manneen Murtii Itoophiyaatiin kennaman Manneen Murtii Ameeriikaa keessatti raawwatamuu danda'a moo miti gaaffiin jedhu immoo Raawwii Murtiitiin wal-qabatee gaaffii mataa isaa danda'eedha malee walitti bu'iinsa seerota biyyoota garaagaraa wajjin kallattiin hidhata kan qabu miti. Kanaaf, dhimmi kun gaaffii seera dhuunfaa idila addunyaa kan affeeru miti jechuun murtiilee sadarkaan jiran diigee manni murtii sadarkaa jalqabaa dhimmicha ofitti fuudhee akka ilaalu murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma kana irratti murtii Mana murtii Sadarkaa Jalqabaa fi Ijibbaataa akkamitti ilaaltu?
2. Waa'een aangoo biyyoolessaa asitti akkamitti hubatamee jira jettu?
3. Dhimmi aangoo biyyoolessaa fi dhimmi seera dhuunfaa idila addunyaa of keessaa qabu garaagarummaan isaanii maali jettu? Manneen murtii keenya waa'ee aangoo biyyoolessaa fi dhimma seera dhuunfaa idila addunyaa, akkasumas dhimma lammummaa ambaa (*foreign element*) adda baasanii hubataniiru jettuu? Maaliif?

Gara seera deemsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaatti deebinee yoo ilaalles aangoo biyyoolessummaa irratti ulaagaalee akkamiitu wal-qabsiiftuu ta'anii tajaajiluu akka qaban wanti kaa'ame hin jiru. Haa ta'uutii, aangoon biyyoolessummaa akka jiru immoo keewwattoota seeraa garaagara faffaca'anii jiran irraa ni mul'ata. Fakkeenyaa:-seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 20(2) jalatti kan ibsamee jiru yoo ilaalle, himatamaan lammii biyya alaa yoo ta'e illee hojii daldalaa Itoophiyaa keessaa yoo qabaate, ykn qaamaan daldala bu'aa dhuunfaatiif Itoophiyaa keessatti kan hojjetu yoo ta'ee fi qabeenya dhaabbataa ykn socho'aa Itoophiyaa keessaa kan qabu yoo ta'e, manneen murtii Itoophiyaa aangoo dhimma kana ilaaluu akka qaban namatti mul'isa. Gama biraatiin, Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996 kwt 11(2C) fi wixineen labsii kana fooyyessuuf qophaa'ee jiru murtiileen manneen murtii biyya alaatiin kennaman ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa akka ta'e ibsuun alatti ulaagaalee ittiin ofitti fuudhee raawwachiisu waan kaa'e hin qabu. Haa ta'u malee, seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 456-461 jalatti murtiilee manneen murtii biyya alaatiin murtaa'an akkamitti akka raawwatamuu danda'an ibsee jira. Keewwata jalqabaa irraa kan hubatamu, yoo akkaataa Waliigalatee Idila Addunyaatti ibsamee jiraate malee akkaataa seera deemsichaa keessa kaa'ameen alatti murtiileen manneen murtii biyyoota biroo Itoophiyaa keessatti raawwatamuu akka hin dandeenye ibsee jira (kwt 456(1)). Haalotni ittiin murtiileen biyya ambaa kun raawwatamuu danda'anis(kwt 458):-1) murtiileen manneen murtii Itoophiyaa biyya ambaa murtiin akka raawwatamuuf gaafataa jiran keessatti kan raawwatamu yoo ta'e(*reciprocity*), 2) murtiin akka raawwatamuuf ergame sun mana murtii seeraan biyya alaatti hundeeffameen kan kenname yoo ta'e, 3) mana murtii biyya ambaa sanatti murtiin abbaa idaa dhiyaatee deebii ittisaa isaa akka dhiyeeffatuuf carraan kennameeraaf yoo ta'e, 4) murtiin raawwatamuuf deemu kan dhumaa fi raawwatamuu danda'u yoo ta'e, fi 5) raawwiin murtichaa safuu fi nageenya biyya Itoophiyaa kan hin tuqne yoo ta'eedha. Akkasumas, murtii

jaarsummaan biyya alaatti kennaman (*execution of foregn arbitral awards)* raawwachiisuun wal-qabatee Manneen murtii Itoophiyaa raawwachiisuudhaaf ulaagaaleen ibsaman jiru. Isaanis(kwt 461):-1) murtiileen manneen murtii Itoophiyaa biyya ambaa murtiin akka raawwatamuuf gaafataa jiran keessatti kan raawwatamu yoo ta'e(*reciprocity*), 2) akkaataa waliigaltee falmitootaan ykn akkaataa seerri biyya ambaa sun heyyamuun yoo ta'e, 3) falmitoonni abbootii seeraa filachuu irratti ykn ragaa dhiyeeffachuu fi falmii geggeessuu irratti mirga wal-qixa argataniiru yoo ta'e, 4) manni murtii jaarsummaa sun seera heyyamuun hundeeffameera yoo ta'e, 5) dhimmichi seera Itoophiyaatiin akka jaarsummaan ilaalamu kan heyyamu yoo ta'ee fi safuu fi nageenya uummataa kan hin faallessine yoo ta'ee, fi 6) akka seera Itoophiyaatti murtichi raawwatamuu kan danda'u yoo ta'ee jiraate; manneen murtii Itoophiyaa aangoo biyyoolessummaa ni argatu jechuudha.

Bu'aa aangoo biyyoolessummaatiin wal-qabatees bifa waliigalaatiin seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 8(2) jalatti ibsamee jira. Innis dhimmi tokko manneen Murtii biyya alaatti ilaalamaa kan jiru yoo ta'ee fi Manneen Murtii Itoophiyaa aangoo kan qaban yoo ta'e, manneen murtii Itoophiyaa dhimmuma kana ofitti fuudhanii ilaaluuf wanti dhorku kan hin jirre ta'uu isaati (*against the principle of pendency).*

Dhimma 20ffaa

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataatti Jildii 15ffaa Lakk.galmee 78206 irraa fudhatameedha. Ka'umsi dhimmichaa iyyattootni Yusiraa Abdumuhiin N-3 fi Waamamaa Abdulqanii Abdulmuhiin gidduutti Mana Murtii Yemanitti wal-himatanii iyyattoonni ammaa abbootii mirgaa ta'anii jiru. Haaluma kanaan, biyya Itoophiyaatti Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaatti raawwachiifachuuf galmee raawwii saaqqatanii jiru. Raawwiin himatamaan dhiyaatee yeroo mormii kaasu:- "adeemsa murtii biyya Yemanitti kenname keessatti wantan hin hirmaanneef, murtichi mirga koo miidha" jechuun bu'uura SDFHH kwt 358tiin falmeera. Raawwiin abbootiin mirgaa immoo yaada yeroo kennan; "waamamaan yeroo falmiin geggeeffamaa ture sana biyya Itoophiyaa keessa waan tureef, karaa bakka bu'aa isaa dhiyaatee akka falmetti ilaalama. Utuu ta'ees, murtiin kan mormamuu qabu biyya murtiin itti kennametti malee mana murtii kanatti miti" jechuun falmaniiru. Manni murtichaa yeroo xiinxalu:- akkaataa SDFHH kwt 456-4561tti ulaagaalee barbaachisan guutuu isaa qulqulleeffadheera jechuun mormii dhiyaate kuffisee akka raawwatamu ajajeera. Xiinxala isaatiin SDFHH kwt 358 dhimma kanaaf rogummaa kan hin qabnee fi sadarkaa raawwiitti mormiin dhiyaatu bu'uura SDFHH

kwt 418tiin yoo dhiyaate qofa fudhatama jedhee jira. Manni Murtii Waliigalaa:- biyya Itoophiyaa fi Yeman gidduutti akkaataa SDFHH kwt 458(A)tti waliigalteen raawwii murtii osoo hin jiraatin murtii biyya Yemanitti kenname akka raawwatamu ajajuun sirrii miti. Itoophiyaa fi Yeman murticha irratti chaappaa gochuun isaanii sanadni murtichaa yeroo biyya Itoophiyaa galu sirrummaa isaa mirkaneessuuf yaadameeti malee biyyoota lameen gidduu murticha raawwachiisuuf waliigalteen jiraachuu wanti argisiisu hin jiru. Kanaaf, ulaagaa seerichi kaa'e osoo hin guutin ofitti fudhachuun ajajni kenname sirrii miti jechuun diigeera.

Dhaddachi ijibbaataa:-seerri deemsaa keenya dhimma raawwiitiin wal-qabatee boqonnaa lamatti qoodee kan jiru yoo ta'u, boqonnaan jalqabaa raawwii murtii biyya Itoophiyaa keessatti aangoo bu'uuraan kennameef kan ilaallatu yoo ta'u, boqonnaan lammaffaan immoo murtii biyya ambaatti kenname tokko akkamitti Itoophiyaa keessatti raawwatamuu akka qabu kan ibsuudha. Kanaaf, akkaataa caaseffama seerichaa irraa kan hubatamu, wanti bitaa fi mirga falmisiisaa jiru sadarkaa raawwiitti dhimma jiruudha malee waa'ee murtii raawwiidhaaf ka'umsa ta'ee jiru miti. Haa ta'u malee, murtichi biyya ambaatti kennamuu isaatiin wal-qabatee, manneen murtii Itoophiyaatti beekamtii argatee raawwatamuuf ulaagaalee SDFHH kwt 458tiin kaa'amee jiru guutamee argamuun dirqama. Bu'uura ulaagaalee kanaatiin akkaataa SDFHH kwt 459 fi 460tti falmisiisee murtii irratti kennuu kan qabu immoo manuma murtii raawwicha qabatee jiru ta'uu qaba. Waan ta'eef, Manni murtii Ol'aanaa Federaalaa bu'uura SDFHH kwt 458tiin ilaalee murtii kennuu osoo qabuu mormiin ka'e mana murtii Yeman ilaallata jedhee kuffisuun isaa adeemsa seeraa kan eeggate miti. Mormii raawwiin himatamaan dhiyeessaa jiru immoo murtii biyya Yemanitti kennamee jiru irratti mirgi falmachuu naaf hin eegamne kan jedhuu fi biyyoota lameen gidduutti dhimma kana raawwachuuf waliigalteen taasifame hin jiru jechuun isaa bu'uura SDFHH kwt 458 (a fi c)tiin fudhatama kan qabuudha. Kanaaf, mormiin akkaataa seera kanaan dhiyaate kun jiraachuun fi jiraachuu dhabuun isaa qulqullaa'ee furmaata argachuu qaba. Raawwiin himatamaan waliigalteen biyyoota lameen gidduu jiraachuu hin qulqulloofne jedhee kan falmaa jiru yoo ta'u, raawwiin himatttoonni immoo murtiii biyya Yemanitti kenname Ministeerri Haajaa Alaa Itoophiyaatiin mirkaneeffamee kan gale dhiyeeffachuun cinatti dhimma kana irratti ragaan dabalataa nuuf haa dhiyaatu jechaa turuun isaanii ni hubatama. Kanaaf, waliigalteen kun sadarkaa biyyatti kan taasifamuudha waan ta'eef, Ministeera Haajaa Alaatiin mirkanaaa'uun isaa sirrummaa ragichaatiif malee dhimma kanaaf rogummaa hin

qabu jechuun Manni Murtii Ol-iyyata dhagahe bira darbuun isaa sirrii miti. Dhugumatti akka qajeeltootti, ragaa abbaatu guuttatee dhiyeeffata, garuu bu'uura SDFHH kwt 345(1b)tiin dhimmichaaf murtii sirrii ta'e kennuudhaaf kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannaa falmitootaatiin qaama Mootummaa dhimmi kun ilaallatu irraa qulqulleeffachuu danda'a ture. Akkasumas, bu'uura SDFHH kwt 458(C)tiin falmii biyya Yemanitti geggeeffamaa ture irratti hin hirmaanne waan ta'eef, mirgi dhagahamuu koo na jalaa mulqameera kan jedhu irratti, Manni murtii Ol-iyyata dhagahe kun akka qabxiitti yoo qabate illee osoo deebii itti hin kennin bira darbuun isaa sirrii miti. Manni murtichaa bu'uura SDFHH kwt 247(4) fi 182(3)tiin kan Afaan Amaariffaa qofaatiin ijoo dubbii tokko deebisuudhaan murtii kennuun ni danda'ama gudunfaa jedhuun kan deeme yoo ta'e illee aangoo ol-iyyannoo qabuun qabxii kanas ilaalee deebii itti kennuu qaba ture jechuun murtii jalaa diiguun Manni Murtii Waliigala Federaalaa irra deebi'ee qabxii kanneen irratti ragaa dabalataa dhiyeessisee murtii isatti fakkaate haa kennu jechuun sagalee caalmaan bu'uura SDFHH kwt 343(1)tiin gadi deebiseera.

Sagaleen Addaa Bahiinsaa tokko immoo yeroo xiinxalu:-Murtiin mana murtii biyya Yemanitti kenname biyya Itoophiyaatti bu'uura SDFHH kwt 458tiin ulaagalee guutuu isaa ibsee raawwatiinsa ni qabaata jedhee bu'uura akkaataa kwt 460tiin Manni murtii Ol'aanaan yeroo murteessu, waamamaan kun dhiyaatee akka SDFHH kwt 459tti yaada isaa hin kennanne. Murtii kana immoo bu'uura SDFHH kwt 358tiin mormuu fi akka haqamu taasisuuf akka hin dandeenye wanti dhorku hin jiru. Waamamaan kan mormaa jiru murtiin biyya Yemaniitti kenname beekamtii argatee Itoophiyaa keessatti akka raawwatamuuf murtii Manni Murtii Ol'aanaa kennee jiruudha malee murtii mana Murtii Yemanitti kenname miti, manni murtichaas isa kana osoo hin hubatin biyya Yemanitti mormuu qabda jechuun isaa sirrii miti. Manni murtii Waliigalaa Ol-iyyannoo dhagahes ijoo dubbii "biyya Yemanitti murtiin kennamee jiru Itoophiyaa keessatti raawwatamuu danda'a moo miti?"kan jedhu qabachuun SDFHH kwt 358(a) bu'uura godhachuun xiinxalee Itoophiyaa keessatti murtichi raawwatamuu hin danda'u jedhee murteessuun isaa sirrii miti. Ijoon dubbii silaa qabamuu qabu "manni murtii Ol'aanu dhimma kana ofitti fuudhee ilaalee murtii kennuu qaba ture moo miti" kan jedhu qabatee mormii murtii fi falmii iyyattootaa giddu-galeessa godhatee akka murteessuuf deebisuu qaba ture. Kanaan alatti, Manni murtii Ol-iyyata dhagahu kun dhimma Manni murtii jalaa keessa galee hin ilaalle irratti ijoo dubbii "biyya Yemanitti murtiin kenname Itiyoophiyaa keessatti raawwatamuu danda'a moo miti?"kan jedhu qabatee Mana

murtii Waliigalaatti deebisuun isaa mirga ragaa dhiyeeffachuu fi falmii guutuu geggeessuu, akkasumas mirga ol-iyyannoo falmitootootni qaban kan jalaa dhiphisuudha. Waan ta'eef, qabxii kanaan akka qulqullaa'uuf mana murtii Ol'aanutti deebi'uu qaba ture jechuun xiinxala biroos kaasee yaada addaa qabateera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiileen manneen murtii sadarkaan jiranii kana akkamitti ilaaltu?
2. Murtiin tokko raawwachiidhaaf aangoo biyyooleessaa wantoota dhabsiisuu danda'an manneen mrutii kun adda baasanii jettuu?
3. Sadarkaa dhaddacha ijibbaataatti murtii yaada sagalee caalmaa moo yaada addaatu sirriidha jettu? Murtiilee biyya ambaatti kennaman bu'uura SDFHH kwt 358 ykn 418tiin mormuu ni danda'amamoo hin danda'amu?
4. Ulaagaalee SDFHH kwt 458 jala jiran akkamittiin qulqulleessuun danda'ama? Adeemsa kamiin qulqullaa'a? Dhimmoota kana tumaa kana jala irratti murtii kennuudhaaf bitaa fi mirga dhagahuun ni barbaachisaa?

2.3.2. Aangoo Tooraa Manneen Murtii

Aangoon tooraa kallattiidhaan dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan kan wal-qabatu yoo ta'u, waa'ee tajaajila qulqulluu fi si'ataa ta'e ragaa amansiisaa fi dhiyeenyatti argamuu danda'uun murtii kennuu ilaallata. Akkasumas, wanti aangoo hundee dubbii irraa adda isa godhu, dhimma tokko irratti manneen murtii hedduuf aangoo kennuu danda'a. Yeroo kana dhimma tokko irratti murtiin garaagaraa kennamuu waan danda'uuf, falli isaa maali kan jedhu, leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Dhimma hariiroo hawaasaa irratti, yeroo baay'ee haqa ni jallisa jedhamee yoo yaadame malee bitaa fi mirgi mormii osoo hin kaasin kan hafan ykn himatamaan fedhii kan argisiisu taanaan ykn waliigalteen jiraannaan[40] aangoo tooraa malee murtiin kennamu akka aangoo hundee dubbii dhiibbaa inni fidu salphaa ta'uu mala. Akkasumas, yoo haqa jal'ise malee qabxii ol-iyyannoo ta'uu akka hin qabne serichi ni ibsa.[41] Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa

[40] The Civil Procedure Code Decree Of Ethiopia.,(Negarit Gazeta - Extraordinary Issue No. 3 Of 1965, Addis Ababa), 1965, Kwt 10.
[41] Miiljalee olii, kwt 10(2).

illee Jildii 19ffaa irratti lakk.galmee 109383 irratti xiinxala taasiseen, manni murtii tokko hanga aangoo hundee dubbii qabutti, akkasumas hanga haqa hin jal'ifnetti sababa aangoo tooraa hin qabneef qofa murtii inni kenne fudhatama hin qabu jechuun ol-iyyachuun sirrii miti jedhee komii dhiyaate xiinxalee kuffisee jira. Dabalataan dhimma kanaa ilaalaa:-

Dhimma 21ffaa

Dhimma M/M/W/Ftiin lakk.galmee 23676[42] irratti murtii argate irraa fudhatame. Himataan obbo Mahaammad Yusuuf Abbaan Taayitaa Gumuruka Itoophiyaa Damee Adaamaa konkolaataa koo seeraan ala to'annoo isaa jala tursiise waan ta'eef, kisaaraa narraan gaheera jedhee miidhaa irra gahe shallagee M/M/O/A/Adaamaatti himannaa hundeesseera. Himatamaan immoo Manni Murtii kun dhimma kana ilaaluuf aangoo tooraa hin qabu jedhee jira. Manni Murtichaas kanumaan aangoo hin qabu jechuun galmee cufeera. M/M/W/Oromiyaa immoo aangoo qabda jechuun murticha diigee deebiseera. M/M/W/F immoo yommuu xiinxalu:- Murtii ykn ajaja manni murtii tokko aangoo tooraa hin qabu jechuun kennu irraa ol-iyyannoon fudhatamuu akka hin dandeenye akka qajeeltootti SDFHH kwt 10(2) ibsee jira. Haala addaatiin ol-iyyachuun kan danda'amu, murtiin mana murtii jalaa haqa kan jal'isu ta'ee yoo argameedha. Murtiin Mana Murtii Ol'aanaa A/Adaamaa immoo haqa kan jal'isu ta'ee hin argamne. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa immoo ol-iyyannoo ofitti fuudhee kan ilaale haqa jal'isuu isaa bu'uuraffatee miti. Kanaaf, M/M/W/Oromiyaa ol-iyyannoo fuudhee ilaaluun isaa seeraan aladha jechuun murteesseera.

Gaaffii Marii

- Murtiilee kana keessaa kamtu dhama qabeessa jettu? Maaliif?

Aangoo tooraan wal-qabatee, akka biyyattiitti labsiileen aangoo manneen murtii Federaalaa fi naannoo murteessuuf bahan aangoo tooraa darbanii darbanii haala addaan kan ibsan yoo ta'e illee seerri deemsa hariiroo hawaasaa amma hojiirra jiru kwt 19-30 jalattitti bal'inaan ibsuuf yaalee jira. Haa ta'u malee, seera deemsaa kana keessatti qaawwaan seerichaa fi hojimaataa jiraachuu irraa kan ka'e iddoon itti falmisiisaa ta'u ni jira. Akka qajeeltootti

[42] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002

SDFHH kwt 19 jalatti himanni kamiyyuu iddoo jireenya himatamaatti ykn hojii dhuunfaa(daldalaa) faayidaaf itti hojjetutti dhiyaachuu akka qabu, yoo himatamtoonni baay'ee ta'an immoo isaan keessaa iddoo jireenyaa isa tokkootti ykn bakka inni tokko itti hojii daldala dhuunfaa isaa itti hojjetutti keessaa filatee himannaan hundaa'uu akka qabu tumee jira. Haa ta'u malee, tumaa kanaan wal-qabatee falmiin garaagaraa yeroo ka'u ni mul'ata. Akka tumicha irraa hubatamutti, tumaaleen itti aanaanii jiran jechuun kwt 20-30 fi kan seerri biraan tumes yoo jiraate akkuma jirutti ta'ee (*Without prejudice to the provisions of the following Articles and to such special places of jurisdiction as may be provided for by law*,….) jechuun ibsee jira. Kana irra dhaabbachuun ejjennoo garaagaraa sadiitu calaqqisaa jira. Ejjennoon jalqabaa:- gaaleen akkuma jirutti ta'ee jechuun barreeffamee jiru tumaalee kwt 20 fi itti aananii jiran kwt 19 irratti dabalataan hojiirra kan oolan ta'uu argisiisa kan jedhan jiru. Sababiin isaas qajeeltoon waliigalaa illee eegamuu qaba jedhu. Ejjennoo lammaffaan immoo tumaaleen kwt 20 fi itti aananii jiranii fi seerri biraan aangoo tooraa kan ibsu yoo jiraate, akka hambifannaatti(exception) waan ilaalamuuf, qajeeltoon kwt 19 jalatti tumamee jiru hojiirra hin oolu jedhu. Tumaadhumti kun mataan isaa hambifannaa kanaaf eegumsa taasisee darbee jira jechuun falmu. Ejjennoo isaanii yeroo cimsan, osoo kwt 19 raawwatiinsa qabaatee tumaalee itti aananii jiran keessaa kwt 27(1) qofti gara qajeeltoo kwt 19 jala jiruutti hin qajeelchu ture(*for cross reference)*. Tumaaleen kaan qajeelchuu hafuu isaaniitiin qajeeltoo waliigalaa kwt 19 jala jiru akka hojiirra hin oolle taasisanii jiru jechuun falmu. Ejjennoo sadaffaan immoo yaada giddu-galeessaa kan qaban yoo ta'u, tumaaleen itti aananii jiranii fi seera biraatiin kan tumaman yoo jiraatan, tumaan seerichaa diriqisiisaa ta'uu fi dhabuu isaa dursinee adda baasuu qabna. Akkaataa kanaan, haala diriqisiisaa ta'een kan tumu yoo ta'e, qajeeltoo kwt 19 jalatti ibsamee jiru hafaa ta'a jechuudha. Fkn:- seericha kwt 25 yoo ilaalle, haala dirqii ta'een himannaan bakka qabeenyaan dhaabbataan sun itti argamutti hundeeffamuu qaba jedhee waan tumee jiruuf, qajeeltoon kwt 19 jala jiru akka hojiirra hin oolle taasisee jira jechuudha. Gama biraatiin immoo tumaaleen seeraa bifa heyyamsiisaadhaan kan tuman yoo ta'e, filannoo himataatiin bu'uura kwt 19tiin ykn bu'uura kwt 20 fi itti aanii jiraniin ykn bu'uura seera biroo tumee jiruun himachuu danda'a. Kanas seeruma deemsaa kana kwt 10(1) jalaa hubachuun akka danda'amutti, manni murtii biroon bu'uura SDFHH kwt 19-30tiin aangoo kan qabu yoo jiraates, manni murtii dhimmichi dhiyaateef hin fuudhu jedhee diduu akka hin qabne ibsa. Fkn:-seerichi kwt 24(1, 3 fi 4) fi 27 yoo ilaalle, haala heyyamsiisaa ta'een waan tumanii jiraniif, bu'uura tumaalee kanaan ykn bu'uura qajeeltoo kwt 19 jala jiruun himachuun filannoo himataati jechuun falmu.

Gaaffiilee Marii

1. Ejjennoowwan sadeen armaan olii keessaa isin kamtu sirriidha jettu? Sababi keessan hoo?
2. Aangoon tooraa aangoowwan kaan irraa wanti adda taasisu dhimma tokkicha irratti manneen murtii baay'een aangoo qabaachuu danda'u. Yeroo kana immoo dhimma tokko irratti murtiin garaagaraa mana murtii garaagaraatiin kennamuuf deema jechuudha. Kanaaf, furmaatni isaa maali jettu? Seerri deemsaa furmaata kaa'e qabaa?

Himatamaan biyya Itoophiyaan ala kan jiraatu yoo ta'e immoo qajeeltoon kwt 19 jalatti ibsamee jiru keessaa bakka jireenya himatamaa kan jedhu hojiirra oolchuun rakkisaadha. Kanaaf, kwt 20 jalatti furmaatni isaa kaa'amee jira. Haa ta'u malee, tumaa kanaan wal-qabatee amma illee ejjennoo garaagaraa lamatu calaqqisaa jira. Ejjennoo jalqabaa warri qabatan, kwt 20(1) lammii Itoophiyaa qofa ilaallata, kwt 20(2) immoo lammii biyya ambaa ilaallata jedhanii falmu. Ejjennoo 2^{ffaa}n immoo kwt 20(1) hundumaa irratti raawwatiinsa ni qabaata, keewwati 20(2) keewwata 20(1) caalmaatti ibsuudhaaf malee lammummaa himatamaa irratti garaagarummaa uumuuf miti. Yoo akkas ta'uu baate, keewwati 20(1) lammii Itoophiyaa qofaa irratti raawwatiinsa kan qabu taanaan, himatamaan lammii biyya ambaa ta'ee qabeenyaa tokko illee Itoophiyaa keessa kan hin qabnee ta'ee fi heyyamaan aangoo biyyoolessaa biyyattiif of kenneera yoo ta'e, dhimmicha murteessuuf ni rakkanna jedhu.

Gaaffii Marii

- Ejjennoo armaan olii keessaa kamtu sirriidha jettu?Maaliif?

Waliigalteen wal-qabatees, akkaataa aangoon tooraa itti murtaa'uu danda'u seerichi keewwata 24 jalatti ibsamee jira. Akka kwt 24(1) irraa hubatamutti, waliigaltee keessatti aangoon tooraa mana murtii biraaf kennamee yoo jiraate malee himataan filannoo lama qaba. Isaanis:-yoo barbaade bakka waliigalteen itti taasifame, ykn bakka waliigaltee itti raawwatamu keessaa filatee himachuu danda'a. Tumaadhuma kana kwt 24(2) jalatti immoo waliigalteen deddeebisaa qabeenyaa (contract of carriage)tiin wal-qabatee ulaagaa isa sadaffaa jechuun bakka waliigaltee keessaa hambisee jira. Seera Daldalaa fi seera Geejiba bishaan irraan wal-qabatee bakka jireenya geejibsiisaa, ykn bakka daldadalaa isaa ykn bakka

ILOHOSO

bu'aa isaa ykn bakka qabeenyaan sun itti geejibsiifamu (gahumsa)tti filannoo himataatiin himannaan hundaa'uu akka danda'u ibsee jira[43]. Tumaadhuma kana jalatti keewwati 24(3) immoo waliigaltee Inshuuraansiin wal-qabatee bifa dirqiin osoo hin taane, bifa heyyamsiisaan bakka Waajjira Muummee Dhaabbata Inshuuraansii ykn bakka itti galmaa'e ykn bakka qabeenyaan uwwisa Inshuuraansii argate itti argamu keessaa filatee himataan himannaa hundeessuu danda'a. Waliigaltee adaraa ykn qabsiisaa qabeenyaa ol kaawwachuun wal-qabatee wal-dhabdee ka'us bifuma wal-fakkaatuun bakka qabeenyaan sun itti argamutti himannaa hundeessuu akka danda'u ibsee jira(kwt 24(4)). Haa ta'u malee, tumaa kana keessaa kwt 24(2) bifa dirqiin tumuu isaatiin kwt 24(1) dabalataan raawwatiinsa dhabuu danda'a jechuu dandeenya.

Kanaan wal-qabatee, himannaa beenyaa miidhaa gaafatamuun wal-qabatee seerri deemsaa kwt 27(1) waliigaltee irratti raawwatiinsa qaba moo miti, waliigaltee irratti raawwatiinsa yoo qabaate kwt 24 maaliif barbaachise kan jedhu falmisiisaa yeroo ta'u ni mul'ata. Haaluma kanaan, hojimaata keessatti ejjennnoon sadii kan jiru yoo ta'u, ejjennoo 1ffaan:-dhimma waliigalteen wal-qabatee keewwati 24 haguuggii waan kennee jiruuf, tumaan kun raawwatiinsa hin qabu kan jedhan jiru. Ejjennoo 2ffaan:-immoo gaaleen "…Suits for compensation for wrong done to persons or to movable property…"jedhu miidhaa waliigaltee ykn waliigalteen alaa illee waan dabalatuuf, tumaan kun waliigaltee irratti raawwatiinsa qaba jedhuun falmu. Ejjennoo 3ffaan:-immoo qajeeltoo argamiinsa ragaa (accessability of evidence) irratti hundaa'uun kwt 27(1) dabalataan tumaa 24 irratti raawwatiinsa ni qaba jedhu.

Dhimma 22ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Ftiin Lakk.galmee 11637[44] ta'e irraa fudhatameedha. Himataan Magaalaa Finfinnee irraa gara Magaalaa Jimmaa osoo deemuu konkolaataan Godina Jimmaa keessatti garagalee waan miidhaan irra gaheef beenyaan akka kaffalamuuf M/M//S/D/F ttti himannaa hundeessee jira. Himatamaan immoo konkolaataan Godina Jimmaa keessatti garagale waan ta'eef, Manni murtii kun aangoo tooraa ittiin dhimma kana ilaalu hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera. Manni murtichaa akkaata SDFHH kwt 10(1)tti

[43] Commercial Code of Ethiopia, Proclamation No. 166, (Negarit Gazeta *Gazette Extraordinary*, Addis Ababa 5th May 1960), kwt 647.
[44] Abduljabbaar Huseen, Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kutaa 1ffaa: Aangoo Manneen Murtii fi Dhagaha Duraa), ILOQHQSO, Adaamaa), Mooula bara 2002 qophaa'e.

aangoo toora ittiin dhimma kana ilaalu hin qabu jechuun galmee cufeera. Manni Murtii Ol'aanaanis ol-iyyannoo ilaalee murtii jalaa cimseera.

Dhaddachi Ijibbaataa immoo yommuu xiinxalu:-himataan nagahee deemsaa (ticket) kan bitate Magaalaa Finfinneetti, teessoon falmitootaas Magaalaa Finfinneedha. M/M/S/D/F bu'uura SDFHH kwt 27(1)tiin himanni kan dhiyaatu iddoo miidhaan itti dhaqqabe jechuun isaa sirriidhuma. Haa ta'u malee, walitti dhufeenyi falmitoota gidduu jiru waliigaltee waan ta'eef, bu'uura SDFHH kwt 24(1)tiinis dabalataan ilaaluu qabna. Himataan nagahee kutuun himatamaa wajjin waliigaltee kan uume Magaalaa Finfinneetti waan ta'eef, M/M/S/D/F bu'uura SDFHH kwt 24(1)tiin aangoo tooraa ni qaba jechuun murtii jalaa diigee jira.

Gaaffilee Marii

1. Murtii kana akkamitti madaaltu? Kamtu dhama qabeessa?
2. Konkolaataan geejibsiisaa uummataa osoo ta'uu baate hoo kwt 24(1) raawwatiinsa ni qabaataa?

2.3.3. Aangoo Hundee Dubbii Manneen Murtii

Sababni guddaan aangoon kun barbaachiseef dhimmicha sirriitti ilaaluun murtii haqa qabeessaa fi barbaachisaa ta'e kennuuf yommuu ta'u, haala gahumsa/humna/ manneen murtii tilmaama keessa galchuun qoodaminsa aangoo taasifameedha. Haaluma kanaan, aangoon kun ka'umsa tilmaama qarshii ykn tilmaama qabeenyaa himaticha keessatti ibsame irratti hundaa'uun ykn gosa dhimmaa manni murtii tokko akka ilaaluuf seeraan addatti kennameefiin argamuu akka danda'u SDFHH kwt 14 fi 15, akkasumas labsii aangoo mnneen murtii Federaalaa murteessuuf bahe lakk.25/1996 kwt 8,11,14 fi 15 jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Dabalataanis dhimmi tokko dhimma aangoo mana murtii federaalaati jennee addaan baasuuf ka'umsa kan ta'u labsii lakk.25/1996 yoo ta'u, labsii kana kwt 5 jalatti dhimmoota ibsaman irratti aangoo kan qabu mana murtii federaalaati. Dhimma hariiroo hawaasaatiin wal-qabatee, kanneen labsii kanaa fi Heera Mootummaa Federaalaa jalatti ibsamaniin alatti aangoon jiru kan naannolee akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

ILOOHOSO

1. Murtiin aangoo hundee dubbii malee kennaman raawwatamuu danda'u jettanii yaadduu?
2. Aangoon hundee dubbii manneen murtii kallattii meeqaan beekamuu danda'a?

2.3.3.1.Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa

Aangoon ol'aanaan abbaa seerummaa Federaalaa Mana Murtii Waliigala Federaalaa jalatti akka kufuu fi dhimmoota Federaalaa irrattis aangoo isa dhumaa akka qabaatu Heerri ifatti tumee jira. Akkasumas, dhimma naannoo ilaalchisee aangoon ol'aanaa fi inni dhumaa kan Mana Murtii Waliigala naannoolee (Oromiyaa) ta'ee tumamee jira[45] Haaluma kanaan, Manni Murtii Waliigala Federaalaas ta'ee naannolee dhaddacha lamaan (*bench division*) gurmaa'ee hojjetaa jira. Isaanis:-aangoo idilee fi aangoo dhaddacha ijibbaataati.

2.3.3.1.Aangoo Dhaddacha Idilee Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

Akka qajeeltootti, manni murtii kun aangoo sadarkaa duraa kan hin qabne yoo ta'u, irra jireessaan dhimmoota manneen murtii jalaatti murtaa'an ol'iyyannoon kan ilaaluudha. Haa ta'u malee, labsii lakk.25/1996 kwt 8(3) jalatti manni murtii kun iyyata jijjiirraa dhaddachaa bu'uura seeraatiin mana murtii ol'aanaa federaalaa tokkorraa isa kaanitti ykn gara isaatti akka jijjiiramuuf gaafatamu ilaalee murtii akka kennu tumameera. Kana jechuun manni murtii kun dhimma hariiroo hawaasaa sababa kanaan gara isaatti deemu aangoo sadarkaa jalqabaan ilaaluu ni danda'a jechuudha.

Kanaaf, aangoon ol-iyyannoo isaa bal'aa yeroo ta'u, murtii Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa murtii Mana Murtii Sadarkaa Duraatiin kenname diigee murteesse irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabaatu labsiin lakk.25/1996 kwt 9 ifatti tumeera. Akkasumas, labsicha jalatti ifaan yoo taa'uu baate iyyuu akkaataa Heera MFDRI kwt 78(2)tti manneen murtii Ol'aanoo fi Waliigalaa naannoolee biyyattii kanneen bakka bu'iinsi irraa kaafame yoo ta'e malee dhimma federaalaa irratti hojjechaa jiru. Haaluma kanaan, murtii manni murtii ol'aanaa naannoo tokkoo kenne Manni murtii Waliigala naannichaa yoo jijjiiree jiraate, Manni murtii Waliigala Federaalaa kun dhimmicha aangoo ol-iyyannoo idileetiin ni ilaala

[45]Heera Mootummaa Federealawaa Dimokiratawaa Ripubilikaa Itoophiyaa labsii lakk.1/1987, kwt 78(1) fi 80(1).

jechuudha. Itti dabalees, dhimmoota Federaalaa Mana Murtii Waliigala naannoleetiin murtaa'an irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabu Heera MFDRI kwt 80(6) irraa hubachuun ni danda'ama.

Gara naannoo Oromiyaatiin yeroo ilaallu, dhimma naannoo irratti Manni Murtii waliigala Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaa kan hin qabne yoo ta'u, murtii manneen murtii ol'aanoon naannicha keessa jiran kennan, akkasumas dhimmoota federaalaa manneen murtii ol'aanootiin aangoo bakka bu'iinsa heeraatiin ilaalanii murteessan ol-iyyannoon[46] ilaalee murtii dhummaa irratti kan kennuudha. Aangoo idilee kanaan, Manni Murtii Waliigalichaa dhimmoota firii dubbii keessa galuun kan ilaalu yoo ta'u, dogoggora seeraa uumame illee sirreessuudhaan kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa naannicha keessatti tilmaamamummaa fi wal-fakkeenyummaa akka qabaatuuf hojjechuu qaba. Sababni isaa murtii manni murtii kun aangoo idileetiin murteessu akka dhaddacha ijibbaataa amala dirqisiisummaa yoo qabaachuu baate illee murtiin bakka kanatti kennamu isa dhumaa ta'uu isaatiin, akkasumas qabatamaan manneen murtii jalaa fakkeenyummaa isaa hordofu waan ta'eef, dhimmoota firii dubbiis ta'ee seeraan dhiyaatan gadi qabee ilaaluuf dirqama qaba.[47]

Haa ta'u malee, aangoo sadarkaa jalqabaatiin wal-qabatee, Manni Murtii Waliigalaa kun dhimmoota federaalaa aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'e irratti bakka bu'iinsa heeraan kennameefiin kan murteessaa jiruudha[48]. Aangoo kanas hanga bakka bu'iinsi kun ka'utti kan hojjetu yoo ta'u, dhimmootni federaalaa aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'an maal fa'i kan jedhu beekuun barbaachisaadha. Dhimmoota Federaalaa ta'an irratti Heerri biyyattii ifatti adda baasee duguugee tarreessuu yoo baate illee Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahee hojiirra jiru adda baasuuf yaalii godhee jira. Haaluma kanaan, aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kan ta'an: - dhimmoota hariiroo hawaasaa tilmaamni isaanii qarshii 500,000(kuma dhibba shan) ol ta'an, dhimmoota Seera Dhuunfaa Idila Addunyaa ta'an, iyyatawwan raawwii Murtii Mana Murtii Biyya Ambaa fi kkf [49] kaasuun ni danda'ama. Kun akkuma jirutti ta'ee garuu, Manni Murtii Waliigalaa kun

---

[46] FDRE Constitution, Kwt 80(2 fi 4), Labsii Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 25(a fic).
[47] Labsii Manneen Murtii Oromiyaa kwt 23(2a)…*Manni Murtii Waliigalaa tajaajilli abbaa seerummaa Naannicha keessatti wal-fakkaatummaa fi tilmaamummaa akka qabaatuuf ni hojjeta jedha. Kun tumaa dhaddacha Ijibbaataa qofaaf dhiifame osoo hin taane, tumaa waliigalaa dhaddachaalee lameenuu jechuun dhaddacha idilee fi Ijibbaataa kan ilaallatuudha.*
[48] FDRE Constitution, kwt 80(2).
[49] Federal Courts Proclamation, kwt 11 fi 12.

dhimmoota federaalaa kunneen ilaaluudhaaf dursa dhimmoonni kun aangoo tooraa mana murtichaa keessatti kan kufan ta'uu mirkaneeffachuu qaba.

Gaaffilee Marii

1. Teessoon muummicha Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Magaalaa Finfinnee keessa waan ta'eef, sadarkaa yaadaatti dhimmoota Magaalaa Finfinnee keessa jiran ilaaluuf aangoo tooraa ni qabaata. Kana irraa ka'uun dhimmoota aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'an kanneen Magaalaa Finfinnee keessatti uumamaniin wal-qabatee Manni Murtii Waliigala Oromiyaa akkaataa bakka bu'iinsa heeraatiin ilaaluu danda'a jettuu?
2. HMFDRI dhimmoota Federaalaa fi Naannoo akkamitti ibsee jira jettu? Dhimma federaalaati yookaan naannooti jennee adda baasuuf ulaagaa maaltu jira?
3. Labsii 216/2011 keewwata 25(2e) jalatti Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Idileen "gaaffii dhimmi tokko aangoo mana murtii isa kami ta'uu qaba jedhu ilaalee murtii kenna" kan jedhu maal jechuu barbaadeeti? Aangoon Manneen Murtii Labsii kanaan adda baafamee hanga jirutti manni Murtii sadarkaa kamiiyyuu dhimmi tokko aangoo isaa ta'uu fi dhiisuu ilaalee murteessuu hin danda'u jechuudha moo maali? Gaaffii kana hoo eenyutu dhiyeessa, akkamitti dhiyaata, sirna kamiin immoo ilaalama? Dhaqqabamummaa fi si'oomina labsichi akka kaayyootti qabatee tumamee jiru wajjin akkamitti ilaalama? Irratti mari'dhaa!

2.3.3.1.1. Aangoo Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Mana Murtii Waliiga Naannoo Oromiyaa

HMFDRI caaseffama mana murtii caas-lamee (dual structure of courts) ta'e ijaaruun isaa ifadha. Akkaasumas, aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii qofa ta'uu tumameera.[50] Kana keessatti, Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota federaalaa ilaalchisee aangoo isa dhumaa fi olaanaa kan qabu ta'uu tumameera. Sadarkaa naannoottis akkaataadhuma

[50] FDRE Constitution, Proclamation No.1/1995, Fed. Neg. Gaz., Chapter 9, Arts. 78- 81 which generally provide for structure and powers of courts.

kanaan dhimmoota naannoo ilaalchisee Manni Murtii Waliigala naannolee aangoo isa dhumaa fi olaanaa ta'e kan qabu ta'uu ibsee jira.[51]

Yaad-rimee kana qabannee aangoo ijibbaata mana murtii Waiigala Federaalaa yoo ilaallu, dhimma federaalaa irratti bakka itti aangoon dhumaa Mana Murtichaa itti callaqisu ta'uu argisiisa. Haa ta'u malee, HMFDRI kwt 80 (3a) bu'uura godhachuun Labsiin lakk.25/1996 fi Labsiin kana fooyyessee jiru Lakk.454/2005 manni murtichaa aangoo ijibbaata ijibbaataraa akka qabutti bocee murteessee jira. Haa ta'u malee, seerichi akkuma jirutti ta'ee heerichi kwt 80(3a fi 2) yeroo ilaalamu falmiisiisaa ta'ee itti fufee jira. Ejjennoon tokko:-heerichi kwt 80(3a) jalattu "…*over any final court decision*…"jechuun tumee waan jiruuf, murtii manneen murtii naannolee dhimma naannoo irratti kennan ni dabalata jedhu. Kaayyoon tumaa kanaas biyyattii keessatti murtii wal-fakkataan dhimma wal-fakkaataa irratti akka kennamu taasisuu fi lammiileen dhimma wal-fakkaataa irratti eegumsa seeraa wal-fakkaataa akka argatan taasisa jedhu.

Ejjennoo faallaan immoo yeroo ibsan:-aangoo ijibbaata ijibbaatarraa jedhu kun bu'uura heeraa hin qabu. Kanaan wal-qabatee labsiileen armaan dura ibsine kun Mana murtii Waliigala Federaalaatiif aangoo kana kennuu isaaniitiin bu'uura heerummaa hin qaban. Heerichi kwt 80(3a) qofaa isaa dubbisuun hiika quubsaa nuuf hin kennu waan ta'eef, heeruma kana kwt 80(1 fi 2) faana dubbisamuu qaba. Kunis kwt 80(3a) heeruma kana kwt 80(1) irraa kan gadi bu'e yeroo ta'u, kwt 80(3b)'n immoo kwt 80(2) irraa diriirfamee gadi bu'e. Kana jechuun Manni murtii Waliigala naannoo dhimma naannoo irratti isa ol'aanaa fi aanguu dhumaa akka qabu, Manni Murtii Waliigala Federaalaas dhimma federaalaa irratti isa ol'aanaa fi aangoo dhumaa akka qabu heerichi tumee jiraachuun isaa aangoon ijibbaata ijibbaatarraa akka hin jiraanne barbaadeti. Kana ta'uu baannaan, Manni murtii Waliigala naannoo aangoo dhumaa qabaachuu hin danda'u. Kun immoo kaayyoo heerichaa miti. Gama biraatiin immoo heerichi sirna mana murtii federaalizimii caas-lamee (judicial federalism with dual structure) hundeessee waan jiruuf, aangoon ijibbaata ijibbaatarraa qajeeltoo federaalizimii kana faallessa jechuun mormii kaasu.

Qabatamaan garuu yeroo ammaa kana mul'atu Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa dhimmota Dhaddacha Ijibbaata naannoon ilaalamanii xumuraman ilaala jira. Labsiileen aangoo

[51] FDRE Constitution, Proclamation No.1/1995, Fed. Neg. Gaz., Chapter 9, Arts. 80.

manneen murtii federaalaa murteessuuf bahan kanneen olitti ibsame illee ejjennoo warra jalqabaa bu'uura godhachuun itti hojjetamaa jiru. Haa ta'u malee, qeeqni kallattii garaagaraan waan itti baay'ateef wixineen labsiilee kana guutummaatti haquuf bara 2019tti qophaa'ee jiru, aangoo ijibbaata ijibbaatarraa kana hanga tokko dhiphisuuf waan yaale fakkaata. Wixinechi kwt 10(1C fi 2(4a, d, f fi h) jalatti ijibbaati ijibbaatarraa jiraachuu isaa irra deebiin mirkaneessuun ulaagaalee muraasaan daangessee jira. Ulaagaaleen kunis:-

"a) Inviolation of the constitution or international treaties accepted and ratified by Ethiopia; (d) by denying to award judgment to a justiciable matter; (f) in the absence of jurisdiction over the subject matter in dispute; (h) in contravention to binding decision of the Federal Supreme Court Cassation Division or Cassation Panel Division" kan jedhutti daangessee jira. Kana irraa kan hubatamu, ulaagaalee afran kana keesatti kan kufu yoo ta'e, murtii manneen murtii naannolee dhimmootuma naannoo irratti kennan irratti aangoon ijibbaata ijibbatarraa kan jiru ta'uu isaati. Gama biraatiin immoo ulaagaalee wixineen kun tarreessuuf yaale jiru kun mataan isaa iyyuu bal'atee kan hiikamu yoo ta'e, akkuma kanaan duraatti aangoo bal'aadha jechuun ni danda'ama.

Gaaffilee Marii

1. Bu'uura Labsii 25/1988 kwt. 10(3) tiin aangoo dhaddacha ijibbaataa yeroo ibsutti "የክልል ጠቅላይ ፍርድ ቤት መደበኛ ችሎት ወይም በይግባኝ አይቶ የመጨረሻ ዉሳኔ የሰጠባቸዉን ጉዳዮች" jedhamee kan tumamee jiru maal jechuudha? Wixineen qophaa'ee jiru tumaa kana keessaa baasuu isaatiin jijjiiramni dhufu jira jettuu?
2. Ijibbaati ijibbaatarraa jiraachuun rakkoo maalii qaba jettu? Wixineen qophaa'aa jiru dhugumatti aangoo kana ni dhiphise jettuu? Maaliif?
3. Murtiin Dhaddachi Ijibbaataa hiikkoo seeraa ilaalchisee kennu hiikkoo kennuudhamoo seeraa haaraa baasuudha? Maaliif?
4. Dhaddachi Ijibbaataa kun murtii dirqisiisaa ofii isaatii kenne yeroo biraa fooyyessuu ykn jijjiiruu danda'uun isaa dhiibbaa fidu qaba jettuu? Maaliin dhiibbaa qaba jettu?

Haa ta'u malee, barbaachisummaa ijibbaata ijibbaatarraa yoo ilaallu, wal-fakkeenyummaa murtiilee fiduuf yeroo ta'u, murtiin isaa guutummaa biyyattiitti humna dirqisiisummaa akka qabaatu ta'ee Labsii Lakk.454/2005 kwt 2(1) jalatti ifatti tumameera. Bu'uura labsii kana kwt 2 tiin murtiin abbootii seeraa dhaddacha ijibbaataa 5 gadi hin taaneen kenname, manneen

murtii biyyattii keessa jiran hunda, naannolee dabalatee, irratti humna dirqisiisummaa seeraa akka qabaatu ta'ee tumameera. Wixineen qophaa'aa jirus kwt 10(3) jalatti kanuma jabeesse jira.

Gara dhaddacha ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti yeroo deebinu, akkuma dhaddacha ijibbaata Federaalaa; dhaddachi Ijibaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhimmoota naannoo ta'anii murtii dhumaa argatan irratti dogoggorri seeraa inni bu'uuraa yoo uumame qofa[52] ilaaluu akka qabu seerichi ibsee jira. Dhimmi tokko murtii dhumaa argateera kan jedhamu yoomi kan jedhu ilaalchisee garuu labsichi hiikkoo kan hin laatneef yoo ta'e illee dambiin labsicha hojiirra oolchuuf qophaa'ee jiru murtii dhumaa yeroo ibsu: bu'uura seera dhimmi ilaaluutiin mana murtii naannichaa ykn qaama naannichaa biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameef tokkoon murtii ykn jala murtii ykn ajaja carraa ol'iyyannoo qabu fayyadamee fixate ykn carraa ol-iyyannoo hin qabne ykn qaamni murticha ykn jala murticha ykn ajajicha kenne carraa keessa deebi'ee ilaaluu kan hin qabne[53] yoo ta'eedha. Kun faloonni oliyyannoo fi keessa deebiin ilaaluu (review of judgment) jiru hundi duuguugamee kan xumuramee ta'uu qaba yaada jedhu agarsiisa.

Kun akkuma jirutti ta'ee, murtiin isa dhumaa ta'ee fi dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jedhamu kun immoo akkamitti dhaddacha ijibbaataatti dhiyaachuu qaba, deemsa maaliitiin ilaalama qabxiileen jedhan hubatamuu qabu. Iyyanni ijibbaataaf dhiyaatu tokko murtiin kennamee jiru kan dhumaa fi filannoo biraa kan hin qabne ta'uu, fi dogoggori bu'uuraa seeraa maal akka ta'e ykn murtichi maaliif dogoggora bu'uura seeraa akka qabaate ibsuu akka qabuu fi guyyaa murtiin dhumaa sun kenname irraa kaasee guyyoota walitti aanan 60(jahaatama) keessatti dhiyaachuu akka qabu labsichi ni tuma.[54] Erga iyyati dhiyaateen booda hoo akkamittiin keessummeeffama kan jedhuun wal-qabatee labsichis ta'ee dambiin labsicha hojiirra oolchuuf bahee jiru adeemsa lama ifatti tumee jira. Adeemsaaleen kunneenis: - adeemsaalee hojimaata dhaddacha ijibbaataa qorannoo duraa fi qorannoo boodaatti qoodamanii kan jiraniidha.

Adeemsa qorannoo duraa keessatti dhaddacha abbootii seeraa sadiin moggaafamee kan hojjetamuu qabu yoo ta'u, hojiin guddaan adeemsa kana keessatti hojjetamu, murtii dhuma

[52] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, kwt 26(1). HMFDRI kwt 80 (2), (3(b)) ilaaluun ni dandaa'ama.
[53] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 7(2).
[54] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, kwt 27(1 fi 2).

argate irratti dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun iyyata dhiyaate tokko ijibbaataaf dhiyaachuu qabaachuu ykn dhabuu isaa battalatti ykn beellamaan qorachuudhaan ykn iyyataa irraa qaamaan dhagahee qulqulleeffachuudhaan, sababa isaa barreeffamaan ibsuudhaan, kufaa gochuun iyyataa geggeessuu ykn iyyatichi ijibbaataaf dhiyaatee akka ilaalamu taasisuudha.[55] Dhaddachi qorannoo duraa kunis iyyata dhiyaate kana qoratee kuffisuuf ykn gara dhaddacha qorannoo boodaatiif dabarsuudhaaf ulaagaalee kanneen akka:- dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataan murtiin irratti kennamuun isaa hawaasa waliigalaatiif, ykn dagaagina seeraatiif ykn sirna seeraa naannichaaf faayidaa ol-aanaa yoo qabaate; ykn dhimmoota walfakkaatoodhaaf murtiilee fi hiikaa seeraa walfakkaataa ta'e kennuuf kan gargaaru yoo ta'e; ykn murtiin dhumaa komatame dogogora faayidaa dinagdee cimaa kan hordofsiise, ykn mirga seeraa ykn bilisummaa bu'uuraa akka malee kan sarbe yoo ta'e; ykn dogogorichi faayidaa dinagdeetiin yoo ilaalamu xiqqaa dha kan jedhamu yoo ta'ellee garuu bu'aa hordofsiisu irraa kan ka'e dhaddacha ijibbaataan ilaalamee sirraa'uu qaba jedhamee kan amaname yoo ta'ee; fi kan biroo sagalee guutuudhaan madaaluudhaan qabxii murtii dhaddacha ijibbaataatiin sirrachuu qaban adda baasee dhaddacha qorannoo boodaatiif dabarsee garagalchi iyyataa deebi kennaa gahee dhiyaatee akka falmatu taasisa.[56]

Haaluma kanaan, qorannoon boodaa kan itti fufu yoo ta'u, dhaddachi yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetamuu akka qabu, yoo murtichi amala dirqisiisummaa akka qabaatu barbaadame immoo Pirezidaantii fi Itti Aanaan Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa keessatti moggaafamanii hojjechuu akka qaban[57] labsii fi dambichi ni ibsu.

Gama biraatiin immoo dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin wal-qabatee dhimmi baay'ee falmisiisaa ta'ee jiru, waa'ee murtiin dhaddachi Ijibbaataa Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa dabalatee abbootii seeraa shaniin yommuu murtaa'u manneen murtii sadarkaa gadi'aanu jiran hunda irratti amala dirqisiisummaa qabaachuu isaati. Akkuma beekamu, Heerri Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Itoophiyaa Manni Murtii Waliigala Naannoo dhimma Naannoo irratti mana murtii isa dhumaa fi aangoo ol'aanaa qabu taasisee[58] hundeessee jira. Akkasumas, tumaa

[55] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 13 fi 14.
[56] Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 13 fi 14.
[57] Labsii Manneen Naannoo Oromiyaa, kwt 28(2) fi 29(1) fi Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 11.
[58] FDRE Constitution kwt 80(2).

Heerichaa keessaa keewwatni 80(3a fi b) falmisiisaa fi hanga ammaatti beektonni kan itti waliif hin galle[59] yoo ta'e illee labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1988 fi kan labsii kana fooyyessuuf bahe Lakk.454/2005 ifatti sirna seeraa biyyattii keessatti "Ijibbaata irratti Ijibbaatni"akka jiraatuu fi murtiin dhaddacha Ijibbaataa Federaalaatiin kennamu kun dhimma naannoolee irrattis ta'ee kan federaalaa irratti dirqisiisummaan isaa manneen murtii naannolee biyyattii keessa jiran dabalatee humna dirqisiisummaa akka qabaatu[60] duratti ibsinee jirra. Kanaan wal-qabatee yeroo ammaa kana immoo wanti baay'ee falmisiisaa ta'aa jiru Murtiin dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaas akkuma dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa amala dirqisiisummaa qabatee dhufuu isaati. Yeroo kana immoo Manni Murtii Waliigala Naannoo kun dhimma naannoo irratti murtiin isaa kan dhumaa fi amala dirqisiisummaa qaba jedhee yoo murteessee fi dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa immoo murtii dirqiisisaa ta'ee jildiinis haa ta'u kallattii garaagaraan naannottii keessatti beeksifamee hojiirra oolaa osoo jiruu yoo diigee jiraate maaltu ta'a kan jedhu falmisiisaa ta'a jechuudha. Qabxii kana leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Haa ta'u malee, dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa murtiilee hedduu ta'an kennaa kan oolu waan ta'eef, hundumtuu amala dirqisiisummaa qabu jechuu miti. Murtiin dhaddacha Ijibbaataa kun dirqisiisaa ta'uudhaaf, ulaagaaleen sadii guutumuu akka qaban labsichaa fi Dambii labsicha hojirra oolchuuf bahee jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Isaanis:-1) moggaafama, 2) maxxansaa ykn beeksisaa fi 3) sagalee murtiitiin[61] wal-qabata. Kan jalqabaan wal-qabatee, murtichi dirqisiisaa ta'uuf, Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pirezidaantii dabalatee yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetamuu akka qabu ibsa. Kan lammaffaatiin wal-qabatee immoo murtiin kun manneen murtii hunda akka dhaqqabutti jildiin maxxanfamuu ykn kallattii barbaachisaa ta'e birootiin murtichi beeksifamuu akka qabu ibsa. Kan dhumaatiin wal-qabatee immoo murtichi sagalee guutuutiin yaada addaa tokko malee yoo murtaa'e qofa akka ta'e seerotni lachanuu bifa dirqiitiin

[59] Redea, Mehari , Cassation over Cassation and its Challenges in Ethiopia, (MIZAN LAW REVIEW, Vol. 9, No.1) September 2015.
[60] Federal Courts Proclamation, fi Federal Courts Reamendment Proclamation No.454, (Federal Negarit Gazet, Addis Ababa-14th June.2005), 2005, kwt 2(1).
[61] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kwt 29 fi Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa kwt 11.

tumanii jiru. Haa ta'u malee, Manni murtichaa yoo barbaade, murticha dirqisiisaa gochuun fuula dura ogeessa barbaade mariisuu akka danda'u kaa'ee jira.[62]

Dogoggorri seeraa inni bu'uuraa hoo akkamiin ibsama kan jedhu ilaalchise labsichi ibsuuf yaalii taasisee jira. Akka qajeeltootti dogoggorri bu'uuraa seeraa maali kan jedhu ilaalchisee labsichi banaa godhee akka qajeeltootti kan jalqabe yommuu ta'u, itti aansuun dhimmoota muraasa akka dogoggora bu'uura seeraatti jedhe tarreessee jira. Haaluma kanaan, dogoggora seeraa bu'uuraa muraasa yeroo tarreessu[63]:-

- Dogoggora hiikaa seera ykn duudhaa seeraa yoo qabaate, ykn seera ifatti tumame cabsee yoo argame fi dhiibbaa hin malle mirga namaa ykn sirna seeraa irratti kan hordofsiise yoo ta'e; ykn Seeraan ala bilisummaa fi mirga namoomaa bu'uuraa kan dhabsiise ykn kan dhiphise yoo ta'e; ykn
- Gar-malee haqa kan jallise ykn dhabamsiise yoo ta'e,
- Murtii dhumaa mirgoota namoomaa heeraan beekamtii argatan cabsuun kenname;
- Murtii dhumaa aangoo abbaa seerummaa ykn/fi hundee dubbii osoo hin qabaatin kenname;
- Murtii dhumaa seera bu'uuraa, seera deemsaa falmii, ykn seera ragaa ifaatti tumame jiru dogoggoraan hiikuudhaan ykn cabsuudhaan kenname;
- Murtii dhumaa seera bu'uuraa, seera deemsaa falmii, ykn seera ragaa ifaatti tumame jiru dogoggoraan hiikuudhaan ykn cabsuudhaan kenname,
- murtii dhumaa qabiyyee isaatiin ykn bu'aa hordofsiisuun waliigalteewwan idila addunyaa biyyi Itoophiyaa raggaasifte cabsuun kenname,
- Murtii dhumaa dhimma mana murtiitiin ykn qaama biroo aangoo abbaa seerummaa qabuun murtii argachuu hin dandeenye irratti murtii kenname;
- Murtii dhumaa hiika seeraa dirqisiisaa mana murtii aangoo seeraa qabuun kenname faallessuun kenname akka ta'e ni ibsa.

Haa ta'u malee, dhimmoota dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa kun ilaaluu hin dandeenyes ibsamee jira. Isaanis:-dhimmoota bu'uura Heeraa Federaalaa fi seera birootiin addatti Manneen Murtii Federaalaatiif kennaman; yookiin Dhimmoota Naannoo murtii dhumaa hin arganne; ykn Murtii dhumaa falmii baasii fi kisaaraa yookiin yakka

[62] Miiljalee olii
[63] Miiljalee olii,Labsii kwt 26(2) fi Dambii kwt 8(2 fi 3).

dambii darbuun wal-qabatee kenname ykn; Murtii dogoggora firii dubbii kamiyyuu, ykn dogoggora ykn hir'ina ragaa fuudhuu yookiin madaaluu irratti raawwatame ofitti fuudhee keessummeessuu akka hin qabne ibsee jira[64].

Gaaffilee Marii

1. Ogeessotni tokko tokko dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa dhimma naannolee keessa galee murteessuu hin qabu. Heerri Federaalaa kun keewwata 80(3a) jalatti…jechi *over any final…*jettu guutummaatti dhimma naannolee kan ilaallatu miti. Sababni isaa keewwatni 80(3) guutummaan isaa yaad-rimee keewwatuma kana xiqqaa 1 fi 2 irraa akkuma jirutti wal-duraa duubaan fudhatee gadi bu'ee tumame malee akka Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhimma naannolee keessa galuuf kan karaa saaqu miti. Yoo akkas ta'uu baate, duudhaalee sirna federaalizimii kan diigu ta'a. Kanaaf, dhimma kanaan wal-qabatee Labsii Manneen Murtii Federaalaa 25/1996 fi 454/2005 heerawaa miti jechuun falmu. Ogeessonni biroon immoo Heerichi keewwata 80(3a) jalatti….*over any final decision* waan jedhuuf dhimma naannoo keessa galee Manni Murtii Waliigala Federaalaa aangoo Ijibbaataa akka qabaatu aangessee jira. Waan ta'eef, Labsiin 25/1996 fi 454/2005 heerawaadha jechuun falmu. Isin hoo ejennoo kamtu dhama qabeessa jettu? Sababa gahaan deggeraa!
2. Gaaffii 1ffaa jalatti ibsameen wal-qabatee, Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.216/2011 ejjennoo isa kam bu'uura godhatee qophaa'e jettanii yaaddu.
3. Biyyi Itoophiyaa Ol'aantummaa HMFDRE moo Ol'aantummaa seerota Federaalaa qabdi jettanii yaaddu? Aangoo Naannolee wajjin akkamitti ilaaltu?
4. Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa hundeessuuf bahe Lakk.216/2011 kwt 29(1) jalatti murtiin dhaddacha Ijibbaataa Pirezidaantii fi Itti Aanaa Pireezidaantii dabalatee yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetame dhimma naannoo irratti manneen murtii naannichaa irratti hiikkoo seeraa diriqiisaa akka qabaatu tumee jira. Labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe Lakk.25/1996 kwt 10(3) fi Labsiin Labsii kana fooyyessuuf bahe Lakk.454/2005nis kwt 2(1) jalatti haaluma fakkaatuun murtiin dhaddacha Ijibbaata Federaalaa yoo xiqqaate abbootii seeraa shaniin moggaafamee hojjetame manneen murtii naannolee irratti illee humna diriqisiisummaa

[64] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kwt 26(4) fi Dambii kwt 9.

akka qabu tumee jira. Dhimma wal-fakkaataa irratti dhaddachi Ijibbaataa lachanuu murtii dirqisiisaa ta'e yoo kennanii jiraatan kamtu hojiirra ooluu qaba jettu? Maaliif? Labsii Lakk.25/1996 kwt 6(2) faana irratti mari'adhaa.

5. Aangoo seera hiikuu osoo fayyadamanii hojjetaa jiranii falmiin hiikkoo heeraa yoo ka'e ykn manni murtii yoo hubate maal gochuu qaba jettu? Manni Murtii aangoo heera hiikuu gonkumaa hin qabu jettuu? Kanaan wal-qabatee, murtii Manni Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo dhaddacha Ijibbaataatiin walitti bu'iinsa Labsii Bosonaa Naannoo Oromiyaa fi Federaalaa gidduutti uumame irratti kenne akkamitti madaaltu?
6. Dhaddachi Ijibbaataa dogoggora bu'uura seeraan cinatti dhimmoota murtiin dhumaa irratti kennaman qofa keessummeessa jechuun labsiin lakk.216/2011 tumee jira. Murtii dhumaa jechuun maaliidha?
7. Dhaddachi Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dogoggora bu'uuraa seeraa qofa ilaala moo firii dubbiis haalli inni itti ilaalu jira jettanii yaaddu? Labsii lakk.216/2011 kwt 26(2) fi Dambii lakk.6/2012 kwt 8(2) faana xiinxalaa!

2.3.3.2.Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa

Qabataman aangoon Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa kallattii lamaan itti hojjetamaa kan jira. Innis naannolee Manni Murtii ol'aanaa keessatti hundeeffamee fi Magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti kallattiin kan hojjetaa kan jiru yoo ta'u, naannolee biyyattii keessaa afur kan ta'an (Naannoo Oromiyaa, Amaara, Tigiraayii fi Harar) keessatti immoo karaa bakka bu'iinsaatiin Mana Murtii Waliigala naannoleetu dhimmoota federaalaa keessummeessaa jira.[65]

Manni murtii ol'aanaa federaalaa kun aangoon sadarkaa jalqabaan dhimma hariiroo hawaasaa ilaaluuf qabu, labsii lakk.25/88 kwt 11 jalatti tumameera. Haaluma kanaan, dhimmoota maalllaqaan ibsamuu danda'an qarshii 500,000(kuma dhibba shanii) olii kan ta'an ilaala. Haa ta'u malee, gosa dhimmaan (*by subject matter)* dhimmoota seera idila addunyaa affeeran, dhimma lammummaan wal-qabatee falmii ka'u, murtii manneen murtii biyya ambaa raawwachiisuuf, fi jijjiirraa mana murtii (change of venue) sadarkaa duraa federaalaa tokko

[65]Heera FDRI kwt 78(2). Bu'uura Labsii Lakk. 322/95 tiin yeroo ammaa Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa Naannoolee shan keessatti: Affaar, BeenishangulGumuz, Gaambeellaa, Somaalii fi Saboota, Sablammootaa fi Uummatoota Kibbaa keessatti hundeeffameera.

irraa gara mana murtii biraatti ykn mana murtii ola'aanaatti akka jijjiiramuuf gaafatamus ni ilaala. Akkasumas, murtii dhimmoota Manni Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa ilaalee murteesse irratti aangoo ol'iyyannoo akka qabaatan labsichi kwt 13 jalatti ibseera.

Gara aangoo hundee dubbii Manneen Murtii Ol'aanoo Oromiyaatti yeroo deebinu, labsiin Lakk.216/2011 waan baay'ee irratti jijjiirama kan fidee jira. Haaluma kanaan, mana murtii ol'aanaa irra jireessaan mana murtii Ol-iyyannoo taasisee kan jiru yoo ta'u, qabeenya socho'u tilmaama maallaqni isaa qarshii miliyoona 1(tokkoo) ol ta'e, qabeenyaa dhaabbataa immoo tilmaama maallaqni isaa qarshii miliyoona 3(miliyoona sadii) ol ta'e ilaalee murteessuuf aangeffamee jira. Kun akkuma jirutti ta'ee, wanti iftoomina hin qabnee fi falmiisaa ta'ee jiru, dhimma hariiroo hawaasaa kana irratti gosa dhimmaan (*by subject matter*) wal-qabatee manni murtii Ol'aanaa kanaan dura ilaalaa ture labsii kanaan akka ilaalu taasifamee hin jiru. Akka Labsii aangoo Manneen murtii Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe kan duraanii lakk.141/2000 keewwata 27(1) jalatti ibsamee jiruutti, dhimmoota seera deemsa falmii siivilii ykn seerota birootiin mana murtii Ol'aanaaf kennamee jiru tilmaama giddu-galeessa osoo hin godhatin ilaaluu akka danda'u namatti mul'isa. Labsiin haaraan kun garuu aangoo hundee dubbii manneen murtii Ol'aanoo naannichaa yommuu tarreessu tumaa labsii duraa kana guutummaatti keessaa hambisee jira. Kana jechuun Manni murtii Ol'aanaa naannichaa aangoo gosa dhimmaan murtaa'u (*jurisdiction based on subject matter irrespective of pecuniary jurisdiction*) akka hin qabne namatti mul'isa. Kun immoo dhimmootni akkaataa seera deemsa falmii hariiroo keewwata 18tiin dhiyaatanis ta'ee dhimmoonni addatti manneen murtii ol'aanaaf kanaan dura gosa dhimmaatiin kennamanii turan labsii kanaan guutummaatti gara mana murtii aanaatti gadi bu'uu isaanii labsicha keewwati 31(2) argisiisa. Fakkeenyaaf:- dhalattummaan wal-qabatee labsiin duraa aangoo mana murtii Ol'aanaa kan ture gara mana murtii aanaatti gadi buusee kan ture akkuma jirutti cimsuudhaan iyyati bilisa baasuuf dhiyaatu(*habeas corpus*) kan duraan Manni Murtii Ol'aanu akkaataa SDFHH keewwata 15(2i)tti ilaalaa ture, bu'uura labsii ammaatiin gara mana murtii aanaatti gadi bu'ee jira[66]. Kanaaf, dhimmoonni hariiroo hawaasaa mana murtii Ol'aanaatti aangoo sadarkaa jalqabaatiin dhiyaatan kamiyyuu kanneen tilmaama dinagdee qabanii fi bu'uura SDFHH keewwata 226-228tiin bulan qofa akka ta'e namatti argisiisa.

[66] Labsii manneen murtii naannoo oromiyaa, kwt 31, and Cvil procedure Code, (Negarit Gazeta, decree no. 52) 1965, kwt 15 guutummaatti dubbisaa ilaalaa.

Gama biraatiin immoo Manni Murtii Ol'aanaa naannichaa dhimma siivilii aangoo hundee dubbii Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa ta'an ilaalee murteessuudhaaf aangoo bakka bu'iinsaa heeraan[67] kennameef ni qaba. Yeroo kana dhimmoota federaalaa tilmaama hin qabne kanneen bu'uura SDFHH keewwata 18tiin dhiyaatanii fi dhimmoota tilmaama maallaqa isaa qarshii 500,000(kuma dhibba shanii) gadi ta'e kanneen dhimmoota Federaalaati jedhamanii labsii Manneen Murtii fi Heera Mootummaatiin tumamanii[68] jiran ilaala jechuudha. As irratti wanti adda bahee beekamuu qabu, dhimmoota naannootiin wal-qabatanii iyyata bilisa baasuuf dhiyaatu (*habeas corpus*) ilaalee murteessuuf Manni Murtii Ol'aanaa naannoo labsii ammaatiin aangoo akka hin qabne ibsinee jirra. Haa ta'u malee, dhimmoota Federaalaan wal-qabatee namoonni seeraan ala hidhamne jedhanii iyyata bilisa baasuu kan dhiyeeffatan yoo ta'e, kan ilaalee murteessu mana murtii ol'aanaa[69] akka ta'e dagatamuu hin qabu.

2.3.3.3.Aangoo Hundee Dubbii Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa fi Manneen Murtii Aanaa Naannoo Oromiyaa

Akka Mana murtii ol'aanaatti manni murtii sadarkaa jalqabaa naannolee biyayttii keessatti hin hundoofne. Kanaaf, aangoon mana murtii kanaa kallattiin Magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti, bakka bu'iinsaan immoo Manneen murtii Ol'aanoo naannolee keessatti dhimmoota federaalaa ta'an irratti hojjetamaa jira. Aangoon hundee dubbii mana murtichaas labsicha kwt14 jalatti tarreeffamee jira. Haaluma kanaan, dhimmoota qarshiitti tilmaamuu danda'an hanga qarshii 500,000tti, dhimmoota qarshiitti tilmaamuu hin dandeenye immoo hunda akka ilaalutti aangeffamee jira.

Gara Manneen murtii aanaalee naannoo Oromiyaatti yeroo deebinu immoo manneen murtii aanaa sadarkaa dhumaa ta'uu isaa caalaa iyyuu mana murtii qaamaan gara hawaasa bal'aatti dhiyeenya qabuu fi dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuu keessatti gahee fi carraa ol'aanaa qabuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa amma hojiirra jiru akka qajeeltootti mana murtii aanaa

[67] FDRE Constitution, kwt 78(2) fi 80(4), Labsii Manneen Murtii Oromiyaa, kwt 30(4).
[68] Federal Courts Proclamation, kwt 3, 5 fi 14 fi Federal Courts (Amendpient) Proclamation No. 138 (Federal Negarit Gazeta, 5th year No.15, Addisa Ababa), 1998, kwt 2.
[69] Miiljalee olii, kwt 14(1) fi 5(10) haa ilaallu.

mana murtii sadarkaa jalqabaa[70] taasisee hundeessee jira. Haaluma kanaan, wantoonni falmiisiisoo ta'an akkuma jirutti ta'ee labsichi aangoo hundee dubbii bal'inaan gara manneen murtii aanaatti gadi buusuu isaatiin dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa naannichaa daran fooyyesseera jechuun ni danda'ama.

Bu'uura Labsii duraanii lakk.141/2000tiin manneen murtii aanaa dhimmoota muraasa qofaa irratti aangoo hundee dubbii qabu turan. Labsii duraa kanaan akkaataa seera deemsa falmii siivilii ykn seerota birootiin gosa dhimmaatiin aangoo mana murtii aanaa taasisee kan jiru osoo hin tuqin, qabeenya dhaabbataa irratti tilmaama maallaqa hanga qarshii 50,000, qabeenya socho'aa irratti immoo tilmaama maallaqa hanga qarshii 30,000 akka ilaalu kan aangessee ture yommuu ta'u, labsiin ammaa garuu qabeenya dhaabbataa tilmaama maallaqa hanga qarshii 3,000,000 (miliyoona sadii), qabeenya socho'aa immoo tilmaama maallaqa hanga qarshii 1,000,000 (miliyoona tokkoo)tti ol guddisee jira.[71] Garaagarummaan labsiilee lachan gidduutti uumamee jiru yommuu ilaallu, labsiin amma hojiirra jiru baaxii qofaa dabaluudhaan alatti ka'umsa irratti akkuma labsii duraa homaa waan ibse hin qabu.

Haa ta'u malee, labsiin haarofti kun akka labsii haqamee jiruutti manneen murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo Mana Murtii Hawaasummaa gandaa irraa dhufu keessummeessuu fi dhiisuu isaa irratti waan ibse hin qabu, waa'ee aangoo sadarkaa jalqabaa qofa kan tumee jiruudha. Kana irraa ka'uudhaan yeroo labsiin haarofti kun hojiirra ooluu jalqabutti, ogeessota seeraa biratti ejjennoon garaagaraa lama calaqqisaa tureera. Ejjennoon jalqabaa, labsiin lakk.141/2000 kwt 28(1C) jalatti mana murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo kennee jira. Kunis dhimmoota Mana Murtii Hawaasummaa Gandaatiin murtii argatan irraa ol-iiyyannoo dhiyaatu akka ilaalaniif waan aangessee jiruuf, labsiin duraa kun wanta lamaaf beekamtii seeraa kennee jira. Inni jalqabaa:- akkaataa Labsii Lakk.128/1999 kwt 15(1)tti Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa dhimmoota tilmaamni isaanii hanga qarshii 1500(kuma tokkoo fi dhibba shanii) gahu ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kenneefii waan jiruuf, ka'umsi aangoo hundee dubbii Mana Murtii Aanaa tilmaama qarshii 1500 ol akka ture ibsa. Inni lammaffaan Manni Murtii Hawaasummaa gandaa toora Manneen Murtii Idilee keessatti yoo argamuu baate illee labsiin Lakk.141/2000 Manni murtii Aanaa murtii mana murtii hawaasummaa kana ol-iyyannoon akka ilaalu taasisuun isaa aangoo mana murtii idilee

[70] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, kwt 23(2b).
[71] Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, kwt 31(1) fi Labsii Lakk.141/2000, kwt 28(1b).

dabarsee kennuun cinatti jiraachuu Mana Murtii hawaasummaa Gandaatiif beekamtii kennee jira. Labsiin ammaa immoo faallaa labsii duraa kana manni murtii aanaa aangoo ol-iyyannoo akka hin qabaanne taasisuun isaa dhimmoota kanneen lamaan irratti beekamtii dhorkatee jira jechuudha. Kanaaf, akkaataa labsii amma hojiirra jiruutti ka'umsi aangoo hundee dubbii Manneen murtii Aanaa daangeffamaa miti jechuun falmu. Ejjennoon lammaffaan immoo xiinxalli kun bu'uura seeraa hin qabu jedhu. Yeroo sababeessan:-akkaataa labsii duraattii fi akkaataa Labsii Manneen Murtii Hawaasummaa gandaa hundeessee jiruutti ka'umsi aangoo hundee dubbii manneen murtii aanaa tilmaama maallaqa qarshii 1,500 (kuma tokkoo fi dhibba shan)[72] ol akka ta'e ifaadha. Manni Murtii Hawaasummaa gandaa Labsii of danda'een qaama raawwachiiftuu jalatti waan hundaa'ee jiruuf, Labsii manneen murtii idileetiin kan diigamuu danda'u miti. Manni murtii hawaasummaa gandaa toora manneen murtii idilee keessatti kan argamu yoo ta'uu baate illee akkaataa Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa kwt 37(1)ttii fi akkaataa Heera Naannoo Oromiyaa kwt 101tti qaamolee biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan qooddatan keessatti waan ramadamuuf, labsiin qaamolee seera hiiktuu hundeessuuf bahee jiru namummaa seeraa isaa mulquu hin danda'u. Dabalataanis, Labsiin 216/2011 aangoo Manneen murtii Oromiyaa murteessuuf kan baheedha malee labsii namummaa seeraa Mana Murtii Hawaasummaa gandaa diiguuf bahe akka hin taane hubatamuu qaba. Yaad-rimee kana akkaataa kanatti kan hubannu yoo ta'e, yeroo Labsiin 141/2000 jiruttis mana murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo kan kenne Labsii 128/1999 kwt 34(1) dha malee labsii 141/2000 miti. Waan ta'eef, labsiin Lakk.141/2000 kwt 1(C) jalatti irra deebi'ee ibsuun isaa barbaachisaa iyyuu hin turre. Kanaaf, labsiin haarofti Lakk.216/2011 manneen murtii aanaatiif aangoo ol-iyyannoo yoo kennuu baate iyyuu akkaataa Heera naannootti Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa kun hundeeffamee Labsiidhaan hojiirra waan jiruuf, akkaataa Labsii Lakk.128/1999tti aangoon ol-iyyannoo Mana Murtii aanaa irraa hin fudhatame. Waan ta'eef, manneen murtii aanoolee naannoo Oromiyaa murtii Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa dhiyaatu irratti aangoo ol-iyyannoo kan qaban ta'ee, aangoon hundee dubbii sadarkaa jalqabaa tilmaama qarshii 1,500(kuma tokkoo fi dhibba shanii) olitti daangeffameera jechuun falmu. Ejjennoo lammaffaan kun qabatamaan hojiirra kan jiruudha.

Gaaffilee Marii

[72] Labsii Manneetii Murtii Hawaasummaa Gandaa Irra Deebi'anii Dhaabuu Fi Aangoo Isaanii Murteessuuf bahe, Lakk. 128 (Magala Oromiyaa, Finfinnee), Bara 1999.

1. Labsiin Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakk.216/2011 aangoo Mana Murtii hawaasummaa gandaa irraa fudhateera jettanii amantuu? Yoo fudhateera jenne Manni Murtii Hawaasummaa gandaa bu'uura labsii kanaan diigameera jechuu dandeenyaa? Aangoon hundee dubbii mana murtii aanaa tilmaama maallaqa qarshii meeqa irraa ka'uu qaba jettu? Ejjennoo armaan olii keessaa kamiin deggertu?
2. Gaaffii lakkoofsa 1ffaan wal-qabatee Mana Murtii Hawaasummaa gandaa irraa aangoon hin fudhatamne yoo jenne, labsiin lakk.216/2011 mana murtii aanaatiif aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaan ilaalamaniin alatti aangoo ol-iyyannoo akka qabu waan hin ibsin bira darbeef, murtii manni murtii hawaasummaa gandaa kenne irraa komiin eessatti dhiyaata jettanii yaaddu?
3. Komii ol-iyyannoo dhiyeeffachuun wal-qabatee labsiin Lakk.216/2011 komii ol-iyyannoo carraa lammaffaa kenneera jettuu? Yoo kenneera ta'e heerawaadha jettuu? Labsicha kwt 25(2a), Dambii lakk.6/2012 kwt 7 fi HMFDRI kwt 20(6) faana xiinxalaa!
4. Gaaffii lakkoofsa 3ffaa jalatti ibsameen wal-qabatee, murtii manni murtii hawaasummaa gandaa kenne manni murtii aanaa ilaalee yoo cimse ol-iyyannoon isaa eessa deemuu qaba jettu? Dhaddacha Ijibbaataa moo Mana Murtii Ol'aanaa deema moo Mana Murtii Waliigalaa dhaddacha idilee deema? Eessatti murtii dhumaa argatee jira jettu?

   Gama biraatiin immoo labsiin haarofti ammaa kun labsii duraa irraa garaagarummaa inni uumee jiru dhimmota maallaqaan tilmaamuu hin dandeenye iyyata dhalattummaa fi iyyata qaama bilisa baasuuf dhiyaatu hundi gosa dhimmaatiin osoo adda hin bahin aangoo hundee dubbii mana murtii aanaa[73] taasisee jira.

Dhimma 23ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Idileetti Lakk.galmee 313698 ta'e irratti dhaddacha gaafa 04/03/2012 ooleen murtaa'e irraa fudhatame. Dhimmichi ka'umsi isaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina AN/Finfinneetti lakk.galmee 35426 irratti kan eegale yommuu ta'u, himataan mana murtii jalaatti himannaa gaafa 30/05/2011 hundeesseen, sababa ajjeechaa lubbuutiin ani bara 2003 keessa mana hidhaa seenee jennaan himatamoonni kun lafa bara 1967 naaf kennamee ragaa abbaa qabiyyummaa itti qabu bara 2009 fi 2010 seeraan

[73] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, kwt 31(2)

ala itti bahanii qabatanii waan irraa oomishataniif, walumatti seerummaa qarshii 65,000 baasii fi kisaaraa durgoo abukaatoo wajjin akka kaffalaniif gaafatee jira. Himatamtoonni immoo tilmaama dhiyaate bu'uura SDFHH keewwata 250tiin waan mormaniif, manni murtichaa ogeessa tilmaamsiseera. Akka tilmaama ogeessaatti tilmaamni oomishaa lafa himatamtoonni qabatan irraa argamuu danda'u qarshii 26,783.24/100 ta'uu waan ibseef, manni murtichaa aangoo koo miti jedhee himannaa dhiyaate kufaa taasisee jira. Himataan jala murtii kana komatee yeroo jedhutti, Manni Murtii Waliigalaa immoo xiinxala taasiseen akkaataa Labsii Lakk.141/2000 keewwata 27(3)tti Manni murtii Ol'aanaa qabeenya socho'u irratti tilmaama qarshii 30,000 olii ofitti fuudhee ilaaluu ni danda'a. Akkasumas, mormiin akkaataa SDFHH keewwata 250tti dhiyaatu akka mormii sadarkaa duraatti fudhatamuudhaan aangoo mana murtichaa hin dhabsiisu. Akkaataa tumaa seeraa kanatti tilmaamni dhiyaate aangoo Mana murtichaa gadi yoo ta'e illee dhimmicha ilaalee murtii kennuu qaba malee aangoo koo miti jechuu hin qabu. Darbees, tilmaama ogeessaa dhiyaateen ilaalee murtii yoo kenne mirga ol-iyyannoo dhiphisuun alatti dhiibbaa biraa uumu waan hin qabneef, Manni murtichaa dhimmicha ofitti fuudhee qabxii"qabiyyeen falmii kaase kan ol-iyyataati moo miti?kan ol-iyyataati yoo ta'e, deebi kennitoonni seeraan ala qabatanii irraa oomishataniiru moo miti?"kan jedhu irratti ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee murtii itti fakkaate haa kennu jechuun diigee gadi deebiseera.

Gaaffii Marii

- Murtii manneen murtii lachuu akkamitti madaaltan? Aangoon hundee dubbii Manneen murtii yoom hundeeffama?

ILOOHOSO

BOQONNAA SADII

WARAQAA WAAMICHAA

3.1.Maalummaa fi Kaayyoo Waraqaa Waamichaa

Waraqaan waamichaa sanada seeraa ta'ee ajaja mana murtiitiin qaamni falmii keessatti hirmaatu akka dhiyaatuuf kan ittiin ajajamuudha jechuu dandeenya.[74]Kana jechuun, waraqaan waamichaa himatamaaf, ragootaaf, ogeessotaa fi qaama kamiin iyyuu manni murtii akka dhiyaatuuf barbaaduuf kan ajajamuudha jechuudha. Moojulii kana keessatti kan xiyyeeffannu, waraqaa waamichaa himatamaaf ergamu irratti yoo ta'u, waraqaan waamichaa mirga himatamaa irratti manni murtii tarkaanfii itti aanu akka itti fudhatu kan dandeessisuudha. Manni murtii waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa gahuu fi dhiisuu isaa osoo hin qulqulleeffatin tarkaanfii itti aanu kan fudhatu yoo ta'e, mana murtiis ta'ee himataadhuma mataa isaa iyyuu kisaaraa hin malleef saaxiluu danda'a.[75]

Kaayyoo waraqaa waamichaatiin wal-qabatee, SDFHH kwt 233 fi 338 irraa ifatti mul'ata. Innis kaayyoo gurguddoo lamaaf yoo ta'u; inni jalqabaa:-himatamaan ykn himatamtoonni himannaa isaan irratti hundaa'e beekanii mirga deebii isaanii akka kabachiifatan kan taasisuuudha. Inni lammaffaaan immoo manni murtii dhimmicha itti fufee akka ilaaluuf aangoo kan kennuufiidha. Kan jalqabaatiin wal-qabatee:-himatamaan himannaa irratti dhiyaate baree deebii isaa barreeffamaan akka qopheeffatu, ragaa ykn sanadoota ittiin himannaa dhiyaate of irraa ittisuu danda'u qopheeffatee akka dhiyeeffatu, fi falmiiwwan itti aananii jiran keessatti akkamitti qophaa'uu akka qabu, ofiinis ta'e ogeessa seeraa ykn bakka bu'aa seeraan qophaa'ee akka falmatuuf carraa kan uumuufiidha[76]. Kun immoo mirga dhagahamuu himatamaa mirkaneessuu irra darbee falmiin haqa qabeessii fi madaalawaa ta'e akka geggeeffamuuf kan karaa saaquudha.

---

[74]Y.Srinivisa Rao, Servise Of Summons In Civil Cases,https://articlesonlaw.wordpress.com/2018/07/15/service-of-summons-in-civil-cases/, July 2018, accessed at 7:10, April 14, 2020
[75] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 78 fi miiljalee olii.
[76] Miiljalee olii, kwt 234, 338

Kan lammaffaatiin wal-qabatee:-waraqaan waamichaa akkaataa barbaadamuun himatamaa hin dhaqqabne taanaan, manni murtii dhimmicha itti fufee ilaaluuf aangoo hin argatu. Osoo waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa hin dhaqqabin falmiin bakka hin jirretti geggeeffamee murtiin kennnamee yoo jiraate iyyuu, himatamaan dhiyaatee waraqaan waamichaa na hin geenye jedhee kan mana murtii amansiisu taanaan, manumti murtichaa ofii isaatii deebi'ee murtii kenne akka kaasuu danda'u SDFHH kwt 78 irraa hubachuun ni danda'ama. Kana jechuun bakka waraqaan waamichaa himatamaa hin geenyetti, manni murtii murtii himatamaa irratti raawwatamuu danda'u kennuuf hin danda'u. Waan ta'eef, waraqaa waamichaa himatamaa dhaqqabsiisuun hojii xiyyeeffannoo addaa barbaadu ta'uu isaa namatti mul'isa. Waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa gahuu dhabuu isaatiin ykn yoo gahes yeroo gahaa himatamaa itti qophaa'uu danda'utti kan hin geenye yoo ta'e fi dhimmoota kanaan hidhata qaban ilaalchisee kutaa II moojula kanaa keessatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

3.2.Maloota Kenniinsa Waraqaa Waamichaa

Malootni kenniinsi waraqaa waamicha seera deemsaa keenya keessatti akkaataa bu'a qabeessummaa isaaniitiin bakka afuritti qoodamanii wal-duubaan kaa'amanii jiru. Isaanis:-1) mala kallattiin himatamaatti kennuu (personal service), 2) mala filannoo (constructive service), 3) mala poostaa fi 4) mala kenniinsa bakka bu'aa (substituted service) jedhamee ibsamee jira. Malli kallattii maloota kaan irra mala filatamaa yoo ta'u, kallattiidhaan himatamaatti kennuu jechuudha.[77]

Mala kallattiitti aansee malli filatamaa ta'e mala *filannoo* yeroo ta'u, kallattiin himatamaatti kan kennamu osoo hin taane; nama 3^{ffaa} waraqaa waamichaa kana ittiin ni gaha jedhamee abdatamutti kan kennamuudha.[78] Isaanis:-dubbi fixaatti ykn abukaattootti ykn qaama mootummaa yoo ta'e immoo mana galmee (Waraabbii Afaan Amaaraa) ykn akka itti manni murtii ajaje kan birootti (waraabbii Afaan Ingiliffaa) yoo ta'e, himatamaa kallattiidhaan qaqqabeera jechuun akka mala kallattiitti fudhatamuu akka danda'u seerichi tilmaama kaa'ee jira.[79]Himatamaan dhaabbata daldalaa (body corporate) yoo ta'e immoo barreesituutti ykn daayirekteroota dhaabbatichaa keessaa tokkotti, ykn dhaabbatichatti muudama ol'aanaa kan

[77] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 95(3)
[78] Miiljalee olii, kwt 101
[79] Miiljalee olii, kwt 96

qabutti yoo kenname ykn teessoo dhaabbatichi galmaa'e yoo qabaate poostaadhaan ykn yoo teessoo beekamaa hin qabu ta'e immoo bakka inni itti hojii daldalaa isaa itti geggeessutti erguudhaan yoo ta'e, akka mala kallattiitti fudhatamuu danda'a.[80]Dhaabbata shariikaa (partners) yoo ta'ee maqaa dhaabbata daldalaa isaatiin kan himatame yoo ta'e, miseensa shariikaa keessaa tokkoo fi sanaa olitti kennuun ykn bakka dhaabbatichi hojii isaa muummee itti hojjetutti erguun ykn dhaabbaticha geggeessummaan kan hoogganaa jirutti yoo kenname akka miseensa hunda bira gahetti ilaalama. Haa ta'u malee, waraabbii afaan lameen gidduu garaagarummaa xiqqootu jira. Afaan Ingiliffaa akkaataa armaan olii kanaan dhaabbata kanatti waraqaan waamichaa ergameera yoo ta'e, shariikonni dhaabbatichaa (partners) hundi ykn gartokkeen Itoophiyaa keessa jiraatanis jiraachuu baatanis mala filatamaadha jedhee jira. Kana jechuun dhaabbatichi Itiyoophiyaa keessatti hojjechuun qofti gahaadha yaada jedhuudha. Waraabbiin Afaan Amaaraa immoo geggeessaa ol'aanaatti yoo kennamee jiraate shariikonni (partners) Itoophiyaa keessa jiraatanis jiraachuu baatanis mala filatamaa ta'ee akka hunda isaanii gaheetti ilaalama. Waraabbiin Afaan Amaaraa kun keewwata 1 a fi 1 b walitti makee jira. Akka tumaa kana irraa hubatamutti, dhaabbati shariikaa kun kan diigame yoo ta'e, tokkoon tokkoon shariikotaa waraqaan hin geenye taanaan, fudhatama hin qabu.[81]

Himatamaa bakka bu'iinsaan daldaluun wal-qabatee immoo aangoo tooraa mana murtichaan ala ta'ee garuu bakka bu'iinsaan daldala yeroo geggeessutti, aangoo mana murtichaa keessatti bakka bu'iinsaan ykn geggeessummaadhaan kan hojjetutti waraqaan waamichaa yoo kenname, akka qaamaan isaatti kennameetti fudhatama. Kanaan wal-qabatee, ajaji doonii bishaanirraa tokko akka abbaa doonii sanaatti ykn akka bakka bu'aa kireeffataa doonichaatti tilmaamni seeraa fudhatamee jira.[82] Qabeenyaa dhaabbataan wal-qabatee, seerummaa gaafatamu ykn miidhaan qabeenyichaan geessifame irratti himannaan yeroo hundeeffamuu fi kallattiin abbaa qabeenyaa argachuu yoo dadhabame; yeroo sanatti nama bakka bu'iinsaan waraqaa fuudhu yoo jiraate isatti, yoo hin jiru ta'e immoo qabeenyicha kan eegutti kennameera yoo ta'e, akka kallattiin himatamaatti kennameetti tilmaamni seeraa fudhatameera.[83]

[80] Miiljalee olii, kwt 97
[81] Miiljalee olii, kwt 98
[82] Miiljalee olii, kwt 99
[83] Miiljalee olii, kwt 100

Malli filannoo kan biraan miseensa maatii himatamaa keessaa tokkotti waraqaa waamichaa kennuudha. Kun kan hojiirra oolu himatamaan argamuu kan hin dandeenye yoo ta'ee fi bakka bu'aa tasumaa kan hin qabne yoo ta'e, miseensa maatii keessaa kan gaheessa ta'e (on any adult) tokkotti kennuun akka waraqaan waamichaa himatamaa gaheetti ilaalamuu danda'a.[84]As irratti qabxiin yeroo baay'ee falmisiisaa ta'u, miseensi maatii eenyu fa'i kan jedhudha. Fakkeenyaaf:-hojjettuun manaa yeroo isheen itti biraa deemtu hin beekamu, garuu wajjinuma jiraatti waan ta'eef, miseensa maatii jenna moo miti kan jedhu falmisiisaa ta'uu mala. Kanaaf, seera biraa fi aadaa naannoo ilaaluun baay'ee murteessaadha ta'a. Leenjitoonni qabxii kana mariin kan gabbisan ta'a. Malli filannoo biraan yeroo baay'ee ifaa hin taane, kan seericha kwt 109 jalatti ibsamee jiruudha. Himatamaan hojjetaa mootummaa ykn dhaabbata, ykn Inistitiyuuitii ykn kaampaanii ta'ee kan hojjetu yoo ta'ee fi manni murtii mala salphaa ittiin waraqaan waamichaa himatamaa gahu ta'uu isaa yoo amane, garagalcha wajjin wal-qabsiisuun hoogganaa Waajjirichaa ykn dhaabbatichaatti akka kennamu ajajuu danda'a.[85]

Gaaffii Marii

- Miseensi maatii akka Itoophiyaa ykn naannoo Oromiyaatti eenyu fa'i? Hojjettuun miseensa maatii ta'uu dandeessii? Kaayyoo waraqaa waamichaa wajjin wal-simsiisaa irratti mari'adhaa?

Dhimma 24ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 18ffaa, lakk.galmee 100673 irraa fudhatamedha. Himataan waraqaa waamichaa himatamaatti geessee hojjettuu mana galmeetti kennee, waraqaan waamichaa gahuu isaa chaappaa geengoo manichaatiin mirkaneessitee deebi'ee galmeetti qabateera. Himatamaan garuu hin dhiyaanne. Manni murtii jalqabaa akkaataa SDFHH kwt 70(a)tti bakka himatamaan hin jirretti itti fufee himatamaan qar. 128700 akka kaffalu itti murteessee jira. Sana booda, himatamaan yeroo waraqaan waamichaa dhufe hoogganaan waajjirichaa leenjii deemee kan ture ta'uu, itti aanaan immoo gandoota babal'isuuf bahee kan ture ta'uu ibsuun murtiin bakka hin jirretti kenname akka irraa ka'u gaafatee jira. Himataan

[84] Miiljalee olii, kwt 101

[85] Malli kun maloota afran keessaa mala filannoo akka ta'e namatti argisiisa. Sababni isaa hoogganaan Waajjirichaa ykn dhaabbatichaa yommuu waraqaa waamichaa kana fuudhu, amansiisa kennee waan fuudhuuf, waraqaa waamichaa kana himatamaan ni gaha jedhamee amantaan gatama waan ta'eefiidha.

immoo waraqaan waamichaa gahuu isaa hojjettuun mana galmee chaappaa itti gootee mirkanaa'ee galmeetti qabatee waan jiruuf, murtiin ka'uuf sababa hin qabu jedheera.

Manni murtichaas:-Murtiin bakka hin jirretti kenname tokko ka'uu kan danda'u sababi gahaan yoo jiraateedha. Hoogganaan waajjirichaa yoo jiraachuu baates; namni biraan bakka bu'ee falmuu danda'a. Hojjettuun mana galmee waajjirichaa waraqaa fuutee kan mallatteessite gaafa 10/05/2005 yoo ta'u, kan isheen boqonnaa baate immoo gaafa 13/05/2005 dha. Manni hojichaa immoo yeroo boqonnaa kennu nama osoo bakka hin buusin akka hin laanne beekamaadha. Kanaaf, sababni gahaan hin jiru jechuun iyyata dhiyaate kufaa godhe.

Manni Waliigalaa Naannochaa immoo yeroo xiinxalu:-waraqaan waamichaa mana galmee galuun isaa hin haalamne, garuu waraqaan kun hoogganaa waajjirichaa hin geenye. Hojjettuun mana galmee waraqaa waamichaa kana *lookerii* keessatti yoo itti qolloftee deemte, hojjetaa kan biraatti ykn hoogganaa hin dhaqqabsiifne yoo ta'e, manni hojichaa dhibaa'ummaan ykn seera tuffachuun hafeera jechuun hin danda'amu. Manni murtii jalaa kun gadi fageenyaan qoratee kisaaraa gahaa illee itti muree falmiitti galchuutu irra ture. Kanaaf, iyyata bu'uura SDFHH kwt 78tiin dhiyaate kufaa gochuun isaa sirrii miti jedheera diigeera. Dhaddachi Ijibbaataa naannoo sanaas murtii kana cimseera.

Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa:-falmiin jiru waraqaan gahuu fi dhiisuu osoo hin taane hooggantoota dhimmichi ilaallatu hin geenye kan jedhuudha. Adeemsi waraqaan waamichaa ittiin kennamu SDFHH kwt 96 fi 102 jalatti ibsamee jira. Manni murtii ol'aanaa adeemsa kanaan waraqaa waamichaa hin dhaqqabsiifne yoo ta'e, murtiin bakka hin jirretti kenname akkaataa SDFHH kwt 78(2)tti ka'uu akka danda'u ifadha. Akka dhimma kana irraa hubatamutti, yeroo waraqaan waamichaa ergametti hooggantoonni waajjirichaa hojii fi leenjii irra akka turan mirkanaa'aadha. Akkasumas, himataan waraqaa waamichaa mana galmee waajjirichaatti galii gochuun mirkaneessa fudhachuun ibsuun falmuu irraa kan hafe waraqaa waamichaa kana nama rogummaa qabutti kennuu isaa waan ibse hin qabu. Manni murtii jalaas, waraqaa waamichaa kana kan fuute hojjettuu mana galmee ta'uu ishee ibsuu irraa kan hafe, dubbi fixxuu ykn muudamtuu mana galmee sanaa ta'uu waan ibse hin qabu. Kanaaf, adeemsa kenniinsa waraqaa waamichaa osoo hin eegin murtiin bakka hin jirretti kenname akka ka'uuf gaafachuun mirga murtii Mana Murtii Waliigalaa cimseera

Gaaffiilee Marii

1. Adeemsa kenniinsa waraqaa waamichaa seerri kaa'ee jiru bu'uura godhachuun murtiilee kana akkamitti ilaaltu? SDFHH kwt 96(3) faana ilaalaa!
2. Dhimma kana keessatti kan rakkoo ta'u, waraqaan waamichaa sirnaan hin geenye (not duly served or communicated) kan jennu waan hooggantoonni hojii ykn leenjii deemaniif ta'uu danda'aa? Dubbi fixaan Waajjirichaa osoo waraqaa kana fuudhee irraanfatee *lookerii*tti cufee deemeera ta'ee hoo? Ejjennoon keessan maal ta'a?

Malli biraan mala bakka bu'iinsaa (substituted service) yoo ta'u, mala bu'a qabeessummaan isaa baay'ee gadi bu'aa dha jedhamee qeeqamuudha. Inumaa iyyuu biyyoota tokko tokko keessatti akka waraqaan waamichaa tasumaa hin geenyeetti *(it is equivalent to no service at all*) ilaalama[86]. Itoophiyaa keessatti garuu malli kun of danda'aa ta'ee beekamtii kan qabu yoo ta'u, ulaagaleen dursa ilaalamuu qaban maloota idileen himatamaan argamuu kan hin dandeenye yoo ta'e ykn himatamaan akka waraqaan waamicha isa hin dhaqqabneef naannoo irraa kan miliqe yoo ta'e, moora mana murtii bakka ifaa ta'etti dhoobuun ykn bakka yeroo dhumaaf jiraataa turetti ykn hojii daldalaa geggeessaa turetti dhoobuun ykn gaazexaan labsuudhaan ykn akkaataa kwt 106 fi 107tti erguun ykn akkaataa barbaachisaadha jedhee manni murtii itti amane kamiin iyyuu fayyadamee himatamaan waamamuu isaa akka beeku taasisuudha. Kanaaf, akka Itoophiyaatti sirni waraqaa waamichaa mala filannoo (substited service) kun akkuma maloota kaanii waraqaan waamichaa akka himatamaa gaheetti ilaalamee manni murtii deemsa jiru itti fufuu danda'a.[87]Haa ta'u malee, akkuma beekamu, yeroo seerri deemsaa kun tumametti guddinni teknoloojii quunnamtii boodatti hafaa waan tureef, mala filannoo kana irratti ibsamee kan jiru gaazexaa qofa. Kanaaf, malli teknoloojii quunnamtii biroon kanneen akka mala *meel elektrookiksii (electronical male) warreen akka* iimeelii (E-Mail), *meseenjerii(messenger), waatis aappi (Whatsapp), teelegiraamii(Telegram), islaakii(Slack) fi kkf* yeroo ammaa odeeffannoo battalatti nama dhuunfaa biraan gahuu irratti dorgomaa hin qaban. Kanaaf, gara fuula duraatti sirni elektrooniksii kun hojiirra ooluu mala.

Haa ta'u malee, kallattii kamiin iyyuu kaayyoon himatamaa barbaaduu inni guddaan himatamaan himannaa isa irratti hundeeffamee jiru beekee mirga isaatti akka fayyadamu

[86] Robert Allen Sedler(B.A., LL.B), Ethiopian Civil Procedure, (Faculty of Law Haile Sellasie I University, Addis Ababa), 1958, fuula 111.
[87] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 105

gochuudha waan ta'eef, mala kamiin iyyuu himatamaan beekee kan dhiyaatu yoo ta'e, seera qabeessummaa duraa duba mala kenniinsa waraqaa waamichaa wanti falmamuuf hin jiraatu. Sababni isaa akka qajeeltootti seeruma kana kwt 94(1) jalatti tumamee kan jiru yoo ilaalle, waraqaadhumti waamichaa mana murtii keessaa bahuu kan danda'u, yoo himatamaan himatamuu isaa dhagahee hin dhiyaannedha. Himatamaan waamicha tokko malee karaa kamiin iyyuu dhagahee dhiyaatee himannaa irratti dhiyaateef deebii yoo kenne ykn amanee dhimmicha kan raawwatu yoo ta'e, waa'een maloota kenniinsa waraqaa waamichaa dubbatamuu hin qabu, barbaachisaas miti. Kanaaf, seeruma kana kwt 105 (1) gadi qabnee yoo dubbisne, malli manni murtii ni ta'a jedhee yaade kamiyyuu fudhatama qaba jedhee waan jiruuf, maloota teknoloojii quunnamtii odeeffannoo kana fayyadamnee yoo hojiirra oolchine seera qabeessa miti jechuun hin danda'amu. Wanti guddaan odeeffannoon kun himatamaa gahuu isaa maaliin mirkaneeffanna kan jedhuudha. Tarii akkuma tumaa seerichaatti gaazexaa irratti guyyaan murteeffamu ykn mooraa fi bakka daldala himatamaatti guyyaan murteeffamee labsamu, maloota tenkoloojii kana irratti hiikkoo *anaaloojiitiin* hojiirra oolchuun ni danda'ama ta'a. Biyyi Hindii hiikkoodhaan dhimma kana hojiirra oolchaa akka jirtu ni hubatama.[88] Dhimma kana irratti leenjitoonni mariin kan gabbisan ta'a.

Malli biraan mala poostaati. Malli kun maloota sadeenitti dabalataan ykn of danda'aa ta'ee kennamuu danda'a. Himatamaan daangaa aangoo mana murtii biraa keessa kan jiraatu yoo ta'es, karaa mana murtii bakka sanaatiin poostaan akka ergamuuf gochuun ni danda'ama. Himatamaan Itiyoopiyaan ala kan jiraatuu fi biyya keessaa waraqaa yaamichaa bakka bu'aa fuudhuuf kan hin qabne yoo ta'e, akkasumas alatti bakki jireenyaa isaa beekamaa yoo ta'e, achumatti karaa poostaa ergamuufii danda'a. Teessoon isaa beekamaa miti yoo ta'e garuu seerichi gara mala bakka bu'aa (substituted) qajeelchuun gaazexaa ifaan akka maxxanfamu taasisa jedha.[89]

3.3.Mirkaneessa Gahiinsa Waraqaa Waamichaa

Waraqaan waamicha maloota armaan oliitiin ergamuun isaanii qofti gahaa miti. Himatamaan waamamuu isaa sirnaan dhagahuu qaba. Isa kanas seerri iddoo baay'eetti, *haala amansiisaa ta'een dhaqqabuu (duly served)* kan jedhu fayyadamee jira. Kunis, akkaataa maloota

[88] Y.Srinivasa Rao(judge), Service of Summons in Civil Cases, (Latest Law Articles, Essay Writing For Civil Judge's Exam), July 2018
[89] Miiljalee olii, kwt 106, 107 fi 108

kenniinsa waraqaa waamichaa irratti hundaa'ee garaagarummaa qabaachuu danda'a. Mala kallattii fi filannoo armaan olitti ibsameen wal-qabatee, waraqaan waamichaa yeroo himatamaaf ergamu, himatamaan ykn qaamni bakka himatamaa bu'ee waraqaa waamichaa fuudhu waraqaa waamichaa isa muummichaa (original) irratti waraqaan kun gahuu isaa mallatteessee amansiisa wajjin deebisuu qaba.[90] Qaamni waraqaa geesse, himatamaan ykn qaamni waraqaa waamichaa fuudhe sun yommuu mallatteessee fuudhu ykn mallatteessee amansiisa kennuu yoo dide ykn tasumaa fuuchuu yoo dides kanumatu ibsamee kakuudhaan deggeruun, mala ittiin waraqaa sana geessee fi yeroo itti geesse, akkasumas ragaa biratti itti kennee wajjin ibsee mana murtiif deebisuu qaba.[91] Kana booda manni murtii, filannoo lama qaba. Isaanis:- waraqaa waamichaa haaraa ajajuu ykn mala filannoo kan kwt 105 jala jirutti fayyadamuudha. Haa ta'u malee, kwt 103'n wal-qabatee warabbii Afaan lameenii gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Waraabbiin Afaan Amaaraa kwt 103(2) kan hin qabne yoo ta'u, Afaan Ingiliffaa garuu xiqqaa 2 wajjin tumamee jira. Akkasumas, tumaa Afaan Ingilizii yoo hordofne, adeemsi kwt 103 jala jiruu fi adeemsi kwt 105(2) jala jiru hordofamuu akka qabu ibsa. Kunis waraqaan waamichaa sun kakuudhaan deggeramee erga deebi'een booda manni murtii waraqaa waamichaa haaraa akkaataa seericha kwt 94tti ykn akkaataa kwt 105 (1)tti mala bakka bu'iinsaa hojiirra akka oolchutti kallattii kaa'a. Haa ta'u malee, erga waraqaan waamichaa deebi'ee ji'a sadii gidduutti mala kana fayyadamuuf himataan hin iyyatu yoo ta'e, akkaataa kwt 70tti dagannoo himataatti lakkaa'ama jedha. Akkasumas, waraabbiin Afaan Amaaraa kwt 103 jalatti diddaa haammachiisee kan kaa'e yommuu ta'u, waraabbiin Afaan Ingiliffaa immoo diddaa hin ibsine. Kun immoo kwt 103 diddaa ilaalchisee raawwatiinsa waan hin qabne fakkeessa.

Mala bakka bu'iinsaatiin wal-qabatee garuu amansiisa fudhachuun ulfaataadha. Kanaaf, akka seericha kwt 105(4) irraa hubatamutti, manni murtii yommuu waraqaa waamichaa bakka ifaa fi mooraa mana murtii keessatti maxxansu ykn gaazexaadhaan labsu ykn mala biroo kana fakkaatuun ajaja kennu guyyaa itti himatamaan dhiyaachuu qabu daangessee ibsuu qaba. Guyyaa sana gidduutti hin dhiyaatu yoo ta'e, akkaataa tumaa kana xiqqaa 3tti akka waan himatamaa kallattiin gaheetti fudhatamee adeemsi hafe itti fufuu akka danda'u hafuura seerichaa irraa ni hubatama. Kanaaf, mirkaneessi ittiin amansiisa fudhatan waan hin jirreef, guyyaadhuma manni murtii murteessee ajaja itti kennutu quubsaa ta'uu danda'a jechuudha.

[90] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 102
[91] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 103 fi 104

Mala poostaatiin wal-qabatee garuu amansiisa kallattii himatamaa irraa fudhachuu yoo dadhabame illee karaa mana poostaa yeroo himatamaan poosticha mallatteessee fudhatu ykn poostaa sana fudhachuu diduu isaa Manni poostaa xalayaadhaan yoo ibse akka amansiisaatti ilaalamuun akka waraqaan gaheetti mirkaneessuun akka danda'amu seerichi ni kaa'a.[92]

Gama biraatiin immoo waraqaan waamichaa gahuu isaa qaamni geesse ykn himatamaan haalota armaan olii kanaan yoo mirkaneesse illee himatamaan kallattii garaagaraan mormii kaasuun ajajoota manni murtii itti fufuun kenne kaasisuu danda'a. Fakkeenyaaf:- 1) waraqaan waamichaa mala sirrii fayyadamuun naaf hin ergamne, ani hin dhageenye yoo jedhe, hiikkoo sirnaan hin geenye (not duly served) kan jedhu guutuu danda'a, 2) Gama biraatiin waraqaan waamichaa kun isa gahee yoo jiraates, yeroo gahaa fi quubsaa ta'e keessatti deebii isaa, ogeessa seeraa fi ragaa isaa qindeeffachuu haala dandeessisu keessatti hin dhageenye ykn na hin geenye jechuun falmee mirkaneeffachuu danda'a, 3) inni biraan immoo waraqaan waamichaa sirnaan gahee yoo jiraates, sababa humnaan olii ykn quubsaa ta'e dhiyeessuun mana murtii kan amansiisu yoo ta'e, ajajoota kenniinsa waraqaa waamichaa booda itti fufanii kennaman kaasisuu danda'a.[93]Dhimma kana moojula kutaa II keessatti waa'ee hafiinsa falmitootaa fi bu'aa isaa jedhu jalatti bal'inaan ibsamee jira.

Gaaffiilee Marii

1. SDFHH kwt 103 yeroo ilaallu, waraabbiin Afaan lameen garaagarummaa qabu. Afaan Amaaraa himatamaan waraqaa waamichaa fuuchuu yoo dide ni haammata, Afaan Ingiliffaa garuu yaad-rimee kana hin qabu, himatamaan yoo argamuu dhabe jedha. Akkasumas, waraabbiin Afaan Amaaraa bifa waliigalaatiin gara kwt 105tti kan qajeelchu yoo ta'e, Afaan Ingiliffaa immoo gara kwt 105(2)tti qajeelcha. Kamtu dhama qabeessa? Qabatamaan garaagarummaa uumu qaba jettuu?
2. Mala filannoo SDFHH kwt 105(1) jalatti keessatti tenkonoloojii quunnamtii odeeffannoo kanneen akka Facebook, whatsapp, e-mail, galchinee fayyadamuu dandeenyaa? Akkamitti hojiirra oolchina? Himatamaa dhaqqabuu fi dhiisuu isaa maaliin mirkaneessina?

[92] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 106(2)
[93] Ethiopian Civil Procedure Code, kwt 69-78 ilaaluun argachuun ni danda'ama.

3. Akka kwt 94 fi 102, akkasumas kwt 70 (a fi b), 75(2) fi 78(2) iraa hubatamutti waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa gahuu kan jedhu jechi Afaan Ingiliffaan *duly served* jedh barreeffamee argina. Maal jechuudhaa, akkamitti hiiknee hojiirra oolchina? SDFHH kwt 233 fi 338 irraa deebii argachuu dandeenyaa? Xiinxalaa?
4. Akkaataa SDFHH kwt 105(2) waamichaa haaraa kan jedhu akkamitti hojiirra oola jettu?

Dhimma 25ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F Jildii 1ffaa, lakk.galmee 14974 irraa fudhatameedha. Mana Murtii Ol'aanaa Shawaa Bahaatti himataan nama sadii himateera. Sadeen keessaa himataan bakka bu'aa himatamtuuti. Mana murtii kanatti bu'uura aangoo bakka bu'ummaatiin deebii kan kenne himataa kana dha. Manni murtichaa bitaa fi mirga erga falmisiiseen booda murtii laateera. Himatamtuun waraqaan waamichi na hin geenye jechuun murtiin akka irraa ka'u bu'uura SDFHH kwt 78 tiin gaafatte. Manni murtii Ol'aanichaa:- waamichi bakka bu'aa isheetti kennamee karaa bakka bu'aa ishee falmitee jirti jechuun iyyaticha kufaa godheera. Manni Murtii Waliigalaa fi Dhaddachi ijibbaataa Oromiyaa murtii mana murtiii ol'aanichaa cimsaniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa:- bu'uura SDFHHL 57tiin namni tokko bakka bu'aan falmuu ni danda'a. Bakka bu'aan kunis ulaagaa seera hariiroo hawaasaa guutuu qaba. Bu'uura SHHL kwt 2189 (1) tiin bakka bu'aan maqaa bakka buusaatiin fi aangoo isaatiin kan inni raawwate akkuma inni hojjetetti lakka'ama. Kanaaf, bakka bu'aan amanamummaa fi faayidaa bakka buusaatiif osoo walitti bu'insi faayidaa hin jiraatin hojjechuu qaba. Walitti bu'insi kun yoo jiraate beeksisuuf ni dirqama. Dhimma kana keessatti himataa fi himatamtuu jidduu walitti bu'insi faayidaa ni jira. Sababni isaa ofumaaf ishee himateera; ofumaafis deebii kenneera. Iyyattuus beeksisee itti amanuu ishee wanti ibsame hin jiru, inumaayyuu morma jirti. Kanaaf, himataan ofumaa himatee osoo isheen hin beekin deebiis kennuun isaa qajeeltoo fi tumaalee seera bakka bu'ummaa kan faallessu waan ta'eef, waraqaan waamichaa himatamtuu dhaqqabee falmitee jirti jechuun hin danda'amu jechuun murtiilee jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiileen manneen kana keessaa kamtu sirriidha? Waamichi himatamtuu dhaqabeera jechuun ni danda'amaa? Maaliif?
2. Aangoon bakka bu'ummaa osoo irraa hin ka'in hafuun isaa garaagarummaan fidu ni jiraa?

Dhimma 26ffaa

Dhimma Dh/IjM/M/W/Ftti Jildii 3ffaa, lakk.galmee 16301 irraa fudhatameedha. Himattuun "waraqaa waamichaa himatamaaf kallattiin ergeefii hin argamne. Bakka bu'aan isaa immoo waraqaa fuudhuu dide" jechuun bu'uura kew. 103 tiin kakuun dhiyeeffatte. MMSDF bu'uura kwt 105(1)tiin gaazexaan waamicha taasiseefii waan hin dhiyaanneef, bakka inni hin jirretti dhimmicha ilaalee murtii kenneera. Sana booda himatamaan dhimmicha baree murtiichi irraa ka'ee falmitti akka seenu yeroo iyyatu, manni murtichaa waamichi bu'uura SDFHH tiin taasifameefii jira jechuun kufaa godheera. Manni murtii ol'aanaa Federaalaas murticha cimseera.

Dhaddachi ijibbaataa:- "waamichi dursa bu'uura kwt 94 (1) tiin ergamuu qaba. Himatamaan yoo hin argamin ykn namni biraa yoo hin jiraanne; himataan sababa kanuma ibsuun bu'uura kwt 103 tiin kakuun mirkaneessuun yoo deebise, manni murtii filannoo lama qaba. Tokkoffaa:- himatamaan waamicha fuudhuu diduun ykn isa ga'uu isaatiif yoo mallatteessuu dide akka isa dhaqqabetti lakkaa'uun bakka hin jirretti ilaala. Lammaffaa:- waamichi sirriitti dhaqqabuu isaa sababni gahaan yoo hin jiraatin garuu yaalii duraatiin namni fuudhu dhabamuu isaa yoo amane filannoo biraa fayyadamuu qaba. Manneen murtii jalaas kwt 105 (1) fayyadamanii jiru waan ta'eef, sirna seeraa hordofamee jiru" jechuun cimseera.

Dhimma 27ffaa

Dhimma M/M/W/F lakk.galmee lakk.G. 447/93 murtii argate irraa fudhatameedha. Himannoo M/M/O/Ftti dhihaateef manni murtichaa waamicha Barreessaa dhaabbata himatamaatti ergee, bu'uuruma kanaan namichi sumuuda (chaappaa) dhaabbatichaatiin rukutee waan deebiseef, falmiin bakka inni hin jirretti bu'uura SDFHH kwt 70(a) tiin ilaalamee murtii argateera. Himatamaan namni kun maallaqa dhaabbatichaa balleessee waan badeef, dhaabbaticha bakka hin bu'u jechuun iyyata poolisiitti ittiin himatee jiru waliin

murtichi akka ka'u gaafate. Manni murtii ol'aanaa sababa quubsaa miti jedhee iyyaticha kufaa godheera.

M/M/W/F:- "barreessaan kun waamichaa fuudhuun sumuuda dhaabbatichaatiin deggeree deebiseera. Dhaabbata daldalaa akkanaatiif waamichi bu'uura kwt 97 tiin kennama. Barreessaan hogguu waamicha fuudhutti aangoo isaa irraa bu'uun isaa hin mirkanoofne. Xalayaan poolisiis himanni barreessicharratti dhihaatee barbaadamaa jiraachuu qofa ibsa. Kanaaf, waamichi kun sirna SDFHL 97 (a) guuteera jechuun" cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmoota armaan olii keessatti murtiilee sadarkaa sadarkaan kennamanii jiran akkamitti ilaaltu?
2. Dhimmoota armaan olii keessatti kenniinsi waraqaa waamichaa sirnaan hin geenye (not duly served) jechuuf wantoota dandeessisan kaasaa irratti mari'adhaa!
3. Himataan tokko waraqaa waamichaa himatamaatti akka geessu ajajamee garuu himataan poolisiitti ykn miliishaa gandaatti kennee himatamaan waraqaa waamichaa fuudhuu diduun yoo oole, waraqaan waamichaa sirnaan gaheera jechuu dandeenyaa? Maaliif?

ILOOHOSO

BOQONNAA AFUR

MAKAMIINSA FALMITOOTAA FI JIDDU LIXUMMAA GAREE SADAFFAA

4.1.Seensa

Kaayyoo seera deemsa falmii keessa tokko falmii wal-fakkaataa ta'an yeroo tokkotti baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti murtii akka argatu taasisuudha. Kanas galmaan gahuuf SDFHH kan fayyadamu keessa tokko gareewwan dhimmi tokko ilaallu hunda isaanii falmii tokko keessatti haammachuun falmiin akka geggeefamu taasisuudha. Adeemsa kana keessaa tokko ammoo makamiinsa himattootaa, himatamtootaa fi garee sadaffaa (joinder of plaintiffs, defendants and third parties) jedhamuun beekama. Adeemsa kanaanis gareen dhimma tokko irraa falmii walfakkaataa qabu tokko dhimmicha ilaalchisee gurmaa'uudhaan iddoo tokkotti himataa ta'ee ykn himatamaa ta'ee ykn erga falmiin eegalee garee sadaffaa ta'uun akka jidduu seenu falmiin iddoo tokkotti gareewwan hedduu haammachuun akka taasifamu sirna itti ta'u jechuudha.

Boqonnaa kana jalattis SDFHH keenya dhimma kana ilaalchisee haala akkamiin akka of jalatti haammatee jiruu fi hubannoon dhimmoota kana ilaalchisee leenjitoonni hubannoo hojiif isaan barbaachisu akka horatan taasisuudha.

Boqonnaa kana booddees leenjitoonni:-

- Maalummaa makamiinsaa ykn tokko ta'uu falmitootaa adda baasuun ni hubatu.
- Falmitoonni yeroo akkamii maaliif akka walitti makaman ykn tokko ta'anii dhihaatan ykn falman adda baasanii ni hubatuu.
- Dhimmoota qabatamoo manneen murtii keessatti makamiinsa ykn tokko ta'uu falmitootaa ilaalchisee ka'uu danda'an kaasuun kallatti gara fuulduraa ni akeeku.
- Maalummaa sirna jiddu lixummaa garee sadaffaa fi qaawwaa hojimaataa fi seera gidduutti uumamu hubachuun kallattii wal-fakkaataan hojiirra ni oolchu.
- Ulaagaawwan jiddu-lixummaaf barbaachisu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,

- Maalummaa, kaayyoo fi ulaagaawwan himatamummaan makamiinsa garee sadaffaa himattummaan makamuu irraa adda baasanii ni hubatu.
- Walitti dhufeenya himataa, himatamaa muummee fi garee sadaffaa himatamummaan makamuu jidduu jiru ni hubatu.

4.2.Makamiinsa Falmitootaa (Joinder of Parties)

4.2.1. Maalumma Makamiinsa Falmitootaa

Guuboon jechootaa Blacks Law makamiinsa falmitootaa ilaalchisee "*joinder is the uniting of parties or claim in a single lawsuit*"[94]jechuun hiikeera. Kana jechuunis, falmii tokko ilaalchisee namoonni mirga ykn dantaa walfakkaataa qaban iddoo tokkotti walitti qabamuun akka falman adeemsa taasisudha. Barreeffamni kan biraa tokko immoo makamiinsa walfalmitootaa ilaalchisee akkaataa itti aanutti hiikee jira: *-joinder of parties' means joining several parties as plaintiffs or defendents in the same suit. All or any of those persons can be joined to a suit as plaintiffs or defendents in whom the right to any relief is alleged to exist, or whom is alleged to possess any interest in the subject-matter of litigation, or in the opinion of the court is a proper or a necessary party. The fundamental consideration appears to be the existence of a right of relief in relation to the party. The opinion of the court shall also be based upon whether there is a right of relief in relation to the party in question*.[95]

Asitti kan ilaalamu, makamiinsaaf falmitoonni dhimma tokko irratti dantaa walitti dhihaatu qaban walitti makamuun himachuuf ykn ittisuuf kan danda'an ta'uu isaati. Kanaafis ulaagaan ta'uu qabu walitti dhufeenya gareen kun dhimma falmiif sababa ta'e waliin qabaniidha. Kunis, dhimma himannoof sababa ta'u keessaa dantaa kan qabu ta'uu akka qabu hubachuuniidha. Kanarraa ka'uunis falmii tokko keessatti namni dantaa qabu kamuu garee ta'ee himachuu ykn ittifachuu kan dandaa'u adeemsa kanaan ta'a. Kaayyoon isaas dhimmoota walfakkaatoo ta'an irratti falmiin irra deddeebiin gareewwan garaagaraa gidduutti akka hin geggeeffamneefiidha. Adeemsa kana keessatti mirgi haqa argachuu akkuma jirutti ta'ee gareewwan dhamaatii, baasii fi kisaaraa hin malleef osoo hin saaxilamin falmii geggeessuun akkamiin danda'ama yaada jedhu tilmaama keessa galchuun sirna bocamedha. Haaluma kanaan, SDFHH keessaa yeroo ilaallu, kwt 35 jalatti makamiinsa himattoota, kwt

[94] Blak's Law Dictionary, 9th ed.
[95] http://www.legalserviceindia.com/articles/cpc.htm (seen on Feb. 19/2014)

36 jalatti immoo makamiinsa himatamtootaa tumee jira. Makamiinsi falmitootaa bocaa fi hirmaattota falmii tokko kan bal'isu ta'uun isaa ni beekama. Kanaaf, faayidaa makamiinsaa ilaalchisee beektota ykn ogeessota seeraa[96] jidduutti yaadonni garaagaraa ni ka'u. Gareen tokko; makamiinsi faayidaa guddaa akka qabu ibsu. Sababoota itti aananii jiran dhiheessu;

- ✓ Makamiiinsi falmiitootaa baasii falmiif bahu akka qooddatan taasisa;
- ✓ Makamiinsaan dhimmoonni namoota hedduu galmee tokkorratti waan ilaalamuuf dhiibbaa fi baayyina hojii mana murtii ni xiqqeessa;
- ✓ Dhimmoonni walfakkaatan adda adda yeroo ilaallaman, carraan murtii walfaaalleessu kennuu uumamuu waan maluuf, makamiinsi carraa kana kan hanbisudha jechuun falmu.

Gareen yaada faallaa kanaa ta'e kaasan immoo makamiinsi boca falmii waan bal'isuuf falmiin lafarra akka harkifatu taasisa. Akkasumas, himatamaan himattoota hedduu ofirraa ittisuuf waan isa rakkisuu danda'uuf, dhiibbaa irraan ga'uu danda'a kan jedhu kaasu. Dhimmoota falmii lafa irra harkisiisuu danda'anii fi ofirraa ittisuuf rakkisaa ta'an ilaalchisee SDFHH kwt 221 jalatti manni murtii makamiinsi falmicha lafarra kan harkisu ykn himatamaarraan dhiibbaa ni dhaqqabsiisa jedhee yoo amane falmichi qofaatti akka geggeeffamu ajajuu akka danda'u tumameera.

4.2.2. Makamiinsa Himattootaa

Makamiinsa himattootaa ilaalchisee tumaan SDFHH kwt 35 kan agarsiisu, namootni lamaa fi isaa ol ta'an walitti makamuun mata duree tokko jalatti falmuu kan danda'an ta'uu isaati. Tumaa SDFHH kana haa ilaallu.

Art. 35. Joinder of plaintiffs;

All persons in whom any right to relief in respect of or arising from the same transaction or series of transactions is alleged to exist, whether jointly, severally or in the alternative, may be joined in one action as plaintiffs where, *if such persons brought separate actions any common question of law or fact would arise*.

[96] Richard P. Matschi: civil procedure: Parties to the suit: Michigan law review. Vol.51.no. 2 (dec. 1952) pp.286-288.

Himattoonni lamaa fi sanaa ol-falmii tokko keessatti walitti makamuu kan danda'an, bu'uura tumaa armaan oliitiin ulaagaawwan lama yeroo guutaman akka ni hubatama. Isaanis:-

a) Sababni gaaffii mirgaa kan waliinii (jointly) ykn akka tokkummaa fi qeenxee (severally) ykn filannoon (alternatively) gocha ykn taatee tokkorraa ykn walitti rarra'an irraa (series of transaction)[97] kan madde ta'uu danda'a. Barreeffamni tokko, "Each plaintiff must have a right to relief. It could exist in the form of a joint right, a separate right, or as an alternative. It means that each person has a right that exists independently of the right of others and he can bring sepate suit on it."[98] Jechuun ibseera. Kanaaf, gareen kun mataa isaan of danda'ee himannoo dhiheessuu kan danda'u ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Himattootni tokkoon tokkoon isaanii himataa isa biraa irraa adda kan ta'e sababa himannoo qabaachuu ni danda'a jechuudha.[99]
b) Himattoonni adda adda yoo himatan, ijoo seeraa ykn firii dubbii waliin qabaachuu qabu. Barreefamni tokko dhimma kana ilaalchisee gareen kun ijoo seeraa ykn firii dubbii hundi tokko ta'e osoo hin taane falmii isaanii keessaa ijoon walitti qabu tokko yoo jiraate gahaadha jechuun ibseera.[100]

4.2.3. Makamiinsa Himatamtootaa

Makamiinsi lammaffaan immoo makamiinsa himatamtootaa yoo ta'u, SDFHH kwt 36 jalatti ibsamee jira. Bu'uura tumaa kanaan, himatamtoonni hundumti isaanii walitti makamuun falmicha keessatti hirmaachu kan dandaa'an ta'uu isaa agarsiisa. Makamiinsa kanaaf ulaagaaleen tumaa armaan olii keessatti kaa'amanii jira:-

- Sababni himannaa dhihaate himatamtoota hedduu kan ilaallatu yoo ta'e;
- Walitti ykn addaan bahanii yoo himataman ijoon falmii fi seeraa murtiin itti kennamu tokko ta'uu ni dandaa'a yoo ta'e; walitti makamuun himatamuu ni danda'u.

---

[97] Transaction is not equivalent to 'juridical acts' such as contracts. It refers to circumstances, events. Situations…. Same transaction' is not 'same Couse of action'; the same transaction can give rise to different right to relief or Couse of action. The identity of a cause of action and the sameness of the specific relief sought are not requirements; each plaintiff may have a distinct cause of action d/t from a co-plaintiff.
[98] Civil procedure materials, collected and organized by Yazachew Belew, 2010, pp.6.
[99] Civil procedure materials, collected and organized by Yazachew Belew, 2010, pp.6.
[100] Miiljalee olii. "Not all issues to be decided have to be common; single cuts across all seems enough. Where these conditions do not exist, the result would be mis-joinder of plaintiffs."

Gaaffiin itti aanuu immoo kan makamuu danda'u yoo hafe ykn kan makamuu hin qabne yoo makame bu'aa maal hordofsiisa kan jedhu Kutaa II moojula kanaa keessatti waa'ee hafiinsa falmitootaa keessatti kan ilaallu ta'a.

4.2.4. Makamiinsa Sababoota Himannoo (Joinder of Cause of Action)

Yaad-rimee 'sababa himannootiif hiikni kana jedhanii kennuun rakkisaa ta'uu mala. Guuboon jechootaa Black's Law jedhamu, sababa himannootiif hiikkoo yeroo kennu *"a group of operative facts giving rise to one or more bases for suing; a factual situation that entitles one person to obtain a remedy in court from another person…This state of facts may be-a) a primary right of the plaintiff actually violated by the defendant,or the threatened violation of such right, which violation the plaintiff is entitled to restrain or prevent, as in case of actions or suits for injuctions.."*[101]jechuun ibseera. Hiikkaa kana irraa hanga ta'e sababi himannoo maal akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kunis mirga himataa himatamaadhaan sarbamee yoo jiraatee fi mirgichi deebi'ee himatamaan akka suphamu ykn dhidhiibamu ykn bakkatti deebi'u, ykn sarbamni mirgaa kun itti fufee akka hin raawwatamne akka dhorki ykn eegumsi taasifamuuf gaaffii mana murtiitti dhiyaatu akka ta'e ni hubatama. Fakkeenyaaf:-waliigaltee liqaa irratti guyyaa itti waliigalanitti himatamaan liqaa deebisuu yoo dide, mirgi himataan qabeenyaa ofii isaatti yeroo barbaadeetti fayyadamuu sarbamee jira jechuudha. Kanaaf, himatamaan dirqamee akka waliigalteetti naaf haa raawwatu jedhee kan himatu yoo ta'e, firiin dubbii sababa himannoo of keessaa qabuu fi eegumsa seeraa barbaadu akka jiru ni hubatama jechuudha.

SDFHH keenya deebinee yoo ilaalles yaad-rimee sababa himannoo jedhuuf hiika laatee hin jiru. Garuu, akka waliigalaatti firiin dubbii ykn ta'eewwan himannoof bu'uura ta'an sababa himannooti jechuun ni danda'ama. Haala addaatiin seeraan yoo dhorkame malee SDFHH kwt 217, 221, 218 fi 219 jalatti sababoota himannoo baay'ee iyyannoo tokko keessatti tarreessuun dhiyeessuun akka dandaa'amu tumameera.

Haa ta'u malee, sababoonni himannoo walitti makamuu hin qabne yoo jiraatanis mormuun akka danda'amu SDFHH kwt 220 jalatti ibseera. Garuu, walitti makamuun kun sirrii miti

[101] Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.Pdf" (ST.PAUL, MINN, 1999).

jedhamee mormiin dhiyaachuu qabu falmiin osoo hin jalqabin dursamee ka'uu qaba. Manni murtiis yoo itti amane sababoonni himannoo kun galmee adda addaa irratti akka ilaalaman gochuu danda'a (SDFHH kwt 221).

4.2.5. Qoqqoodinsa Makamiinsa Walfalmitootaa

Dhimma tokko irratti gareen falmiif dhahaatu tokko haala lamaan falmichatti makamuu ni dandaa'a. Isaanis;

4.2.5.1.Makamiinsa fedhiin (Permissive Joinder)

Makamiinsa fedhiin taasifamy ilaalchisee SDFHH biyya keenyaa kwt 35 fi 36 yoo walitti qabnee ilaalle caaseffama jechaa isaanii keessatti jecha afaan ingiliffaan "may be joined" jedhu kan qabatanii jiran ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kana irraa ka'uudhaan makamiinsi fedhiin taasifamu seera deemsaa keenyaa keessa kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Muuxannoon makamiisaa biyya Ameerikaa jiru yoo ilaalle, manni murtii isaanii tokko akkana jechuun makamiinsa fedhii hiikeer "Permissive joinder rules gives litigants the option of combining multiple parties and multiple claims in a single lawsuit"[102]jedha.

Hiikkoo kana irraa kan hubannu, gareen gita kana jalatti falmiif walitti makaman garee fedha isaaniin dhimmi isaanii sababoota armaan olitti ilaalleen ijoo seeraa fi dubbii tokko kan qabu waan ta'eef iddoo tokkotti walitti makamuun falmatan ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kan dagatamuu hin qabne garuu gareen kun of danda'uun himannoo mataa isaanii dhiheeffachuu kan dandaa'an ta'uu isaaniiti.

4.2.5.2.Makamiinsa Dirqii (Compulsory Joinder)

Makamiinsa dirqii jalatti gareen walitti makamuun falmu fedha isaan osoo hin taane haalli dhimmichaa dirqisiisee falmiitti seenee kan falmatu ta'uu isaa maqaa isaa irraa hubachuun ni danda'ama. SDFHH keenya keessatti dirqamaan makamuu ilaalchisee kan kwt 36(3) fi 36(4) jalatti ibsameen ala bal'inaan ifaan wanti tumame hin jiru. Kunis makamiinsa himatamtootaa qofa kan ilaallatuu dha. Isa kanaafis taanaan, bu'aan isaa ifaan tumamee hin jiru.

---

[102] United States District Court, M.D. Florida. AVISTA MANAGEMENT, INC., d/b/a Avista Plex, Inc., Plaintiff, v. WAUSAU UNDERWRITERS INSURANCE COMPANY, Defendant. No. 6:05-CV1430ORL31JGG. June 6, 2006. Slip Copy, 2006 WL 1562246 (M.D.Fla.)(Supplementary Materials, pp.11)

Dhimma 28ffaa

Dhimmi kun MMW/Federaalaatti lakk.galmee 9310 ta'e irratti ilaallamee kan murtii argateedha. Himattoonnni himatamtuun qabeenyaa dhaalaa abbaa isaanii qar. 606,000:00 shallagamuu akka deebiftuuf MMO tti himataniiru. MMMO/Federaalaa "maallaqni dhiyaate himattootaaf yeroo qoodamu qar. 500, 000:00 waan ta'eef, bu'uura labsii lakk. 25/1996 kwt 11(1)tiin manni murtii kun aangoo hin qabu jechuun galmee cufeera. MMW/Federaalaa: SDFHH keesstti makamiinsi falmitootaa kwt 35, 36, fi 38 jalatti tumameera. Himattoonni ammaa himata kana dhiyeeffatan bu'uura kwt 35 tiin yommuu ta'u, bu'uura seera kanaatiin makamuuf himatni sababa tokko ykn sababoota hedduu kan bu'uureffate yoo ta'eedha. Sababni himatichaa himaattoota hunda kan ilaallatu yoo ta'e, qofa qofaatti maqaa isaaniitiin yoo himatan qabeenya ykn mirga himannoof bu'uura ta'e kan waliinii ykn kan tokko tokkoo isaanii ta'us, ijooon dubbii seeraa ykn firii dubbii murtiin irraatti kennamuu qabu tokko yoo ta'eedha. Himattoonni kan gaafatan qabeenyaa dhaalaa waliiniiti, qabeenyi kun kan hin qoodamin waan ta'eef himannoof bu'uura kan ta'e qabeenyaa waliinii isaniiti jechuudha. Ijoon dubbii seeraa ykn firii dubbii gosa tokko akka ta'u ifaadha. Kanaaf, himattoonni ulaagaa kwt 35 ni guutu. SDFHH keessatti tumaalee jiran irraa akka hubatamutti, kaayyoo SDFHH galmaan ni ga'a jedhee yoo itti amane manni murtii falmitoonni gaaaffii osoo hin dhiyeessin, mataa ofiitiin falmitoota makuu qaba. Aangoo hundee dubbii murteessuuf, manni murtii hanga himattoonni fuulduratti argachu danda'an dursee tilmaamuun osoo hin ta'in hanga maallaqa ykn gosa dhimmaa himatarratti caqasame qofa ilaaluun ta'a. Kanaaf, sababoota armaan oliitiin murtiin mana murtii jalaa sirrii miti jechuun diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Falmitoonni falmii tokko keessatti walitti makaman gaaffiin seerummaa gaafatan garaagaara ta'uu ni dandaa'a? SDFHH kwt 38 waliin ilaalaa.
2. Dhimma armaan olii keessatti murtii M/M isa kamitu dhama qabeessa? SDFHH kwt 17(1) waliin akkamitti ilaaltu?
3. Makamiinsa himatamtootaaf ijoo dubbii seeraa ykn firii dubbii waliinii qabachuun isaanii gahaa akka ta'e SDFHH kwt 36 jalatti tumameera. Kanaan walqabatee gocha ykn taatee (transaction) adda adda irraa madde ilaalchisee haalli ijoon seeraa ykn firii dubbi waliinii itti jiraatu ni jiraa? Fakkeenya waliin ibsaa.

ILOOHOSO

4. Dirqamaan makamiinsi ifaan SDFHH keenya keessatti ibsamuu dhabuun isaa sababni isaa maal isinitti fakkaata? Namoonni dirqamaan makamuu qaban namoota akkamiiti?
5. Bu'aan makaniisa garee falmitootaa dirqama makamuu qabanii maali? SDFHH kwt 39 waliin akkamitti ilaaltu?
6. Aangoon mana murtii bu'uura SDFHH kwt 39 fi 40(2) tiin falmitoota dirqamaan makamuu qaban ilaalchisee qabu himattootaa fi hmatamtoota irratti garaagarummaa ni qabaa? Maaliif? Furmaanni fi filannoon mana murtii maal fa'a?
7. Walitti dhufeenyi makamiinsa falmitootaa fi makamiinsi sababoota himannoo akkamitti ibsama?

4.3.Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa (Intervention of Third Parties) (kwt 41)

4.3.1. Maalummaa Fi Kaayyoo Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa

SDFHH keessatti sirni jiddu lixummaa garee sadaffaa fedhii ykn gaaffii garee sadaffaa bu'ureffachuun jiddu lixummaa taasifamudha. Dhimma falmiirra jiruun walqabatee gareen sadaffaan mirga ykn dantaan kiyya ni tuqama jedhu bu'uura sirna kanaatiin jidduu lixuun falmiitti hirmaachuun mirgaa fi dantaa isaa kabachiifachuu ni danda'a. Kaayyoon jiddu lixummaas dhimma murtiin irratti kennamuu danda'u tokko irratti falmiin geggeeffamu osoo addaan hin bahin akka geggeeffamu kan barbaadamu ta'uu isaati. Kana jechuunis ijoo wafakkaataa fi tokko ta'e irratti falmiin irra deddeebi'uun mana murtiitti geggeeffamuu hin qabu yaada jedhu tumsuufidha.

Haa ta'u malee, haala qabatamaa mana murtii keessa jiru irratti hundaa'uun hojiirra oolmaan sirnichaa irratti walfakkeenyummaan kan hin jirre ta'uu hubachuun ni dandaa'ama. Kanaafis akka sababaatti kan ka'u rakkoon hubannaa fi qaawwaan seerichaa gumaacha guddaa ni qaba. Kanarraa ka'uunis hojimaatni manneen murtii keenya keessa jirus walfakkeenyummaa hin qabu. Kanaaf, hog-barruuwwanii fi muuxannoo biyyoota biroo sakatta'uun rakkoowwan kanneeniif yaada furmaataa kallattii tokko agarsiisu kaa'uun barbaachisaadha.

Hiikkoo jidddu lixummaa ilaalchisee guuboon jechootaa "black law" akkasitti ibseera:-

"intervention: - the entry in to a law suit by third party who, despite who is not made party to the action, ***has personal stake in the outcome of the case***, the intervenor some times join the

plaintiff claiming what is sought, some times join the defendant resisting what is sought, and some times take position adverse to both plaintiff and defendant"[103]jedhee jira.

Hiikkoo kana irraas kan hubatamu; dhimma falmiin irratti geggeefamaa jiru ilaalchisee gareen sadaffaan falmichaan ala jiru mirga ykn dantaa isaa kabachiifachuuf karaa ittiin falmicha keessa seenu ta'uudha. Jiddu lixaan kun falmicha keessatti garee falmii ta'uun iyyataa (himataa) ykn himatamaatti makamuu ykn qofaatti of danda'uun garee himataattis ykn himatamaatti osoo hin makamin gaaffii mirgaa of danda'e dhiheessuun falmachuu akka danda'u hiikkoon kun ni agarsiisa. Akkasumas, hiikkoo kana irraa kan hubatamu, jiddu lixaa ta'uuf nama mirgi ykn dantaan isaa falmii geggeefamaa jiruun dhiibbaan irra gahu ta'uu isaati. Itti dabaluunis, namni tokko fedhii uummataa bakka bu'uun falmii keessa lixuu kan danda'u ta'uu ibsa itti aanu irraaa ifatti kan hubatamudha.

"...either on his own behalf or on behalf of the public or a portion there of; a person who voluntarily interposes in an action or the proceeding with the leave of court"[104]

Gara seera deemsaa keenyatti yeroo deebinu, bu'uura SDFHH tiin jidduu lixummaan karaa lamaan raawwatamuu kan danda'u ta'u isaa hubachuun ni danda'ama. Isaanis, namni mirgi isaa tuqamee fi mirgi uummataa yoo tuqame bakka bu'aan uummataa dhimma kana ilaalchisee falmii geggeessuu kan danda'u ta'uu isaati. Kana jechuun, jidduu lixaan falmii keessa kan seenu mirga ykn dantaa mataa isaa kabachiifachuuf ykn kan uummataa akka kabajamuuf ta'uu danda'a jechuudha. Itiyoophiyaatti, namni tokko dantaa ummataatiif ykn mootummaaatiif falmii tokko keessa jidduu-lixuun falmuu akka danda'u ilaalchisee tumaan ergaa guutuu dabarsuu danda'u jiraachuu yoo baate illee, Abbaan alangaa dantaa ummataatiif ykn mootummaatiif falmii keessa lixuu akka danda'u SDFHH kwt 42 jalatti tumameera. Tumaan kunis Abbaan Alangaa dhimmoota muraasa ilaalchisee falmii mana murtiitti dhihaate jiru jidduu lixuun falmuu kan danda'u ta'uu ni ibsa.

Akka waliigalaatti; hiikni sirna jiddu-lixummaatiif kennamu adeemsa gareen sadaffaa tokko yeroo mirgi isaa ykn dantaan uummataa tuqamutti falmiitti makamuun mirga isaa ykn dantaa uummataa kabachiisuuf danda'u ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.

---

[103] [Brian Garner] Black's Law Dictonary 7th Ed.
[104] Tapash Gan choudhury (2006) legal and commercial dictionary (6th ed.) Eastern law house, New Delhi, P.477

Yaad-rimeewwan armaan olii kanarraa ka'uun maalummaa fi kaayyoo sirnichaa raguun (infer) ni dandaa'ama. SDFHH kwt 41 afaan Ingiliziin akkas jedha;

Art. 41. Intervention of third party

1) Any person interested in a suit between other parties may intervene there in at any time before judgment.
2) The intervention shall be made by the filing of a separate statement containing all the grounds which justify such person in intervening.
3) Where the intervention is allowed, the proceedings shall be stayed until the parties have been served with a copy of the statement of the intervening party.
4) Where service is not affected for a reason attributable to the intervening party, he shall be deemed to have withdrawn his statement.
5) Nothing in this Article shall affect the provisions of Arts. 293-299

Afaan Amaaraa: ቁ. 41. የሶስተኛ ወገኖች ጣልቃ ገብነት

1. ባንዲ ክስ ለሎች ተከራካር ወገኖች በክርክር ላይ ባሉብት ግዜ ማናቸዉም ሶስተኛ ወገን በጉዳዩ ያገባኛል የምል ስሆን ከፍረድ ዉሳኔ በፍት ጣለቃ ገብ ሆኖ ለመከራከር ይችላል።
2. የጣለቃ ገብነቱ ማመልከቻ በክሱ ዉሰጥ ያገባኛል የምልበትን ምክንያት የምዘረዝርና በተለይም የመብቱን ሀኔታ የምገልጽ መሆን አለበት።
3. የጣልቃ ገብነቱ መብት ተወስኖ አመልካቹ በክርክሩ ተካፋይ እንድሆን ተፈቅዶ እነደሆኔ የጣለቃ ገቡ ማመልከቻ ለተከራካር ወገኖች እስክሰጥ ድረስ ክሱ ታግዶ ይቆያል።
4. የጣለቃ ገቡ ማመልከቻ ግልባጭ በራሱ ጉዲለት ለትከራካር ወገኖች ሳይደረስ የቀረ እነደሆኔ ጣለቃ ገቡ ነገሩነ ሆነ ቢሎ እነደተወዉ ተቆጥሮ መብቱ ይሰረዝበታል።
5. በዝህ ቁጥር የተመለከተዉ ድንጋጌ ከቁጥር 293 – 299 ለተመለከቱት ዲንጋጌ ተቃራን አይሆንም።

Tumaa kana waraabbii afaan lameen yeroo ilaallu; haala iftooma qabuun waan hin tarreeffamneef hanqina akka qabu ni mul'ata. Garuu sirni jiddu-lixummaa maal akka fakkaatuu fi galmi isaas maal akka ta'e tumaa seeraa kana irraa ka'uun yaada waliigalaa jiru hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf:-kwt 41(1) jalatti jiddu lixummaan gareen sadaffaa falmii gegeeffamaa jiru irraa mirga ykn dantaa nan qaba jedhu jidduu seenuun falmachuu kan danda'u ta'uu isaa ni ibsa.

Gareen sadaffaan kun jiddu lixummaan falmii keessa seenee falmachuuf haaldureewwan SDFHH kwt 41 jala jiran guutuu qaba. Innis jalqaba irratti falmiin jiddu lixummaan irratti gaafatamaa jiru dhaddacha irratti falmiin irratti kan geggeeffamaa jiru ta'uu qaba. Kana jechuunis sirni jiddu lixummaa himannaa (iyyata) mataa of-danda'ee hundaa'uu osoo hin ta'in, dhimma adeemsa falmii dhaddachaa irratti dhihaatee murtii eeggatu kan biroo irratti maxxanuun kan dhihaatu akka ta'e agarsiisa. Kun immoo fedhii ykn dantaa jiddu-lixaan kabachiifachuuf iyyatu ijoo dubbii ykn falmii seeraa adeemsa dhaddachaa bu'uuraa keessatti haammatamuu ykn hidhatiinsa qabaachuu kan danda'u ta'uu qaba. Akkasumas, jiddu-lixummaan himannaa haaraa osoo hin taane, falmii garee biroon geggeeffamaa jiru waliin falmii geggeeffamuu danda'u ykn addaan bahee ilaalamuu hin dandeenye ykn mirga jiddu lixaa irratti dhiibbaa fidu ta'uu isaa hubachuun qabna. Dhimmi kun kutaa itti aanu keessatti bal'inaan dhiyaateera.

Kanaaf, jiddu lixummaan dhimma haadhoo waliin hidhata kan hin qabne yoo ta'e ykn of danda'ee dhimma keessumeeffamuu danda'u yoo ta'e ykn jiddu-lixaa malee murtiin yoo kenname; dantaan ykn mirgi miidhamu hin jiru yoo ta'e, akka jidduu-seenuuf hayyamuun hin barbaachisu jechuudha. Kunis kan agarsiisu akka ulaagaa lammataatti falmiin jiddu-lixummaa dhimma haadhoo waliin walitti dhufeenya mirga ykn dantaa jiddu-lixaa miidhuu danda'u kan hin jirre yoo ta'e, jiddu-lixummaan kaayyoo mirga jiddu lixaa kabachiisuuf jedhu kan hin qabne waan ta'eef, falmii dheeressuu fi lafarra harkisuun miidhaa walfalmitoota hadhoo irraan geessisuu kan danda'u yoo ta'e heyyamamuu hin qabu.

Muuxannoo biyyoota biroo yoo fudhanne, walitti dhufeenya dhimma haadhoo fi iyyata jiddu-lixaa jidduu jiru agarsiisuuf, fakkeenyaaf: SDFHH biyya Faransaay akka armaan gadiitti kaa'ee jira:[105]

Article 325: An intervention will be allowed only if it is connected to the claims of the parties by a sufficient link.

Article 326: If the intervention delays excessively the judgement of the whole, the judge will first rule upon the main cause ofaction and thereafter consider the intervention.

[105] Seera deemsa falmii hariiroo hawwasaa biyya Faransaay kwt.325 fi 326.

Akka biyya kanaatti, dhimmi jiddu-lixaan qabatee dhihaatu, dhimma manni murtii ilaalaa jiru waliin walitti dhufeenya ykn hidhata kan hin qabne ykn hidhatni jiru gaha miti yoo ta'e, iyyanni dhihaatu fudhatamuu hin qabu. Akkasumas, hidhanni jiraatus, kan dhimma haadhoo lafarra harkisu ta'ee yoo mul'ate, dursee kan ilaalamuu qabu dhimma haadhoodha. Itti aansuun waa'een jiddu-lixummaa ilaalamuu qaba. SDFHH Itiyoophiyaa immoo yoo ilaalle, kwt 221 jalatti sababoonni himannoo bakka tokkotti walitti makamuun himattootaan dhihaate ilaalchisee haala barbaadamuun murtii haqa qabeessa ta'e kennuu hin dada'u taanaan, akka addaan bahee ilaalamu taasisuun kan dandaa'amu ta'uu isaa ibseera. Haa ta'u malee, waa'ee giddu-lixumma garee sadaffaa ilaalachisee haala kanaan ifatti tumaan kaa'e hin jiru. Kun akkuma jirutti ta'ee garuu giddu-lixummaan kun kaayyoo seera muummee fi seera deemsaa waliin kan wal hin simne ta'ee yoo argame, fakkeenyaaf jiddu-lixummaan garee saddaffaa dhimmicha kan lafarra harkisuu fi murtii haqa ta'e tokko kennuufis kan nama rakkisu ta'ee yoo argame, jiddu lixummaa dhorkuun qofaatti akka falmamu taasisuun kun haqa qabeessa ta'ee mula'ata.

Dhimma 29ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii waliigala Oromiyaatti wal-falmitoota Raggaasaa Hordofaa fi Kabbadaa Tasfaayee fi Jiddu-lixxuun Loomii Muluu ol-iyyannoon ilaalamee murtii kan argate irraa fudhatame. Ka'umsi dhimmichaa MMO/Godina Shawaa Bahaatti yoo ta'u, bu'uura waliigaltee gurgurtaa manaa himataa fi jiddu lixxuun, himatamaa waliin godhaniin himatamaan maallaqa irraa barbaadamu duguugee naaf hin kaffalle jechuun waliigaltichi akka diigamuuf himataan waan gaafateefii dha. Bellama guyyaa ragaa dhagahuuf buletti jiddu-lixxuun waliigaltee irratti mallatteesuu ishee amantee, haadha manaa himataa waan ta'eef jechuun qofa bu'uura SDFHH kwt 41tiin iyyata giddu-seentummaa dhiyeefattee jirti. Manni murtichaa:- "iyyattuun bu'uura kwt 41(2) tiin sababa iyyannoo ishee tarreessuun wanti dhiyeefatte hin jiru"jedhee iyyata ishee kufaa godheera.

Mana Murtii Waliigala Oromiyaa: "Ol'iyyattuun sadarkaa ol-iyyannootti sababoota hedduu tarreesitus, hedduun isaanii mana murtii jalaatti hin kaane" jechuun bu'uura SDFHH kwt 329 waan dhorkameef falmii isii bu'uura seeraatiin hin dhiyaanne" jechuun komii ol'iyyannoo kufaa godheera.

Dhimma kana irraa kan hubannu, ejjennoon manneen murtii kanaa jiddu-lixoonni falmii jiddu lixummaa yeroo dhiheeffatan sababa isaanii tarreessanii dhiheeffachuu akka qaban hubachuu ni dandeenya. Itti aansuunis, kan hubachuu dandeenyu iyyanni jiddulixummaa kan dhihaatu adeemsa dhaddachaa bu'uuraa irratti ta'us: iyyannichi dhiyaatee, dhagayamee, ajajni barbaachisaan hanga kennamutti kan qajeelfamu sirna jiddu-lixummaatiin ta'uu isaati. Gama kanaan, sirnichi sirna mataa ofii isaa danda'e akka ta'e saayinsii seeraa irraa ni hubatma. Yaad-rimee kana irraa ka'uun, tumaalee falmii dhaddacha bu'uuraa irratti raawwatiinsa qaban (procedural rules) sirna kana irratti raawwatiinsa hin qaban jechuudhaan ogeessoni kaasan ni jiru. Akka yaada kanaatti, adeemsi jiddu-lixummaa kan of danda'e waan ta'eef, hanga jiddu-lixummaan heyyamamutti sirna deemsaa mataa isaan geggeeffama kan jedhu kun falmisiisaa ta'uu mala. Fakkeenyaaf:- akkaataa iyyanni jiddu-lixummaa itti dhihaatu ilaalchisee tumaa sirna kanaa jalatti ifaan wanti ibsame hin jiru. Kanaaf, bu'uurumaan SDFHH ala adeemsi ittiin geggeeffamuu danda'u tilmaamuun rakkisaa ta'uu akka danda'u hubachuun ni dandaa'ama. Kana irraa kan ka'e, manneen murtii keenya keessatti adeemsa kana ilaalchisee wal-fakeenyummaan jira jechuun hin dandaa'amu.

Gaaffilee Marii

1) Iyyati jiddu lixummaa bu'uura sirna iyyannoon (general pleading rules) dhihaachuu qabamoo hin qabu jettuu? Maaliif? Sirni iyyannoo guutummaan guutuutti raawwatiinsa irratti hin qabu jechuu dandeenyaa?
2) Dhimma olii kana yoo ilaaltan, ejjennoon mana murtii maal argisiisa? Iyyati giddu-lixummaa of danda'aa ta'uu isaa ni argisiisa jettuu? Akkamitti?

Gama biraatiin immoo dhimmi kun adeemsa mataa isaa danda'een kan qajeelfamudha yoo jedhame dhimmicha adda baasuun dhimma of danda'e taasisuudha jechuun abbootiin seeraa kaasanis ni jiru. Yaadonni kun akkuma jiranitti ta'ee, jiddu-lixummaan amala mataa isaa fi kaayyoo SDFHH waliigalaa wajjin ilaalamuu qaba. Kaayyoon ijoon SDFHH falmiin haqummaan, karaa sirrii fi fudhatama qabuun; si'oominaan (ariitiidhaan) fi baasii xiqqaadhaan manneen murtii keessatti furmaata akka argatan taasisuudha. Kaayyoo waliigalaa kana galmaan ga'uuf SDFHH keessatti sirnoota diriirfaman keessaa tokko sirna jiddu lixummaa garee sadaffaa ta'uun dagatamuu hin qabu. Sirni kun kaayyoo waliigalaa

ILOOHOSO

kanniin dabalatee kaayyoo addaas ni qaba. Kana irratti muuxannoo biyya Ameerikaa yoo ilaalle:[106] "*Intervention has four purposes: -*

1. *The plaintiff has an interest in having forum if there is no alternative forum available, then his interest will be satisfied,*
2. *The defendant may properly wish to avoid multiple litigation or inconsistent relief or sole responsibility for a liability he shares with another,*
3. *The interest of the outsider whom it would have been desirable to join will be determined as a practical matter,*
4. *It is the interest of the court and the public in complete, consistent, and efficient settlement of claims"*

Ibsa mana murtichaa irraa akka hubatamutti, kaayyoon sirna kanaa heddumina falmii hambisuuf, murtiin wal-faalleessu akka hin kennamneef, mirga ykn fedhii himataa, himatamaa fi ummataa guutuu fi dhimmoota tokko ta'an ykn wal-fakkaatan iddoo tokkotti xumura akka argatan taasisuudha. Kanaaf, murtiin ykn ajajni jiddu-lixummaa ilaalchisee kennamuu qabu kaayyoo kana waliin kan sakattaa'ame ta'uu qaba. Akka biyya keenyaattis, seericha qaawwaa yoo qabaate illee iyyati jiddu-lixummaa eeyyamamuu fi kutaa falmii geggeeffamaa jiruu taasisuuf dursee kallattii kanaan ilaallamuu qaba.

Dhimma 30ffaa

Dhimma Mana Murtii Olaanaa Federaalaa Lakk.galmee 964 irratti falmii oliyyattuu Amalawarrq Yirgaa fi D/kennituu Asteer Maammoo jidduutti taasifamee murtii argate irraa fudhatame. Deebi-kennituun ammaa mana murtii olaanaatti guuddiftuu barataa Heenook Abarraa ta'uu fi dhaaltummaa barataa kanaa akka mirkanaa'uuf gaafattee jirti. Ol-iyyattuun ammaa falmii kun mirga ykn faayidaa kiyya ni tuqa jechuun haadha warraa seeraa du'aa (Abarraa Lammaa) ta'uu, umuriin mucaa waggaa 18 ol waan ta'eef, guddiftuun hin barbaachisu, abbummaan mucichaas hin mirkanoofne jechuun falmitee jirti.

Manni murtii olaanaa:- "iyyanni jiddu lixummaa kun fudhatama hin qabu" jechuun kufaa godheera. Manni Murtii Waliigalaa:- "manni murtii jalaa dhaaltummaa dura abbummaa barataa Henook mirkaneesuu qaba. Kana gochuuf immoo aangoo otoo qabuu bira darbuun isaa sirrii miti jechuun dursa abbummaa fi dhaaltummaa mirkaneessee, iyyata jiddu

[106] Oregon state Bar, civil pleading and practice, (orgon CLE 2006)

lixummaas qoratee murtii barbaachisaa haa kennu" jechuun murtii mana murtii jalaa diiguun galmee gadi deebiseera.

Dhimma 31ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/W/Federaalaa lakk. G. 8092 irratti murtii argate irraa fudhatameedha. Ka'umsi dhimmichaa falmii A/e Tsahaaynesh Asfaw fi A/e Muluu Mircaa jidduutti Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaatti waamamtuun ammaa haadha manaa du'aa obbo Abraahama W/Tinsaa'ee, guddiftuu ijoollee torbaa fi dhaaltummaan isaanii akka mirkanaa'uuf kan dhiyeeffatte irraa dhufe. Galmee kana irratti iyyattuunis haadha warraa du'aa, guddiftuu ijoollee shanii fi dhaaltummaan isaanii akka mirkanaa'uuf iyyata waamamtuu mormuun iyyata bu'uura SDFHH kwt 41 tiin falmii jidduu lixuuf dhiheeffattee jirti. Iyyattuun sanaan dura iyyata mana murtii sadarkaa jalqabaa Federaalaatti dhiheeffattee qofaatti jalqabdee turte addaan kutteetti.

Manni murtii sadarkaa duraa:- "iyyattuun haadha warraa du'aa ta'uu isheetiif ragaaa waan hin dhiheeffanneef, bu'uura kwt 41tiin haadha manummaa waamamtuu mormuufis ta'e haadha manummaan ishee akka mirkana'uuf iyyachuu hin dandeessu. Kanaaf, iyyattuun abbummaa ijoollee shananii mirkaneefachuun dhaaltummaas murteesifachuuf mirgi ishee eegamaadha jechuun haadha manummaa waamamtuu fi dhaaltummaa ijoollee torbaa ishee mirkaneessiineerra" jechuun murteeesseera. MMO/Federaalaa:- "iyyattuu fi waamamtuun (isaan lameenuu) haadha warraa du'aati; guddiftuun ijoollee shananii iyyattudha. Abbummaa fi dhaaltummaa ijoollee kanniinis mirkaneessineerra" jechuun murteesseera.

MMW/Federaalaa:- "iyyattun jiddu-lixummaan galmee himattuun bansiifatte irratti mormuudhaan dhiyaattee haadha manummaan akka mirkanaa'uuf gaafachuu ykn falmuu hin dandeessu. Ijoollee shanan ilaalchisee garuu murtii Mana Murtii Olaanaa cimsineerra" jechuun murteesseera. Dhaddachi Ijibbaataa:- "falmii dhaddacharra jiru keessa gareen sadaffaan nagalcha jedhu bu'uura SDFHH kwt 41(1) tiin jiddu-lixummaa dhiyeefachuu kan danda'u, akkaataa kwt 41(2)tti sababa nagalcha jedheef tareessuun, haala mirga isaa kana hubachiisuu danda'uun ragoota rogummaa qaban iyyatichaan walqabsiisee dhiyeessuu

qaba.[107] Iyyattuun jiddu-lixummaa haadha manummaa waaamamtuu mormuun falmuu kan dandeessu dursa ragaa haadha manummaa dhiyeessachuu qabdi malee galmee waamamtuun kaffaltii seerummaa kafaltee saaqatte irratti haadha manummaan ishee akka mirkanaa'uuf gaafachuuf hin qabdu. Kaayyoon sirna jiddu-lixummaa dhimma falmiirra jiruun wal-qabatee mirgi iyyataan seeraan ykn waliigalteen argate akka hin tuqamne eegsiifachuuf malee gaaffii iyyattuun dhiyyeesite kana kan ilaallatu miti. Iyyattuun galmee qofaatti banatte dhiiftee jirtu itti fufuun haadha manummaa akka murtaa'uuf gaafachuu sirni ishee dangeessu hin jiru. Ammaaf garuu haadha manummaa isheetiif sanadni fuudhaa heerummaa dhiheefatte hin jiru, ragaan namaa dhihaatee iyyattuu fi du'aan gaa'ila raawwataniiru ykn haadha manaa fi abbaa manaa turan jechuun jechi ragummaa kennanis hin jiru. Kanaaf, iyyanni haadha manummaan naaf haa mirkanaa'u jedhu qofaatti mataa ofii danda'ee ragaan hubachiifamee kan murtaa'u malee bu'uura kwt 41tiin mormii dhiyeessiteen akka murtaa'uuf gaafachuu hin dandeessu" jechuun murtii mana murtii oliyyataa cimseera.

Dhimmaa 32ffaa

Dhimmi kun mana murtii Olaanaa Godina Adda Adaamaatti eegalee Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti ilaalamee murtii kan argatedha. Dhimma Guutuu Dajjan fi Worquu Xurunaa fi Jiddu-Lixxuun Azeeb Tafarraa jidduutti falmii geggeefame yoo ta'u, himataan herregni bu'uura SDFHH kwt 188tiin qulqullaa'ee akka kaffalamuuf yoo gaafatu, himatamaan yaamichi dhaqabee waan hafeef, falmiin bakka inni hin jirretti akka ilaallamu ajajameera. Jiddu-lixxuun iyyata bu'uura kwt 41tiin dhiyeeffatteen haadha warraa himatamaa ta'uu ishee ibsitee "idaa himatamaa kan ani hin beekne himataan mana jireenyaa fi daldalaa qabeenya waliinii kiyyaa fi himatamaa ta'e waan ugursiiseef akka jidduu-lixxee falmadhu naaf haa eyyamamu" jechuun gaafattee jirti.

Manni Murtii Olaanichaa:- "iyyattuun haadha manaa himatamaati jechuu malee haadha warraa ta'uu kan ibsu ragaa isheetiin iyyataan walqabsiiftee dhiyeefatte hin jiru. Manichi isheen jettus ni uggurame malee qabeenyaa falmichaaf bu'uura ta'e miti ykn murtiin irratti

[107] S/D/F/H/H kwt. 41.(2). " The intervention shall be made by the filing of a separate statement containing all the grounds which justify such person in intervening." Kan jedhu yoo ta'u adeemsa kanattii fayyadamaa ta'uuf dursa mana murtii amansiisuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama. Kunis akkamitti kan jedhu gaaffiidha. Abbootiin seeraa fi hayyootni tokko ragaa dhiheessuun yoo jedhan dhaddachi ijibaataa fi abbootiin seeraa biro ammoo gaaffiin dhihaatu kan jidduu seensisu ta'uun isaa gahaadha kan jedhan fakkaata.

kenname miti. Maallaqbni kiyya jechuunis hin falmine ykn ragaa hin dhiheeffanne waan ta'eef, iyyanni ishee fudhatama hin qabu" jechuun murteesseera.

Mana Murtii Waliigala Oromiyaa:- "iyyattuun himataa waliin walquunnamtii tokkollee hin qabdu. Manni uggurame jettu qabeenya waliinii ishee fi himatamaa ta'uu ibsitee jirti, garuu qabeenyi waliinii bu'uura seera maatii kwt.70 tiin idaa dhuunfaa abbaa warraa fi haadha warraa kan isa tokkootiifis ooluu akka danda'u tumameera. Irra caalaa immoo bu'uura seera daldalaa kwt 19tiin qabeenyi waliinii idaa abbaa warraa fi haadha warraa isa tokko isa kaaniif haalli itti hin oolle waan hin jirreef iyyanni ishee fudhatama hin qabu" jechuun murtii mana murtii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura tumaa SDFHH kwt 41tiin hiikni sirna jiddu-lixummatiif kennameera jechuu ni dandeenyaa? Barreeffama tumaa kanaa irratti hundaa'uun wantoonni akka rakkootti isinitti mul'atan maali? Dhimmoota olitti ka'an waliinis tumaa kana wal-bira qabuun rakkoon isinitti mul'atu maali jettu?
2. Bu'uura SDFHH kwt 41tiin namni jidduu-lixu gosaata falmii akkamiiti, falmii baaqqee moo falmii bitaa fi mirga of keessaa qabu ta'uu qaba jettu. Dhimmoota 29-32^{ffaa} irraa maal taajjabdan?
3. Jiddu-lixaan falmii tokkoon mirga ykn dantaan jalaa tuqamuu ibsuu qaba moo mirkaneessuu qaba? Sadarkaa isaa adda baasaa!
4. Namni iyyata jiddu lixummaa dhiyeeffatu falmiitti kan seenu falmii mirga isaa miidhu danda'u dhabsiisuu moo? Abbaa mirgaa ta'uufis ta'uu ni danda'a? Kaffaltii abbaa seerummaa waliin walbira qabuun dhimmoota olitti dhihaatan waliin akkamitti ilaaltu?
5. Iyyanni jiddu lixummaa dhimmoota karaa biraatiin ykn adeemsa mataa isaa danda'een furmaata seeraa argachuu dandaa'an ilaalchisee heyyamamuu qaba jettuu? Dhimma 32^{ffaa} olitti dhihaate waliin akkamitti ilaaltu?
6. Hiikkoo jiddu lixummaaf armaan dura kenname irraa kaanee murtiin kallattiidhaan jiddu-lixaa irratti kennamuu danda'a jechuu dandeenyaa? Jiddu-lixaanis kallattiin himataadhaaf idaa inni baasu jira jechuu dandeenyaa? Himatamaan kallattiidhaan jiddu lixaa irraa gaaffii mirgaa inni qabu ykn dhiheesse jiraa kan jedhu waliin akkamitti ilaalama?

ILOOHOSO

7. Obbo Abbabaa Mulaatuu[108] (Ogeessu seeraa iddoo kanatti muuxannoo qabu) iyyanni gaaffii mirgaa ykn dantaa garee falmitootaatiin faallaa ta'e hogguu dhihaatu falmicha keessaa waanti isa galchu hin jiru. Iyyanni gaafii mirgaa ykn dantaa iyyataa himataattii ykn himatamaatti kan isa maku yoo ta'e, Sirna wallitti makamiinsa falmitootaatiin (joinder of parties) kan bitamu malee sirna jiddu lixummaatiin miti jechuun falmu. Falmii isaanii kana kaayyoo sirna kana waliin akkamitti ilaaltu? Yaad-rimee kana qooddaa qabeenyaa dhaala faana sakatta'aa ilaalaa!
8. Sirna iyyannoon jiddu lixummaa hordofee dhihaachuu qabu ilaalchisee dhimmoota armaan olitti caqasamanii fi SDFHH kwt 41(2) ragaan waliin dhihaachuu qaba kan jedhu irratti murtii manneen murtii akkamitti ilaaltuu? Maaliif?

4.3.2. Ulaagaawwan Jiddu Lixummaa Garee Sadaffaa (Standards of Intervention)

Akkuma duratti ibsamee ture, jiddu-lixaan garee sadaffaa falmii garee falmitooa kan biroo jidduutti geggeefamaa jiru sirna kanaan keessa seenee falmachuuf mirga ykn dantaa isa dandeessisu mana murtiitti agarsiisuu qaba. Maddi mirga ykn dantaa kanaa immoo seera, waliigaltee ykn murtii mana murtii ta'uu waan danda'uuf, ulaagaalee argisiisuun ulaagaa bu'uuraa (substantive standard) jedhama. Gama biraan, jiddu-lixaan mirga ykn dantaa isaa akkamitti akka kabachiifatuu fi adeemsi hordofamuu qabu ulaagaa adeemsaa (procedural standard) jedhamee yaamamuu ni dandaa'a. Ulaagaawwan lameenuu haala armaan gadiitiin wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

4.3.2.1. Ulaagaa Bu'uuraa (Substantive Standard)

Gareen sadaffaa tokko Jiddu-lixummaan falmiitti makamuuf ulaagaalee bu'uuraa barbaachisan ni jiru. Ulaagawwan kunneen seera keenya keessatti ifaan taa'uu yoo baatan illee muuxannoo biyya Hindii itti dabaluun ilaaluun barbaachisaa ta'a. Ulaagawwan bu'uura afur akka itti aanutti yaa ilaallu. Isaanis: -[109]

a. Iyyataan mirga ykn dantaa seeraaa muummee irraa madde kan qabuu fi gaaffiin mirgaa ykn dantaa isaa, *dhimma falmiirra jiru sanaan kallatiidhaan kan walqabatu* ta'uu qaba.

---

[108] አለማየሁ ሐይሌ መታሰቢያ ድርጅት የፍ/ብ/ሥ/ሥ/ሕ/ መሠረታዊ ችግሮችና ማሻሻያዎቹ ላይ ያተኮረ ኮንፈረንስ **(*1998*).**

[109] Ulaagaalee kanas S/D/F/H/H biyya Faransaayiin kwt. 325 fi326 irraa hubachuun ni dandaa'ama.

b. Murtiin dhimma falmii irra jiru iratti kennamuuf deemu kallattiidhaan ykn qabatamaan mirga ykn dantaa iyyataa kan miidhu ykn *carraa mirga ykn dantaa isaa kabachiifachuu kan gufachiisu ykn hanbisuu danda'u ta'uu qaba.*
c. Gareen falmitootaa dhimma falmiirra jiru, gama mirga ykn dantaa iyyataa kabachiisuutiin, iyyataa bakka kan hin buune yoo ta'ee (collective litigation); fi
d. Gaaffiin (claims) ykn ittifni (defense) iyyataa fi himi falmiirra jiru ijoo dubbii seeraa ykn ijoo dubbii firii dubbii waliinii yoo qabaatanidha (common question of law or fact).

Ulaagaawwan sadeen duraa ilaalchisee namni dhimma falmiirra jiru irrati mirga ykn dantaa qabaachuu isaa agarsiisuu dandeenyaan mirga falmicha bu'uuraa irratti jidduu-lixuu qaba. Ulaagaawwan kunniin "jiddu-lixummaa mirgaa"(*intervention of right*) jedhamuun beekama. Ulaagaan afraffaan immoo jiddu-lixummaa heyyamaa (*permissive intervention*) jedhama. Sababiin isaa Abbaa seeraatiin akkuma haala fi qabiyyee ijoo dubbii fi seeraa dhimmichaa irratti hundaa'uun kan murtaa'u waan ta'eefiidha.

Gara seera deemsaa keenyatti yeroo deebinu, SDFHH kwt 41 (1) jalatti "… interested in a suit between other parties…" ykn "…በክሱ (በጉዳዩ) ያገባኛል…" jechuun duchaadhumaan kan tumameen alatti, akkaataa armaan oliitiin ulaagawwan jiddu-lixummaa garee sadaffaa ifatti addaan bahee hin teenye. Kanaaf, gaaffiin dura deebii argachuu qabu galeeen "…interested in the suit …" jedhu maal jechuudha? Gaaleen kun ulaaagaawwan olitti eeraman hundumaa ni haammataa? Ykn himni "… dhimma falmiirra jirurraa namni mirga ykn dantaa qabu…" jedhu saayinsii seeraa keessatti hiika akkamiitu kennama?kan jedhu ilaaluunii fi deebii gahaa ta'e itti kennuun barbaachisaadha. Kanarraa kaanee, gaalee kanaaf hiikoo lamatu kennuu dandeenya. Isaanis: -

1) Namni tokko dhimma falmiirra jirurraa mirga ykn dantaa ni qaba kan jedhamu qabeenyaa ykn walitti dhufeenya (transaction) falmichaaf bu'uura ta'erraa mirga yoo qabaate (substantive right) dha. Dhimmi iyyata jiddu-lixummaatiif bu'uura ta'e dhimma falmii bu'uraatiif sababa ta'e waliin kallattiidhaan kan haammatame ykn hidhatiinsa kallattiin qabu ta'uu qaba. Kun immoo ijoon dubbii falmii bu'uuraa fi ijoon dubbii gaaffii mirgaa iyyata jiddu-lixummaa walitti hidhamiinsa kan qabanii fi iyyataan sababa himannoo haaraa falmii bu'uuraa falmamaa jirutti makuu akka hin qabne agarsiisa. Kana jechuunis, iyyataan ijoo dhihaateen ala waan addaa fidee falmitti makuu ykn maxxansuu hin danda'u jechuudha. Kana ilaalchisees gaaffiin tokko tokko ka'uun isaa hin hafu…

isaan keessaa muraasa yoo ilaallu, jiddu lixaan mormii himata haadhoo dhimma garee haadhoo jidduutti walfalmaamaa jiru irratti mormii qabu irratti qabu kaasuu hin danda'u jechuudha? Himataa fi walfalmitoota jidduutti gaaffiin waliif deebisuu (set-off) ka'uu hin danda'u jechuudha?kan jedhan ka'uun isaanii hin oolu.

Ogeessi seeraa tokko[110] akka jedhanitti iyyataan falmii tokko jidduu galuu kan qabu mirga ykn dantaa ofii kabachiifachuuf malee falmitoota keessaa isa tokko gargaaruuf ta'uu hin qabu. Sababni isaas jedhu, iyyataan mirga ykn dantaa adda yoo hin qabaatin, gama himataatti ykn himatamaatti makamuudha malee bu'uura kwt 41tiin falmii tokko jiddu lixuu hin qabu. Seerichis kanaaf iyyataan maqaa "jiddu-lixaa" jedhuun galmaa'ee qofaatti akka barreefamu kan ajajuudha. Gama biraatiin, ogeessi kun iyyataan qabeenya bitaa fi mirgi irratti walfalman kaffaltii seerummaa osoo hin kaffalin, abbaan qabeenya isaanii (falmitoota) osoo hin ta'in ana jechuun mirga abbaa qabeenyummaa gaafachuu akka hin qabne ni ibsu. Kana jechuunis bu'uura kwt 41tiin mirga abbaa qabeenyummaa kabachiifachuuf jidduu-lixuu hin qabu. Falmitooota keessaa isa tokkoof yoo murtaa'e haalli mirgi ykn dantaan iyyataa itti tuqamu waan hin jirreef, jiddu lixaan kun carraa ittiin mirga isaa himannoo biraan kabachiifachuu danda'u jiraannaan jiddu lixuu hin qabu jechuun kaa'u.

Kanaan walqabatee, madda SDFHH Itiyoophiyaa kan ta'e; SDFHH biyya Hindii kwt 10 jalatti **"…** *the interest is the interest of the person who was the party to the suit"* jechuun tumameera. Tumaan kun maalummaa sirna jiddu lixummaa ilaalchisee jalqaba boqonnaa kanaa waliin kan ilaalamee waliin kan walfakkaatudha.

2) Hiikni lammaffaan gaalee "… interested in a suit…" jedhuuf kan kenname galmee jechootaa "legal and commercial dictionary" jedhu keessattidha. Bu'uura kanaan hiikni gaalee kana **"…** *affected directly by the outcome of the controvercy; postulates that the person concerned must have some direct interest"* kan jedhudha. Haaala kana cimsuun SDFHH Hindii kan bara 1908 kwt 98 jalatti yeroo ibsu: -"… *Person interested in the suit means the disposition of the action in the absence of that person (the applicant) would*

[110] አለማየሁ ሐይሌ መታሰቢያ ድርጅት የፍ/ብ/ሥ/ሥ/ሕ/ መሠረታዊ ችግሮችና ማሻሻያዎቹ ላይ ያተኮረ ኮንፈረንስ **(*1998*)**

impair his interest, will directly affect his pecuniary or proprietary intererst"[111]jedhee jira.

Ibsa kana irraa akka hubatamuutti, jiddu-lixummaan kan heyyamamuu qabu murtii dhimma falmiirra jiru irratti kennamuuf deemuun iyyataan qabatamaan kan miidhamuu danda'u yoo ta'edha. Kunis mirga isaa kabachiifchuuf dhimmicharratti himata biroo dhiyeessuu kan hin dandeenye yoo ta'e (*may res judicata*) ykn murtichi iyyataarratti kallattidhaan raawwatiinsa kan qabu ta'ee yoo argamedha. Haala kana cimsuun Robert Allen Sedler gama isaaniitiin "… whether he/she will gain or lose by the direct legal operation and effect of the judgement to be rendered or not",[112] "… gain and lose by the direct legal operation of the judgement suggests that the intervation will be permitted when the party is an indispensable party" jechuun ibsee jira. Kana jechuunis, falmii tokko jidduu lixuuf iyyataan dirqama 'indispensable party' garee jedhamu ta'uu akka qabu agarsiisa. Ibsa kana irratti gaaffiin murtii kennamuun gareen miidhamuu danda'u kana qofaadhaa?kan jedhu ka'uu mala. Deebii kennuun dura barreessitoota muuxannoo biyya Hindii yoo ilaalle, *"In India in addition to indispensable parties, necessary parties, and proper parties may also be entered in a suit between plaintiff and defendant"*[113]kan jedhuudha.

Biyya Hindiitti jidduu kan lixan garee "indispensable party" jedhaman qofa osoo hin ta'in murtiin dhimma tokkorratti kennamu isaan kaanis miidhuu akka danda'uu fi gareen miidhame ykn murtiin kennamu mirga ykn dantaa isaa irraan dhiibbaa gahuu kan danda'u ta'uu isaa hubate adeemsa jiddu-lixummaa kanaan iyyachuu kan danda'u ta'uun ni hubatama. Gareen *"necessary party" fi "proper party"* jedhaman falmitootatti garee makamuu qaban jechuun ni danda'ama? Sirna biraatiin (fkn himannoo dhiyeessuun) carraa mirga ykn dantaa isaanii kabachiifachuu hin danda'an jechuun ni dandaa'amaa? Namni tokko "indispensable party" dha kan jedhamu falmitoota waliiin mirga ykn faayidaa addaan qoodamuu hin dandeenye (indivisible) ykn dantaa waliinii (joint interest) yoo qabaatedha. Kanaaf, sirni kun

[111] Ven Katarma, Mulla on the code of civil procedure vol. 2 BombY, 202 ilaala.
[112] Robert Allen sedder, Ethiopian civil procedure (1968), P.96
[113] M.P.Jain, the code of civil procedure, New Delhhi, 2007 wadhawa Nag pur, p.606 "indispensable parties:- are parties who are interested in the controversy and the court can not do comlete justice without them and the litigation can not go forward; necessary parties are parties so interested in the conteroversy that they should normally be made parties in order to enable the court to do complete justice, yet if their presence in the suit can not obtained the litigation will continue with out them; proper parties :- is one in whose absence an effective order can be passed whose presence is not needed for a complete and effective adjudication .

kan bocame namoota ykn garee akkanatiif eeguumsa laachuuf moo gareen isaan kaanis ni dabalata? Kanaan wal-qabatee muuxannoo biyya Ameeriikaa tokko yoo ilaalle,

"the interest test for intervention is primarily a practical guid to disposing of law suit by involving as many apparent concerned persons as is compatible with efficiency and due process"[114]jedha.

Yaad-rimee kun kan argisiisu, iyyata jiddu-lixummaa irratti hogguu murtii ykn ajaja kenninu fedha ykn dantaa iyyata fi rakkoo fi dhamaatii falmitoota bu'uuraa irraan ga'uu danda'u tilmaamuun yaada keessa galchuu akka qabnudha. Sababni jiddu-lixummaan itti heyyamamuu qabu dhamaatii fi dhiibbaa falmitoota bu'uuraa irra gahuu danda'u kan caalu ta'uu qaba ykn dirqisiisuu danda'uu qaba. Ejjennoo kan cimsu, xiinxala ogeessi seeraa tokko SDFHH Hindii kennee jiru yoo ilaalle;

"Intervention should be construed with the view of assisting parties in obtaining justice and protecting their right; this procedure recognizes the important of joining parties to protect interest at stake"[115]

Kana irraa kan hubatamu, jiddu-lixummaan akkuma haala isaatti garee murteessoo *(indispensable party*) ta'anii fi garee barbaachisoo *(necessary Party)* irrattis raaawwatiinsa ni qaba jechuun ni dandaa'ama. Bu'uura SDFHH kwt 41tiin ulaagawwan kunneen iftoominaan jiraachuu dhabuu irraa kan ka'e; abbootiin Seeraa tokko tokko tumaan kun hanga fooyya'uutti rakkoon qabatamaan mana murtii keessatti gama kanaan jiru hambisuun hin danda'amu jedhu. Abbootiin Seeraa kuun immoo haala armaan oliitiin seericha hiikuun hojiirra oolchuun fi haalli kun baratamee (judicial practice) rakkinicha furuun ni danda'ama jechuun kaasu. Kallattii isaa kamitu hangam akka nu deemsisu leenjifamtoonni bal'inaan irratti kan mari'atan ta'a.

Haaluma kanaan, abbootii Seeraa harka caalaa biratti ulaagaawwan tumaa seeraa kwt 41 jalatti caqasame bal'isuun hiikuun hin baratamne. Kanaaf, ulaagaawwan kunneen guutamuu fi guutamuu dhabuu isaanii otoo hin xiinxallin, ykn immoo duchaadhumatti iyyataan mirga

[114] USA, court of appeal, Docket No. 08-1200, P.13
[115] John H. Lang bein, the German Advantage in civil procedure, university of Chicago law review fall, 1985, P.2

ykn dantaa falmicharraa nan qaba jechuun waan iyyateef, ykn immoo iyyataan jidduu lixuuf waan iyyateef fi kkf qofa ibsuun dhimma falmiirra jiru keessa akka lixan jechuun yeroo ajajan ni mul'ata.

Dhimma 33ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaa Lakk.galmee 37742 irratti murtii argate irraa fudhatame. Dhimmichis iyyatuun mana murtii jalaatti falmii waamamtuu kanaa fi himatamtoota biroo jiddu ture irratti "qabeenya abbaa manaa koo kan ture du'aa obbo Taammiruu Ashannaafii waliin yeroo gaa'ilaan turretti horanne mana lakk.373 ta'e erga wal-hiiknee booddee ijoollee koof jedhee gahee koo kan hin fudhatin jiru irratti murtiin yoo kenname mirga koo kan miidhu waan ta'eef, jidduun lixa" jechuun iyyatteetti.

Manni Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa:- qabeenya ammaa kana ilaalchisee galmee biraa irratti qulqulleessituun muudamee yeroo qulqulla'u jiddu-lixxuun kun osoo hin dhihaatin, amma galmee qabeenyaan qulqullaa'ee gaheen qooddattootaa murtaa'ee dhihaate irratti bu'uura SDFHH kwt 41(2)tiin jidduun lixa jechuun sababa gahaa ta'e tarreessitee hin dhiyeessine jechuun kufaa godheera. Manni murtii oliyyannoo dhagahus murtii mana murtii duraa cimseera. M/M/W/Federaalaas oliyyannoo dhihaate dogongora hin qabu jechuun kufaa godheera.

Dhaddachi Ijibbaataa:- iyyata dhihaate irratti qabeenya abbaa manaa fi haadha manaa du'aa waliin horanne gargar hin qooddanee jechaa kan jirtu ilaalchisee mormiin hin dhihaanne, abbaa manaa fi haadha manaa akka turanii fi akka wal-hiikanis mormiin dhihaate hin jiru. Dabalees iyyattuun galmee qabeenyaan irratti qulqullaa'e irratti dhihaattee falmachuu dhabuun ishee galmee kana irratti mirga qabeenya gahee ishee ta'e murtiin itti kennamuuf adeemu ilaalchisee jidduu-lixxee akka hin falmine wanti mormame hin jiru. Abbaan qabeenyummaa qabeenyichaa kan murtaa'u gara falmiitti erga seenamee booddeedha jechuun jiddu lixxuun jalaa sababa jidduu lixuu ishee dandeessu ibsuun hin tarreessine jechuun manni murtii jalaa iyyata dhihaate kufaa gochuun seeraan alaa. Kanaaf, dhimma manni murtii of harkaa qabu waliin hidhatiinsa dantaa fi mirgi jiru jiraachuu isaa kan hubachiifame waan ta'eef, dhimma kana irratti iyyattuun haadha manaa du'aa kan turan ta'uu isaa galmeedhuma kana irraa hubachuun kan dandaa'amudha jechuun murtii manneen murtii jalaa diigameera.

Dhimma armaan olii kana xiinxallee yoo ilaallu, ejjennoowwan manneen murtii keenya keessa jiran; abbootiin seeraan kaan ragaa iyyata waliin dhihaatu madaaluudhaan yoo eeyyaman; isaan kuun immoo ragaan kan madaalamu ijoo dubbii falmii bu'uuraa irratti murtiin yeroo kennamuudha jechuun iyyatuma qofaarratti hundaa'uun murteessu. Isaan kuun immoo ijoon dubbii iyyata jidd-lixaatii fi ijoon dubbii dhimma falmirra jiruu walfakkaachuu waan qabuuf jechuun ragaa bitaa fi mirgaa madaaluun iyyata irratti yeroo ajaja kennan ni mul'atu. Abbootii seeraa tokko tokko immoo nama himatamaan akka falmiitti dabalamuuf gaafate bu'uura SDFHH kwt 41 tiin yeroo keessummeessan ni mul'ata. Abbootiin seeraa kaan immoo hanga ta'e ulaagaawwan kwt 41 jalatti haammataman xiinxaluun iyyata jiddu-lixummaa irratti murteessu. Kanaaf, dhimmoota 31-33[ffaa] jiran xiinxallee yoo ilaalle, hojiirra oolmaa kwt 41tiin wal-qabatee garaagarummaan akka jiruu fi haala wal-fakkaatuun hojiirra oolaa akka hin jirre haala ifaa ta'een hubachuun nama hin dhibu.

Dhimma 34[ffaa]

Falmii mana murtii Olaanaa Godina Arsiitti aadde Firehiwoot G/Madiin fi Taayyee Shifarraa fi Jiddu-lixxuu Almaaz Taaddasaa jidduutti geggeeffameen himataan "himatamaan konkolaataa natti gurgure waan naaf hin kenniiniif akka waliigalteetti naaf haa raawwatu" jechuun yeroo himatu, himatamaan "waliigalteen bittaa fi gurgurtaa konkolaatichaa seera qabeessa miti" jechuun falmeera. Sababa kanaaf, gaaffii himataatiin konkolaatichi akka hin gurguramnee fi hin jijjiiramne mana murtichaatiin ajajini ugurrii (dhoorki) kennameera. Jiddu-lixxuun haati warraa himatamaa ugurri akka irraa ka'u bu'uura SDFHH kwt 41(1) tiin iyyata dhiheefateetti. Manni Murtichaas:- "ijoon dubbii falmii duraatiif iyyata jiddu-lixummaa tokko ta'uu qaba. Ragaan bitaa fi mirgaa madaaluunis murteessuu qabna. Iyyattuun mirga ykn faayidaa falmicharraa ni qabdi kan jedhamu, yoo dubbii seera qabeessummaa waliigaltee gurgurtaa konkolaatichaa ilaalchisee dhiyaatte malee ijoo dubbii gaaffii ugurriin narraa haa ka'u jedhu ilaalchisee miti. Iyyanni ugurriin narraa haa ka'u kan jedhu yoo ta'e bu'uura SDFHH kwt 41tiin kan dhiyaatu otoo hin ta'in bu'uura kwt 158tiin," jechuun iyyaticha kufaa godheera.

Dhimma 35[ffaa]

Falmiin kun kan geggeeffame wal-falmitoota Amiin Mahammad fi dhaaltota Nuuriyaa Abdulrezzaq fi Jiddu-Lixaan Obbo Taganyi Yeshawaalu'ul gidduutti Mana Murtii Ol'aanaa

Federaalaatti jalqabe. Himataan himannoo isaatiin "waliigaltee gaafa 04/12/87 taasifneen himatamtoota irraa warshaa daakuu miidhanii qar.60,000.00 waan bitadheef warshicha akka harkaan na gahanii fi abbummaa qabeenyichaas maqaa kootti akka naaf naannessan" kan jedhuudha. Himatamtoonni deebii otoo hin kennin iyyanni jiddu-lixummaa dhiyaatee jira. Jiddu lixaan gama isaatiin, "warshaa kana waliigaltee gaafa 11/12/87 taasifneen qar. 53,000.00 tiin himatamtoota irraa bitadhee harkaan gahadhee qabiyyee kiyyaa jala waan jiruuf, maqaan abbaa qabeenyummaa akka naaf naannessaniif mana murtii kanattii himadhee jira" jechuun sanada waliigaltichaa iyyata isaatiin walqabsiisuun bu'uura SDFHH kwt 41 tiin jidduu lixee akka falmatuu danda'u akka eeyyamamuuf mana murtichaa gaafateera.

Manni Murtii Ol'aanaa: "Maashina (warshaa) daakuu midhaanii falmiif bu'uura ta'e kanarraa iyyataan mirga ykn dantaa qabaachuu isaa ragaa fi sababa quubsaa waan hin dhiyeeffatiniif iyyatichi fudhatama hin qabu" jedhee jira.

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa:- "deebiin himannoo irratti kennamuu baatus, dhimmichi falmirra akka jirutti waan laakka'amuuf sirni jiddu-lixummaa raawwatiinsa ni qaba. Waliigalteen iyyataan dhiyeeffate gaafa 11/12/87 warshicha harkaan gahachuu isaa agarsiisa. Waliigalteen himataa immoo warshicha fuul-dura gaafa 01/10/88 harkaan akka gahatu agarsiisa. Kan waliigalteen agarsiisu caalaa qabatamaan qabiyyeen warshichaa isa harka waan jiruuf, falmicharraa mirga ykn dantaa akka qabu agarsiisa. Ragaan(waliigaltee) isa kamitu fudhatama akka qabu kan madaalamuu qabu, iyyati jiddu-lixummaa yeroo heyyamamu ykn kufaa godhamu osoo hin ta'in, yommuu ijoo dubbii falmichaa irratti murtiin kennamuudha jechuun murtii jalaa diigee, manni murtii jalaa iyyataa bu'uura kew.41(3) tiin falmii keessa seensisuun hirmaachisee murtii barbaachisaa akka kennu" jechuun gadi deebiseera.

Gaaffiilee Marii

1. Ulaagaawwan bu'uuraatiin walqabatee SDFHH kwt 41 jalatti akka biyyoota biraatti ifatti wanti tarreefame waan hin jirreef, ulaagaa ifatti hin kaayamin maqaa seera hiikuutiin fudhachuun seera baasuu waan ta'eef, rakkoo hiikkaa seera kana qabatamaan mul'atu hanga seerichi fooyya'utti furuun hin danda'amu ejjennoo jedhu abbootiin seeraa qaban ni jiru. Abbootiin seeraa hafan ammoo kwt 41 hiikuun bu'uura kaayyoo sirna jiddu-lixummaatiin hojiirra oolchuun rakkoo kana furuun ni dandaa'ama jedhu.

Yaada kana dhimmoota dhimmoota 34 fi 35[ffaa] waliin xiinxalaa ejjeennoo keessan ibsaa!

2. Iyyanni jiddu-lixummaa fudhatama argachuuf ulaagaawwan bu'uuraa guutamuu qabu yeroo ibsamu "gaaffiin mirga iyyataan dhiyeefatu qabu haaraa osoo hin ta'in, dhimma falmiirra jiruun kan walqabatu ta'uu: falmichaan walqabatus, iyyataan gaaffii mirga ykn dantaa addaa yoo hin qabaatiin mirga ykn dantaa himataa ykn himatamaatti hirmaachuuf ta'uu hin qabu. Gaaffii addaas qabatee fallaa falmitootaa (claim) fi ittisa (defense) ta'uu hin qabu" yaadni jedhu jira. Muuxannoon biyya Hindii fi Ameerikaatti ammoo "mirga ykn dantaa jiddu-lixaan gaafachuu qabu isuma garee falmitootaa sanaadha. Faallaa isaaniis ta'uu ni danda'a" kan jedhu dha. Yaadota kana lameen walbira qabuun xiinxaluun isa kamtu dhama qabeessa fakkaata? Maaliif? Dhimmoota 31[ffaa] fi 46[ffaa] walbira qabuun abbootiin seeraa keenya ejjannoo isa kam hordofaa akka jiranii fi fedhiin seeraa immoo maal akka ta'e xiinxalaa!
3. Namni tokko murtii dhimma falmiirra jirurratti kennamuun ni miidhama ykn miidhamuu ni danda'a jechuuf ulaagaawwan lama guutamuu akka qaban ilaallee jirra. Tokkoffaa murtichi sun nama sanarratti kallattidhaan raawwatiinsa kan qabaatu yoo ta'ee fi lammaffaa iyyataan himata haaraa (biroo) akka hin dhiyeeffanneef ni daangessa yoo ta'ee dha. Robert Allen Sedler ulaagaawwan kunniin namni kun garee murteessaa *(indispensable party)* ta'uu akka qabu agarsiisan jedhu. Biyya Hindiiitti namni kun garee maluuf (*proper party*) fi garee barbaachisaa *(necessary party)* yoo ta'es akka dabalatu ibsama. Sirna jiddulixummaa waliin yeroo ilaalamu isa kamitu fudhatama qaba jettu? Dhimma 31[ffaa] fi 32[ffaa] olitti dhihaate waliin xiinxaluun kallattiin fuulduraa maal ta'uu akka qabu irratti maria'adha.
4. Abbootiin Seeraa tokko tokko iyyata jiddu-lixummaa irratti ajaja yeroo kennan, iyyata waliiin ragaa wal-qabatee dhihaate qofa madaaluu qabna amantaa jedhu qabu. Akka amantaa isaanitti ragaan himataa fi deebii waliin diyaate waliin kan madaalamu ijoo dubbii irratti murtiin yeroo kennamuu jedhu. Abbootiin seeraa isaan kaan immoo ragaa iyyataan dhiyeeffatee fi ragaa bitaa fi mirgi falmii bu'uura irratti dhiyaate waliin madaaluun iyyata jiddu-lixummaa irratti ajaja kennu. Dhimma 31[ffaa], 33[ffaa] fi 34[ffaa] ilaalaa. Ejjannoo iisa kamitu dhama qabeessa? Maaliif? Ragaan namaa hoo dhahamuu qaba jettuu?

ILOOHOSO

5. Dhimmoota olitti ka'an yeroo ilaaltan dantaan jiddu-lixaa dantaa falmiin irratti geggeeffamaa jiru waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu dirqama tokko ta'uu qaba jettuu? Walqabachuu qaba yeroo jedhamuhoo maal jechuudha?

4.3.2.2.Ulaagaawwan Adeemsaa (Procedural Standards)

Kutaa kana jalatti ulaagaawwan tumaa adeemsaa (procedural rules) seera deemii falmii Itoophiyaa sirna jiddu-lixummaa irratti raawwatiinsa qaban tokko tokkoon ilaaluuf yaalla.

4.3.2.2.1. Falmiin Dhaddacha Irra Jiruu fi Murtii Eeggatu jiraachuu (Existence of Pending Action)

Seera deemii falmii siivilii kwt 41 (1) jalatti gaaleen "… in a suit between othe parties…ሌሎች ተከራካሪ ወገኖች በክርክር ላይ ባሉበት ጊዜ" jedhu iyata jiddu-lixummaatiif akka haal-dureetti falmiin falmitoota biroo jidduu dhaddacharra jiruu fi murtii eeggatu jiraachuu akka qabu agarsiisa. Haa ta'u malee, qabiyyee tumaa kanaa ilaalchisee gaaffiileen deebii argachuu qaban ni jiru. Isaanis: - iyyanni jiddu-lixummaa falmii garee lama qabu qofa irratti moo iyyata gartokkeen dhahaatu irratis ni dandaa'ama kan jedhuudha. Gama biraan jechi "suit" jedhu falmii akkamii bakka bu'uu danda'a (*in one party proceeding or only two parties proceeding*)kan jedhu gaaffiilee deebii barbaadaniidha.

Yaada kana ilaalchisee, falmiin kallattii lamaan ka'uu danda'a. Ejjennoon jalqabaa: jecha 'suit' jedhuuf hiikkaa kennuun barbaachisaa ta'a. Bu'uuruma kanaan, kwt 41(1) irraa akka hubatamutti, iyyanni jiddu-lixummaa dhiyaachuuf falmiin himataa fi himatamaa qabu jiraachuu qaba jedhu. Guuboo jechoota 'Black's law' keessatti jechi 'suit' jedhamu "… any proceeding by a party or parties against onother in court of law"[116] jechuun hiikameera. Gara seera deemsa keenyaatti yeroo deebinu, kwt 32(1) jalatti jechi 'suit' jedhu hiikkaan itti kennamuu baatus falmii nam-tokkees kan dabalatu ta'uu argisiisa. Sababni isaa SDFHH kwt 32(1) macaafa II jalatti tumaalee argamanii fi falmiiwwan bu'uuraa adeemsifaman kamiyyurratti raawwatinsa ni ni qabaata. Keewwanni 41 immoo macaafa II jalatti kan argamuudha. Iyyanni nam-tokkeen dhihaatu immoo iyyata bu'uura SDFHH tiin dhihaatu waan ta'eef, raawwii sirna kanaa jalatti haamatamaa akka ta'eetti ilaalamuu danda'a. Ejjennoo lammaffaan immoo sirna seeraa biyya hedduu keessatti jechi 'suit' jedhu iyyata

[116] Bryan A.Garner (Editor in Cheif), Black's Law, 7th ed.(ST.PAUL, MINN, 1999).

nama tokkoon dhihaatu bakka kan bu'u osoo hin ta'in falmii himataa fi himatamaa jidduutti gageefamu kan bakka bu'uudha jedhu.

Ejjanoo lameen keessaa kaayyoo sirna jiddulixummaa waliin wal-qabatee isa kamtu caalmaatti fudhatama qabaachuu akka qabu mareen kan gabbifamu ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee, iyyata nama tokkootiin mirgi labsamu ykn dirqamni gatamu nama biroo ykn garee sadaffaa miidhuu akka danda'u hubatamuu qaba. Haala kanaan, qabatamaan akkaata kwt 41(1)tti hojiirra oola jiraachuu isaa yeroo sakattaanu abbootiin seeraa keenya haallan (bifa) lameeniin hojjetaa kan jiran ta'uu dhimmoota olitti ilaalaman irraa hubachuun ni dandaa'ama (Dhimmoota 30ffaa, 31ffaa, 32ffaa fi 33ffaa ilaalaa.)

4.3.2.2.2. Iyyata Jiddu lixummaa Garee Sadaffa

SDFHH kwt 41(2) jalatti iyyataan sababoota falmii tokko jiddu lixuuf isa dandeessisan hundumaa iyyata isaa keessati tarreessuu akka qabu tumameera. Iyyataan duuchaadhumatti "falmiin bu'uura dantaa ykn mirga kiyya waan tuquuf" jechuun osoo hin ta'in firiiwwan dubbii iyyannichaaf sababa ta'e hunda agarsiisan tarreessuun ta'uu qaba. Kana yoo hin ta'in, iyyatichi faallaa kaayyoo sirnichaa ta'uun yeroo dheeressuun falmicha duubatti kan harkisuun alatti faayidaa biroo hin qabu. Gama kanaan, qabatamni jiru kan agarsiisu yeroo tokko tokko iyyata duuchaadhumaan dhihaate ni qeebbalu; isaan kun immoo SDFHH kwt. 80(2) caqasuun sababni ifaan tarreefamuu qaba jechuun iyyaticha kufaa godhu (dhimma 30ffaa fi 35ffaa ilaalaa).

Iyyata jiddu-lixummaatiin walqabatee qabxiin biroo iyyatichi gooree ragaa (annex) qabachuu akka qabuu fi akka hin qabnedha. Gama kanaanis abbootii seeraa keenya bira ejjennoo lamatu jira. Inni duraa kwt 41(2) qabiyyee fi foormii iyyatichaa ilaalchisee ifaan tarreefamaaan wanti kaaye waan hin jirreef, bu'uura kwt 222 fi 223tiin dhiyyachuu hin qabu. Kanaaf, gooreen ragaa fi ragaan sanadaa iyyatichaan walqabatee akka dhiyaatu godhuun barbaachisaa miti kan jedhudha. Abbootiin seeraa biroon immoo iyyanni jiddu-lixummaa gooree ragaa (annex) waliin yoo hin dhiyaatin, fudhatama hin qabu jedhu. Sababni ibsan immoo iyyanni kun bu'uura SDFHH kwt 80(1) tiin gosa iyyannoo (pleading) ta'uu danda'a. Kanaaf, bu'uura kwt 80(2) tiin iyyannoon (pleading) formii rogummaa qabu kan gabatee tokkoffaa (first schedule) jalatti argaman hanga danda'ameen hordofuu qaba. Qabiyyee

gabatee kanaa irraa akka hubatamuutti, iyyannoon (pleading) kamiyyuu goree ragaa (annex) qabachuu akka qabu jedhu (dhimmaa 31ffaa fi 37ffaa ilaaluun ni dandaa'ama).

Bu'uura SDFHH kwt 41(2)tiin ulaagaaleen jiddu-lixummaa garee sadaffaaf ka'amee akka jiru hubachuun ni dandaa'am. Barreeffama tumaa kanaa irraa akka hubatamutti, jalaqaba irratti "…በክሱ ውስጥ ያገባኛል የሚሉትን ምክንያት የሚዘረዝርና…" fi "…በተለይም የመብቱን ሁኔታ የሚጋልፁ…." Gaaleen jedhu iyyataan dirqama sababoota himannoo keessa isa galchuu dandaa'an tarreessuun mana murtiif dhiheessuu fi dirqama hubachiisuu kan qabu ta'uu isaati. Itti dabalees, gaalee lammaffaa jalatti kan haammatamee jiru mirgoota isaa sababootni ibsan tarraa'ee dhihaachuun kan irra jiru ta'uu isaati.

Iyyanni jiddu lixummaa ulaagaawwan barbaachisoo guutuun isaa mirkanaa'ee fudhatama erga argatee booda, abbaan seeraa iyyaticharratti murtii (ajaja) kennuun dura sirni hordofuu qabu maali gaaffiin jedhu xiyyeeffannoo kan barbaadudha. SDFHH kwt 41(3) irraa akka hubatamutti, abbaan seeraa jiddu-lixummaarratti murtii (ajaja) kan kennu iyyaticha qofaarratti hundaa'uunidha. Falmitoonni falmii bu'uuraa iyyaticharratti deebii akka laatan ykn jechaan akka falmuu danda'an seerri ajaju hin jiru. Muuxannoon manneen murtii keenya keessa jiru garuu walmakaadha. Waraabbiin iyyata jiddu-lixummaa, falmitoota akka dhaqqabu kan ajajamu gaaffii jiddu-lixummaa irratti murtiin erga kennameen (heyyamameen) booda akka ta'e tumaa kwt 41(3) irraa ni hubatama. Falmitoonni iyyaticha irratti yaada akka hin kennine ta'uun isaa haqa qabeessa moo gaaffiin jedhu falmisiisaa kan ture ta'us seerichi garuu ifatti ka'ee waan jiru fakkaata.

Abbootiin seeraa keenya qabatamaan akkaataa itti hojjachaa jiran yommuu ilaallu, tokko tokko deebi ni kennisiisu, isaan kuun immoo erga jiddu-lixummaa heyyamaniin booda deebii irratti kennisiisuu; kan deebii irratti hin kennisiifnes ni jiru; kan jechaan ykn afaaniin falmisiisaniis ni jiru. Gama kanaanis, seerichi haala walfakkaatuun hojirra oolaa hin jiru jechuun ni danda'ama (Dhimmoota 30ffaa, 31ffaa, 36ffaa ilaalaa). Adeemsa osoo iyyataan akka jidduu lixuuf hin heyyamin dura bitaa fi mirgi akka deebii itti kennan yoo taasifame, mormii kaasuumoo? Dhimma haadhoo irratti osoo waa'een jiddu-lixummaa hin heyyamamin iyyata dhiyaate irratti faccisa ykn deebii isaanii kennu kan jedhu ijoo sirriitti deebii argachuu qabudha. Iyyata jiddu-lixummaa irratti deebii ni kennu yoo ta'e, walfalmitoonni haadhoon yeroo lama deebii iyyata jiddu-lixummaa fi himata jiddu-lixummaa irratti akka kennan

taasisuu ta'a. Dhimma 33ffaa irratti gaaffii dhihaate irratti mormiin hin dhihaanne jechuun dhaddachi ijibaataa murtiin kenne mormiin yeroo akkamii kennamuu akka qabu ilaalchisee waan dubbate hin qabu. Dhimmicha ilaalchisee kan dubbatamaa jiru jiddu-lixummaan eyyamamuu qabamoo hin qabu sadarkaa jedhu irratti mormiin dhihaate hin jiru jechuun manni murtii dursee garee falmitoota haadhoo iyyata irratti deebii kennisiisuu qaba yaada jedhu qaba. Yaada dhaddachi ijibbaataa kaase kana akkamitti ilaaltu?

Dhimma 36ffaa

Dhimma MMSD Federaalatti Dhaabbata Gargaarsa Safara Gannatii fi Waajjira Misooma Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dirreedhawaa fi Jiddu-Lixxuun Assagaddach Abaatee gidduutti falmamee murtii argateedha. Jiddu-lixxuun abbaan qabiyyee lafa falmii kaasee kan ishee ta'uu ibsuun iyyata jiddu-lixxummaa dhiyeefattee jirti. Manni murtichaa: himataa fi himatamaan iyyaticharratti deebii akka kennan ajajee, himatamaan qofti deebii waan kenneef kanuma xiinxaluudhaan "iyyattuun lafa sanarratti mana ijaartee qabaachuun ishee falmii bu'uuraa irraa mirga ykn dantaa qabaachuu ishee waan agarsiisuuf jidduu-lixxee haa falmattu" jechuun ajajeera.

Dhimma 37ffaa

Dhimma ol-iyyannoon Mana Murtii Waliigala Federaalaatti Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dawwaa fi Fiqiree Galataa, fi Jiddu-lixaa Adam Sa'id fa'a gidduutti murtii argateedha. Himannoon himataa:- "mana abbaan qabeenyummaa isaa kan koo ta'e ragaa sobaatiin maqaa ofiitti waan nanneeffateef maqichi haqamee manichas akka gadi naaf lakkisu" jechuun MMO Federaalaatti himateera. Himatamaan dhihaatee hin falmine. Manni murtichaas gaaffiin himataataatiin hanga falmichi xumura argatutti manicha sana uguree jira. Jiddu-lixaan iyyata bu'uura SDFHH kwt 4tiin dhiheeffateen: "manicha waliigaltee gaafa 06/11/1983 taasifameen mana murtii sadarkaa jalqabaatti mirkaneefadheera" jechuun waliigaltee fi murtii mana murtii iyyatichaan wal-qabsiiseera. Bitaa fi mirgi deebii akka iyyatarratti kennan ajajamee himataan qofti deebii yeroo kennu; "manichi maqaa himatamaatiin galmaa'ee waan jiruuf, iyyanni jiddu-lixummaa fudhatama hin qabu" jechuun deebii kenneera.

Manni murtii Olaanaa:- "iyyataan bu'uura waliigalteetiin maallaqa irraa barbaadamu kaffalee akka hin xumurin murtii lakkoofsa galmee 366/84 irratti kennamee fi jiddu-lixaan iyyata

isaatiin wal-qabasiisuun dhiheeffate keessaa waan hubatamuuf iyyanni jidduu-lixxuunf dhiheeffate fudhatama hin qabu" jechuun kufaa godheera. Manni murtii waliigala Federaalaa:- " waliigalteen bittaa fi gurgurtaa qofti abbaa qabeenyaa qabeenya hin sochoonee nama hin godhu. Bu'uura SDFHH 1185tiin galmaa'uu qaba. Manneen murtii immoo waliigaltee akkanaa galmeessee mirkaneessuuf aangoo hin qabu. Kanaaf, oliyyataan formaalitii kanniin waan hin guutiniif falmii keessa lixee falmuu kan isa dandeessisu miti" jechuun murtii mana murtii olaanichaa cimseera.

Dhimma 38ffaa

Dhimmi kun mana murtii Aanaa Qarsaatti falmitoota Saalaah Abdallaa fi Aadam Nuuree fi jiddu-lixxuu Muftuuhaa Maahaammad gidduutti ilaalamee murtii argate irraa fudhatame. Himataan yeroo himatu: "himatamaan jeequmsa narra haa dhaabu" jechuun kan himate yoo ta'u. Himatamaan deebii otoo hin laatin haati warraa isaa iyyata jiddu-lixummaa bu'uura SDFHH kwt 41(1)tiin dhiyeeffattee jirti. Iyyati ishee:- "haadha manaa himatamaa waan ta'eef, bu'uura SDFHH kwt41(1) tiin gidduu lixeen falmadha" kan jedhuudha. Iyyanni jiddu-lixummaas himataa fi himatamaa dhaqqabee deebii akka irratti kennan ajajameera.

Dhimma 39ffaa

Dhimma MMSD/Federaalaatti wal-falmitoota Billoo Kadiir fi Araddaa 05 (Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dawwaa fi jiddu-lixxoota Mahaammad Habiib fa'a (n-2) giduutti falmii geggeeffame irraa fudhatame. Manni Murtichaa: - "himatamaan ijoo dubbii irrattti deebii waan hin kenniniif bu'uura 41(1) tiin falmiin jalqabamee jira kan nama jechisuusu miti. Kanaaf, sadarkaa falmii kanarratti iyyaticha qeebaluun seera deemii falmii hariiroo haawaasaatiin ala" jechuun iyyata dhihaate kufaa godheera.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura kwt 41(1) tiin iyyata jiddu-lixummaa dhiyeeffachuuf falmiin dhaddacharra jiraachuua qaba. Abbootiin seeraa tokko tokko falmiin dhaddacharra ni jira jechuuf bitaa fi mirgi jiraachuun (*two party proceeding*) dirqama jedhu. Isaan kuun immoo iyyata nama tokkoon dhiyaate ilaalchisees falmiin ni jira jechuun ykn immoo iyyanni akkanaas (*one party proceeding*) jecha 'suit' jedhu ta'uu ni danda'a jedhu. Yaadota kana dhimmoota olitti dhihaatan waliin walbira qabuun xiinxaluun isa kamitu

fudhatamuummaa akka qabu irratti mari'adha (Dhimmoota 30[ffaa], 31[ffaa], 39[ffaa] fi 51[ffaa] waliin walbira qabuun ilaallaa). Itti dabaluunis falmii himatamaan bakka hin jirreetti geggeeffamu jiddu-lixummaa irratti dhiibbaa inni fidu jiraa? Dhimma 35[ffaa] waliinis walbira qabuun ilaalaa?

2. Kwt 41(2) jalatti iyyataan iyyata jiddu-lixummaa keessatti mirgaa ykn dantaa isaa tarreessuu akka qabu tumameera. Abbootiin seeraa tokko tokko iyyata duchaadhumaan dhiyaate fuudhuun keessumeessu (dhimmoota 30 fi 37[ffaa] ilaalaa). Isaan kuun immoo sirriitti sababni hin tarreefamne jechuun kufaa godhu (Dhimmoota 29 fi 38 ilaala). Isa kamtu sirrii isinitti fakkaata?
3. Foormiin iyyanni jiddu-lixummaa qabaachuu ykn hordofuu qabu ilaalchisee kwt 41(2) jalatti wanti ibsame hin jiru. Sababa kanaaf abbootii seeraa biratti iyyanni kun goree ragaa (annex) waliin wal-qabatee dhihaachuu qabaa fi hin qabu ilaalchisee addan baateen jira. Dhimmoota 31[ffaa] fi 32[ffaa] qorachuun akkaataa iyyanni jiddu lixummaa itti dhiyachuu qabu irratti mari'adha.

4.1.1.1.Yeroo Falmii Jidduu Ittii Seenamu (Time to Intervene)

Iyyanni jiddu-lixummaa yoom dhiyaachuu akka qabu qaphxiilee lama of keessatti kan qabatuudha. Jalqaba sadarkaa falmii kamirratti akka dhiyaatu (time of commencement) fi booda immoo hangam turee dhiyaachuu akka qabuu (deadline) dha. Gama kanaanis ejjannoon walfakkaataan manneen murtii keenya keessatti hin mul'atu. Jalqaba irratti SDFHH kwt 41(1) "…any time before judgement…" qofa waan jedhuuf, yeroo kam jalqabee iyyannichi dhiyaachuu akka qabu ilaalchisee seerichi waanti kaaye hin jiru. Kana jechuun ammoo namni falmicha irraa mirga ykn dantaa ni qaba jedhu gaafa himanni dhiyaateerra kaasee iyyata dhiyeeffachuu ni danda'a jechuudha. Biyya Hindiitti "no application as to intervention be accepted before written statements are filed…"[117] jechuun yoo tumu, biyya Ameeriikaatti immoo "…after the complaint and answer are filed …"[118] jechuun tumeera. Kanarraa biyyoota lamaan keessatti iyyanni jiddu lixummaa kan fudhamuu qabu deebiin himatamaan erga dhiyaateen booda akka ta'e ni hubatama. Haa ta'u malee, deebiin laatamus laatamuu baatus gaafa deebiin akka kennamu beellamameen booda ta'uu akka danda'u yaada

[117] Henry marryman, civil Tradition, the michie co.Law publication, verginia (1994) P. 93
[118] John cound, Jack H. Friendenthal' etal, civil procedure (5th ed), west pyblishing co.,Minneapolis, Minnestota, P. 475

seerichaa irraa tilmaamuun ni danda'ama. Haala qabatamaa yeroo ammaa yoo ilaallu, abbootiin seeraa keenya baay'een isaanii iyyata kan fudhan yerooma gaafatamanittiidha; tokko tokko immoo deebiin otoo hin kennamin dura seerri hin eeyyamu jechuun deebisu (dhimmoota 40ffaa fi 41ffaa gara gadiitti dhihaatanii jiran ilaalaa).

Lammaffaa irratti, kan qeebalamu hanga murtiin kennamutti yeroo jiru keessatti akka ta'e kwt 41(1) jalatti ifaan waan tumameef falmisiisaa miti. Qabxiin falmisiisaan garuu "murtiin" kan jennu murtii mana murtii aangoo jalqabaatiin kennadha moo kan murtii aangoo ol-iyyannootiin kennamuudha kan jedhu deebii barbaada. Ejjennoo lamatu calaqqisa. Ejjennoon tokkoffaan SDFHH kwt 41 (1) "…in a suit… any time before judgement" waan jedhuuf jechi 'suit' jedhu oliyyannoo ni ilaallata. Sabani isaa seerichi kwt 32 tumaa dirqisaasaa tumaalee macaafa II jala jiran hundarratti raawwatiinsa qabuudha waan ta'eef, kwt.41 irratti raawwatiinsa ni qaba. SDFHH kwt 32(2) jalatti jechu 'suit' jedhu immoo 'ol-iyyannoo akka dabalatutti waan tumameef, kwt 41 sadarkaa ol-iyyannootti raawwii ni qabaata jedhu.

Ejjennoo Lammaffaa immoo faallaa kanaa sadarkaa oliyyannootti SDFFHH kwt 41tiin jidduu lixuun hin danda'amu jedhu. Sababni isaa: sirni jiddu-lixummaa sirna gareen sadaffaan mirga ykn dandtaa isaa ilaalchisee himata (claim) ykn ittisa (defense) itti dhiyeeffachuu danda'aniidha. Bu'uura SDFHH kwt 33(2) fi (3) tiin immoo gareen falmii himataa fi himatamaa kan ta'uu danda'aan sadarkaa falmii jalqabaa irrattidha malee sadarakkaa oliyyannootti miti. Akkasumas, ol-iyyannoon adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu ta'uu isaa seeruma kana kwt 320-331tti ibsamee jira. Adeemsa kana keessatti, falmii mana murtii jalaatti hin kaane sadarkaa ol-iyyannootti kaasuun akka hin danda'ame, seeruma kana kwt 329 irraa ni hubatama. Haaluma kanaan, sadarkaa ol-iyyannootti bu'uura SDFHH kwt 41tiin jiddu-lixummaa heyyamuun dhimma haaraa mana murtii jalaatti hin kaane falmisiisuun qeequu fi jijjiiruu waan ta'uuf, kaayyoo seerichaa miti. SDFHH kwt 40(5) ejjannnoo kana daran kan cimsuudha. Akkasumas, kwt 32(2) jalatti jechi 'suit' jedhu 'appeal' ta'uun ykn hammatamuu kan danda'u ta'uu yoo ibses gaalee"…as far as may be…" jechuun ibsee waan jiruuf, dhimma waliin hin deemne irratti itti harkisuun akka raawwii qabaatu gochuun kaayyoo sirna giddu-lixummaa daran kan booreessu ta'a. Kana jechuun tumaaleen macaafa II jala jiran (kwt. 41 dabalatee) oliyyaannoo irratti raawwatiinsa kan qabaatan barbaachisaa ta'ee yoo argame qofaadha jechuun falmu (Dhimmoota 30ffaa, 34ffaa fi 39ffaa ilaalaa.)

Dhimma 40ffaa

Dhimma ol-iyyannoon MMW/Federaalaatti wal-falmitoota Amdamaariyaam Taaddasaa fi Yohaanis Kabbadaa fi Jiddu-Lixxoota Gosaayee Dabalaafaa (n-4) gidduutti geggeeffamee murtii argate irraa fudhatameedha. Dhimmichi kan jalqabame MMO/Federaalaatti yeroo ta'u, jiddu-lixxoonni bu'uura SDFHHL 41tiin iyyata kan dhiyeefatan mana murtii ol'aanichaatti osoo hin ta'in, sadarkaa ol'iyyannoottidha. Manni murtii waliigalichaa:- "tumaa seeraa kwt 41(1) akkuma jirutti yeroo ilaallu "… ክስ … *suit* …. ykn himata" jechi jedhu himannoo mana murtii aangoo sadarkaa jalqabaatiin ilaalamaa jiruu fi murtii eeggataa jiru akka ta'e agarsiisa. Gaaleen "… ክፍርድ ውሳኔ በፊት … ykn … *at any time before judgment* …" jedhu immoo murtiin kun murtii aangoo sadarkaa jalqabaatiin mana murtii dhimmicha qabate ta'uu isaa agarsiisa. Kanaaf, iyyanni jiddu-lixummaa sadarkaa aangoo sadarkaa jalqabaatti malee sadarkaa ol'iyyannootti kan dhiyaatu miti jechuu dha. SDFHHL 32(2) jalatti jechi "*suit" ykn "* ክስ jedhu ol'iyyannoo ni dabalata kan jedhu ilaalchisee namni mirgi ykn dantaan kiyya ni tuqama jedhu murtiin erga kennameen booda haala itti falmachuu danda'u sirna of danda'aa ta'e SDFHH isaa kwt 358 jalatti diriirsee jira. Kun immoo sirni jiddu-lixummaa sadarkaa ol'iyyannootti raawwatiinsa akka hin qabne agarsiisa. Gama biraatiin, sirni kunis sadarkaa ol'iyyannootti osoo raawwatiinsa qabaa jennee iyyuu mirga ol'iyyannoo jiddu-lixaa kan dhiphisu waan ta'eef, fudhatama hin qabu" jechuun iyyata jiddu-lixxootaa kufaa godheera.

Gaaffiilee Marii

1. Iyyata jiddu-lixummaa mana murtii jalaatti kufaa ta'eerraa oliyyannoon yeroo fudhatamu deebi-kennaan jiraachuu qaba? Deebii kennaan kun dhaqee hoo maal irratti deebii kenna? Ni jira yoo jedhame himataadha moo himatamaadha? Mana murtii aangoo Sadarkaa duraatiin dhimmicha ilaalutti bitaa fi mirgi deebii kennuu hin qaban yoo jenne oliyyannoorrati deebii kennisiisuun qabxii mana murtii jalaatti hin ka'in kaasuu hin ta'uu?
2. Ajajni iyyata jiddu-lixummaa irratti mana murti jalaatiin kenname irraa oliyyachuun ni danda'amaa? Ulaagaa SDFHH kwt. 320(1) "…final judgment…" fi 320(4) jalatti dhimmoota akka addaatti taa'an jalatti ni kufaa? Ni danda'ama yoo jedhame hanga oliyyannichi furmaata argatuutti dhimmichi bu'uuraa (original proceeding) falmirraa ture murtii argachuu waan danda'uuf furmaanni ni jiraa? Hin danda'amu yoo jedhamee

fi dhimmicha bu'uuraa irratti murtiin hanga kennamutti eeguu qaba yoo jedhame yeroon oliyyannoo jalaa waan dabruuf furmaanni maalii?

3. Kwt 41(1) … *before judgment* … jedha; kan Ameerikaa …. *Before trial* …. jedhee itti dabaluun …. *Not just before trial since it is prejudice to the parties who have prepared for trial* … jechuun ibsa. Biyya Hindiitti *"…. Before judgment would result in delay of proceeding and prejudice to original parties, late intervention may be used as a tactical device to prolong the case …* jechuun yaada kennaniiru. Kanaaf, iyyanni ulaagawwan barbaachisaa ta'an guute garuu heyyamuun miidhaa falmitoota muummee irraan gahuu danda'u (fkn:- gaafa galmeen qorannoo murtiitiif bellamame guyyaa tokko dura dhiyaate) fuudhuu qabnaa?

4.4.Himatamummaan Makamuu Garee 3ffaa (Joinder of Third-Party Defendant) (kwt 43)

4.4.1. Maalummaa Fi Kaayyoo Sirna Himatamummaan Makamiinsa Garee Sadaffaa

Guuboon jechoota "legal and commercial dictionary" jedhamu himtamummaan makamuu garee sadaffaa yeroo hiiku; "Third party practice is the procedure by which the defendant may bring another party into the suit on the ground that if he, the defendant is found to be liable to the plaintiff, the third party, called the third party defendant will be liable to him"[119] jechuun ibseera. Kana jechuun himatamaan itti gaafatamaa ta'ee yoo argame, garee sadaffaan himanni irratti hin dhiyaatin himatamaa muummeetiif hanga himatamaan himataaf itti gaafaatamaa ta'e guutuummaan guutuutti ykn gar-tokkeen kaffaluuf dirqama kan qabu karaa himatamaa muummeetiin yeroo falmii keessatti affeeramudha.

Kaayyoon himtamummaan makamuu garee sadaffaa kun baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti dhimmoota xumuruu irra darbee himataaf illee murtiin murtaa'uuf salphaatti akka raawwatamuuf carraa kan uumuufiidha. Kana jechuun gareen sadaffaan kun hanga maallaqni himatamaa irratti murtaa'uuf deemu (danda'u) sana guutuu bakka buusuuf ykn gar tokkeen danda'uuf dirqama waan fudhatuufiidha. Bu'uura kanaan, falmiin himataa fi himatamaa jiddu jiruuf; falmiin himatamaa muummee fi garee sadaffa kana jidduu jiru bakkuma tokkotti wal-faana ilaalamee murtii argachuu waan danda'uuf, baasii fi dhamaatii biroo kan hambisuudha.

[119] Mitra's, legal and commercial dictionary,p842

Kanaaf, himatamummaan makamiinsi garee sadaffaan sirna himatamaan muummeetiin gareen sadaffaa gara falmiitti ittiin affeeramuudha jechuudha.

Haa ta'u malee, himataa fi himatamummaan makamaa garee sadaffaa jidduu walitti dhufeenya akkamiitu jiraa? Falmiin garee sadaffaa fi makamaa jidduu jiru maal fakkaata? Gareen sadaaffaan kun kallattiin himataatti falmuu ni danda'amoo hin danda'u kan jedhu gaaffiilee yeroo hedduu qabatamaan ka'aa oolaniidha. Bal'inaan akka itti aanutti dhiyaateera.

4.4.2. Ulaagaawwan Sirna Himatamummaan Falmiitti Makamiinsa Garee Sadaffaa

Garee sadaffaan himatamummaan falmiitti akka makamu kan taasifamu gaaffii (iyyata) himatamaa muummeetiiniidha. Himatamaan muummeen waan gaafate qofaaf osoo hin ta'in, garee sadaffaan falmiitti kan makamu, ulaagaawwan seeraan tumaman guutummanii yoo argaman qofaadha. Kanaaf, himatamaan muummeen kun garee sadaffaa kana waliin walitti dhufeenya akka qabu agarsiisuu danda'uutu irra jiraata ykn dirqama garee kana irraa akka qabu agarsiisuu danda'uutu irra jiraata. Dirqamni ykn walitti dhufeenyi jiru walitti dhufeenya akkamiiti kan jedhuuf gareen sadaffaan kun wabii waan kenneef deebisee kaffaluudhaaf dirqama beenyessuu (indemnity) isaa agarsiisuu yookiin immoo garee kanarraa mirga buusii (contribution) qabaachuu isaa agarsiisuu qaba. Kanaaf, buusii fi wabiin (deebisanii kaffaluun *beenyessuu*) ulaagaawwan ijoo sirna himatamummaan garee sadaffaa makuuf ittiin maadallu ta'a jechuudha.[120] Mirgi buusii ykn wabii kennameef seera muummeen (substantive law) keessatti tarraa'anii kan jiraniidha.

Namoonni lamaa fi sanaa ol gocha badii ta'e himataa irratti raawwataniif itti gaafatamoo ta'u ni danda'u, yeroo kana namoota (himatamtoota) kanniin jidduu akkuma haala isaatti mirgaa fi dirqamni buusii (contribution) ni jira jechuun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuun namoonni hedduu sababa waliigaltee tokko himataa waliiin raawwataniif dirqama tokko qabaachuu ni malu. Kanaaf, jecha isaan jidduu mirgaa fi dirqamni buusii tokko isa kaaniif kaffaluu ni uumama jechuudha. Himataan hogguu kana dirqamni namoota kana guutummaa guututti kan waliinii (obligation completely joint) yoo ta'e malee, namoota kanniin keessa tokko ykn muraasa filachuun himachuu ni danda'a. Himatamaan (toonni) himanni irratti dhiyaate isaan hafan irraa mirga buusii waan qabuuf ykn qabaniif bu'uura SDFHH kwt. 43

[120] SDFHH kwt 43(1) irraa hubachuun ni danda'ama.

(1) tiin himatamuummaan garee sadaffaa ta'anii falmiitti akka makamaniif mana murtii gaafachuu ni danda'u.

Gama biraatiin, himatamaan mirga buusii gaafachuu yoom akka qabu ilaaluun murteessaadha. Namoonni lamaa fi sanaa ol gocha badii ta'e himataa irratti raawwataniif itti gaafatamoo ta'uu ni danda'u. Yeroo kana namoota (himatamtoota) kanniin jidduu akkuma haala isaatti mirgaa fi dirqamni buusii (contribution) ni jira jechuun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuun, namoonni hedduu sababa waliigaltee tokko himataa waliin raawwataniif dirqamaa tokko qabaachuu ni danda'u ta'a. Kanaaf, jecha isaan jidduu mirgaa fi dirqamni buusii tokko isa kaaniif kaffaluu ni uumama jechuudha. Himataan himatamtoota ta'uuf namoota danda'an kanneen keessaa dirqama waliinii kan qaban yoo ta'e malee mirga namoota kanniin keessa tokko ykn muraasa filachuun himachuu ni danda'a. Himatamaan (toonni) himanni irratti dhihaate isaan hafan irraa mirga buusii gaafachuu waan qabuuf ykn qabaniif bu'uura SDFHH kwt 43(1) tiin himatamummaan garee sadaffaa ta'anii falmiitti akka makamaniif mana murtii gaafachuu ni danda'a.

Gama biraatiin immoo himatamaan/toonni gama isaaniitiin mirga kan kaffalan deebi'ee akka kaffalamuufii ykn sababa wabii kennameefiin mirga beenyaa kaffalchiifachuu qabaachuu ni malu. Kaffaltiin kun guutummaa guutuutti kan isaan kaffalan kan bakka bu'u ykn immoo hanga tokko qofa kan haguugu ta'uu ni danda'a. Mirgi kun waliigaltee ykn immoo seera irraa kan maddu ta'uu danda'a. Kanaaf, himatamaan(toonni) warreen kanaa wajjin itti gaafatamummaa namoota qaban akka himannootti makaman bu'uura SDFHH kwt 43(1)tiin gaaffii dhiheessuu danda'u jechuu dha. Manni murtiis gareen sadaffaan kun falmiitti akka makamu kan heyyamuu qaban ulaagaawwan kunniin yoo guutamanii argamanii dha.

Dhimma 41ffaa

Dhimma M/M/W/F tiin L.G 749/70 ta'erratti murtii argatedha. Himattuun "du'aan obboleessi kiyya waliigaltee Inshuraansii lubbuutiin fayyadamaa na godheera. Inshuraansiin maallaqichi dhaaltota isaatiif kaffalama jechuun waan na dhoorkateef Inshuraansiin Itiyoopiyaa humna seeraatiin akka naaf kaffalu" jechuun gaafattee jirti. Himatamaanis "dhaaltonni falmiin yoo ka'e ofii falminee deebisiifna jedhanii waan mallatteessaniif himannoon isaan irratti dhihaachuu qaba" jechuun bu'uura kwt 36 fi kwt 41 tiin falmiitti aka seenaniif gaafateera.

MMO Federaalaa:- dhaaltonni sababni falmiitti seenaniif hin jiru, himattuun yoo barbaadde dhaaltota himachuu ni dandeessi jechuun gareewwan falmii haadhoo ilaalchisee falmiitti seenanii deebii akka kennan ajajuun bitaa fi mirga falmisiisee dhaabbanni Inshuraansii hin gaafatamu jehcuun murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa:- "waliigaltee Inshuraansii (poolisii) keessatti fayyadamaan yoo caqasame, kaffalamuu kan qabu isumaaf waan ta'eef dhaabbatichi himattuuf kaffaluu qaba" jechuun murteesseera.

Dhimma 42[ffaa 121]

Dhimmi kun walfalmitoota oliyyattoota 1[ffaa] Allied International marketing service, 2[ffaa] Ethiopian Amalgameted Limited PLC fi deebi-kennaan; Minsteera Hojii fi Misooma Magaalaa jidduutti Mana Murtii Waliigala duraaniitti oliyyannoodhaan ilaalamee murtii argatedha. Dhimmichi kan jalqabe MMO duraaniitti yoo ta'u, oliyyattoonni waliigalteedhaan meeshaa ijaarsaa gamoo deebi-kennaaf dhiyeessuuf dirqama seenanii meeshicha guutanii dhiheessuu waan dhabaniif himataman. Ol-iyyattoonni deebii isaanii keessatti: "dhaabbanni 'ELF Hansan AB' jedhamu meeshaa sadarkaa qulqullina isaa hin eeggatin nutti gurgure" jechuun; dhaabbanni SGS jedhamu immoo "meeshaalee sadarkaa qulqullina isaanii hin eeggatin kanniin sadarkaa isaanii eeggataniiru jechuudhaan mirkaneessee waraqaa ragaa waan kenneef bu'uura SDFHH 39(2) fi 43 tiin falmii keessa akka lixaniif" gaafataniiru.

MMO:- "oliyyattoonni dhaabbileen kunniin dirqama buusii ykn beenyaa kaffaluu qabaachuu isaanii hubachisuu hin dandeenye" jechuun gaaffii isaa kufaa godheera. Manni Murtii Waliigalichaa: "bu'uura SDFHH kwt 43tiin himatamaan garee sadaffaan falmii keessa seenuu kan qabu, himatamaa muummee irratti kan murtaa'u yoo ta'e buusii gahee isaa ykn immoo deebisee kaffaluu akka qabu seeraan ykn waliigalteedhaan kan dirqamu yoo ta'edha. Kana jechuun, garee sadaffaa ta'uun falmii keessa lixuu kan danda'an gochi dhaabbata ELF Hansan AB fi SGS dirqama hariiroo hawaasaa kan hordofsiisu yoo ta'eedha. Oliyyattotaa fi dhaabbilee kanniin jidduu waliigalteen tokkoollee hin jiru; dirqama seera irraa madde qabaachuu isaaniitifis wanti dhihaate hin jiru. Kanaaf, bu'uura kwt 43 (1)tiin falmii keessa lixuu hin qaban" jechuun murtii mana murtii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

[121]ILOQHO Moojulii Leenjii Hojiirraaf Qophaaye, S/D/F/H/H: Aangoo Manneen Murtii, Hirmaattota Falmii fi Sirna Iyyannoo, fuula 124.

1) Bu'uura SHH kwt 1908 (1) fi 2161 (1) tiin himatamaan (tooni) mirga buusii bu'uura seera muummeetiin (substantive right to contribution) isaan hafan irraa qabaachuu kan danda'an wanta isaan hundarraa barbaadamu guutumaan guututti abbaa idaatiif (kwt 1808(1)) ykn miidhamaaf (kwt 2165(1)) kaffaluu qabu. Bu'uura kanaan yeroo falmiin jalqabu, himatamaan (toonni) sababa himannaan irratti dhihaateef falmii keessa jiru(an) ofiifuu itti gaafatamummaa isaanii falmutti waan jiraniif, kaffaluu fi kaffaluu dhabuun isaanii sadarkaa kanarratti murteessuun nama dhiba. Jalqaba falmii irratti mirgi buusiii himatamaa (toota) kanaa SDFHH kwt 43 (1) jalatti tumame hin jiru jedhuudha. Kanaaf SHH fi SDFHH akkamitti walitti firoomsuu dandeenya?

2) Himatamaan Inshuraansiin bu'uura kwt 43(1)tiin himatamummaan akka makamuuf gaafatee jira. Inshuraansiichi immoo bu'uura waliigaltee Inshuraansiitiin Inshuraansiin himatamummaan falmiitti makamuu hin qabu jechuun tumameera (waliigalticha keessatti) jedhee yoo falme mormii isaa qeebaluun seera qabeessa jettanii yaadduu? Maaliif? Mormiin isaatiin Inshuraansiin bu'uura waliigalteetiin murtiin erga kennameen booda kaffaluuf qofa dirqama waan seeneef, jidduu lixuu hin qabu yoo jedhe garaagarummaan fidu ni jiraa? Maaliif?

3) Dhimma 42[ffaa] armaan olitti kenname irratti murtii manni murtii olaanaa kenne akkamitti ilaaltu? Murtii manni murtii waliigala Federaalaa kun kenne hoo akkamitti ilaaltu? Makamiinsa himatamatootaa seeraan tumamee jiru ilaalchise otoo isin ta'ee waliigalteen gareen sadaffaa Inshuraansii kana waliin mallatteesse ilaalchisee akka makaman heeyyamuun dantaa himattootaa fi himatamaa waliin walbira qabamee akkamitti ilaalamuu qaba jettuu? Maalif?

4) Robert Allen Sedler kitaaba "Ethiopian Civil Procedure" jedhu keessatti "a third party who is not required to indemnify the defendant under contract or by express provision of law can be joined on the ground that if the defendant is held liable, in the broad sense, he will be required to indemnify the defendant. And it is hoped that Ethiopian courts will construe article 43 broadly and allow joinder whenever the third-party defendant would, in effect, be liable to the defendant if the defendant is found liable to the plaintiff" jechuun ibseera. Ibsa kanatti waliigaltuu? Dhimma 42[ffaa] armaan olitti kenname kana waliin akkamitti ilaaltu? Keewwatni kun bal'amee hiikamuu qaba moo dhiphifamee hiikamuu qaba jettu?

ILOCHOSO

4.4.3. Iyyata Makamiinsa Himatamaa Garee 3ffaa fi Sirna Hordofamuu Qabu

Bu'uura SDFHH kwt 43(1)tiin himatamaan iyyata isaa keessatti sababa gareen 3ffaan kun buusiif ykn kaffaltii deebisee bakka buusuuf dirqamuu fi gahee ykn hanga dirqamuuf ifatti ibsuu qaba. Haala iyyanni itti dhiyaatu ilaalchisee garuu waraabbii afaan Ingilizii fi afaan Amaaraa jidduu garaagarummaan ni mul'ata.

Waraabbiin afaan Ingiliffaa ***"…in his statement of defense…"*** jechuun iyyanni jiddu lixummaa garee kanaa qaama deebii ittisaa himatamaa akka ta'e agarsiisa. Warabbiin afaan Amaaraa immoo ***"… ብሎ በመግለጽ ማመልከቻዉን ለፍርድ ቤት ማቅረብ ይችላል።"*** kan jedhu yoo ta'u; iyyanni jiddu lixummaa kun kophaatti of danda'ee bifa iyyataatiin kan dhiyaatu akka ta'e waan agarsiisu fakkaata. Garaagarumman kun immoo adeemsa iyyanni kun ittiin keessummeeffamuu fi ittiin ilaallamu irratti dhiibbaa fiduu kan danda'u waan ta'eef, xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba. SDFHH biyya Hindii yammuu ilaallu, Order 8. Rule 1(1) jalatti "…along with the written statemneent of the said defendant …"[122] jechuun tumeera. Kunis kan agarsiisu iyyanni falmiitti makamiinsa himatamaa garee 3ffaa kophaatti kan qophaa'uu ta'ee (qaama deebii ykn deebii keessatti osoo hin ta'in of danda'ee) garuu deebii ittisaa waliin mana murtiitti dhihaachuu kan qabu akka ta'e ni hubatama. Walumaagalattis, yaada kana kan cimsu SDFHH kwt 234 jalatti qabiyyee deebii ittisaa tarreefamee jiru keessatti iyyanni makamiinsa garee sadaffaa qaama deebichaa akka ta'e wanti tumame hin jiru. Dabalataanis, tumaa kun dirqii ta'uu isaatiin walqabatee (… shall contain…) wantoota tarraa'aniin ala dabaluun akka hin dandaa'amne agarsiisa jechuun ogeessoonni falman ni jiru. Kanaaf, waraabbii isa kamtu fudhatama qaba kan jedhu irratti leenjifamtoonni haala qabatamaa jiru waliin walqabsiisuun kan irratti mari'atan yammuu ta'u, guyyaan jalqabaa himatamaan iyyata akkanaa dhiyyeefachuuf carraa argatu gaafa deebii ittisaa dhiyeeffatu ta'uu isaa hubatamuu qaba.

Iyyanni makamiinsa himatamaa gareen sadaffaa kophaatti qophaa'ee deebii duuka dhiyaata jennee yoo fudhanne, tarree ragaa fi ragaa barreeffamaatiin walqabatee dhiyaachuu fi dhiyaachuu dhabuu irratti garaagarummaan abbootii seeraa jidduu kan jiruudha (Dhimma 42ffaa dhimma kana irraas akkuma hubatamu, manni murtii ol-iyyannoo dhagahe jiraachuu ulaagaalee makamiinsaaf barbaachisan ragooleen mul'isan hin dhihaanne jechuun iyyaticha

[122] M.P.Jain, the code of civil procedure, New Delhi, 2007, wadhawa pur,p. 610.

kufaa taasisuun murtii mana murtii jalaa cimsuun isaanii ni mul'at). Tumaan seerichaas iftoomina hin qabu. Keewwatni 43 himatamaan gareen sadaffaan falmii jidduu naaf haa seenu jedhu sababa isaa ibsee dhiheeffachuu qaba jedha malee haala akkamiin ibsuu akka qabu waan ibse hin qabu. Kun gaaffii ragaan ibsa kana faana dhihaachuu qaba moo fi hin qabu jedhu kaaseera. Qabatamaan garuu, ragaan iyyatichaan walqabatee akka dhiyaatu galmeelee manneen murtii keenya keessa jiran irraa ni hubatama.[123] Himatamaan muummeen iyyannoo isaatiin gaaffii mirgaa garee kanarratti waan dhiyeeffatuuf iyyatichaan walqabatee akka himataatti (defendant plaintiff) waan lakka'amuuf, ulaagaa himanni tokko guutuu qabu qabachuun iyyaticha waliin ragaan barbaachisaan walqabachuu qaba yaadni jedhu dhama qabeessa ta'a. Dhimma kana ilaalchisee muuxannoo biyya Hindii jiru yoo ilaalle,[124] Rule 14. Third-party practice:

> *(A)… The person served with the summons and the third-party complaint, hereinafter called the third-party defendant, as provided in Rules 12 and 13 may make:*
> *(1) his defenses, cross-claims and counterclaims to the third-party plaintiff's claims;*
> *(2) his defenses, counterclaims and cross-claims against any other defendants or third-party defendants;*
> *(3) any defenses or claims which the third-party plaintiff has to the plaintiff's claim which are available to the third-party defendant against the plaintiff; and*
> *(4) any defenses or claims which the third-party defendant has as against the plaintiff* jechuun ibsee jira.

Gareen kun erga falmiitti makamee gaaffii himataan himatamaa irratti dhiheesse ilaalchisee, akkasumas falmii himatamaa muummee fi himataa jidduu jiru ilaalchisee deebii kennuu kan qabu ta'uu isaa kan agarsiisudha. Kana jechuun immoo gareen kun himannoo fi deebii guutuun ragaa isaa wajjin kan isa dhaqqabe yoo ta'e qofa ta'uu hubachuun ni danda'ama.Gama biraan immoo himatamaan muummeen kun garee sadaffaadhaaf himataa waan ta'eef, iyyanni isaa ulaagaa himannoon guutuu qabu hunda isaa guutee dhihaachuu akka qabu argisiisa.

---

[123] Galmeelee qabatama kana agarsiisaniin akka maddaatti ibsamuu qabu!
[124] Indiana Rules of Court Rules of Trial Procedure ,Including Amendments made through January 1, 2014, rule 14.

Himatamaan muummeen garee 3ffaan himatamummaan falmiitti akka makamuuf yeroo dhiyeefatu, himataan ykn gareen 3ffaan kun deebii irratti kennuu fi dhabuu ilaalchisee falmiin tokko tokko ni ka'a. Bu'uura kwt 43(2) tiin manni murtii ofumaa ragaa dhiyaate gahaa ta'uu qorachuun iyyata makamiinsaa erga murteesseen booda garee 3ffaaf waamichi akka taasifamu ifatti waan tumameef, iyyata irratti laachuuf deebiin kennamu hin jiraatu.

Sirna hordofamuu qabuun wal-qabatee, himatamaan garee 3ffaa falmiitti makamee akka hirmaatu erga ajajameen booda yaamichi ni taasifamaaf. SDFHH kwt 43(2) jalatti gareen akka dhiyaatu yaamichi akka godhamuuf malee himatamaan gareen 3ffaa kun deebii qabatee akka dhiyaatu ifaan wanti tumame hin jiru. Kanaaf, kanaan walqabatee gaaffileen ka'an gareen kun deebii laachuuf iyyuu ni dirqamaa? Ni kenna yoo jennu himataa irratti moo? Deebii irratti moo? Gaaffii iyyata makamiinsaa keessatti isa irratti dhiyaate qofarratti?gaaffiileen jedhan ka'uun isaanii hin oolu.

SDFHH kwt. 43 (2) jalatti guyyaa yaamichi godhameef irraa eegalee gareen kun akka himatamaatti akka lakka'amu (same position as defendant) waraabbii afaan Ingiliizii irra ni hubatama. Waraabbiin afaan Amaaraa immoo "…በክሱ ጨሰጥ እንዳለ ሆኖ ይቆጠራል።" jedha. Biyya Hindiitti order 8-4 rule 5(2) jalatti "…the application shall be served on the third party according to the rules relating to service of summons and third party shall file an affidavit in reply to the affidavity it of the defendant and as from the time of the service be a party to the suit as if he has been duly sued by the defendat …"[125] jechuun ibsa.

Kun immoo biyya Hindiitti yaamichi akka biyya keenyaatti bu'uura SDFHH 233 tiin akka taasifamu agarsiisa. Bu'uura kwt 43(2) tiin gareeen kun (himatamaa garee 3ffaan) akka himatamaatti lakkaa'ama jechuun iyyata irratti dhiyaateef deebii kennuu akka qabu kan agarsiisudha. Kanuma ilaalchisee biyya Hindiitti gareen kun iyyata isa irratti dhihaate, iyyata himatamaa muummee irratti dhiyaate ykn falmii himataa muummee fi himatamaa muummee jidduu jiru ilaalchisee, akkasumas himatamtoonni biroon yoo jiraatan isaaniin ilaalchisee iyyata isa dhaqqabe irraa ka'ee deebii isaa qabatee kan dhihaatu ta'uu hubachuun ni danda'ama.[126]

[125] M.P.Jain, the code of civil procedure, New Delhi, 2007, wadhwa Nag pur, P.606
[126] Miiljalee olii.

Waraabbiin afaan Ingiliffaa mataan isaa “defendant” qofa jedha malee himatamaa muummee waliin ta’uu isaa ykn eenyuun akka himatametti akka fudhatamu qabu ifaa miti. Maaliif yoo jenne garee kana ilaalchisee himataan muummeen dantaa iyyatamaa garee sadaffaa kana irraa qabu jira jechuun rakkisaadha ykn sababii himannaa himataan garee kana irra qabu jira jechuun hin danaa’amu waan ta’eef, gareen kun eenyuuf deebii kenna kan jedhu ijoo gadi fageenyaan xiinxalamuu qabuudha. SDFHH Biyya Hindiin wal-bira qabnee yoo ilaallu, himatamaa muummeetiin akka himatameetti fudhachuun himatamaa ta’uun isaa ykn akkas jedhamee yamamuun isaa ni hubatama. Dhimmuma kana ilaalchisee seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa Federaalaa Ameerikaas; himatamaan garee sadaffaan himattoota irratti mormii kaasuu, himannaa qaxxaamuraa dhiheessuu, ittisa ittisa himatamaan muummee irratti kaasuu akka danda’uu fi falmiilee walitti dhufeenyicha ilaalchisee ka’uu danda’u kamiinuu kaasuun falmachuu akka danda’u, SDFHH Ameerikaa Rule 14(2) ni kaa’a.[127] Haala kanaanis mirga falmachuu iyyatamaan gareen sadaffaan kun himatamaa muummee fi himataa muummee waliin qabu ifatti kaa’anii jiru.

Eenyu irratti deebii kenna kan jedhuub wal-qabatee Sedler akka jedhutti himataa fi himatamaa garee 3ffaa jidduu falmiin tokkoyyuu jiraachuu hin qabu. SDFHH 43(1) afaan Ingiliffaan jiruu fi afaan Amaaraan jiru yoo fudhanne ergaa garaagaraa kan dabarsuudha. Afaan Ingiliffaan “…claims to be entitled to contribution or indeminity from any person not a party to the suit …” jedhuu fi afaan Amaaraa “…ከኔ ጋር ዲረሻ ካሣጪን መክፈል አለበት የምል ስሆን… gaaleewwan jedhan jidduu ergaa isaan dabarsan tokko jechuun hin danda’amu. Afaan Ingiliffaa kan jiru himatamaan muummeen nama isa waliin itti gaafatamuu danda’uu ykn idaa itti murtaa’u kaffaluuf nama gahee keessaa qabuu fi nama isaaf sababa idaa kana kaffaleef bakka isaa buusuu kan jedhu yoo ta’u, bal’ifamee yoo hiikame. nama inni mirga irraa qabu hunda jechuun kan dandaa’ama. Gama afaan Amaaraatiin kan kaa’amee jiru garuu

[127] Rule14. 2: Third party claim and defence, the person served with the summons and third party complaint “the third party defendant”

a. must assert any defense against the third party palaintiff’s claim
b. must assert any counterclaim against the third party palaintif and may assert any counterclaim against the third party plaintiff or any crossclaim against anorther third arty defendant
c. may assert against the plaintiff any defense tha the third part palaintiff has to the plaintiff’s clai
d. may also assert against the plaintiff any claim arising out of the transaction or accurrence that is subject matter of the plaintiff’s claim against the third party plaintiff.

idaa irra jiru kanfaluuf namoota gahee keessaa qaban qofa irratti kan xiyyeeffate ta'uu isa hubachuun ni dandaa'ama.

Akka 'Robert Allan sedler' jedhutti kan adeemnu yoo ta'e, deebiin gareen kun himannoo himataa irratti kennu hin jiru jechuudha. SDFHH kwt 43 (3) jalatti falmiin (the claim as between the defendant and third party) himatamaa fi garee kana jidduu qofa akka jiru kan agarsiisu akka ta'etti hiikuun ni dandaa'ama. Kanaaf, deebiin gareen kun kennu gaaffii himatamaa muummeetiin isarratti dhiyaate ilaalchisee akka ta'e ni hubatama. Gama kanaan, abbootiin seeraa keenya irra caalaan deebii garee kanaan himannoo irratti dhiyaate ni fuudhu (dhimmoota 42^{ffaa} armaan olii fi 43^{ffaa} armaan gadii ilaalaa). Garee 3^{ffaa}n kun falmiitti erga makameen booda kallattiidhaan himataa waliin falmuu danda'uu fi danda'uu dhabuu isaa dhimma mana murtii keessatti walfalmisiisaa jiruudha. Abbootii seeraa bira gama kanaanis ejjannoo sadiitu jira. Ejjannoon tokko gareen 3^{ffaa} falmiitti kan makamu fedhii fi dantaa himatamaa muummeetiif jecha garee kanaan kan yaamamee waan ta'eef, kaayyoon sirna kanaas ijoowwan dubbii ykn gaaffiiwan mirgaa dhimma falmii muummeetiif bu'uura ta'een wal-qabataniif bakka tokkotti furmaata laachuuf waan ta'eef, sababni himatamaan gareen sadaffaa himataa waliin falmii geggeessuuf hin jiru. Himataan himannoo osoo irratti hin dhiyeessin bu'uurri seeraa ittiin gareen kun himataa waliin kallattiidhaan falmuu danda'u hin jiru jedhu.

Dhimma 43$^{ffaa\ 128}$

Falmiin kun kan geggeefame himataa Haliimaa Huseen fa'a (n-3) fi Ababaa PLC fi Jiddu lixaan Kubbaaniyaa Inshuraansii Awaash jidduutti gaggeefame yoo ta'u; dhimmichi MMO Geedi'ootti kan eegaleedha. Galmee kun ragaa bitaa fi mirgaa dhagayuuf beellamamee ragaan himataa dhihaateera. Yammuu kana jiddu-lixaan gaaffii jechaan mana murtichaatiif dhiyeesseen "falmiin barreefamaa bitaa fi mirga waliin taasifame xumurameera; garuu manni murtii kun kanaan dura jiddu lixaan himatamaa garee sadaffaan ragaa himataa gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu hin danda'u waan jedheef, amma manni murtii akka naaf eeyyamu" jechuun gaafateera.

[128] Moojulii leenjii hojiirraa, SDFHH Angoo Manneen Murtii, Hirmaattota Falmii fi Sirna Iyyannoo, fuula 125

Bakka bu'aan himattootaa gaaffii kana irratti yaada akka kennu gaafatamee yaada kenneen "jiddu lixaan himatamaa garee sadaffaa kan yaammate, himatamaa muummee waan ta'eef, falmii himataa fi himatamaa muumme jidduu jiru ilaalchisee ragaa dhiyeefachuu, ragaa namaa himataan dhiheeffatu gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu fi haala biraatiin himataa waliin falmii godhuun bu'uura seera hin qabu; falmii yoo qabaates walitti dhufeenya himatamaa muumee waliin qabu ilaalchisee himatama muummee kana waliin malee himataa waliinii miti" jechuun gaaffii jidduu lixaa himatamaa garee sadaffaa mormeera.

Manni murtiichaas: "jiddu lixaan himatamaan garee sadaffaa himataa muummeetiin yaamamee falmii keesa waan seeneef, kan falmuu qabus gareedhuma isa yaame kana waliin ta'uu qaba. Himatamaa muummee irratti yoo murtaa'e, jiddu lixaan buusii kaffaluuf dirqamuuf dirqamuu dhabuu isaa irratti bu'uura waliigaltee inshuraasiitiin himatamaa muumee waliin falmuu ni danda'a. Kanaan ala, osoo himatoonni isa hin himatin himatamtoota deggaruun ykn immoo isaan bakka bu'uun himattoota waliin falmii geggeessuu hin danda'u. Kanaaf, jiddu-lixaan himatamaan garee sadaffaan ragaa himataa dhihaatan gaaffii qaxxaamuraa gaafachuu hin danda'u" jechuun gaaffii isaa kufaa gochuun ragaan akka dhagaayamu ajaja kenneera.

Dhimma 44[ffaa 129]

Dhimmi kun oliyyataa (jiddu lixaa garee sadaffaa mana murtii jalaa) dhaabbata Inshuraansii Itoophiyaa fi waamamtuu Araggaash Kabbadaa jidduutti falmii geggeefame yoo ta'u, dhimmichi kun dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaan ilaalamee murtii kan argateedha. MMO/Godina Shawaa Bahaatti kan jalqabe yoo ta'u, waamamtuun "konkolaataan qabeenyummaan isaa kan obbo Mahaammad Alii ta'e obbo Kabbadaa Hayiluutiin otoo konkolaachifamuu abbaa warraa kiyya dhahee waan ejjeeseef galiin anaaf ijoollee kiyya irraa citeera" jechuun shallaguudhaan himata dhiyeeffatte. Gareen 3[ffaa]n haguuggii inshuraansii waan kenneef, bu'uura SDFHH kwt 43 tiin falmii keessa seenuun himannoon waamamtuun dhiyeeffatte darbiinsa yerootiin kan daangeffamudha jechuun mormii sadarkaa duraa kaase. MMO: mormicha kufaa gochuun ijoo dubbii irratti murtii kennee jira. MMW/Oromiyaas murtii kana cimseera.

[129] Moojulii leenjii hojiirraa, S/D/F/H/H: Angoo Manneen Murtii, Hirmaattota Falmii fi Sirna Iyyannoo, fuula 125 -126.

Dhaddachi Ijibbaata Federaalaa:- “iyyataan kallattiidhaan himatamuu baatus konkolaataa balaa dhaqqabsiiseef haguuggii inshuransii waan kenneef, bu’uura SDFHH kwt 43tiin falmiitti makamee hanga jiruutti haguuggii kenne sanaaf beenyaa kaffaluuf dirqamuu isaa amanee deebii isaatiin himannoo waamamtuu darbiinsa yerootiin ni daangeffama jechuun mormuu danda’a. Mormii fi falmii seeraa himatamaan muummeen himataa fi himannoo irratti kaasuu danda’u hundumaa kaasuu ni danda’a. Iyyataanis himatamaa garee sadaffaa ta’ee falmichatti makamuun mormii sadarkaa duraa darbiinsa yeroo kan kaasu danda’eef, haala kanaatti fayyadamuudhaan. Kanaaf, mormiin sadarkaa duraa iyyataan kaase bu’uura seeraa waan qabuuf himannoon waamamtuun dhiyeeffatte darbiinsa yerootiin ni daangeffama” jechuun murtii manneen murtii jalaa diigeera.

Gama himatamaan garee sadaffaan kun falmii gaggeeffamaa jiruutti deebii kennuu fi falmii keessa seenuu SDFHH keenyaan kaa’amee jiruutti yeroo deebinu, bu’uura kwt 76(1) warabbii afaan Amaaraatiin “…ተከሳሹ ባመለከተዉ መሰረት ይህ ሶስተኛ ወገን ቀርቦ በክርክሩ ዉስጥ በመግባት መልስ እንድሰጥ ፍርድ ቤቱ ኣዞ፤ መጥርያዉ ከደረሰዉ ቡኃላ ቀርቦ መልስ ሳይሰጥ ወይንም ኃላፊ የሚሆንበትን ምክንያት በማስረዳት የቀረ እንደሆነ … ከሣሹ ባመለከተዉ መጠን በኃላፍነት የሚጠየቅበትን ድርሻዉን እነድከፍል ይገደዳል።” jedha.

Kun kan agarsiisu, garee 3^{ffaa} kun deebii isaa kennuu, dhiyaatees falmachuu kan qabu iyyannoo himatamaatiin gaaffii isaan irratti dhiyaate ilaalchisee akka ta’ee fi yoo hafan immoo hanga buusii /beenyaa himatamaa muummeetiin gaafatame akka kaffaluuf kan dirqamu ta’uu isaa agarsiisa.

Ejjennoo 2^{ffaa}n immoo himatamaaa garee 3ffaa himata waliin falmuu ni danda’a jedhu. Abbootiin seeraa ejjannoo kana qaban SDFHH kwt 76 (1) irratti hundaa’uun falmu. Bu’uura kanaan waraabbii afaan Amaaraa iftooma hin qabu jechuun afaan Ingiliffaa fudhatu. Bu’uura kanaan kwt. 76(1) *“...fails without good couse to appear for the purpose of disputing the plaintiffs claim as against the defendant…or his own liability to the defendant shall be deemed to admit the validity of the decree passed against such defendant and his own liability to contribute or indemnify…”* waan jedhuuf gareen 3ffaa kun himatamaaf qofa osoo hin ta’iin himataafis itti gaafatamummaa hanga buusii ykn beenyaa himatamaan muummeen gaafate kaffaluuf akka dirqamu akka amanetti lakkaa’ama. Akka ejjennoo kanaatti, himatamaan gareen sadaffaan kun himataa waliinis falmuu akka danda’u kan agarsiisuudha

amantaa jedhurraa kan maddedha. SDFHH 76(1) gareen kun beellamarra yoo hafe, maal akka hordofsiisu kan akeeku malee, yoo dhiyaate sirni hordofamuu qabu maal akka ta'e hin ibsu. Biyya Hindiitti rule 6 jalatti "… if the third party desires to dispute the plaintiff's claim in the suit: may apply for leave to defend and the court may direct or by order give liberty to the third party to defend the suit itself upon such terms as may be just …" jechuun tumameera.

Tumaa SDFHH biyya Hindii kana irraa akka hubatamutti, himatamaan garee 3ffaa hogguu dhiyaatee fi himataa waliin falmii kallattiidhaan gaggeessuu yoo barbaade, heyyama mana murtii irraa argachuu qaba. Biyya Hindiitti gareen kun beelamarraa yoo hafe maal akka hordofsiisu haaluma SDFHH keenya kwt 76(1) jalatti tumameen order 8-A rule 2(1) jalatti tumameera. Biyya keenyatti garuu akka biyya Hindiitti gareen 3ffaa dhiyaatee himataa waliin falmuu yoo barbaade, haala kamiin akka itti adeemamu wanti kaayame hin jiru. Akka qajeeltootti, himatamaan garee 3^{ffaa} himataa waliin falmuu ni danda'a yoo jenne dhimmoota akkamii irrattii fi haala kamiin ta'uu akka qabu akka murteessan xiyyeeffannoo barbaada.

Ejjenno 3^{ffaa}n immoo akka qajeelfamaatti gareen sadaffaa kun kallattiidhaan himataa waliin falmuu ni danda'a jedhu. Isaanis SDFHH kwt 76(1) waraabbii afaan Ingiliffaa bu'uureffachuun falmuu. Garuu jedhu himatamaan muummeen bu'uura seeraatiin bakka hin falminetti; ragaa quubsaa bakka hin dhiyeeffatinitti ykn bakka gaaffii ykn himataa irratti dhihaate himatamaan muummichaa guutummaa guutuutti amanetti, garee 3^{ffaa} kana himataaa waliin kallattiidhaan falmisiisuun haqa qabeessa waan hin ta'iniif, fudhatamumaa hin qabu jedhu. Gareen kun himatamaan muummeen kan amane ykn kan sirriitti hin falmin, miidhaa narraan ga'uuf yaadeeti jechuun buusii ykn beenyaa kaffaluu hin qabu jedhee falmuu qaba malee; dirqama abbaan fudhate (amane) fashaleessuuf himataa waliin falmii taasisuun haqa qabeessa miti jedhu (Dhimma 35^{ffaa}). Ejjannoon kun akka biyya Hindiitti abbootiin seeraa wantoota akkanaa yaada keessa galchuun gareen 3^{ffaa} kun kallattiin himataa waliin falmuu akka qabuu fi hin qabne murteessuu qaban amantaa jedhurraa kan madde fakkaata.

Ijoon biroo himatamaan garee 3^{ffaa}n falmiitti akka makame erga ta'ee murtiin kaallattidhaan eenyu irrratti kennamuu akka qabuu fi eenyuun irrattis raawwatamuu akka qabu ilaaluun barbaachisaadha. SDFHH 43 jalatti gama kanaan wanti ifaan taa'ee hin jiru. Garuu seeruma kana kwt 76(2) irraa aka hubatamutti, falmii bu'uuraa himataa fi himatamaa muummee jidduutti geggeeffamurratti murtiin kan kennamu himatamaa muummee kanarrattidha. Raawwachuufis kan dirqamu isumadha. Himatamaan garee sadaffaan garuu heyyamamaa

yoo ta’e, gahee irraa barbaadamu ilaalchisee kallattiidhaan himataaf kaaffaluu ni danda’a. Himatamaan muummeen garuu himatamaa garee sadaffaa kanarratti waan naaf murtaa’eef, ana irratti raawwachuu hin qabu jechuun mormii kaasuu hin danda’u. Kana jechuunis dirqamni himataaf raawwachuu kan kufu himatamaa muummeedhuma irratti ta’a jechuudha. Buusii ykn beenyaa himatamaan muummeen himatamaa garee 3ffaa kana kan gaafatu, himatamaaf waan irratti murtaa’e erga kaffaleen boodadha. Haala qabatamaa Mana Murtii keenya itti hojjechaa jiran yeroo ilaallu,, haala armaan oliitiin dhimmoonni murtaa’an kan jiraniidha. Irraa caalaan garuu “himatamaan garee 3ffaa himataaf haa kaffalu” jechuun yommuu murteessu mul’ata. Haala kanaan adeemuun garuu hafuura seerichaatiin wal hin fakkatu.

Dhimma 45ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin lakk.galmee 3424 irratti ol-iyyataa Abbaa Taayitaa Daandii Itiyoophiyaa fi waamaamtoota Masfiin Jambaruu fa’a jidduutti murtii argateedha. Ol-iyyannoo dhihaate irratti falmii taasifameen, mana murtii jalaatti himannoo dhihaateen tilmaamni qabeenya keenyaa kan magaalaa Hosaa’inaa ture. Sababa daandii oliyyataan kun ijaaruun diigame beenyaan tilmaamamee nuuf haa kanfalamu kan jedhu yoo ta’u, Abbaan Taayitaa Daandii Itiyoophiyaas deebii kennee diizaayiniin karaan ittiin hojjetu kan fooyya’e waan ta’eef, bu’uura diizaayinii kanaan ammoo qabeenyota jedhaman kana kaasuu fi diiguun hin barbaachisu waan ta’eef, nuti hin diigne; kan diige Bulchiinsa magaalaa waan ta’eef, kan itti gaafatamuu qabus bulchiinsa magaalaa ta’uu qaba. Kanaafis, falmii jidduu nuuf haa seenu jechuun mana murtiitti deebii isaanii kennanii iyyataniiru. Manni murtii sadarkaa Jalqabaa:-“falmii ol-iyyataan ammaa ykn himatamaan jalaa waamamtoonni garee saddaffaan diizaayiniin geddaramuu isaa osoo beekuu ta’uu isaa mana murtiitti ragaa dhiheesse hin qabu yoo ta’es, falmii himatamaa fi bulchiinsa magaalaa giduutti ta’uun himattoonni miidhamuu hin qaban, himatamaan jalaa kun walitti dhufeenya seeraa ykn waliigaltee Bulchiinsa Magaalaa waliin qabu yoo jiraate, qofaatti himachuu ni danda’a jechuun iyyata isaa kufaa godheera.Manni murtii ol-iyyata dhagahe murtii jalaa cimseera.

Dhaddachi Ijibbaataa:- sababni falmichaa mirgaa fi dantaa namoota hedduu kan tuqu yoo ta’e, isaan keessaa tokko ykn gar-tokkee irratti himannoon yoo dhihaate, kallattiinis ta’e al-kallattiin dhimmicha irratti murtiin kennamu dantaa ykn mirga namoota hafanii kan tuqu yoo ta’e, falmicha keessatti namoonni hin hirmaanne akka hirmaataniif manni murtii ajaja kennuu

akka qabu SDFHH kwt 39(1) fi 40(2) irraa hubachuun ni danda'ama. Gareen kun osoo akka hirmaatu hin taasifamin murtiin kennamu bu'aa kan hin qabne ta'uu isaa yaada seerota kanaa irraa hubachun ni danda'ama. Manni murtii falmii keessa akka seenuu fi himannoo fi deebii dhihaatetti deebii akka kennuuf ajajuun dirqama akka ta'e seerri deemsaa kun ni agarsiisa. Falmii keessatti gareen dirqama hirmaachuu qaban kan jedhaman immoo dhimmi himannoon irraati dhihaate irratti murtiin yoo kename mirga isaanii, dantaa isaanii, ykn dirqama isaanii kan tuqu yoo ta'e malee falmii keessatti kan hin hirmaanne ta'uu isaanii qabiyyee SDFHH kwt 40 irraa hubachuun ni danda'ama.

Bulchiinsi Magaalaa Hosaa'inaa dirqamni bulchuu kan irra jiru yoo ta'u, misooma magaalaa keessatti raawwatu ilaalchisee kallattiin ni hirmaata, to'annoo fi hojiiwwan hidhata qaban akka raawwatu ni amanama. Keessumaa hojiiwwan sanyii iyyataan hojjetu yommuu hojjetaman sababa ijaarsa daandichaatiin qabeenyi ka'an ykn diigamaniif beenyaa malu kanfaluu fi tilmaamuu keessatti hirmaachuu akka qabu seerota dhimma kanaaf tumaman irraa hubachuun ni danda'ama. Dirqama seeraan kennaman kana bahuun dirqama ta'a. Iyyataan dizaayiniin jedhame keessa deebi'amuu isaa Bulchiinsa Magaalaa kan beeksise ta'uu isaa kan ibse yoo ta'u, qabeenyi kun kan ka'an ykn diigaman sababa ijaarsa karaan ta'uu isaanii fi dhiisuu isaanii mirkaneessuun dirqama eenyuu akka ta'e beekuuf bulchiinsi magaalaa falmii keessa seenuun dirqama ta'a. Manni murtii jalaas sadarkaa falmii sirrii hin taanetti, iyyataan ragaa hin dhiheessine sababa jedhuun iyyata bulchiinsi magaalaa keessa naaf haa seenu jedhu kufaa gochuun sirriidha jechuun hin dandaa'amu. Kanaaf, bulchiinsi magaalaa Hoosa'inaas otoo falmiitti hin seenin murtiin kenname seera deemsa falmii kan eege waan hin taaneef, fudhatama kan qabu ta'ee hin argamne. Walumaagalatti, dogongorri seeraa bu'uuraa raawwataameera waan ta'eef, sirrachuu qaba jechuun murtii mana murtii jalaa lamaan diiguudhaan murteessee jira.

Dhimma 46^{ffaa}

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/Federaalaa jildii 23 lakk.galmee 144470 murtii kan argatedha. Falmichi Dhaabbata Traanzitii Naayilii PLC fi waamamtoota 1^{ffaa} Dhaabbata Inshuraansii Niyaalaa, 2^{ffaa} Dhaabbata Traanzitii Agul fi 3^{ffaa} irratti Obbo Nuuruu Umar jidduutti falmii gaggeeffamedha. Dhimmichi waliigaltee Inshuraansii bu'ureffachuun wabii kennaan miidhaa dhaqqabee kaffalame akka bakka buusu gaafachuu kan ilaallatudha. Obbo Kidanee

Taarraqenyi fi Waamamaa 3ffaa ammaa obbo Nuruu jidduu seenuu hin qaban jechuun dogongora seeraa bu'uura qaba jechuun komee dhihaatedha.

MMO/Federaalaa:-waamamaa 2ffaa fi 3ffaa falmiitti akka makaman erga hayyamee booda deebi'uun iyyataan yoo barbaade himannoo isaan irratti banuun mirga isaa gaafachuu danda'a jechuun himannaa keessaa geggeessuun isaa dongongora seeraa bu'uuraa qaba jechuun kan dhihaatedha. Dhaddachi Ijibbaataa:- dhimmicha yeroo qoratee ilaalutti, himannaa waamamaan tokkoffaa ammaa kun M/M/O/Federaalaatti iyyataa ammaa kana irratti dhiheesse keessatti, waliigaltee waamamaan kun meeshaa dabarsuuf maamila isaa waliin waliigaltee raawwate bu'uura waliigaltee raawwateen waan hin raawwaneef miidhaa dhaqqabe akka beenyessuuf gaaffii dhihaatedha.

Iyyataan ammaa kunis beenyaa kaffale akka bakka buusuufiif Obbo Kidaaneen meeshaa kana kan geejjibsiise waan ta'eef akka jidduu seenu gaafateera. Obbo Kidanneenis falmii keessa erga seenee booddee, waamamaan ammaa obbo Nuuruu konkolataan isaa naannoo sana ture waan ta'eef himatamammaan akka makamuuf gaafateera. Haaluma kanaan M/M/O/Federaalaas obbo Kidaanee, waamamtoota 2ffaa fi 3ffaa ammaa falmii keessa akka isaan seenaniif erga hayyamee booddee waamamtoonni 2ffaa fi 3ffaa himannaa keessaa akka bahan murteesseera.

Kana irratti Dhaddachi Ijibbaataa kun yeroo sababeessu falmii gareewwan lama geggeessaa jiran jidduu seenuuf kan dandaa'amu bu'uura SDFHH kwt 40-43 jiruunidha. Bu'uruma kanaanis qaamni jidduu akka seenuf fedhii qabu tokko haa seenuu fi dhiisuu isaa ilaalchisee manni murtii madaalee murtii dursee kennuu kan qabu ta'uu isaa tumaalee kanneen irraa hubachuun ni dandaa'ama. Qajeeltoon kun akkuma jirutti ta'ee gareen sadaffaa falmiitti akka makamu ta'e tokko falmii keessatti akka hirmaatu heyyamamuu kan hin qabne ta'uu isaa manni murtii yoo hubate sadarkaa falmii kamittuu akka bahuuf murteessuu seerri daangessu hin jiru. Kanaaf, manni murtii jalaa gareewwan sadaffaa kun falmiitti akka makaman erga murteessee booda falmiitti makamuu kan hin qabne ta'uu yoo hubatee jedhe akka bahan murteessuun isaa dogongora seeraa bu'uuraa hin qabu. Sababiin isaas falmicha keessa seenuu obbo Kidaanee fi Waamamaa 3ffaa ammaaf kan dhihaate meeshaa miidhaan irra gahe konkolaataan fe'ee ture kan waamamaa 3ffaa ta'uu fi konkolaataan obbo Kidaanee achi dhaabbachaa turuu malee waanti dhihaate biraan hin jiru. Haa ta'u malee, bu'uura SDFHH kwt 43 tiin falmiitti gareen sadaffaa akka makamu yeroo gaafatamutti dirqamni garee kanaa

ilaalchisee gahee akka kaffaluufii qabu kan agarsiisu seerri ykn waliigalteen jiraachuu isaa hubachiisuun dirqamadha.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma olitti dhihaate ilaalchisee murtiilee manneen murtii sadarkaa sadarkaa jiraniin kennaman akkamitti ilaaltu? Sababa Dh/Ijibbaataa kennee fi ragaalee jiddu-lixummaa garee sadaffaaf dhihaatan akkamitti ilaaltu? Adeemsa manni murtii jalaa himatamaa garee sadaffaa kana falmii keessaa ittiin baasehoo akkamitti ilaaltu?
2. Himatamaa muummee fi garee sadaffaa makamiinsaan makamee fi himataa jidduu falmiin geggeefamu haala akkamiin ta'uu qaba jettu? Keessumaa iyyuu gareen sadaffaa kallattin himataatti falmuu fi deebii kennuu ni dandaa'a kan jennu too ta'e, gaaffilee himatamaan muummee hin kaafne kaasuu dantaa himataa muummee kan miidhu ta'uun isaa kan hin hafnee waan ta'eef, maal ta'uu qabu jettu?
3. Bu'uura kwt 43(2) tiin manni murtii himatamaan garee sadaffaa deebii otoo hin kennin ykn immoo mormii yoo qabaates carraan osoo hin kennaminiif iyyata himatamaa muummeetiiin dhiyaate qofarratti hundaa'uun falmiitti makamiinsa garee kanaa akka eyyamuu ykn dhorkuu danda'u ilaalleera. Abbootiin seeraa tokko tokko himatamaan garee sadaffaan deebii isaa ulaagawwan seeraa barbaachisoo ta'an osoo hin guutamin Mana Murtiitti falmii afaaniin yoo morme, ajajinni duraa gareen kun falmiitti haa makamu jedhuun kenname yeroo dhumaatiif irra deebi'amee sakatta'amuu qaba amantaa jedhu qabu. Makamiinsi heyyamuun ajajni mana murtiin kenname haala kana irra deebi'amee akkaataan itti ilaallamu ni jira jettanii yaadduu? Hin jiru yoo jettan adeemsi kun haqa qabeessa jechuun ni danda'amaa? Furmaanni maali jettu?
4. Himatamaan garee sadaffaa himannoo himataa irratti deebii kennuu akka qabuu fi hin qabne ilaalchisee abbootii seeraa bira addaan baateen akka jiru ilaalleera. Haaluma walfakkaatuun himatamaan garee sadaffaa kun kallattiidhaan himataa waliin falmuu danda'uu fi danda'uu dhabuu irratti abbootii seeraa bira ejjennoowwan sadii akka jiran ilaalleera. Ejjennoowwan kana akkamitti ilaaltu, kamtu hundee seeraa qaba jettu? Dhimma olitti ka'e kana keessatti dhaddachi ijibbaataa gareen sadaffaan kun dirqama buusii/beenyaa kaffaluu qabaachuu isaa yoo amane falmii himatamaan muummeen himataa irratti kaasuu danda'u hundumaa kaasuun kallattidhaan himatamaa waliin falmuu ni dandaa'a jechuun murteesseera. Yoo dirqama sana qabaacshuu isaa hin

amanin hoo? Murtiin kun ejjeannoo sadeen irratti kan biroo waan dabale isinitti hin fakkatuu? Gareen sadaffaa kun walitti dhufeenya himataa waliin akka qabutti tilmaamni kan fudhatame hin fakkaatuu? Kallattiin fuulduraa maal ta'u qaba jettu?

5. Dhimma falmii muummeetiif bu'uura ta'e irratti murtiin kennamu kallattidhaan himatamaa muummee irratti moo? Himatamaa garee sadaffaa falmiitti makame irratti kennamuu qaba? Himatamaa garee sadaffaan himataa waliin kallattidhaan falmii gaggeessu ni danda'a yoo jenne, murtiin himataaf kennamu kallattiidhaan isa irratti kennamuu qaba jettuu? Kan raawwiif dirqama qabu hoo eenyuu ta'uu qaba?

ILOOHOSO

MADDAWWAN WABII

SEEROTA

AProclamation to Amend Federal Courts Proclamation, No.321, Federal Negarit Gazeta(9th year,No.41, Addis Ababa -8th April, 2003

Commercial Code of Ethiopia, Proclamation No. 166, (Negarit Gazeta *Gazette Extraordinary*, Addis Ababa 5th May 1960), kwt 647.

FDRE Constitution. Proclamation No.1, "Federal Negarit Gazeta, Addisa Ababa, 1995.

Federal Courts Re-amendment Proclamation. No.25, Federal Negarit Gazeta, Addis Ababa(11th year N0.42, 1996.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa. Proclamation No.46, Magalata Oromiyaa, Finfinnee, 2001.

Dambii Gurmaa'iinsa Fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa, Dambii Lakk. 6, Bara 2011.

Labsii Hundeeffama Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa, Lakk. 128, Bara 1999

Labsii Gurmaa'ina, Aangoo f Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lakk. 216, Magalata Oromiya(27th Year, No.7/2018) Finfinnee, 2018. 2011.

Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, Lakk.141, Magalata 101 Oromiyaa(16th year, 10/2008), Finfinnee, Bara 2000(2008).

Federal Courts (Amendment) Proclamation, No. 254, Federal Negarit Gazeta(7th year No.44, Addis Ababa 6th July 2001).

Federal Courts Proclamation Reamendment Proclamation, N0.454, Federal Negarit Gazeta(11th year, No.42, Addis Ababa 14th June 2005).

Federal Courts Amendment Proclamation, No.138, Federal Negerit Gazeta(5th year No.15, Addis Ababa 1st December, 1998) .

Civil Procedure Code Of The Empire Of Ethiopia, Decdree No.52,(Negarit Gazeta Extraordinary Issue No. 3) Of 1965.

KITAABOTA

Fiseha, Assefa. "Federalism and the Adjudication of Constitutional Issues : The Ethiopian Experience," May 2005 (2017).

Gbenga Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, Routledge Research in International Law, 2012, p.32.

Bryan A.Garner (Editor in Chief), "Black's_law.Pdf" (ST.PAUL, MINN, 1999).

Nygh PE, Butt P (eds) Australian Legal Dictionary, Sydney, 1997 at 650.

Alan Sedler, *Ethiopian Civil Procedure*, n.d., p.12.

Ralf Michaels, "Jurisdiction, Foundations," January 2016.

Shaun McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction* (Abingdon [England]; New York: Routledge-Cavendish, 2007), p.21-22.

Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*. P.32

Berman N, Modernism, Nationalism and the Rhetoric of Reconstruction' (1992) 4 Yale Journal of Law and the Humanities, P. 351.

Ariel L. Bendor, "Are There Any Limits To Justiciability? The Jurisprudential and Constitutional Controversy in Light of the Israeli and American Experience," *Indiana International & Comparative Law Review* 7, no. 2 (January 2, 1997): P.312,.

Bimal Raut, "Determining The Judicial Jurisdiction in The Transnational Cyberspace," p.24.

B. Cheng, "The Extra-Territorial Application of International Law", Current Legal Problems (1965): 135.

Edward Mussawir, *Jurisdiction in Deleuze: The Expression and Representation of Law* (Abingdon, Oxon ; New York, NY: Routledge, 2011), p.42-43.

Heichel EP, 'The Physical Presence Basis Of Personal Jurisdiction Ten Years After Shaffer V. Heitner: A Rule In Search Of A Rationale' (1987) 62 Notre Dame Law Review University 713.

Nygh PE, Conflict of Laws in Australia (6 Edition), Butterworths, Sydney, 1995, Martin D, Ricketson S, Lindell G, Conflict of Laws: Commentary and Materials, Butterworths, Sydney, 1997.

Thomas D.G 'Personal Jurisdiction in the Nebulous Regions of Cyberspace: A Call for the Continued Relaxation of Due Process and Another Debilitating Blow to Territorial Jurisdiction' (1997) Suffolk University Law Review 507;

Bradley CA, 'Universal Jurisdiction and U.S. Law' (2001) 2001 University of Chicago Legal Forum 323;

Juss, Brown BS, 'Universal Jurisdiction: Myths, Realities, And Prospects: The Evolving Concept of Universal Jurisdiction' (2001) New England Law Review 383;

Madeline H. Morris, 'Universal Jurisdiction, Myths Realities, And Prospects: Universal Jurisdiction in a Divided World: Conference Remarks' (2001) 35 New England Law Review p. 337

H.F.A. Donnedieu de Vabres, Les Principes Modernes du Droit Penal International (1928): 64 (cited in Ryngaert op. cit.: 143), Vol. XV Law Reports of Trials of War Criminals (1949): 26. J.H. Marks "Mending the Web: Universal Jurisdiction, Humanitarian Intervention and the Abrogation of Immunity by the Security Council", 42 Columbia Journal of Transnational Law (2004): 445, 465–7.

Oppenheim International law Volume 1. Ninth Edition, Editied bu Sir Robert Jennings and Sir Authur Walts Longman Group UK Limited and Mrs Tomoko Hudson, 1992, p. 456

Oduntan, *Sovereignty and Jurisdiction in the Airspace and Outer Space*, p.37. International Shoe Co. v. Washington, 326 US 310 (1945); Asahi Metal Indust. Co. Ltd v. Superior Court, 480 US 102 (1987). Antitrust Laws and Trade Regulation Primary Source Pamphlet, 2nd edn (New York: Mathew Bender & Co., Inc. 2000)

Thomas O.(Main University of Nevada, Las Vegas -- William S. Boyd School of Law(), Edgard H. Ailes*), The Procedural Foundation of Substantive Law, 2010.

Report of Mr. Justice John L. Murray, President of the Supreme Court and Chief Justice of Ireland Methods of Interpretation – Comparative Law Method, (2nd Session)

Sri S.M. Deka, The Doctrine Of Relation Back And Amendments,(North Eastern Judicial Officers' Training Institute (NEJOTI), 2004

Y.Srinivasa Rao (judge), Service of Summons in Civil Cases, (Latest Law Articles, Essay Writing For Civil Judge's Exam), July 2018.

Sweet and Maxwell, Civil procedure, the white book service (2000), Vol.I

Tapash Gan Choudhury (2006), Legal and Commercial Dictionary (6th ed), Eastern law House, New Delhi.

Oregon state bar, Oregon Civil Pleading and Practice, (Oregon CLE 2006)

Gene, R.Shreve, Understanding Civil Procedure (2002), 3rd ed., Mathew Bender and Company, calcuta.

በአለማየሁ ታይሌ መታሰቢያ ድርጅት, የፍ/ብ/ሥ/ሥ/ሕ መሠረታዊ ችግሮችና ማሻሻያዎቹ ላይ ያተኮረ ኮንፈረንስ (1998)

John.H. Langbein, The German Advantage in Civil procedure (1985), University of Chicago Law Review

Ashwini Chawla, Non-joinder of Parties in Civil Suit (2008),

India. Henry Merryman, Civil Law Tradition (1994), The Michie Co.law Publication, Verginia.

John Cound, Jack H., Friedenthal, Civil procedure (5th ed.), West Publishing Co, Minneapolis. A.Vanderbilt,

Major Problems of procedure, Cases on Non-joinder of Parties in Civil Suits Written By Ashwini Chawla - 2nd Year, National University of Juridical Sciences, Kolkata Modern Judicial Administration and Procedure (1952). (Legal Service India.com)

Supreme court of India Practice and procedure, a hand book o information (third ed).

What Is a Cause of Action? Silas A. Harris California Law Review, Vol. 16, No. 6. (Sep., 1928), pp. 459-477)

State of California, California law revision commission, recommendation and study relating to bringing new parties in to civil action, feb. 21, 1957.

Civil Procedure: Parties: Intervention Denied Where Applicant Asserts an Independent Cause of Action in Damage Suit Richard P. Matsch Michigan Law Review, Vol. 51, No. 2. (Dec., 1952), pp. 286-288.).

DHIMMOOTA

The FDRE Supreme Court Cassations, Volume 23 (file No. 152590), Volume 22 (file no. 141663), Volume 19(file no.117390), Volume 15(file no.78206), Volume 11(file no.60685), Volume 9(file no,37339), Volume 15 (file No. 80343, Darajjee Wulatawu fi Dhaabbata Lalaaffistuu Godaa Waaliyaa I/G/Murtaa'e), Volume 7 (file No. 18380, obbo Maammoo Damisee fi A/de Ayyaalew G/Igzihaaber N-2), Volume 12 (file No.56368, Dr. Salamoon Nagaashii fi Yuuniversitii Baahirdaar), Volume 6 (file No.27739), Volume 15 (file No. 87420), Volume 15 (file No. 95995) , Volume 21(file NBo. 104621) , Volume 6, (file No. 20416), Volume 20 (file No. 125778, obbo Masaay W/Gabri'eel faa N-4 fi dhaabbata SIWU INFIRAASTIRAAKCHER), Volume 7 (file No. 18380, obbo Maammoo Damisee fi A/de Ayyaalew G/Igzihaaber N-2), Volume 12 (file No. 55973), Volume 19 (file No. 100475), Volume 12 (file No. 63699, obbo XIruneh Yimar fi Dhaabbata APENO Konistraakshinii Injiineringii), Volume 18 (file No. 100673, obbo Adaanaa Mangashaa fi Mana Qopheessaa Gaazar), Volume 1 (file No. 14974), Volume 3 (file No. 16301), M/M/W/Ftti lakk.galmee lakk.galmee. 447/93, Volume 1 (file No. 15835), Volume 17 (file No. 97094), Volume 15 (file No. 89088), Volume 15(file No.86551), Volume 23 (file No.146955), Volume 11 (file No. 66242), Mana murtii Aanaa Adaamaa (file No. 79035, obbo Getaachoo Dhaabaa fi Waldaa Aksiyoona Geejjiba Nooh), Volume 22 (file No. 137401. Mana Murtii Olaanaa Federaalaa L/galmee 964 Amalaworq Yirgaa fi Asteer maammoo Dhaabbata Gargaarsa Safara Gannatii fi B/Miisoma Lafaa Bu/M/D/Dhawaa

Galmee walfalmitoota Amiin Mahammad fi dhaaltota Nuuriyaa Abdulrezzaq fi J/Lixaan Obbo Taganyi Yeshawaalu'ul jidduutti mana murtii ol'aanaa Federaalaati jalqabee oliyyaannoon mana murtii Waliigalaa Federaalaatti ilaalamedha.

Galmee A/e Tsahaaynesh Asfaw fi A/e Muluu Mircaa jidduutti mana murtii sadarkaa tokkoffaa Federaalaa irraa ka'ee hanga dhaddacha ijibataa M/M/W/Federaalaa deemuun lakk. G. 8092 irratti murtii argatedha.

Galmee Amdamaariyam Taaddasaa fi Yohaanis Kabbadaa jidduutti mana murtii waliigala Federaalaatiin ol'iyyanoodhaan ilaallamee murtii argateedha

Allied International Marketing Service Coroporation faa (n-2) fi Ministeera Hojii fi Misooma Magaalaa.

Supreme cour of state of California case no. S168066

USA, court of Appeal, Docket No.08-12000.

Indian Supreme Court, Case No.34942

Galmee mana murtii waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa L/G 43424 Abbaa Taayitaa Daandii Itiyoophiyaa waamaamtoonnni Masfiin Jambaruufaa jidduutti

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa tin galmee lakk.67127 ta'e irratti iyyataa Abarraa Hundee fi waamamaa Dhaabbata Bosonaa Finfinnee jidduu turee murtii argate.

Dhimma Mana Murtii Aanaa Bulee Horaan galmee lakk.05757 ta'e irratti mormii murtiin iyyataa Inistitiyutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa Fi Kaasaa Cirsaa fa(n-4) jidduu turee murtii argate.

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Mana murtii Waliigala Federaalaan galmee lakk.53607ta'e irratti iyyataa Waldaa Hojii Gamtaa Ye mixxin mandar Manoriya beetochi fi waamamaa Baayyech Ayigamit fa (n-3) jidduu turee murtii argate.

Dhimma Mana Murtii Olaanaa Federaalaan galmee lakk.50835 ta'e irratti oliyyattoota Minaasee Ittisoo fa(n-2) fi waamamaa Fantaayee Tarrafaa jidduu turee murtii argate.

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaan galmee lakk.56795 ta'e irratti iyyataa Mubaarak Kadir fi waamamtoota Muwaangi Siril fa (n-5) jidduu turee murtii argate.

Dhimma Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan galmee lakk.40229 ta'e irratti iyyataa Kayiroo Mahammad fi Madiinaa Bayyan fa(n-2) jidduu turee murtii argate.

Dhimma Mana murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan galmee lakk.32638 ta'e irratti iyyataa Kutaa bulchiinsa Qirqositti Waajjira Dhimma bu'uuraalee Misoomaa fi Manneenii fi waamamaa Yirgaa Nigaanee(fa n-4) jidduu turee murtii argate.

Dhimma Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaan galmee lakk.44930 ta'e irratti himattoota Yehuwaalashet Gammadaa fa (n-2) fi himtamtoota kutaa Bulchiinsa Booletti bulchiinsa gandaa 12 fa(n-2) jidduu tureedha.

Dhimma Mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaatti galmee lakk.10319 ta'e irratti iyyattoota Naasiraa Huseen fa (na-2) fi waamamtoota Soofiyaa Jimaa fa(na-8) jidduu turee murtii argate.

Dhimma galmee lakk.31264 ta'e Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan irratti iyyataa Immabet Mokonnon, waamama Waajjira Aanaa 20tti bulchiinsa ganda 29 fi mormii murtiin iyyataa Ayinadis Gadaamuu jidduu turee murtii argate.

TOORA INTARNEETAA

1. https://lawshelf.com/courseware/entry/jurisdiction-over-the-subject-matter-of-the-action-subject-matter-jurisdiction

2. Malcolm Shaw, "International Law," in *Enc* (Encyclopædia Britannica, inc., December 4, 2019), https://www.britannica.com/topic/international-law

3. http://212.153.43.18/icjwww/ipresscom/ipress2002/ipresscom2002-04bis_cobe_20020214.htm

Shaun McVeigh, *Jurisprudence of Jurisdiction* (Abingdon [England]; New York: Routledge-Cavendish, 2007), p.21-22, http://public.ebookcentral.proquest.com/choice/publicfullrecord.aspx?p=219951.

4. www.legifrance.gouv.fr.

What Is Legal Interpretation? file:///C:/Users/user/Documents/RI.pdf accessed at 04/03/2020 02:27Pm

https://digitalcommons.law.yale.edu/cgi/viewcontent.cgi?article=4226&context=fss_papers, accessed at April 9, 2020, 5:28PM.

https://digitalcommons.law.yale.edu/cgi/viewcontent.cgi?article=4226&context=fss_papers, accessed at April 9, 2020, 5:28PM .

Y.Srinivisa Rao, Servise Of Summons In Civil Cases, https://articlesonlaw.wordpress.com/2018/07/15/service-of-summons-in-civil-cases/, July 2018, accessed at 7:10, April 14, 2020.

ILOQHQSO